
# Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti

# Komishinii Karooraa fi Misooma Oromiyaa



# Xiinxala Raawwii KIB bara (2013-2015)

Waxabajjii, 2015

Finfinnee, Oromiyaa

## Contents


KUTAA TOKKO: Haala Waliigalaa ........ 1

1.1. Seensa ........ 1

1.2. Kaayyoo Xiinxalichaa ........ 2

1.3. Adeemsa Xiinxalichaa ........ 2

KUTAA LAMA ........ 3

2.1. DHIMMOOTA DIINAGDEE GOOROO ........ 3

2.1.1. Guddina Dinagdee ........ 3

2.1.2. Ce'umsa Caasaa Dinagdee ........ 4

2.1.3. Qusannoo fi Investimentii ........ 4

2.1.4. Rakkoolee ........ 6

2.1.5. Furmaata Eeraman (Recommendations) ........ 7

2.2. Indeeksii Misooma Namoomaa (HDI) ........ 9

2.3. Raawwii Fiskaalaa ........ 13

2.4. Galii ........ 13

2.4.1. Deegarsa Mootummaa Federaalaa ........ 14

2.4.2. Madda Galii Naannoo ........ 14

2.5. Fedhii Faayinaansii Naannichaa Uwwisuu ........ 15

Giraafii 8: Gahee Maddoota Fayinaansii Baajataa Moo. Naannichaa Keessaa, % ........ 15

2.5.1. Baajata Sektaroota Hiyyummaa Hir'isanii ........ 16

2.5.2. Ittifayyadama Faayinaansii ........ 16

2.6. Qaala'insa Gatii Tasgabbeessuu ........ 17

**Hiyyummaa Hir'isuu** ........ 19

**Human Omishaa, Hojii Qabaa fi Hojii Dhabaa** ........ 20

KUTAA SADI ........ 26

3. Kilaastara Misooma baadiyyaa fi Magaalaa ........ 26

3. 1. Damee Miaooma Baadiyyaa ........ 26

3.1.1. Misooma Qonnaa fi Qabeenya Uummamaa ........ 26

3.1.2. Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwan Qonnaa ........ 42

Gabatee :19.To'annoo Qulqullina Galteewwan Qonnaa (2015-2017) ........ 44

3.1.3. Inistitutii Qorannoo Qonnaa ........ 44

3.1.4. Misooma Jallisii ........ 45
3.1.5. Waldaa Hojii Gamtaa ........ 51
3.1.6. Misooma Eegumsa Naannoo fi Diinagdee Magariisa ........ 56
3.1.7. Misooma Albuudaa ........ 59
3.1.8. Bishaani fi Inarjii ........ 63
3.1.9. Misooma Daandiiwwanii fi Loojistiikii ........ 65
3.1.10. Bulchiinsa Lafaa ........ 68
KUTAA AFURA ........ 72
Kilaastar Misooma Magaalaa ........ 72
4.1. Damee Misooma Magaalaa ........ 72
4.1.1. Misooma Induustirii fi Ce'umsa Caasaa Diinagdee ........ 72
4.1.2. Raawwii Misooma Magaalaa ........ 72
4.1.3. Misooma Interpiraayzoota Maakroo fi Xixiqqaa (IMX) ........ 78
4.1.4. Babal'ina Inveestimentii ........ 81
4.1.5. Misooma Daldalaa ........ 88
4.1.6. Qophii Pilaanii Misooma Magaalaa ........ 100
4.1.7. Misoomaa fi Tajaajila Geejjibaa ........ 103
4.1.8. Misooma Konistiraakshinii ........ 104
4.1.9. Ejensii Dhimma Kaafamtootaa ........ 105
KUTAA SHAN ........ 111
5. 1.Kilaastara Hawaasummaa ........ 111
5.1.1. Misooma Barnootaa ........ 111
5.1.2.Misooma Fayyaa ........ 125
5.1.3.Misooma Dubartootaa fi Daa'immanii ........ 131
5.1.4.Misooma Hojjetaa fi Hawaasummaa ........ 138
5.1.5.Misooma Dargaggootaa fi Ispoortii ........ 146
5.1.6.Misooma Aadaa fi Turiizimii ........ 154
5.1.7.Giddu -Gala Aadaa Oromoo ........ 160
5.1.8.Hojiiwwan Qorannoo fi Qo'annoo Oromoo ........ 161
5.1.9.Misooma Turiizimii ........ 163
5.1.10.Hojiiwwan Dhimmoota Kominikeeshinii Mootummaa ........ 163

5.1.11.Dhaabbata OBN ........ 165
KUTAA JAHA ........ 167
6.1.Kilaastara Bulchiinsaa fi Horatalee........ 167
6.1.1.Sassaabbii Galii........ 167
6.1.2.Bulchiinsa Baajataa ........ 169
6.1.3.Hojiiwwan Mobilaayizeeshinii Buusaa Gonofaa ........ 176
6.1.4.Sochii Hojii Zoonii Dinagdee Addaa ........ 178
6.1.5.Sirna Dhaabbilee Misoomaa ........ 180
6.1.6.Qophii Karooraaa, Hordoffii, Gamaaggama Misoomaa fi Ragaa Naannoo ........ 184
6.1.7. Galmeessa, Daddabarsaa fi Simannaa Sanada Siviilii: ........ 190
6.1.8. Kenniinsa Tajaajila fi Bulchiinsa Gaarii Mirkaneessuu ........ 192
6.1.9. Sirna Hordoffii fi Deegarsaa ........ 200
KUTAA TORBA ........ 207
7.1. Kilaastera Nagaa fi Haqaa........ 207
7.1.1. Olaantummaa Seeraa Mirkaneessuu........ 207
7.1.2. Mana Murtii Aadaa ........ 212
7.1.3. Nageenya waaraa mirkaneessuu ........ 215
7.1.4.Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa Mirkanneessuu........ 222
7.1.5.Misooma fi Itti Fayyadama Saayinsii fi Teeknolojii guddisuu ........ 226
8. Bu’aa/Barnoota/ Xiinxala Kilaastera walii gala irraa argame........ 229
8.2.Ciminaalee Ijoo........ 229
8.3.Hanqinaalee ijoo ........ 231
8.4.Rakkoolee qunnaman........ 233
8.5.Yaada furmaataa fi /Kallattii fuul duraa/ ........ 234
9. Gudunfaa........ 235

Gabatee

Gabatee.1.Indeeksii Misooma Namoomaa (HDI) Bara 2008–2013 ........ 10
Gabatee.2.Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 2013-2015 ........ 14

Gabatee.3.Humna Omishaa, Hojii Qabaa fi Hojii Dhabaa kan Biyyaa fi Naannoo Oromiyaa bara 2013,% ........ 21
Gabatee.4.Humna Omishaa, Hojii qabaa fi Hojii Dhabaa Baadiyyaa kan Biyyaa fi Oromiyaa kan bara 2006-2014,% ........ 22
Gabatee 5. Humna Omishaa, Hojii Qabaa fi Reeshoo Hojii dhaabaa magaalaa kan Oromiyaa fi Kan Biyyaa 2012-2014,% ........ 22
Gabatee:6. Oomisha midhaanii ........ 28
Gabatee 7: Itti fayyadama Makaanaayzeeshinii Qonnaa ........ 30
Gabatee:8. Misooma qamadii Jallisii ........ 32
Gabatee:9. Oomisha qamadii qonna gannaa fi jallisii ........ 32
Gabatee:10. Karooraa fi raawwii dhaabbii biqiltuu bosonaa ........ 33
Gabatee:11: Karoora fi Raawwii lakkoofsa Avokaadoo, Muuzii fi Paappayaa dhaabbatan ........ 34
Gabatee:12. Karoora fi Raawwii oomisha Avokaadoo, Muuzii fi Paappayaa irraa argaman bara 2013-2015 ........ 35
Gabatee:13. Karoora fi raawwii Misooma Bunaa lafaan, oomishaa fi oomishitummaa ........ 36
Gabatee: 14.~~Fooyya'insa Sanyii Beeyladaa~~ misooma beeladaa ........ 37
Gabatee:15.Raawwii Nyaata beeyladaa gosaan (2013-2015) ........ 38
Gabatee:16. Karooraa fi Raawwi loon gabbatanii waggaa Sadii (2013-2015) ........ 40
Gabatee:17.Misooma Lukkuu ........ 40
Gabatee: 18.Misooma gaaguraa fi Oomisha dammaa ........ 41
Gabatee :19.To'annoo Qulqullina Galteewwan Qonnaa (2015-2017) ........ 44
Gabatee:20. Qorannoowwan yaaliiwwanii fi teeknoloojiiwwan gosaa adda addaa ........ 45
Gabatee:21. Kunuunsa qabeenya uumamaa ........ 57
Gabatee:22.Karooraa fi Raawwii to'annoo jaarmiyaalee gosaan ........ 58
Gabatee:23.Oomisha Albuudaa ........ 61
Gabatee:24. Galii misooma albuudaa ........ 62
Gabatee:25. Karooraa fi Raawwii Suphaa Daandii (2013- 2015) ........ 67
Gabatee:26.Lafa baadiyyaa tajaajila adda addaa tiif oolu ........ 68

Gabatee:27. Bulchiinsaa Qabiyyee Lafaa fi itti fayyadamaa lafaa Ammayyeessuu .................................. 71

Gabatee:28.Raawwii bu'uraalee misooma hirmaannaa uummataa .......................................................... 72

Gabatee:29. Lafa Baadiyaa fi Magaalaa waggottan Sadan (2013-2015) keessaa nveestimentiif qophaa'e 82

Gabatee:30. Abbootii Qabeenyaa Inveestimentii adda addaa irratti bobba'an .......................................... 83

Gabatee:31. Heyyama invastimantii Bara 2013-2015 kenname .............................................................. 84

Gabatee:32. Oomishaalee al-ergee fi Galii sharafa biyya alaa irraa 2013-2015 argame agrasiisu ............. 86

Gabatee:33.Carraa Hojii Dhaabbii fi Yerootiin dhiiraa fi Dubartiif Mag. Fi Baadiyaatti uumame ............ 87

Gabatee:34. Dhiyeessii Bunaa, baala Shayee fi mi'eessituu bara (2013-2015) ......................................... 92

Gabatee: 35.Oomishaa/oomishtummaa fi dhiyeessiin midhaan dibataa fi dheedhi ... **Error! Bookmark not defined.**

Gabatee:36.Walitti hidhaminsa midhaanii gabaa biyya keessaa 2013-2015 ............................................. 97

Gabatee:37. Walitti Hidhamiinsa Gabaa Beeyladaa fi Bu'aa Beeyladaa ................................................... 98

Gabatee:38. Walitti hidhaminsa gabaa bu'aa beelladaa ............................................................................. 99

Gabatee: 39.Qophii Pilaanii Misooma Magaalotaa ..................................................................................... 100

Gabatee:40. Indeeksii Walgitiinsa Barnoota ............................................................................................... 115

Gabatee:41.Hirmaannaa Barnoota Fedhii Addaa bara 25013-2015tti raawwatame ................................. 116

Gabatee:42. Hirmaannaa Barattoota Aanaalee Horsiisee Bulaa ............................................................... 116

Gabatee:43. Hirawwan adda addaa ............................................................................................................. 121

Gabatee:44. Faasiliitiin bu'uuraa manneen barnootaa guutuu .................................................................. 121

Gabatee:45.Eegumsa Fayyaa Naannoo fi Haayijinii ................................................................................... 130

Gabatee:46. Sirna Kominikeeshinii Mootummaa guddate agarsiisu ....................................................... 165

Gabatee:47.Raawwii Galii, Baasii fi Bu'aa DhMM Bara 2013 hanga 2015 (Qar. bil.) ............................ 182

Gabatee:48. Galmeessa taateewwanii ......................................................................................................... 191

Gabatee:49. WKTIT ..................................................................................................................................... 202

Giraafii

Giraafii: 1.Reetii Guddina Dinagdee Naannoo Bara 2013-2015 ................................................................. 3

Giraafii 2: Gahee Kutaalee Dinagdee Hundmataa Omishaalee Naannoo Keessaa, (%) ............................... 4

Giraafii 3: Gahee Qusannoo fi Investimantiin GDP keessaa Qabu (2013-2015), % .................................. 5

Giraafii 4: Kuufama Maallaqa Baankota keessaa (Deposits in Banks) ...................................................... 5

Giraafii 5:Waliigala Liqii Baankotaan Kennamanii fi Gahee Naannolee fi Bulchiinsa Magaalotaa ........... 6

Giraafii 6: Kenna Liqii Baankotaa Nam-Tokkee Naannoo Oromiyaa, 2005-2014, birr.............................. 6

Chaartii 7: Ummataa Dubbisuu fi Barreessuu (literate) kan Oromiyaa fi kan biyyaa ............................... 11

Giraafii 8: Gahee Maddoota Fayinaansii Baajataa Moo. Naannichaa Keessaa, % .................................. 15

Giraafii 9: Baajata fi Baasii Faayinaansii Waggaa Sadii (2013-2015) ..................................................... 16

Giraafii 10: Qaala'insa Gatii Bara 2013-2015,%......................................................................................... 17

Giraafii 11: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalaa fi Baadiyyaa bara 2013(Biyyaa) ........................... 23

Giraafii 12: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalaa fi Baadiyyaa N/Oromiyaa (2013) .......................... 23

Giraafii 13: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalotaa Itoophiyaa Kan Bara 2012-2014, %--------------23

Giraafii 14: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalota Naannoo Oromiyaa kan Bara 2012-2014,%......... 24

Giraafii:15. Itti fayyadama calla gudiftuu ................................................................................................ 29

Giraafii:16.Waliin gahiinsa bishaan dhugaatii ........................................................................................ 63

Giraaffii:17.Baay'ina Tajaajilamaa ........................................................................................................... 64

Giraafii:18. Iskiimota tajaajila hin kennine.............................................................................................. 65

Giraafii:19.Misooma Daandii .................................................................................................................. 66

Giraafii:20. Dabarsa lafa magaalaa .......................................................................................................... 70

Giraafii:21. Galmeessa daldala haaraa, Hayyama daldala haaraa fi haaromsuu ....................................... 89

Giraafii:22. Galii tajaajila daldalaa irraa bara Baajeta 2013-2015 keessa argame ibsu Qr. Mil. ................ 90

Giraafii:23.Dhiyeessii jimaa ..................................................................................................................... 95

Giraafii: 24.Dhaabbilee Barnootaa babl'isuu.......................................................................................... 112

Giraafii:25. Hirmaannaa Barnootaa Waligalaa ....................................................................................... 114

Giraafii:26. Reetiin hirmaannaa qulqulluu.............................................................................................. 117

Giraafii:27. Reetii Harcaatii .................................................................................................................... 118

Giraafii:28.Reetiixumuraa ...................................................................................................................... 120

Giraafii:29.Misooma barsiisotaa ........ 123
Giraafii:30. Tajaajila haadholiif kenname: ........ 126
Giraafii:31. Tajaajila fayyaa daa'immanii: ........ 127
Giraafii:32. Ittisaa fi To'annoo TB: ........ 128
Giraafii:33. Tajaajila ittisaa fi to'annoo dhibee HIV/AIDS tiin ........ 129
Giraafii:34. Mirgaa fi Nageenyaa Hundagaleessa Dubartootaa Eegsiifame ........ 132
Giraafii:35. Dubartoota koonfaransii irratti hirmatan ........ 132
Giraafii:36. dubartoota balaa tasaatiin miidhamaniif deegarsa namoomaa taasifameef ........ 133
Giraafii:37. Hojii kenna  tajaajilaa lammummaatiin qabeenya baasii irraa ........ 134
Giraafii:38.Dubartoota qusannaa irratti hirmaatan ........ 134
Giraafii:39.Qusannaa fi liqii dubartootaa ........ 135
Giraafii:40. Da'imman maatiin isaanii qusataniif ........ 137
Giraafii:41.Hirmaannaa da'immanii guddate ........ 138
Giraafii:42. Tajaajila leenjii seerot Dh.H.H irratti hojjetootaa fi hojjistotaaf ........ 139
Giraafii:43.  sirna marii hawaasaa industiriii keessatti babal'isuu  raawwatame ........ 140
Giraafii:44. fayyummaa nagummaaa ogummaa industirii keessatti diriire ........ 141
Giraafii:45.To'annaa haala hojii industiriwwan jkeesstti gaggeeffame ........ 141
Giraafii:46.Sirna odeeffannoo bulchiinsa gabaa hojii bara 2013-2015 ........ 143
Giraafii:47. hubannoo ittisa godaansa seeran alaa irratti bara 2013-2015 tti kenname ........ 144
Giraafii:48. Hoggantoota jaarmiyaalee dargaggootaat Leenjii fudhatan ........ 146
Giraafii:49. Dargaggoota tola ooltummaa irratti hirmaatan ........ 147
Giraafii:50. Hirmaannaa dargaggoota taateewwan irratti ........ 148
Giraafii:51. Babal'ina dhaabilee ispoortii ........ 149
Giraafii:52. Glii misooma ispoorii sassaabame ........ 150
Giraafii:53. Bakkeewwan oolmaa ispoortii  fi raga abbaa qabiyyummaa kenname ........ 151
Giraafii:54. Misooma industirii ispoortiin carraawwan hojii bara 2013 -2015 ........ 152
Giraafii:55. Leenjifamtoota Guddattootaa ........ 153

Giraafii:56.Fyyadamummaa uummataa ........ 154

Giraafii:57. Carraa hojii dhaabbii fi yeroo uumame ........ 155

Giraafii:58. Qorannoo fi qo'annoo gaggeeffaman ........ 156

Giraafii:59. Baay'ina inventariiwwan gaggeeffaman ........ 157

Giraafii:60.Dhaabilee misooma industirii Aadaa fi Aartii irratti MGO argatan ........ 158

Giraafii:61. Galiiwwan yaa'insa turizimii irraa argame ........ 160

Giraafii: 62.Bu'aa qorannoo irraa ummata fayyadaman ........ 161

Giraafii:63. baay'ina maxxansaalee bu'a qorannoo qophaa'ee rabsame ........ 162

Giraafii:64. Sassaabbii Galii Mootummaa Naannoo Deegersa Mootummaa Federaalaa dabalatee ........ 167

Giraafii:65. Galii keessaa ........ 168

Giraafii:66. Galii mootummaa naannoo oromiyaa ........ 169

Giraafii:67.Bulchiinsa baajataa ........ 170

Giraafii:68. Bajata aanaalee/bulchiinsa magaala fi naannoo gidduutti qoodamu dandamu ........ 171

Giraafii:69. Itti fayyadama baajataa ........ 172

Giraafii:70**.** Mannen hojii sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalota argannoo waliigalaa Bara 2012-2015 ........ 175

Giraafii:71.Raawwii Galii, Baasii fi Bu'aa DhMM Bara 2013 fi 2015 (Qar. bil.) ........ 183

Giraafii:72. Kenniisa tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii ........ 193

Giraafii:73. Qisaasama qarshii hambifame agarsiisu ........ 194

Giraafii:74.Mirkaneessa ga'umsa ogummaa ........ 195

Giraafii:75. Simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa waajjira Pireezidantitti ........ 205

Giraafii:76.Hawaasa Dayaaspooraa Biyyaa alaa fi Biyyaa keessaa misoomaa keessatti dabalee ........ 206

Giraafii:77. dandeettii of harkaa qulqulleessuu galmee yakkaa gosa hundaa ........ 208

Giraafii:78. yakkoonni kanneen akka yakka malaamaltummaa, dubartootaa fi daa'immanii, akkasumas, yakkoota kanneen biroo ........ 209

Giraafii:79. Humna dandeettii adabsiisuu dhimmoota yakka gosa hundaa ykn dandeettii mo'achuu falmii ........ 210

Giraafii:80. Mana murtii aadaa ........ 212

Giraafii:81. Yaa`iinsa odeeffannoo/Intelligence/ haala nageenyaa........................................................216
Giraafii:82. Balaa tiraafikaa agarsiisu.....................................................................................................221
Giraafii: 83.qo’annoo fi qorannoo agarsiisu...............................................................................................228

HIIKA JECHOOTAA/ACRONOMYS/

ALI----------------------------------Akka Lakkoofsa Itoophiyaatti

ATSTO -----------------------------Abbaa Taayitaa Saayinsii Fi Teknooloojii Oromiyaa

BATO ----------------------------- Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa

BBO --------------------------------Biiroo Barnoota Oromiyaa

BDhDDO --------------------------Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Oromiyaa

BDhHHO ------------------------- Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa

BDIO ------------------------------ Biiroo Dargaggoo fi Ispoortii Oromiyaa

BFO-------------------------------- Biiroo Fayyaa Oromiyaa

BGO -------------------------------- Biiroo Galii Oromiyaa

BIIO--------------------------------- Biiroo Inveestimentii fi Induustirii Oromiyaa

Bil ---------------------------------- Biiliyoona

BMO----------------------------------Biiroo Maallaqa Oromiyaa

BOI --------------------------------- Bakkeewwan Oolmaa Ispoortii

BPSMQN -------------------- Biiroo Paabliki Sarvisii Misooma Qabeenya Nama Namaa Oromiyaa

CHUO------------------------------ Carraa Hojii Uumuu fi Oogummaa

COVID-19--------------------------Corona Virus Disease 2019

CSA-------------------------------- Centeral Statics Agency

DGPS -------------------------------Digital Global Positioning system

DhMM------------------------------ Dhaabbilee Misooma Mootummaa

ESS -----------------------------------Ethiopian Statistical Service

G/G---------------------------------- Giddugaleessaa

GAO ------------------------------- Giddugala Aadaa Oromoo

GCB--------------------------------- Giddugala Ce'umsa Baadiyaa

GDP--------------------------------- Growth Domestic Product

GGB ---------------------------------Giddugala Ganda Baadiyyaa

Hek ----------------------------------- Hektaara

ICT ----------------------------------- Information Communication Technology

ILQSO---------------------------------Inistiyuutii Leenjii Qorannoo Qaamolee Haqaa Oromiyaa

IMX -----------------------------------Interpiraayzoota Maakroo fi xixiqqaa

IPMO----------------------------------Institiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa

IPQQ-----------------------------------Induustirii Paarkii Qindoomina Qonnaa

IQQO --------------------------------- Insitiyuutii Qorannoo fi Qo'annoo Oromoo

KIB-------------------------------------Karoora Imala Badhaadhinaa

KKMO ---------------------------------Komishinii Karooraa fi Misoomaa Oromiyaa

KMPIO ------------------------------- Komishinii Misooma Paarkiiwwan Induustirii Oromiyaa

KPI ------------------------------------ Key Performance Indicator

LDP ----------------------------------- Local Development plan

MB ------------------------------------ Manneen Barnootaa

MHM---------------------------------- Manneen Hojii Mootummaa

Mil -------------------------------------Miiliyoona

MNO ---------------------------------- Mootummaa Naannoo Oromiyaa

MPI -----------------------------------Misooma Paarkii Induustirii

OBN--------------------------------- Oromiyaa Biroodkaastiingii Neetiiworkii

PNC---------------------------------- Pre natal care

Qr-------------------------------------- Qarshii

SDG ---------------------------------- Sustainable Development Goal

SHH ----------------------------------Sektera Hiyyummaa Hir'isu

TEI -----------------------------------Tajaajila Ekisteenshinii Induustirii

UIDP --------------------------------- Urban Integrated Development Plan

UNESCO-----------------------------United Nation Education for Scientific and cultural organ

USD-----------------------------------United State Dollar

WLQO------------------------------- Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa

WTIT -----------------------------------Wirtuu Tajaajila Iddoo Tokkoo

YNO-------------------------------------Yuunvarsiitii Naannoo Oromiya

# KUTAA TOKKO: Haala Waliigalaa

## 1.1. Seensa

Karoora Imala Badhaadhinaa akka mootummaa naannoo Oromiyaatti hojii irra oolaa jiru dhugoomsuudhaaf kaayyowwan karoorichaa, kallattiiwwanii fi galmoota ijoo ta'an irratti hundaa'uun yeroo yeroon xiinxalaa adeemuun akkaataa kamiin akka milkayan, bakka hin milkoofineetti maaliif akka hin milkoofnetti maaliif akka hin milkoofine xiinxalaa fi gamaaggamaa deemuun gumaachi galma gahiinsa karoorichaaf qabu olaanaa dha.

Xinxala kanaan manii waggaa shanii akkaataa karoorfamee fi akkaataa eegamutti galmoota ijoo qabaman kan bu'aan itti galmaa'ee fi hin galmeessine addaan baasuun kallattii fi tarkaanfii sirreefamaa fudhachuuf galtee guddaa dha. Xiinxala raawwiin karoora imala badhaadhinaa waggoota sadan darbanii (2013-2015) kana keessaa gama misooma diinageen hojiiwwan hojjataman kan akka raawwii hammattootaa dinagdee gooroo naannichaa fi karoora baroota itti aananiif ka'umsa taasisuu danda'amuun laalameera. Guddinaa dinagdee, ce'umsa caasaa dinagdee, qusannoo fi investimantii, akkasumas raawwii fiskaalaa (galii fi baasii) mootummaa, haala qaalansa gatii, hiyuumaa fi humana omishaa fi hojii-dhabdummaa xiinxalamee jira.Gama hawaasummaan Oomishtummaa namaa guddisuu barnootaa fi fayyaan hojiiwwa hojjataman ilaallmanii jiru.Gama bu'uura misoomaa babal'isuu akkasumas magaalummaa itti fufsiisuuf qabu (sustainable urbanization) galmaan gahuuf hojii hojjatame bu'uureffachuun ilaallmee jira. Gama nageenya waaraa fiduuf hojiiwwan karaa nageenyaa hojjataman horataalee naannichaa qusannaa fi karaa qisaasama hin qabineen hojii irra oolchuuf milkaa'inoota argaman xiinxalamanii jiru.

Karaa biraa raawwii hojii 2015 qormaatilee nam-tolchee fi uumamaa quunnaman dandamachuun injifannoo raawwii qormaata hedduu keessatti argame jechuun ni danda'ama. Rakkoo nageenyaa, qaaalyinsa fi hongee akkasumas qormaatilee koovidii diinagdee irratti geesssise rakkoolee bubbulaniif dhiibbaan isaan gama hawaasummaa diinagdeen geessisan raawwii karoora keenyaa qoree jira. Haa ta'uutii carraawwan jiranii fi humana waloo akkasumas inisheetiviiwwan hojii irra oolaa jiran milkeessuun milkaayina raawwii keenyaaf gahee olaanaa qaba.Gama biraan piroojektiiwwan woggoota hedduu turan xumuruun tajaajila akka oolan

godhamee jira.Walii gala xiinxala bara 2015 kun milkaayina kayyoowwanii fi galmoota gama hawaasummaa fi diinagdee nageeyaa fi haqaa baroota sadan darbaan kana keessatti ciminoota, hanqinoota, rakkoolee raawwii hojiiwwan ijoo ta'an keessatti mul'atan addaan baasuun karoora keenya waggoottan lamaan hafan (2016-2017) keessatti galtee godhachuuf raawwii xiinxala KIB kutaa 8( saddeetiitti )qooduun qophaayee jira.

## 1.2. Kaayyoo Xiinxalichaa

Xiinxala raawwii karoora KIB woggootan sadanii kana keessattii hojiiwwan akkaataa barbaadameen kan hin raawwatamiin sababa maaliitiin akka hin raawwatamnee fi kan galma gahe akkamiin akka galma gahe gamaggamuudhaan ciminoota, hanqinaalee, rakkoolee fi muuxannoowwan argaman addaan baasuu fi bu'aa gamaaggama KIB waggoota sadan darbanii fi haala qabatamaa akka biyyaa fi naannootti jiran bu'uureffachuun KIB kan waggoottan lamaan hafan (2016-2017) maniiwwan ta'an milkeessuu danda'amu irratti xiyyeeffatee fi hirmaannaa qooda fudhattootaa fi humana waloon akkaataa raawwiin amma irra jiramu laallmee hojii itti aanuuf bu'uura ta'u adda baasuu dha.

## 1.3. Adeemsa Xiinxalichaa

Raawwii KIB woggotan sadan darban bu'uureffachuun raawwii 2015 dabaluun xiinxalli garee ogeeyyii bakka saditti qooduun geggeeffame jira.Haaluma kanaan Kaayyoo fi galmoonni KIB akkaataa karoorrameen milkaayuun sadarkaa bara kana irra gahuu qabu agarsiiftuuwwan gurguddoo bu'uureffachuun ilaaluu yaalmee jira. Kunis manii bara kanatti bira gahuuf eegamu irraa gahuu fi gahuu dhiisuun sababiiwwanii fi haala irraa baratamus adda baasuun xiinxalamee jira.

Manneen hojii raawwii woggootan sadan darban giddu galeessa godhachuun raawwii karoora 2015 akka dhiyeessan ta'ee manneen hoji raawwii hojii isaanii agrsiiftuuwwan ijoo karoora KIB bu'uureffachuun hin raawwannee waliin rakkoolee turan ilaaluun bu'ura raawwii karoora itti aanuuf sirreesssu danda'amu irraa ka'uun waliin ilaaluu yaallmee jira.


# KUTAA LAMA

## 2.1. DHIMMOOTA DIINAGDEE GOOROO

#### 2.1.1. Guddina Dinagdee

Guddinni dinagdee naannoo Oromiyaa bara 2012tti akka waliigalatti %8.2 fi qonnii %7.8, industirii %11.2 fi tajaajilli %7.7 kan turee KIB waggaa kudhanii fi shanii keessatti filannoo isaa bu’uuraatiin %10.2’n akka guddatu maniin kaa’amee hojjeyamaa jira.

Giraafii: 1.Reetii Guddina Dinagdee Naannoo Bara 2013-2015




| | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 (Tilm.) |
|---|---|---|---|---|
| Qonna | 7.8 | 4.9 | 5.7 | 6.2 |
| Industirii | 11.2 | 7.1 | 8.5 | 8.7 |
| Tajaajila | 7.7 | 12 | 9.5 | 9.4 |
| Guddina Dinagdee Waliigalaa | 8.2 | 7.9 | 7.6 | 7.9 |


*Madda*: *KKMO bara 2015*

Haa ta’u malee, akkuma chaartii 1 irraatti dhiyaate waggoottan lamaan darban (2013-2014) keessa dinagdeen naannichaa g/galeessaan %7.8n guddachaa tureera. Bara 2015tti immoo guddinni dinagdee naannichaa waliigalaan %7.9’n akka ta’uu fi qonni %6.2’n, industiriin %8.7’n, industiriin omishaa %8.1 fi tajaajjilli %9.4’n akka guddatu raagameera. Guddina dinagdee naannichaa waggootaan sadan darbanii kuni gaarii ta’us kan bara ka’umsaa fi manii kaa’ame gadidha. Guddinii dinagdee naannichaa waggoota sadan darbanii kun manii kaa’amee gadi akka ta’u kan taasisan dhiibbaa dhibee COVID-19, jijjirama qilleensaa (ongee) itti fufiinsaan naannicha qunnamee, dhabbinsaa tasgabbii fi waraanni Raashiyaa fi Yuukireen gidduttti gaggeeffamaa jirudha.

#### 2.1.2. Ce'umsa Caasaa Dinagdee

Gaheen kutaalee dinagdee hundamtaa omishaalee naannichaa keessaa qabu bara 2012tti qonni %46.8, industiriin %15.4 fi %38.1 kan ture KIB waggaa shan (2013-2017) keessa akuma kaa'ametti gaheen kutaalee dinagdee naannichaa filannoo bu'uuraatiin walduraa duubaan %38,%26 fi %38.1 akka ta'u maniin kaa'ameera. Haa ta'u malee, waggoottan sadan darban (2013-2015) keessa gaheen kutaaleen dinagdee kun qabaachaa turan giddugaleessaa waggatti qonni %44.7, industirii %15.4 fi tajaajilli %40.3 kan ta'udha.

Giraafii 2: Gahee Kutaalee Dinagdee Hundmataa Omishaalee Naannoo Keessaa, (%)




*Madda: KKMO,2015*


Raawwiin waggootan sadii darban kun kan mul'isu ce'umsi caasaa dinagdee naannichaa kan taasifame qonnaa irraa gara industiriitti otoo hin taane gara tajaajilaatti akka ta'edha. Ce'umsi caasaa qonnaa irraa gara tajaajilaattii kun immoo fedhiin dhiyeessiin olitti akka guddatu tasisuun qaala'insa gatii omishaalee kan hammeessu waan ta'eef rakkoo kana xiqqeessuuf omishaa fi omishtummaa qonnaa fi industirii guddisuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuun barbaachisaadha. Keessuma industiriiwwan omishaa (manufacturing industries) hojii dhaaban gara hojiitti akka galanii fi haaraa babal'isuun irratti xiyyeeffachuun kallattii hordofamuu qabudha.

#### 2.1.3. Qusannoo fi Investimentii

Qusannoon gahaan jiraachuunii fi investimantiin babal'achuun misoomaa fi guddinna dinagdee saffisiisuu keessatti qaban olaanaadha.Kanaafuu, misooma karaa haqa qabeessa ta'ee fi ittifufiinsa qabuun gaggeessuun uummata naannichaa fayyadamaa taasisuuuf faayinaansii qaqqabamaa taasisuu; baasiiwwan soona hin dabale xiqqeessuunii fi qabeenya qusachuun investimantiin, keessattuu, industiriin manuufaakachiriingii, xixiqqaa, giddugaleessaa fi gurguddaan dhabbilee dhuunfaan akka babal'atanii caarraa hojii uuman taasisuu irratti

xiyeeffachuun hojjechuun murteesaadha.Bara 2012tti qabeenyi qusatamee fi hojii investimantiif oolee hundamtaa omishaalee naannichaa (GDP) keessaa qaban wal duraa duubaan qarshii bil. 242.8fiqar. bil. 109.3 kan ture waggoottaan sadan darban (2013-2015) giddugaleessaan waggaatti qar. bil.400.9 fi qar. bil. 279.3 irra gahee jira.


Giraafii 3: Gahee Qusannoo fi Investimantiin GDP keessaa Qabu (2013-2015), %




*Madda: KKMO,2015*

Bu'uuruma kanaan, reetiin qusannoo fi investimantii hundamtaa omishaalee naannichaa keessaa qaban bara 2012tti %22.4 fi %14.5 ture bara 2014tti %22.7 fi %17.0 yoo ta'u bara 2015tti immoo %23.4 fi %17.8 akka ta'u raagameera.


Giraafii 4: Kuufama Maallaqa Baankota keessaa (Deposits in Banks)




*Madda: Qorannoo qusannoo fi Investimantii Naannoo Oromiyaa,"EEA" bara 2015*

Akka qorannoon haala qusannoo fi investimantii naannichaa irratti bara 2015 Komishiniin Karooraa fi Misoomaa Oromiyaatiin gaggeeffame agarsiisutti waggoottan sadan darban (2012-2014) maalllaqa naannicha keessaa baankiitti qusatamuu qarshii 3 keessaa hojii investimantii naannicha keessatti gaggeffamuuf liqqiin kenname qarshii 1(%33) qofa akka ta'edha.


Giraafii 5: Waliigala Liqii Baankotaan Kennamanii fi Gahee Naannolee fi Bulchiinsa Magaalotaa




| | Waliigala Biyyaattii (Qar. bil.) | Magaalaa Finfinnee (Qar. bil.) | Naannoo Oromiyaa (Qar. bil.) | Mag. Dire Dawaa fi Naannolee biroo (Qar. bil.) | Gahee Magaalaa Finfinnee (%) | Gahee Naannoo Oromiyaa (%) | Waliigala Gahee Mag. DD+ Naannolee biroo (%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 2012 | 640.5 | 507.5 | 49.4 | 83.6 | 79.2 | 7.7 | 13.1 |
| 2013 | 856 | 660.4 | 71.8 | 123.8 | 77.1 | 8.4 | 14.5 |
| 2014 | 1111.1 | 834.9 | 104.4 | 171.8 | 75.1 | 9.4 | 15.5 |

*Madda: Ethiopian Economic Association (EEA)", 2023*

Giraafii 6: Kenna Liqii Baankotaa Nam-Tokkee Naannoo Oromiyaa, 2005-2014, birr




*Madda: Ethiopian Economic Association (EEA)", 2023*

Raawwiin kenna liqii baankootaan naannoo oromiyaa keessatti kenname sochii dinagdee naannichaa keessatti gaggeeffamaa jiru waliin yoo ilaalamu xiqqaa ta'uun akkuma jirutti ta'ee maallaqni hojii investimantiif liqeeffatame maallaqa naannicha keessatti qusatamee gadi dha. Haaluma kanaan,qorannoon dhimma qusannoo fi investimantii naannichaa ilaalchisee Komishinii Karooraa fi Misoomaa naannoo keenyaatiin gaggeeffameen rakkoolee adda bahanii fi furmaatni eeraman kanatti aananii dhiyaataniiru.

**2.1.4. Rakkoolee**

- Qusannoo jajjabeessuu fi liqii deebisiisuu keessatti deeggarsi mootummaan dhaabbilee faayinaansiitiif taasisu laafaa ta'uu;
- Liqiin dameewwan dhaabbilee faayinaansiitiin kennamu xiqqaa ta'uu;
- Tasgabbiin dhabamuu irraa kan ka'e hojiin investimantii laafaa ta'uu;

- Dandeettiin caasaa mootummaa hojii investimantii hoogganuu laafaa ta'uu fi birokiraasiin jiraachuu;
- Malaamaltummaan kenna tajaajilaa dhaabbilee mootummaa fi kenna liqii dhaabbilee faayinaansii keessa jiraachuu;
- Investarootaanii yaada bu'a qabeessaa fi tarsiimoowwan ifa ta'ee bocanii dhiyeessuu dadhabuu;
- Investarootanii lafa kennameef irratti pirojektii heyyama itti argatan hojjechuu dhiisuu ykn qaama biraatti dabarsanii gurguruu;
- Investaroota heyyamni kennameef keessaa hojiitti kan galanii fi isaan keessaa immoo humna guutuun hojii hojjechaa kan jiran xiqqaataa ta'uu;
- Hordoffii fi deeggarsi (incentives) hojii jnvestimantiif taasifamu gahaa ta'uu dhabuu; fi
- Lafa, gargaarsa (incentives) fi liqii maallaqaa hojii investimantiiif kennaman kaayyoo kennameef oolchuu dhiisuudha.

#### 2.1.5. Furmaata Eeraman (Recommendations)

**i. Gama Mootummaatiin**

**a) Mootummaa Federaalaatiin**

- Reetii qusannoo hawwataa taasisuun qusaannoo jajjabeessuu;
- Qusannoo guddisuu fi liqii deebsiisuuf dhabbalee faayinaasii waliin hariiroo cimsuu;
- Imaammata fiskaalaa fi maallaqaa dinagdee qusannoo fi investimantii jajjabeessuu uumuu;
- Tasgabbii fi nageenyaa mirkaneessuun
- Malaammaltummaa irratti kutannoon qabsaa'uun gaafatamummaan mirkaneessuu;
- Dhimmoota hojii investimantii irratti baasii hin barbaachifne uuman hambisuu,fi
- Investimantiwwaan deeggarsa addaa (incentive) barbaadaniif yeroon taasisuun jajjabeessuudha.

**b) Mootummaa Naannoottiin**

- Qusannoo guddisuu fi liqii deebsiisuuf dabbalee faayinaasii waliin hariiroo cimsuu;
    - Faayidaa qusannoo irratti hubannoo hawaasaa cimsuu
    - Dhaabbilee dhuunfaa omisha biyya keessaa, teknolojii fi kalaqa irratti boba'an liqii gahaa akka argatan gochuu irratti
    - Liqiin fudhatame kaayyoo yaadameef ooluu hordofuu fi deebsiisuu irratti

- Malaamaltummaa dhaabbilee faayyinaansii irratti boba’an dhabamsiisuu fi kkf iratti

- Imaammata fiskaalaa qaala’insaa gatii tasgabbeessu uumuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuun dinagdee gooroo tasgabbaa’aa ta’e mirkaneessuu;
    - Sirna ramaddii qabeenyaa omisha, qbeenya dhaabbii fi teknooloojii babal’isuu omishaa fi omishtummaa guddisuu irratti
    - Human namaa misoomee fi qaroomee dorgomaa ta’ee fi hojii fi kalaqa uumuu horachuu irratti
    - Ce’umsa Caasaa dinagdee arifachiisuu irratti
    - Carraa hojii uumuu irratti
- Dandeettii caasaalee mootummaa hojii investimantii naannichaa irratti gahee qabanii cimsuu; (Service delivery capacity enhancement)
- Birokraasii dheeraa hojiwwan kenna lafaa, heeyyama ijaarsaa fi murtee bulchiinsa taaksii walqabatan irratti komii uumamu hiikuu (Ensuring ease of doing business);
    - Adeemsa dheeraa fi walxaxaa kenna tajaajilaa fi soona hin daballee hambisuu;
    - Kenna tajaajilaa teknoolojiin raawwatamu diriirsuun hojiirra oolchuu;
    - Qajeelma fi murtii taaksii fi odiitii taaksii al-loogummaa of keessaa qabu diriirsuun birokraasii fi malaammaltuummaa murtii fi sassabbii taaksii keessatti hojjetamu dhabamsiisuu
    - “Intelegency” faayinaansii diriirsuun murtii, sassabbii fi odiitii taaksii hordofuun qaama faayidaa dhuunfaaf jedhee sassaabbii taaksii irratti malaamaltummaa raawwatee seeratti dhiyeessuu
- Tasgabbii nageenyaa mirkaneessuu:
    - Qindoomina qaamolee nageenyaa fi uummataa uumuun eegumsa nageenyaa cimsuu
    - Eegumssaa fi hordoffii haala nageenyyaa irratti“Security” cimaa uumuun miidhaa uummata irra gahu hambisuu
    - Aadaa araaraa fi sirna gadaa cimsuun waldiddaa qaamolee hawaasaa fi dhaabbilee siyaasaa fi mootummaa gidduutti uumamu mariin hiikuun aadaa taasisuu
- Malaammaltummaa irratti  kutannnoon qabsaa’uun gaafatamummaan mirkaneessuu; fi
    - Iddoo hundatti aadaa malaamatummaa jibbuu uummata keessatti uumuu

- Kenna tajaajila teknoloojiin akka gaggeeffamu gochuun gocha malaamaltummaa tajaajila kennaa fi fudhataa giddutti raawwatu hambisuu
- Qaama gochaa malaamaltummaa raawatu irratti araarama malee gaafatamummaa hojiirraa oolchuun tarkaanfii seeraa fudhachuu

- Dhimmoota hojii investimantii irratti baasii hin barbaachifne uumaan hambisuu,
- Investimantiwwaan deeggarsa addaa (incentive) barbaadaniif yeroon taasisu;
    - Abbootii qbeenyaa ommisha biyya keessaa omishan,
    - Teknooloojii fi kalaqa babal'isan,
    - Omishaa industiriiwwan godoo fi ogummaa harkaa hammayyeessuun omishaa bal'inaan omishuu irratti hojjetanii fi kkf irratti bobba'anii dinagdee biyyaa eeggatummaa alaa jalaa baasuu fi carraa hojii uumuu irratti akka hojjetan jajjabeesuu.

**ii. Gama Investarootaatiin**

- Ogeessaa deeggaramuun yaada bu'a qabeessaa fi tarsiimoowwan ifa ta'aan bocuun dhiyeessuu;
- Galteewwan omishaa biyya keessaatti fayyadamuun baasii xiqqeessuu; fi
- Lafa, dargaarsa (incentives) fi liqii maalaqa hojii investimantiiif kennaman kaayyoo kennameef oolchuun

**iii. Gama Dhaabbilee Faayinaansiitiin**

- Sirna qusannoo fi liqii jajjabeessaan diriirsuun hojii irra oolchuu;
    - Tarsiimoo faayidaa qusannoo irratti hubannoon ittiin uumuu
    - Sirnaa kenna liqii fooyyessuun liqeeffattootaa harkisuu
    - Aangoo murtee kenna liqii al-waaltinneessuu
    - Kenna liqii kenna liqii fi hayyama sharafa alaa iftoomina qabu uumuu

## 2.2. Indeeksii Misooma Namoomaa (HDI)

Indeeksiin misoomaa namoomaa (Human Development Index/HDI) meeshaa misoomni dinagdee gaggeeffamu sadarkaa uummata giddugaleessa godhate safaruuf kan tajaajiludha. Kaayyoon indeeksii misooma namoomaa dinagdee guddinnaan (growth) qofaa safarama jiru imaammata uummata giddugaleessa karaa godhateen (misooma dinagdeetiin) maadalamun

sadarkaa fayyadamummaa uummataa irra jiru agarsiisuudha.Indeeksiin misooma namoomaa ida'ama giddugaleessa indeeksiiwwan umurii namni lubbuun jiraatuu (life expectancy index), indeeksii barumsaa (education index) fi indeeksii galiiti (income index).

Haaluma kanaan, Komishinnii Karooraa fi Misoomaa bara 2015 keessa sirna misoomni dinagdee naannichaa jiruu fi jireenya uummataatiin (wellbeing) ittiin safaramu (HDI) diriirsee jira. Sirna diriire kanaan gabaasni indeeksii misooma namoomaa naanncichaa baroota 2008-2013 kan agarsiisu yeroo jalqabaaf sadarkaa Naannoo Oromiyaatti qophaa'ee jira.

Akka gabaasni indeeksii misoomaa namoomaa kun mul'isutti naannichatti giddugaleessaan umuriin namni lubbuun jiraatu bara 2008tti waggaa 62.6 kan ture bara 2013tti 69.3 gahee jira. Hangi waggoota ijooleen barumsa irra turanii bara 2008ttii waggaa11.3 kan ture bara 2013tti waggaa 12.3 irra gahee jira. Hanga waggaa gaheessi barumsa irraa turuu giddugaaleessaan bara 2008tti waggaa 3.10 ture bara 2013tti waggaa 4.2 irra gahee jira. Hundamtaan galiin waggaa nam-tokkee (GNI perc-capita based on 2017 PPP$) naannichaa bara 2008tti USD 1569.3 ture bara 2013tti USD 1934.8 ta'ee jira.
Indeeksiin misoomaa namoomaa (HDI) naannoo Oromiyaa fi kan biyyaa walduraa duubaan bara 2008tti 0.496 fi 0.470 kan ture bara 2013ttii 0.545 fi 0.498 ta'ee jira.

Gabatee.1.Indeeksii Misooma Namoomaa (HDI) Bara 2008–2013


| Bara | Indeeksii Hanga lubbuun Jiraachuu Namaa (LEI) | Hanga barumsa irra turamuu (EYS) | Gigaleessaa turamaata barumsa irraa (MYS) | Galii Nam-tokkee (GNI Percapita) /2017 PPP$/ | Indeeksii Misooma Namoomaa /HDI) Oromiyaa | Indeekxii Misoomaa Namoomaa /HDI/ Itoophiyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **2008** | 0.656 | 0.627 | 0.265 | 0.416 | 0.496 | 0.470 |
| **2009** | 0.677 | 0.630 | 0.268 | 0.425 | 0.506 | 0.480 |
| **2010** | 0.697 | 0.609 | 0.271 | 0.443 | 0.514 | 0.489 |
| **2011** | 0.717 | 0.669 | 0.273 | 0.442 | 0.531 | 0.498 |
| **2012** | 0.738 | 0.709 | 0.276 | 0.459 | 0.553 | 0.498 |
| **2013** | 0.758 | 0.675 | 0.279 | 0.448 | 0.545 | 0.498 |

*Madda: "Ethiopian Economic Association (EEA)", 2023*

Guddinni dinagdee akka naannichaattis ta’e akka biyyaatti jirraatus gama fooyya’insa jiruu fi jireenya uummataa uumuutiin garuu sadarkaa gadi aanaa akka ta’e gabaasni kun ni agarsiisa. Kanaafuu,dinagdeen naannoo fi biyya keenyaa uummata karaa fayyadamaa taasisuu fi jireenya isaa fooyyessuu danda’u (badhaadhina maatii uumuu) irratti xiyyeeffatamee hojjetamuu eegalame cimee ittifufuu qaba.

Sarveeyiin bara 2004, 2006, 2008 fi 2011 akka biyyaattii CSA’n gaggeesse akkaa agarsiisutti uummatni naannoo Oromiyaa dubbisuu fi barreessuu danda’uu (literate) dhiiraanis ta’e dubaraan kan biyyaaleessaa waliin walitti dhiyaataadha.Hanga bara 2008tti reetiin uummataa dubbisuu fi barreessuu danda’u kan Oromiyaas ta’e kan biyyaa dabala tureera. Bara 2011tti akka biyyaattis ta’e akka naannoo Oromiyaattii reetiin kun kan gadi bu’eera.Keessumaa haalii ummataa dubbisuu fi barreessuu danda’uu naannoo Oromiyaa korniyaa lamaanuu ittii xiqqaate guddaadha.

Chaartii 7: Ummataa Dubbisuu fi Barreessuu (literate) kan Oromiyaa fi kan biyyaa




*Madda: Ethiopia Socio Economic Survey report of 2013, 2013/14,2015/16 and 2018/19 by CSA in collaboration with World Bank*

Bara 2011 asitti Sarveeyiin gaggeefame jiraachuu baatus sababa dhibee COVID-19) fi dhabiinsa nageenyaatiin walqabatee uummatni naannichaa dubbisuu fi barreessuu danda’u kan bara 2011 gadi akka ta’u ni tilmaamama.Haa ta’u malee, dhimma qoratamee beekamuu fi furmaata argachuu qabudha.

Sirna qophii gabaasa “HDI” naannichaa diriirsuuf sarveeyyii Komishiniin Karooraa fi Misoomaa gaggeesseen rakkooleen misooma namoomaa walqabatan adda bahanii fi qaamolee dhimmi ilaaluun irratti hojjetamee fooyya’uu qaban kanneen kanattii aananii kan jiranidha.

- Hirmaannaa dubartootaa %11.5'n kan dhiirotaa gadi ta'uu ;
- Qaala'insii gatii olkuu irraa kan ka'e humni bittaa maallaqqa gadi bu'uun baasii misooma barnootaa fi fayyaa xiqqaachaa deemuu;
- Hirmaannaan dilboo sadarkaa 1ffaa gara olii fi sadarkaa 2ffaa (junior secondary & secondary) xiqqaa ta'uu;
- Hirmaannaa barnootaa dhuunfaa naannicha keessaatti muraasa ta'u;
- Faasiliitiiwwan manneen barnootaa, keessumaa kan sadarkaa 1ffaa guutamuu dhabuu;
- Hirri barataa barsiisaa ammallee ulaagaa kaa'amee irraa kan fagaate ta'uu;
- Hawaasa naannichaa keessaa %42 kan ta'u naannoo qulqullinni isaa hin eegamne keessaa kan jiraatu ta'uu;
- Buufataalee Faayyaa naannichaa keessaa %23 kan ta'an faaciliitiiwwan mana fincinii (toilet facilities) kan hin guutamneef ta'uu; fi
- Hirri ogeessota fayyaa (hakiimaa narsii fi deessistuu dabalatee) ulaagaa "WHO" bara 2016 ALGtti baase, 2.3, gadi (1.78) ta'uudha.

**Furmaata qaamoleen dhimmi ilaalu akka fudhatan eeraman**

Rakkoolee indeeksiin misooma naannichaa gadi bu'aa taasisan jedhamanii adda bahan kana furuun fooyyadamummaa uummata naannichaa fooyyeessuuf hojiiwwan hojjetamuu qaban:

- Imaammata hawaas-dinagdee naannichaa fi kan biyyaa bocuu fi hojiirra oolchuu,akkasumas fi hojiiwwan biroo keessatti hirmaannaa dubartootaa guddisuu;
- Barnoota keessatti garaa garummaa hirmaanaa dubartootaa fi dhiirotaa gidduu jiru dhiphisuuf:
- Faasiliitiiwwan manneen barnootaa (sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa) tajaajila dhaaban haaromsuun tajaajila akka kennan gochuu fi haaraa guutuun qulqullina barnootaaf gumaachaa akka taasisan itti fufiinsaan hojjechuu;
- Baasii barnootaa fi fayyaa sababa rakkoo qaala'insaattin xiqqaachaa jiru fooyyeessuu;
- Hira barataa barsiisaa ulaagaa biyyattiin wal simsiisuun qulqullina barnootaaf gumaachaa taasisuuf barsiistotaa leenjisuun ramaduu, sirna onnachiiftuu (incentives) diriirsuun barsiistota hojii baruu fi barsiisuu keessaa tursiisuun, keessuumaa qulqullina barnootaa sadarkaa 1ffaa eegsisuu irratti hojjechuu;
- Ogeessota fayyaa bal'inaan horachuun hira ogeessota fayyaa uummataan sadarkaa gadi aanaa irra jiru guddisuu irratti hojjechuu;

- Ragaan hirmaannaa ququlluu barattoota sadarkaa 1ffaa %100 ol ta'uu fi ragaan barnoota gaheessotaa fi dhaabbilee barnoota olaanoo, akkasumas ragaa giddugalaa umurii jireenya namaa naannichaa dhabuun walqabatee rakkoo jiru furuuf bulchiinsa ragaa (database) karaa guutuu ta'een qindeessuu fi bulchuu aadaa taasisuu irratti hojjechuu barbaachisaadha.

a) Sirna ragaan uumurii lubbuun jireenya namaa ittii qindaa'uu uumuu
   - ✓ Sirnaa fi dandeettii tilmaamamuu umurii jireenya namaa naannichaa uumuu
   - ✓ Hanga giddugaleessa umurii jireenya namaa naannichaa tilmaamuu fi raaguu

**b) Galmeessa Ragaa Hawaasaa Bu'uuraa**
   - ✓ Faayidaa galmeessa ragaa hawaasaa bu'uuraa irratti hubannoo hawaasaa cimsuu
   - ✓ Galmeessii ragaa haawaasaa bu'uuraa sadarkaa gandaa irraa kaasee akka raawwatuu fi daa'imni dhalatteef ragaan dhalootaa akka kennamu taasisuu

#### 2.3. Raawwii Fiskaalaa

Imaammatni hawaas-dinagdee mootummaan baasuu hojii irra kan oolu mootummaan qabeenya faayinaansii hojiiwwan misoomaa fi bulchiinsaa waggaa waggaan karoorfatu gittiin alma galmaan yoo qahbaatedha.Keessumaa faayinnaasii cimaa dinagdeen maddisiisu yoo uummate qofadha.Qabeenya faayinaansii gahaa qabaachuu qofa otoo hin taanee qabeenyichaa karaa soona dabaluu (enhancing value addition) fi jiruu fi jireenya uumataa fooyyeessuu danda'uun qoodamee hojii irra oolchuun barbaachisaadha.Kanaafuu, galii mootummaa guddisuu fi galii sassaabamu karaa sirrii ta'een hojiiwwan misoomaa irra oolchuun misoomaa fi guddina dinagdee naannichaa mirkaneessuu irratti hojjechuun barbaachisaadha.

### 2.4. Galii

Mootummaan Naannoo Oromiyaa mul'ata biyyoota galii g/galeessa jalqabaa (Lower Middle-Income) qabanii biraan gahuuf galma akka biyyaatti taa'e milkeessuuf guddinaa ariifataa, ce'umsaa caasaa dinagdee (transformation) fi haaromsa jalqabame fiixaan baasuuf karoora yeroo g/galeessaa fi gababaa yeroo adda addaa baasuun faayinaansii deeggarsa Mootummaa Federaalaa fi maddawwan galii naannichaa irraa argamuun raawwachaa jira. Haaluma kanaan, galiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa deeggarsa Mootumma Federaalaa irraa argamu kan madda naanno dabalatee waliigalatti bara 2012tti qar. bil. 75 ture giddugaleessaan waggaatti qar.bil 26.78'n guddachuun bara 2015tti qar.bil.155.34 ta'ee jira.

Gabatee.2.Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 2013-2015

| Lakk | Madda Galii | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| | **Galii waliigalaa (1+2)** | **75.00** | **101.14** | **128.76** | **155.34** |
| **1** | **Galii madda naannoo** | **25.33** | **39.63** | **56.00** | **79.69** |
| **1.1** | Galii Taaksii kallatii | 12.79 | 18.28 | 28.39 | 38.51 |
| **1.2** | Galii taaksii kallattii hin taane | 4.94 | 10.74 | 14.34 | 22,67 |
| **1.3** | Galii taaksi hin taane | 1.59 | 2.12 | 3.27 | 8.14 |
| **1.4** | Galii Keessaa | 1.75 | 2.34 | 2.62 | - |
| **1.6** | Galii Mana Qopheessa | 4.25 | 6.14 | 7.38 | 10.36 |
| **2** | **Waliigala Deeg.Moot. Federaalaa** | **49.67** | **61.51** | **72.76** | **75.65** |

*Madda: Biirii Galiiwwanii fi Biiroo Maallaqaa Oromiyaa, 2015*

#### 2.4.1. Deegarsa Mootummaa Federaalaa

Waliigallii deeggarsa Mootummaa Federaalaa irraa argame bara 2012tti qar. bil. 49.67 kan ture waggoottan sadan darban (2013-2015) giddugaleessan waggattii qar. bil. 8.6’n dabaluun bara 2015tti qar. bil. 75.65 qaqqabeera.Waggoota lamaan KIB (2013-2014) darban keessatti deeggarsi mootummaa fedaraalaa gidugaleessan qar.bil.11.5’n dabalaa turus kan bara 2015 qar. bil. 2.89 qofaan dabalee jira.Haaluma kanaan, gaheen deegarsa Mootummaa Federaalaa hundamtaa baajata mootummaa naannichaa bara 2012 keessaa qabu %66.2 kan ture bara 2015tti gara %48.7tti xiqqaatee jira.

#### 2.4.2. Madda Galii Naannoo

Bara 2013tti galiin maddeewwan naannoo oromiyaa irraa sassaabame qar.bil. 39.63 yoo ta’u, bara 2014tti qarshii biliyoona 56 irra gahee jira.Bara 2015ttis qar.bil.79.7 ta’u sassabamee mootummaaf galii ta’eera.Waggoota sadan darban keessaa giddugaleessaan waggaatti galiin madda naannichaa qar. bil. 58.44 kan ta’uu mootummaaf gala tureera. Kunis kan bara 2012 irraa waggaattii %130.7’n kan caalu sassabamaa turuu isaa agarsiisa. Haaluma kanaan, gaheen galii madda naannoo hundamataa galii naannichaa keessaa bara 2012tti %33.8 kan ture bara 2015tti gara %51.3tti guddatee jira. Gaheen galii madda naannoo GDP naannichaa keessaa qabu bara 2012tti %2.3 ture bara 2015tti %3.8 ta’ee jira.

Ragaan kun kan agarsiisu galii madda naannichaa waggaa waggaan sassaabamu sadarkaa olaanaan dabalaa jiraatus dinagdee naannichaa (GDP) wagga waggaan dabalaa jiru keessaa


gaheen qabu baayyee xiqqaa akka ta'ee fi galiin dinagdee naannichaa maddisiisu keessaa mootummaaf gala kan jiru baayyee xiqqaa akka ta'edha.Kanaafu, sirna sassaabbii fi bulchiinsa galii iftoominaa fi haqa qabeessa ta'e diriirsuun galiin dinagdee naannichaa maddisiisu harcaatii malee sassabamee mootummaaf akka galu gochuu irratti ciminaan hojjetamuu qaba.

## 2.5. Fedhii Faayinaansii Naannichaa Uwwisuu

Mootummaa naannichaa ijaarsa bu'uraalee misoomaa, misoomaa namaa, inisheetiiviwwan adda addaa fi hojiwwan bulchiinsaa fi nageenyaan walqabatan gaggeessuun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf karoorfate galmaan gahuuf waggaa waggaan baajatni ramadamu dabalaa jira.Haaluma kanaan, baajatni Mootummaan Naannichaa bara 2012tti qar.bil.75 ture waggaatti giddugaleessaan qar.bil.26.78 dabaluun bara 2015tti qar.bil.155.34tti guddatee jira.

Waggoottan sadan darban baajatni mootummaa naannichaa akka dabalu kan taasisan keessaa isaan gurguddoon dandeettii galii maddisiisuu naannichaa guddaa ta'uu irraa ka'uun pirojektootaa fi inisheetiviiwwan hedduu mootummaan karoorfate galmaan gahuu fi pirojektoota turan xumursiisuu, akkasumas haaraa ijaaruun xumursiisuu, keessumaa manneen barnootaa fi dhaabbilee fayyaa ijaaruu irratti xiyyeeffatee waan hojjeteefidha.Kanaan alattis, waggoottan sadan darban iddoowwan gammoojjii naannichaa keessatti sababa ongeen dheerachuutiin miidhaa uummata fi beeyilada irra akka hin geenyee hojii lubbuu baraaruu fi deebisuun dhaabuu irratti ijaarsa pirojektii Fiinnaa dabalatee hojiiwwan hedduun hojjetamanidha.

Giraafii 8: Gahee Maddoota Fayinaansii Baajataa Moo. Naannichaa Keessaa, %




*Madda: Ragaa Biirii Galiiwwanii fi Biiroo Maallaqaa Oromiyaa*

Bara baajataa 2012tti baajata mootummaa naannichaa keessaa harki 33.8 kan ta'u faayinaansii madda naannichaatiin uwwifame kan ture waaggoottan sadan darban giddugaleessaan waggaatti %44.7'n dabaluun bara 2015ttii gara %51.3tti guddatee jira.


### 2.5.1. Baajata Sektaroota Hiyyummaa Hir'isanii

Mootummaa Naannoo Oromiyaa guddina dinagdee qofa otoo hin taane fayyadamummaa uummata naannichaa milkeessuuf qabeenyaa mootummaa irraa argamuu qindeessuun kara sektaroota hiyyuumaa hir'isaniin hojii irraa akka oolan xiyyeeffannoo guddaan hojjechaa tureera. Haaluma kanaan, waggoottan sadan darban (baajatni sektarootaa hiyyummaa hiri'isaniif ramadamaa ture hundamataa baajata mootummaa naannichaa keessaa giddugaleessaan waggaatti %60.9 kan ta'udha.

### 2.5.2. Ittifayyadama Faayinaansii

Waggoottan sadan darban (2013-2015) baajata mootummaan naannichaa ramade keessaa hojiirraa kan oolaa ture giddugaleessaan waggaatti %90.8 kan ta'udha. Bara 2014 fi 2015 keessaa ittifayyadamni faayinaansii waggoottan sadan darbanii kan bara 2012 fi 2013 gadii waan ta'eef baajatni waggaan mootummaan naannichaa ramadamaa ture keessaa giddugaleessan qar. bil. 11.8 ta'u waggaatti otoo hojiirraa hin ooliin akka hafe ragaan chaartii 10 irratti dhiyaate kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Giraafii 9: Baajata fi Baasii Faayinaansii Waggaa Sadii (2013-2015)





Sababni gadi bu'iinsa ittifayyadama faayinaansii naannichaa hojiiwwan karoorfaman yeroon raawwachuu dhiisuu ykn humni raawwchisuu dhibuu fi kaffaltiin duraaf kenname ta'uu waan danda'uuf yeroo itti aananitti rakkoo jiran adda baasuun tarkaanfii fudhachuun qabeenyii

ramadamu yeroon hojii karoorfameef oolee bu'aa yaadame akka argamsiisu taasisuu irratti xiyyeefatamee hojjetamuu qaba.

**2.6. Qaala'insa Gatii Tasgabbeessuu**

Qalaa'insii gatii waggottan murasa asiitti rakkoo cimaa hawas-dinagdee addunyaa, biyyaa fi naannichaa ta'ee jira.Naannoo Oromiyaatti giddugaleessan qaala`insi gatii ittiin dabale bara 2013tti qaala`insi waliigalaa (general inflation) %20.1'n, qaala'insi nyaataa %23.8'n fi qaala'insi miti-nyaataa %14.7'n dabalaa ture bara 2014 keessa immoo qaala`insi gatii waliigalaa %38.1'n, qaala'insi nyaataa %43.5'n fi qaala'insi miti-nyaataa %29.8'n kan dabalee yoo ya'u bara 2015 kan waliigalaa %33.5 kan nyaataa %32.3fi kan miti nyaataa %35.6'n dabaleera.

Giraafii 10: Qaala'insa Gatii Bara 2013-2015,%




*Madda: ESS 2015 irraa KKMOtiin kan shallaggame*

Akkuma ragaan kanaan olitti dhiyaate agarsiisutti qaala'insi gatii naannichaa yeroo dhiyoon as karaa hammaataa ta'een waggaa irraa waggaatti dabaluun jireenya uummataa keessumaa kutaalee hawaasaa galii gadi aanaa qabanii ulfaataa taasisaa jira.Kana irraa ka'un Komishiniin Karooraa fi Misoomaa Oromiyaa bara 2015 keessaa sababoota qaala'insa gatii naannichaa addaa baasuun furmaata eeruuf qoranoo gaggeessee jira.Qorannoo gaggeeffame kanaan sababootni qaala'insa gatii naannichaa adda bahanii jiru.Rakkoolee adda bahanii fi tarkaanfiiwwan mootummaan fudhatamuu qaban qorannichaan eeraman haala kanatti aanee jiruun dhiyaataniiru.

**Rakkoolee**

- Hanqinni sharafa alaa jiraachuu fi gatiin Birrii sharafa alaa waliin qabu yeroodhaa yerootti gadi bu'aa deemuu, akkasumas, sababa waraana Raashiyaa fi Yukireeniin dhiyeessiin alaa galan irratti hanqinni uumamuu irraa kan ka'e qaala'insi gatii akka dabalu taasisuu;
- Sababa faddaltotni gatii murteessuu keessa galuutiin walitti hidhamsi gabaa jeeqamuu;

- Sababa dhabiinsa tasgabbiitiin dhiyeessiin midhaan nyaataa gahaa ta’uu dhabuu;
- Deeggarsi baasii mootummaan bittaa boba’aaf taasisu hafuu fi gatiin boba’aa dabaluun gatii geejjibsiisuu omishaalee akka dabalu taasisu;
- Dhiyeessiin omisha nyaataa fi fedhiin uumataa walsimuu dhabuu;
- Hojiin qabeenya dhaabbii uumuu (less capital formation/investment) dandeettii naannichi qabuu gadi ta’uu;
- Baasiin dhumataa kan dhuunfas ta’e kan mootummaa guddaa ta’uu.

**Furmaata Eeraman**

Gatii midhaan nyaataa yeroo yerootti dabalaa jiru tasgabbeessuuf furmaatni qorannichi akkeeke kanneen kanatti aananii jiranidha;

**Gabaa Midhaan Nyaataa fi Miti Nyaataa Babal’isuu**:

- Dhiyeessii omishaalee midhaanii fi kuduraa fi fuduraa waldaa shamattootaan (cooperatives), “Orofresh” “Sunday market” fi karaa walfakkaataa ta’een akka yaaliitti eegalamee magaalota hunda keessatti babal’isuun walitti hidhamsa gabaa omishtootaa fi fayyadamtootaa (shamttootaa) dagaagsuu;
- Haala iddoowwn omishaalee irratti hundaa’uun karaa hordofii itti fufiinsa qabuun mootummaan ykn karaa dhaabbilee dhuunfaatiin omishini jimlaan gabaaf akka dhiyaatu taasisuu;
- Tarkaanfiin gabaa tasgabbeessuuf mootummaan fudhtamu dhiyeessii irratti rakkoo biraa akka hin uumne eeggannoo taasisuu;
    - Kellaawwan sakkatta’insaa idoowwan murteessaa ta’an dhaabuu
    - Mootummaan gatii murteessuun otoo hin taane omishini gahaan gabaa keessa akka jiraatu taasisuu
    - Ashaaxirawwan dinagdee irratti raawwatamu irratti karaa hawaasaa hirmaachiseen to’annoo fi hordoffii wal irraa hin cinnee taasisuun gabaan akka tasgabaa’uu gochuu
- Dhaabbileen ijaarsa manneen irratti hojjetan teknoloojii ijaarsaa gatii gadi aanaa ta’an fayyadamuun fedhii manaa guutuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuudha.

**Gatii Bittaa fi Gurgurtaa fi Geejjibaa Hir'isuu**

- Buufataalee sakkatta'insaa iddoo muraasaa fi murteessaa ta'an qofaa irratti taasisuun rakkoolee geejjibaa fi gabaa omishaalee irratti uumamu xiqqeessuu;
- Kuusaa midhaanii magaalota godinaalee keesssatti mijeessuun omishini gahaan akka jiraatuu fi daldaltota jilmaatiif dhiyeessuun hanqinni akka hin uumamne taasisuu;
- Caasaa hojiirraa oolmaa imaammataa hordofuu fi sirreessu, akkasumas olaantummaa seeraa fi iftoomina kennaa tajaajilaa mirkaneessuu cimsuudha.

**Nagaa fi Wabii Jireenyaa (Peace and Security) Mirkaneessuu**

. Kanaafuu, dhimmootni Mootummaan Naannichaa irratti hojjechuu qabu:

- Humna nageenyaa fi tikaa naannichaa fi federaalaa qindoomee fi haalawwan naannichaa keessatti miidhaa geessisuu danda'u dursee hordofee furuun wabii jireenyaa fi sochii walabaa meeshaalee fi uummataa mirkaneessu uumuu;
- Marii fi waliigaltee nageenya mirkaneessuun miidhaawwan hawaas-dinagdee sababa dhabiinsa tasgabbii fi walitti bu'iinsa hidhattoota meeshaa waraanaan (armed forces) qaqqabu hambisuu;
- Walitti bu'iinsaa fi miidhaa uumamu xiqqeessuuf qophii fi dandeettii ittisaa qaamolee mootummaa cimsuu;

**Jaarmiyaa Cimaa Uumuu**

- Duudhaa kennaa tajaajilaa haqaa fi iftoomina qabu kennuu irratti dandeettii dhaabbilee mootummaa ijaaruu, hordofuu fi tarkaanfii sireessaa (check and balance) itti fufiinsa qabu fudhachuun birokiraasii fi malaammaltummaa dhabamsiisuu.
- Jaarmiyaa cimaa haala dinagdee addunyaa, biyyaa fi naannolee xiinxalee tarsiimoowwan dinagdeen naannichaa hordofuu bocuun hojiirra oolchu uumuu.

## Hiyyummaa Hir'isuu

Mootummaan karoora misoomaa yeroo dheeraa, gidduu galeessa fi yeroo gabaaba qopheessee hojiirra olchuun fayaadamummaa uummataa haqa qabeessa ta'e mirkaneessuun jiruu fi jireenya uummataa fooyyeessuuf yeroo kamiyyuu caalaa kutaannoon hojjechaa jira.Haa ta'u malee, rakkoolee hawaas-dinagdee fi jijjiirama qileensaa (ongee) kan akka dhibee Kovid-19, waraanaa fi dhabiinsa tasgabbii; qaala'insa jireenyaa sababootaa adda addaatiin uumaman, guddinni uummataa fi dinagdee walsimuu dadhabuu fi sababa jijjirama qilleensaatiin hanqiini midhaan

nyaataa uumamuun hiyyummaa akka biyyaattis ta’e akka naannichaatti akka dabale ni tilmaamama.

Haaluma kanaan, bara 2008tti uummatni naannichaa sarara hiyyummaa gadi jiran %23.9 (PDC 2018) kan ture bara 2012tti %21.4tti akka gadi xiqqaatu tilmaamamullee bara 2014tti %25tti (UNICEF 2020-23) ol ka’eera. Haala dinagdeen addunnyaa fi biyya keenyaa keessa turee waaliin yoo ilaalamu 2015tti uummatni naannichaa sarara hiyyummaa gadii keessaa ture akka dabale ni tilmaamama.Kanaafuu, sadarkaa hiyyummaan naannichaa irra jiru beekuuf dhimma qoratamee sababaa fi furmaatni isaa adda bahee irratti hojjetamuu qabudha.

## Human Omishaa, Hojii Qabaa fi Hojii Dhabaa

Humni omishaa (productive labour) kan jedhamu humna namaa umurii omshtummaa keessaa jirudha.Daangaan umurii omishtimmaa biyyaa biyyatti adda adda ta’uu danda’a. Akkaataa hiika Tajaajila Istaatistiiksii Itoophiyaatti humna omishaa jechuun nama umurii waggaa 10-64 keessaa jirudha. Haaluma kanaan, humna omishaa, hojii qabeessaa fi hojii dhabbeessi naannoo fi kan biyyaa keenyaa kan baadiyyaa bara 1991 fi kan magaalaa immoo bara 2008 irraa kaassee akkamitti deemaa akka jiru chaartiiwwan irratti dhiyaatanii jiru.Akka biyyaattis ta’e naannoo keenyaatti humni namaa umurii omishtummaa keessa jiranii fi hojii barbaadaa jiran hedduu ta’uun yaadoo ta’aa jira. Haallii hojii dhabaa ittiin dbalaa jiru keessuummaa kan dubartootaa hammaataa akka ta’e dokumantii kana keessatti agarsiisuuf yaalameera.

Mootummaan Naannichaa rakkoo kana hundeerra furuuf carraqqii guddaa tasiisaa jiraatus rakkoo kanaaf furmata waarawaa keennuu hin dandeenye.Kanaaf immoo dhimmotni akka dhibee COVID-19, dhabiinsa meeshalee ijaarsaa, rakkoo nageenyaa, ongee fi kkf gumacha akka tasiisaan ni yaadama.

Haaluma kanaan, uummata umurii omishtummaa keessa jiranii, hojii irratti boba’anii fi hojii dhabaa naannichaa fi kan biyyaa waliin wal cina ilaalmee haala kanatti aanee jiruun xiinxalamee dhiyaateera. Akkuma gabateewaanii fi chaartiiwwan irratti dhiyaate irraa hubatamu ummataa umurii omishtummaa keessa jiru keessaa hojjiitti boba’ee kan jiru akka biyyaattis ta’e akka naannoo keenyaatti humna guddaadha. Haa ta’u malee, yeroo dhiyoon asitti sababootaa kanaan olitti ibsaman irraa kan ka’e magaalattis ta’e baadiyaa keessatti hojii dhabdummaan dabalaa jira. Keessuumaa hojii dhabdummaa dubartoota magaalaattis ta’ee baadiyyaatti baay’ee dabalee jira.

Bara 1991tti uummata biyyattii umurii omishtummaa qaqqaban keessaa reeshoon uummata hojii dhabaa %8 (dhiirri %4.3 fi dubartiin %12.5) kan ture bara1997 fi 2005 keessaa carraa hojii kan argatan waan dabaleef %5 fi 4.5 tti gadi bu'eera. Haa ta'u malee, bara 2013 keessaa humni omishaa carraa argate koorniyaa lamaanuu kan 1991tti gadii waan ta'eef reeshoon hojii dhabaa biyyattii %8tti (dhiirrii %5 fi dubartii %11.7)tti ol ka'eera.

Gabatee.3.Humna Omishaa, Hojii Qabaa fi Hojii Dhabaa kan Biyyaa fi Naannoo Oromiyaa bara 2013,%

| Koorniyaa | Humna Omisha | Hojii Qabaa | Hojii Dhabaa |
|---|---|---|---|
| **Waliigala kan biyyaa** | **64.7** | **59.5** | **8.0** |
| **Dhiiraa** | 72.6 | 69.0 | 5.0 |
| **Dubartii** | 56.8 | 50.2 | 11.7 |
| **Waliigala kan Oromiyaa** | **64.8** | **60.4** | **6.9** |
| **Dhiiraa** | 72.4 | 69.7 | 3.6 |
| **Dubartii** | 57.3 | 51.0 | 11.0 |

*Madda: "Central Statistical Agency and IOM UN Migration August 2021"*

Ummaata naannoo Oromiyaa umurii omishittumaa qaqqaban keessaa bara 1991tti %6.1 (dhiirri %2.5 fi dubartiin %10.4) hojii dhabaa kan ture bara 1997 fi 2005 keessaa caarraa hojii kan argate waan dabaleef reeshoon hojii dhabaa %4.1 fi %3 tti gadi bu'eera. Haa ta'u malee, bara 2013tti carraa hojii kan argate kan bara 1991 gadi waan ta'eef reeshoon hojii dhabaa naannichaa gara %6.9tti (dhiirrii %3.6 fi dubartii %11)tti ol ka'ee jira. Kun kan agarsiisu akka biyyaattis ta'e naannoo Oromiyaatti carraan hojii dinagdee biyyattii lammiif bara 2013 keessa uume kan waggaa 22 duraa (1991) tti gadi akka ta'edha.

**Humna Omishaa, Hojii Qabaa fi Hojii Dhabaa Baadiyyaa**

Bara 1991tti uummata baadiyyaa biyyatti umurii omishtummaa keessa jiran keessaa %5.1(dhiirri %2.4 fi dubartiin %8.6) hojii dhabaadha. Gabatee-11 irraa akkuma hubatamu sarveeyiiwwan bara 2013 gaggeeffame akka agarsiisutti immoo hojii dhabdummaa baadiyyaa biyyattii ol ka'ee jira. Keessumaa hojii dhabdummaa dubartootaa kan dhiiraa ol dacha lamaa oliin kan caaludha.

Gabatee.4.Humna Omishaa, Hojii qabaa fi Hojii Dhabaa Baadiyyaa kan Biyyaa fi Oromiyaa kan bara 2006-2014,%

| Iddoo | Humna Omishaa | Hojii Qabaa | Hojii dhabaa |
|---|---|---|---|
| **Nannoo Oromiyaa** | | | |
| **Baadiyyaa** | **65.5** | **62.6** | **4.5** |
| **Dhiiraa** | 73.0 | 71.4 | 2.2 |
| **Dubartii** | 57.8 | 53.6 | 7.4 |
| **Biyyaalessa (National Level)** | | | |
| **Baadiyyaa** | **65.5** | **62.1** | **5.2** |
| **Dhiiraa** | 73.4 | 71.1 | 3.4 |
| **Dubartii** | 57.4 | 53.0 | 7.6 |

Hojii dhabdummaa baadiyyaa naannoo Oromiyaa kan baadiyyaa biyyattii waliin haala wal fakkaataa ta'e irra jira. Haalli hojii dhabdummaan dubartootaa baadiyyaa naannichaa kan dhiiraa irraa dacha sadii oliin ol kaa'aadha.

## Humna Omishaa, Hojii Qabaa fi Hojii Dhabaa Magaalaa

Akkuma gabatee 12 irraa hubatamutti naannoo Oromiyaatti hojii dhabdummaan dubartootaa kan sadarkaa biyyaalessaafi hojii dhabdummaan dhiiraa akka byyaatti jiru kan oromiyaatii ol ta'us akka waliigalattii hojii dhabdummaan magaalota Oromiyaa keessa jiru kan magaalota biyyatti waliin sadarkaa walfakkaataa irra kan turee fi kan jirudha.

Gabatee 5. Humna Omishaa, Hojii Qabaa fi Reeshoo Hojii dhaabaa magaalaa kan Oromiyaa fi Kan Biyyaa 2012-2014, %)

| | Humna Omishaa | | | Hojii Qabaa | | | Hojii Dhabaa | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | **2012** | **2013** | **2014** | **2012** | **2013** | **2014** | **2012** | **2013** | 2014 |
| **Oromiyaa** | | | | | | | | | |
| **Waliigala** | **59.0** | **61.8** | **60.1** | **49.3** | **50.4** | **48.6** | **18.2** | **19.5** | 19.1 |
| Dhiiraa | 67.4 | 69.3 | 68.4 | 60.5 | 61.7 | 61.5 | 10.2 | 10.9 | 10.0 |
| Dubartii | 51.5 | 55.0 | 52.5 | 37.3 | 39.9 | 36.8 | 27.6 | 27.4 | 29.9 |
| **Biyyaalessa** | | | | | | | | | |
| **Waliigala** | 61.1 | 61.8 | 60.2 | 49.7 | 50.7 | 48.7 | 18.7 | 17.9 | 19.2 |


| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dhiiraa | 69.0 | 69.3 | 68.5 | 60.6 | 61.5 | 61.1 | 12.7 | 11.2 | 10.8 |
| Dubartii | 54.0 | 55.0 | 53.0 | 39.9 | 41.0 | 37.8 | 26.1 | 25.4 | 28.6 |

*Madda: "Central Statistical Agency 2020, Central Statistical Agency and IOM UN Migration August 2021" fi ESS, 2014*

## Hojii Dhabdummaa Dargaggoota


Darggoota kan jedhaman namoota umurii 15-29 keessa jiranidha. Reetiin hojii dhabdummaa dargaggootaa akka waliigalaatti kan biyyaa fi naannoo Oromiyaa chaartiiwwan 12, 13, 14 fi 15 irratti dhiyaatee jira. Chaartiiwwan kanneen irra akkuma hubatamu hojii dhabdootni dargaggoota baadiyyaa fi magaalaa kan biyyaas ta'e kan naannoo Oromiyaa olaanaadha.

Giraafii 11: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalaa fi Baadiyyaa bara 2013(Biyyaa)





*Madda: "Central Statistical Agency and IOM UN Migration August 2021"*

Giraafii 12: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalaa fi Baadiyyaa N/Oromiyaa (2013)





*Madda: "Central Statistical Agency and IOM UN Migration August 2021"*

Giraafii 13: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalotaa Itoophiyaa Kan Bara 2012-2014, %




*Madda: " CSA, 2020", "CSA and IOM UN Migration August 2021 fi 2021 fi ESS 2022"*

Giraafii 14: Dargaggoota Hojii Dhabdoota Magaalota Naannoo Oromiyaa kan Bara 2012-2014,%




*Madda: " CSA, 2020", "CSA and IOM UN Migration August 2021 fi 2021 fi ESS 2022"*

Akka waliigalaatti gaheen dargaggootni guddina dinagdee biyya/naannoo tokkoof gumaachan olaanaadha.Haa ta'uu malee, humna misoomaa kanaaf carraan hojii uumamee hojiitti kan hin galle yoo ta'e rakkoo tasgabbii hawasaa, dinagdee fi siyaasaa uumuu akka danda'u muuxannoowwan biyyoota addaa ni agarsiisu.

Hojii dhabdummaa magaalaa naannichaa bara dhuma KGT-I (2007) %15.5 ture bara jalqabaa KGT-II (2008) %15.2tti hir'atullee bara 2010 irraa kaasee dabaluun dhuma KGT-II (2012) tti %18.2 ta'eera. Rakkoo kana furuuf bara 2017tti hojii dhabdummaa magaalaa naannichaa filannoo isa bu'uuraatiin %15tti gadi buusuuf maniin kaa'mee hojjetamaa tureera, hojjetamaas jira.

Haa ta'u malee, dhiibbaa dhibeen "COVID-19" dinagdee irratti uumeen, dhabiinsa tasgabbii fi nageenyaatiin sochiin investimantii laafaa ta'uu fi ogummaan dargagootni horatanii fi kaampaanonnii ykn dhaabbileen investimantii barbaddan walsimuu dhabuun, akkasumas faayinaansiin qaqqabamaa ta'uu dhabuun, intreprenaroota uumuun/horachuu irratti hojiin hojjetame laafaa ta'uu fi hojii tuffachuun dargaggootaa bira jiraachuu irraa kan ka'e waggoottan lamaan darban (2013 fi 2014) keessas hojii dhabdummaan dargagoota, keessuummaa kan

dubartootaa baadiyyaa fi magaalota biyyattis ta'e kan naannoo Oromiyaa itti fufiinsaan dabalee jira

Akaka waliigalattii hojii-dhabdummaan magaalota biyyatti keessatti baayyachaa jiraachuun keessummaa hojii dhabdummaa dubartoota dacha oliin kan dhiirotaa ol ta'aa jiraachuun hojiin dhabdummaan dubartootaa hammaataa fi furmaata ariifachiisaa ta'e kan barbaadudha.

# KUTAA SADI

# 3. Kilaastara Misooma baadiyyaa fi Magaalaa

## 3. 1. Damee Miaooma Baadiyyaa

#### 3.1.1. Misooma Qonnaa fi Qabeenya Uummamaa

Kaayyolee gurguddoo misoomni qonnaa qabu keessaa ijoon

### Oomishaa fi Oomishtummaa Midhaanii

Oomisha midhaanii dabaluuf tooftaa lafa qonnaa haaraa baballisuu fi teknoolojii addaa addaatti fayyadamuun oomishtummaa dabaluun akka oomishni midhaanii guddatu taasisuun ni danda’ama. Haala qabatamaa naannoo keenyaan sababa baay’ina uummataa saffisaan guddachuuti fi kan jiran keessaa % 84.22 jiraataa Baadiyaa ta’aniif fedhiin lafa qonnaaf qaban dabalaa kan jiruu fi lafti qonnaa hanqina waan qabuuf tooftaa lafa qonnaa haaraa baballisuun oomisha dabaluun filatamaa hin ta’u.Kanaafuu, tarsiimo’aa fi maloota qonnaa oomishtummaa dabalan fayyadamuu fi kanneen oomisha midhaanii hir’isan xiqqeessanitti fayyadamuun filannoo isa duraa fi xiyyeeffannoon hojjetamaa jiruudha.Isaanis, kilaasteraan oomishuu, qorannoo adda addaa madaksuu fi hojiirra oolchuu, qonna roobaa akkasumas qonna Jallisii baballisuu, tekinooloojii oomisha duraa fi tekinooloojii oomisha boodaatti fayyadamuu fi kkf dha.Haaluma kanaan, xiinxalli oomishaa fi oomishtummaa midhaanii baroota sadan darban dhimmoota wantoota armaan oliirratti xiyyeeffata.

### Kenna Tajaajila Ekisteenshinii Qonnaa

Galmi hojii kanaa ijoon kuufama qabeenya,beekumsa fi humnaa hawaasaa gurmeessuu fi qindeessuun hojii misooma qonnaa tekinooloojii ammayyaan deggerame gaggeessuu,hojii qonnaa bookkaa irratti hirkatee qofa osoo hin taane gannaa fi bona itti fuufiisiisun teknoolojii jalliisii faayyadamuun hojjachuun qonnaan buulaa wabii midhaan nyaatatiin of dandeesiisuu fi sirna nyaataa guutuu ta’e akka mirkameefatu gochuun; omishaa fi omishtummaa itti fufiinsaan guddisuun Diinagdee qonnaa gabaan dursamu uumuu, misooma midhaan al-argee fi induustrii jijjirama caaseffamaa bu’uraan(stractural trasformation) fiduu, qonna ammayaa jijjirama qilleenssa dandamatuu diriirsuun jiruu fi jireenya hawaasaa hiyummaa keessaa baasuu fi fayyadamummaa mirkaneessuu kan jedhu gara qabatamaatti jijjiruudha.

Akkasumas, qonnaan bulaa beekkumsaan deeggaruuf iddoo itti qonnaan bulaan hubannoo isaa itti cimsatuu fi hojiicha irratti xiyyeeffate baratu wiirtuu leenjii qonnaan bulaa babal'isuun bara 2012 waligaala Q/H bulaa Tajajjila eksteenshini argataan 9,070,196 yoo ta'uu bara 2017tti 9,975,246 iraan ga'uuf karoorfamee kan hojjetamaa ture yoo ta'u bara 2015 waligaala lakk. 9,115,430(91.38%) ta'aniif tajajila eksteeshinii kan argatan yoo ta'u dabalataan bara 2012tti qonnaan bultoonni paakeejii guutuu fayyadamaa turan 1,799,255 yoo ta'an KIB keessatti Q/bulaa 2,518,465 ta'an paakeejii guutuu akka fayyadaman hojjatamee jira.Raawwiin hanga ammaa jiru Q/bulaa 3,483,056 fayyadamaa taasisuu isaa agarsissa. Raawwiin jiru gaarii ta'u illee qonnaan bultoota akka naannootti jiran waliin yoo ilaallamu amma illee hojii guddaa kan barbaaduudha.

**Misooma Midhaanii**

Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gosa adda addaa guddisuuf qonna arfaasaatiin bara ka'umsa KIBtti lafa hek. 731,621 irraa oomisha kun mil 11.1 fi oomishitummaa hek tokko irraa kunt.15 kan argamaa ture, hanga bara oomishaa 2014/2015tti lafa hekt.mil 1.12 qofaan oomisha kunt mil.22.60 archachuuf karoorfamee hojjetamaa kan ture yoo ta'u hanga bara 2015tti oomisha midhaan gurguddoo lafti qotame, oomishaa fi oomishtummaa walduraa duubaan hekt.7,932,220 qofuun oomisha kun.9.010 mil.fi oomishtummaa 8.2 kun./hek kan argame ta'ullee, qonna arfaasaa irratti raawwiin jiru gadi aanaa akka ta'e xiinxalameera. Sababiin isaa rakkoon hongee godinaalee oromiyaa adda addaa keessatti waan mudateef oomisha hanga barbaadame argamuu hin dandeenye. Kanaaf Rakkoo kana furuuf maddoota fi maloota itti fayyadama bishaan lafa irraa fi keessaa irratti xiyyeeffachuun kan barbaachisuu fi gosoota midhaanii bishaan baay'ee hin fayyadamnee fi yeroo gabaabaa keessatti ga'uu danda'u irratti xiyyeefachuun barbaachisaadha.

Qonna Gannaa ilaalchisee akkuma naannottuu hojii kana irratti qonnaan bulaan baay'een kan irratti hirmaatu fi lafti bal'aan hojii irra kan oolu yoo ta'u bara 2012 qonna gannaatin lafa hek.mil. 6.10 qotuun midhaan kun.mil.175.46 fi oomishitummaan kun/hek.29 argamee kan ture yoo ta'u KIB waggaa shanii keessatti lafa qonnaa hek.mil.7.47, oomisha kun.mil.218.723 fi oomishitummaa kun/hek.33.09 irraan ga'uuf kan hojjetamaa ture yoo ta'u yeroo ammaa lafa hek.mil.6.6 qotuun oomisha kun.202.98 kan argame yoo ta'u oomishitummaan kun/hek.30.5 irra kan jiru ta'uu isaati.

Gabatee:6. Oomisha midhaanii

| Misooma midhaanii geggeessuu | Saf. | Ka'uumsa bara 2011/12 | KIB waggaa shanii | 2012/2013 | | 2013/2014 | | 2014/2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw |
| Lafa qonna Arfaasaa faca’e | Hek | 731,621 | 1,124,458 | 731,932 | 961,745 | 732,127 | 973,539 | 973,539 | 932,220 |
| Omisha Arfaasaa | Kun mil. | 11,102,646 | 24,527,502.30 | 12,412,302 | 17,002,108 | 12,826,914 | 10,239,243 | 17,249,102 | 9,010,630 |
| Oomishtumma Qonna Arfaasaa | kun/hek | 15 | 21.8 | 17 | 18 | 18 | 11 | 20 | 8.2 |
| Lafa gannaan waliigalaan faca’e | Hek | 6,100,069 | 7,478,122.60 | 6,100,536 | 6,305,277 | 6,305,276 | 6,309,708 | 6,454,564 | 6,658,929 |
| Omisha Gannaa | Kun mil | 175,465,154.30 | 218,723,000 | 191,340,963 | 183,470,409 | 198,646,591 | 188,236,999 | 205,657,958 | 202,982,695 |
| Oomishtumma Qonna Gannaa | kun/hek | 29 | 33.09 | 31 | 29 | 32 | 33.07 | 33.07 | 30.5 |

Madda: BQQUO


Hojiiwwan armaan olitti hojjataman ilaalchisee qonna arfaasatiin walqabatee sababa hongee akka naannootti mudateef akkaataa karoorfameen raawwatamuu baatu illee qonna gannaa ilaalchisee raawwiin jiru bara baraan dabalaa dhufuun isaa galma Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddate arguu jedhu galmaan ga’uu keesatti akka milkaa’inaatti kan ilaallamu yoo ta’u sababni milkaa’ina kanaas qonnaan bulaan teknooloojii qonnaa fi callaa guddistuu adda addaa baay’inaa fi qulquliinaan akka fayyadamu taasisuu, deeggarsa tekinikaa barbaachisaa ta'e kennuu,hojimaata fooyya’aa ta’an hojiirra oolchuu fi dandeetti raawwachisummaa gaggeessitooota, ogeessotaa fi qonnaan bultootaa cimsuun guddinni qonnaa haala itti fufiinsa qabuun akka raawwatamuuf tattaaffiin bal’aa ta’e taasifamaa kan ture ta’uu isaati.

Rakkooleen milkaa’ina hamma ta’e argame kana qoraa turanii fi irratti hojjatamuu qaban keessaa ijoon itti fayyadama calla-guddistuu fi kenna tajaajila eksteenshii qonnaa, gosa midhaanitiin akkaataa gorsa ogeessatiin fayyadamuu irratti garaagarummaa jiraachuu fi dhiibbaa jijiirama qileensaa uumamuun omisha argachuuf qabame bira gahuu irratti qawaan kan ture ta’uu isaati.

**Itti fayyadama Callaa Guddiftuu**

Adeemsa oomishaa fi oomishtummaa dabaluu keessatti dhimmi itti fayyadama callaa guddiftuu dhimma murteessaadha.Kanuma irraa ka'uudhaan itti fayyadama xaa`oo keenya yeroo ilaalluu ka`umsa bara 2012tti xaa'oo gosa adda addaa hojii oole ilaalchisee xaa'oo keemikaalaa, sanyii filatamaa fi keemikaala farra aramaa, dhibee fi ilbisootaa walduraa duubaan kunt. mil 4.95, kun.mil. 0.44,g/lit. 1.56 irra ture waggaa waggaan giddu galeessan 13%,24%,12.9%n guddisuun bara 2017tti walduraa duuban kun mil.11.599, kun mil.1.437 fi mil. 3.86 lit/kg irraan ga'uuf karoorfamee kan ture yoo ta'u raawwii KIB waggottan sadan kanaa yoo ilaallu itti fayyadamni xaa'oo keemikaalaa, sanyii filatamaa fi keemikaala farra aramaa fi ilbiisotaa walduraa duubaan kun. mil.6.06, kun. mil.1.37 fi mil. 2.77 lit/kg irra ga'uu isaa ragaan raawwii mana hojii kan agarsiisu ta'uu isaati.Gama itti fayyadama kompoostii ilaalchisee bara 2012tti $m^3$ mil.16.5 faayidaa irra kan oole yoo ta'u bara 2017tti gara mil.$m^3$ 376.7 ol guddisuuf karoorfamee kan hojjetamaa ture yoo ta'u haala qabatamaa yeroo ammaa yaada keessa galchuun Q/B baay'een xaa'oon uumamaatti akka fayyadamuu qabu hubannoo uummame irratti hundaa'u itti fayyadamni koompoostii yeroo ammaa mil.$m^3$ 94.6 irra kan ga'e ta'uu isaati.

Giraafii:15. Itti fayyadama calla gudiftuu




**Madda: BQQUO**

Ittifayyadamni calla guddiftuu keessattuu sanyii filatamaan karooraa oliin hojii irra kan oole yoo ta'u sababa kanaa oomishni argame keessattuu oomishinni qonna gannaa kan dabale ta'uu fi fayyadamuummaan Q/bulaa dabalaa dhufuun isaa milkaa'ina hojii kanaa ta'uu agarsiisa.

**Itti fayyadama Makaanaayzeeshinii Qonnaa**

Qisaasama oomisha qonnaa hir'isuu, bu'a qabeessuummaa lafaa fi calla guddiftuu qonnaa gara bu'aa qabatamaatti jijjiiiruf teknoolojii ammayyaatti fayyadamuun dhimma yeroo barbaadu ta'uu wanta dagatamuu hin qabne waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo barbaadu fi kana hojiitti hiikuf sochiin taasifamaa jiru sadarkaa hundatti baay'ee bal'aadha.Kana irraa ka'uudhaan dhiyeessii fi ittifayyadama makaanaayzeeshinii qonnaa sadarkaa barbaadamuun dabaluun oomisha qonnaa guddisuun ni danda'ama.

Bu'uruma kanaan bara 2011/12tti tiraaktara fayyadamuun lafti qotame hek 740,134 irra ture bara 2014/15 gara lafa hek mil 3.12(%83) ol guddisuun kan danda'ame yoo ta'u ka'umsa bara 2012tti Q/Bulaa 978,098 ta'an tiraaktara fayyadamuun kan raawwate yoo ta'u yeroo ammaa itti fayyadamaan tiraaktaraa Q/Bulaa 2.13 mil. irra kan ga'e yoo ta'u karoora waggaa shanii keessaa 68 % irra ga'uu isaa agarsiisa.

Itti fayyadama koombaayineeraatiin walqabatee bara 2011/12 lafa hek. 476,795 ittiin hamamee kan ture yoo ta'u bara 2014/15 gara hek 981,894(75%) kan ol guddate ta'ee fayyadamtootni isaa bara 2012tti 160,000 turan yeroo ammaa 721,658 tti akka guddate kan agarsiise ta'uu isaati.Raawwiin kun dachaa oliin dabalaa kan dhufe yoo ta'u akka ciminaatti muuxxamnnoo gaarii ta'uu kan agarsiisuu ykn haalli karoora hojii kanaa irra deebin potenshaala jiru waliin wal bira qabamee karoorfamuu akka qabu namatti agarsiisa.

Gabatee 7: Itti fayyadama Makaanaayzeeshinii Qonnaa

| **Safartuulee Raawwii (Agarsiistuu/Indicator)** | **Saf.** | **Ka'uumsa bara 2011/12** | **KIB waggaa shanii** | **2012/2013** | | **2013/2014** | | **2014/2015** | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | **Kar** | **Raaw** | **Kar** | **Raaw** | **Kar** | **Raaw** |
| Itti fayyadamaa Tiraaktara | lakk | 978,098 | 3,148,967 | 1,713,394 | 1,583,946 | 1,812,696 | 1,790,748 | 2,237,406 | 2,130,000 |
| Lafa Tiraakteraan Qotame | Hek | 740,134 | 3,778,760 | 2,257,123 | 2,086,596 | 2,550,130 | 2,519,253 | 2,549,463 | 3,120,000 |
| Itti fayyadamaa Kombayinara | lakk | 160,000 | 993,632 | 412,083 | 473,868 | 684,432 | 652,024 | 936,537 | 721,658 |
| Lafa kombaayinaraan Sassaabame | Hek | 476,795 | 1,302,728 | 494,500 | 568,641 | 862,816 | 861,517 | 1,174,472 | 981,894 |

**Madda: BQQUO**

Hojii kanaan milkaa'inni argames qonna bara 2012tti lafa hek mil. 0.74 tiraakteraan qotamee ture hanga bara 2015tti % 93 guddisuun. lafti mil. 3.12 tiraakteraan qotamee qonnan bulaan mil.2.13 fayyadamaa ta'ee akkasumas bara 2015tti lafa hekt.981,894 ta'u irraa kombayinaraan midhaan

haamuun qonnaan bulaan 721,658 fayyadamaa teknoolojii kanaa taasisuun danda’ame kan jiru yoo ta’u kaayyoo qonna ammayyeessun Oomisha fi oomishitummaa misooma Qonnaa dabaluu jedhu galmaan geesisuu keessatti qooda guddaa kan qabu ta’uu isaati.

Gama biraatiin “Qonna kilaastatara babal’isuun cee’umsa qonnaa keenyaa ni ariifachiina” dhaadannoo jedhuun kutannoon waan hojiittii galanii fi qonnaan bulaan bu’aa isaa wal-irraa argee waan hubateef deggarsa ogessaa sirna ekisteenshinii paakejii guutuun isatti himu hunda fudhatee hojittii waan jijjiraa jiruuf bu’aan gama kanaan argamaa jiru gaarii ta’uu mul’isa.Ragaan duraan hojii hojjetamaa ture agarsiisu kan hin jirre ta’us bara 2014/15tti qonna Arfaasa fi Gannaatiin lafa hek 5,073,038 Kilaasteraan facaasuuf karoorfame keessaa lafa hek 4,919,244(%97) irratti kilaasteraan misoomsuun danda’amee jira.

Milkaa’inni argames qonnaan bulaan naannoo tokko jiraatu fi maasii naannoo tokkoo qabu gosa oomisha walfakkaatu akkaataa oggeessi kallatii kaa’ee yeroo walfakkaatti oomishuun bu’an inni argachaa jiru gaarii ta’uu fi galtee qonnaa illee dursi kennameefii argachaa kan jiruu fi oomisha isaa illee rakkoo gabaa tokko malee gurgurachaa kan jiru ta’uu isaati. As irratti wanti dagatamuu hin qabne Q/bultootni kun baay’een isaanii hojii kana mala bataramaa fi aadaa ta’een kan hojjataa jiran yoo ta’u teeknooloojiwwan kannen akka tiraaktaraa fi kombaayinaraa argachuu fedhii kan qaban yoo ta’u rakkoon humnaa fi dhiyeesii iddoo tokko tokkotti kan mudachaa jiru ta’uu isaati.

**Oomisha Midhaan Jallisii**

Naannoon keenya lafa waliigalaa qabdu keessaa misooma jallisii gosa garaagaraatiif kan ooluu danda’u hekt mil 4.5 akka ta’e qorannoon ni mul’isa. Kana ka’umsa godhachuun midhaan nyaatatiin of danda’uuf qonna rooba irratti bu’ureeffate qofaan milkaa’uu waan hin dandeenyef jallisii bonaa (inisheetivii qamadii fi muduraa)f xiyyeffannaa kennuun barbaachisaa ta’ee argamee jira. Bu’uruma kanaan iddoowwan addaa addaa baddaa fi gammoojjitti oomisha qamadii jallisiin oomishuu danda’uun jiruu fi jireenya hawaasaa sadarkaan jiru jijjiiruu irra darbee wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf hojii hojjetameen oomisha qamadii biyya alaa irraa galu oomisha biyya keessatti oomishamuun bakka buusuu fi darbees alatti erguun kan eegalame yoo ta’u bara oomisha 2012/13 lafa hek.mil.0.38 qotuun oomisha kuntaala mili.8.6 kan argame jira.Akkasumas oomishaa 2015 lafti qotame hek mil.1.10 yoo ta’u oomishin argame

kun.mil.38.5 ta’uu isaa xinxala taasifame ni mul’isa. Yaa ta’u malee hojiin hojjetamaa ture akkaatuma karoorfameen raawwatus keesattu bara kana iddoo tokko tokkotti sababa baay’achuu roobatiin sasaabbii irratti rakkoon waan mudatee tureef yeroo hojiin isaa eegalamuu qabu irratti xiyyeeffannaan hojjatamuu akka qabu kan namatti agarsiisu waan ta’ee dhimma itti yaaddamuu qabuudha.

Gabatee:8. Misooma qamadii Jallisii

| *Agarsiistoota Raawwii (KIP)* | *Safar.* | *Bara ka`umsaa (2012)* | *2012/13* | | *2013/14* | | **2014/15** | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | *Kar.* | *Raw* | *Kar.* | *Raw.* | *Kar.* | *Raw.* |
| Lafa qamadii jallisiin misoome | hek.(mil.) | | 0.35 | 0.38 | 0.6 | 0.66 | 1.10 | 1.10 |
| Oomisha argme | kunt.mil | | 15.2 | 8.6 | 30 | 20.1 | 38.5 | 38.5 |
| Oomishtummaa | kunt./hekt | | 43.4 3 | 22.63 | 50.00 | 30.45 | *39* | 38.5 |

Madda:BQQUO

Dabalataan qonna gannaan qamadii oomishuun walqabatee bara 2011/12 lafa hek. kuma 971 qotuun omisha kun. mil 30.9 kan argame ture yoo ta’u bara 2014/15 lafa hek mil. 1.744 qotuun oomisha kun. mil. 64 argachuun kan danda’ame yoo ta’u qamadiin qonna gannaa fi jallisiin omishame walbira qabamee yoo ilaallamu haala armaan gadii fakkaata.

Gabatee:9. Oomisha qamadii qonna gannaa fi jallisii

| **Bara oomishaa** | **Qonnaa Gannaa** | | **Qamadii jallisii** | |
|---|---|---|---|---|
| | Lafa faca’e (hec) mil. | Omishaa (quin) mil. | Lafa faca’e (hec)mil. | Omishaa (quin) mil. |
| 2012 | 0.971 | 30.9 | 0.007 | 0.272 |
| 2013 | 1.19 | 41.6 | 0.382 | 0.38 |
| 2014 | 1.26 | 44.2 | 0.669 | 20.1 |
| 2015 | 1,74 | 64,3 | 1.1 | 38.5 |

***Madda: BQQUO***

**Misooma Qabeenya Uumamaa**

Qabeenya uumamaa (biyyee, bosona) kunuunsuun mala oomishaa fi oomishtummaa midhaanii itti dabaluun danda'amu keessaa isa tokkoodha.Dhiqaminsa biyyee maloota qonnaa adda addaa fi teknoolojii fayyadamuun hambisuun akka qaljii/gabbina lafaa dabalu taasisuun oomishtummaa midhaanii itti fufiinsaan dabaluu keessatti gahee guddaa qaba. Karaan itti dhiqaminsa biyyee hambisan keessaa daagaa hidhuu, gaabonii, biqiltuuwwan faayidaa lamaa ol qaban maasaa qonnaa keessa dhaabuun kunuunsuun isaan muraasa.Gama biraatiin rakkoolee dhiibbaa jijjiirama qilleensaatiin oomishaa fi omishtummaa midhaanii irra geessisan kanneen akka lolaa, goginsa fi hongee xiqqeessuuf gaheen biqiltuu dhaabuun kunuunsuu fi uwwisa bosonaa dabaluun barbaachisaa ta'ee argamee jira.

Hojiiwwan kun mala adda addaatin kan raawwataman yoo ta'u gama uwwisa bosonaa dabaluuf hojii hojjetamaa tureen waliigalaan hanga ka'umsa KIBtti biqiltuun bil.12.94 lafa hekt mil.1.99 irratti dhaabbatee jiru irratti dabaluuf karoorfamee waggoottan sadan darban keessatti hojiiwwan hojjetamaa tureen bara 2014/2015tttii biqiltuun dhaabame bil.4.41 fi lafti irra dhaabbates hek.mil 1.16 raawwachuun danda'ameera. Kana irraa ka'uun hojiin ashaaraa magariisaa kun kan karoorfameen biqiltuun kan dhaabbataa jiru yoo ta'u uwwisni bosonaa bara 2012tti 20 % irra ture yeroo ammaa 27.24% irra kan ga'e yoo ta'u laatiinsi biqiloota bara 2014/2015 dhaabbatan kanaas yeroo ammaa 90% irra ga'uu ragaan BQO irraa argame kan agarsiisu ta'uu isaati.Dhaabbii biqiltuutin walqabatee bara 2015tti karoorris raawwinis kan barreen darbanii irraa gadi bu'ee kan jiru waan ta'ee sababni quubsanii fi ibsi dabalataa jiraachuu akka qabu namatti agarsiisa.

Gabatee:10. Karooraa fi raawwii dhaabbii biqiltuu bosonaa

| Agarsiistoota | Safartuu | Bara Ka'um 2012 | 2013 | | 2014 | | 2015 | | Manii 2017 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar. | Raw. | Kar. | Raw. | Kar. | Raw. | |
| Biqituu dhaabbate | Lak.(bil.) | 12.94 | 13.79 | 17.17 | 15.68 | 21.52 | 4.41 | 4.41 | 17.82 |
| Lafa biqiltuun irra dhaabbate | hekt.(mil.) | 1.994 | 2.12 | 2.25 | 2.39 | 2.53 | 1.16 | 1.16 | 2.69 |
| Uwwisa bosonaa | % | 20 | 20.83 | 21.69 | 22.59 | 27 | 27.22 | 27.24 | 24.49 |

Madda:BQQUO

**Misooma Muduraa**

Poteenshaala godinaaleen Oromiyaa qaban irratti hundaa'uun waggoottan sadeen darban keessatti oomishinni muduraalee kanneen akka Avokaadoo, Muuzii fi Paappaya tarkaanfii addaatiin (inisheetivii) xiyyeeffannoon laatameefii hojjetamaa jira.Tarkaanfii addaa (Insheetiiviin) qabamee xiyyeefannaan hojjetamaa kan ture waan ta'eef,teeknoolojii ammayyaan (tissue culture) biqilaa sanyii filatamaa qopheessuun qonnaan bulaaf rabsamaa kan ture fi buufata biqilaa ammayyaa hundeessuun biqilaa muduraalee baay'inaa fi qulqulinaan rabsamaa kan ture ta'uu dha. Haaluma kanaan biqilootni waggoottan sadan darban raabsamanii dhaabbatan karoora fi raawwii isaanii haala gabatee armaan gadiin kan dhiyaate ta'uu isaati.

Gabatee:11: Karoora fi Raawwii lakkoofsa Avokaadoo, Muuzii fi Paappayaa dhaabbatan

| Agarsiistoota | Safartuu | Bara Ka'um2012 | 2013 | | 2014 | | 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar. | Raw. | Kar. | Raw. | Kar. | Raw. |
| Avokaadoo | Lak.mil | 3.19 | 1.8 | 4.4 | 2 | 4.52 | 2.8 | 2.8 |
| Muuzii | Lak.mil | 3.94 | | 4.81 | 2 | 5.02 | 2.5 | 2.5 |
| Paappaayya | Lak. mil | 2.22 | 1.5 | 2.29 | 1.6 | 2.14 | 1.7 | 2.7 |
| Ida'ama | | ***9.35*** | ***3.3*** | ***11.5*** | ***5.6*** | ***11.68*** | ***7*** | ***8*** |

**Madda**: BQQUO

Akkuma armaan lolitti ibsametti biqiloota muduraa waggootan sadan darban keessatti mil.19.9 dhaabuf kan karoorfamee ture yoo ta'u hanga gabaasni kun qindaa'etti biqiltuu gosa sadanuu mil.31.18 (196.1%) dhaabbiin isaa kan raawwate ta'uu isaati.

Waggoottan sadan darban keessatti muduraalee akka madda galiitti tajaajiluu kan eegalanii fi bu'aan muduraalee kana irraa argamu dabalaa dhufuu aadan nyaataa fi hojii misooma muduraa irratti jiru yeroodha yerootti guddachaa dhufuun hawaasni irraa fayyadamaa ta'uu.

Inisheetivoota kana irraa oomisha argameen walqabatee Avokaadoo, muuzii fi paappayaa ilaalchisee raawwiin oomisha waggaa lamaan darbanii waliigalatti kun mil.4.51 argamee kan ture yoo ta'u bara 2015 oomishin argame waliigalaan kun.mil 47.8 yoo ta'u qonnaan bulaan akka madda galii addaatti itti fayyadamaa kan jiruu fi al-ergeen isaa illee kan eegalame waan ta'ee hojiin kun cimee kan itti fufu ta'uu qaba.

Gabatee: 12. Karoora fi Raawwii oomisha Avokaadoo, Muuzii fi Paappayaa irraa argaman bara 2013-2015

| 1. **Avokaadoo waliigalaa bara 2012 eegale.** | **Omisha Kunt. Mill.** |
|---|---|
| Bara 2012 dhaabbate hek. 18,924 omisha kuntala mil. 3.18 | 3.18 |
| Bara 2013 dhaabbate hek. 21,724 omisha kuntala mil. 4.4 | 4.4 |
| Bara 2014 dhaabbate hek. 26,215 omisha kuntala mil. 4.5 | 4.5 |
| Bara 2015 dhaabbate hek. 26,981 omisha kuntala mil. 5.7 | 5.7 |
| | **17.78** |
| 2. **Muuzii waliigalaa bara 2012 eegale.** | |
| Bara 2012 dhaabbate hek. 19,976 omisha kuntala mil.3.9 | 3.9 |
| Bara 2013 dhaabbate hek. 23,892 omisha kuntala mil.4.8 | 4.8 |
| Bara 2014 dhaabbate hek. 28,808 omisha kuntala mil.5 | 5 |
| Bara 2015 dhaabbate hek. 26,523 omisha kuntala mil.6.7 | 6.7 |
| | **20.4** |
| 3. **Paappayyaa waliigalaa bara 2012 eegale.** | |
| Bara 2012 dhaabbate hek. 8,813 omisha kuntala mil.2.2 | 2.2 |
| Bara 2013 dhaabbate hek. 9,784 omisha kuntala mil.2.3 | 2.3 |
| Bara 2014 dhaabbate hek. 10,150 omisha kuntala mil.2.1 | 2.1 |
| Bara 2015 dhaabbate hek. 10,911 omisha kuntala mil.3 | 3 |
| | **9.6** |

**Madda: BQQUO**

### Misooma Bunaa

Bunni madda jiruu fi jireenya hawaasa bal’aa ta’uu irra darbee Diinagdee biyya keenyaa utubuu keessatti gahee ol’aanaa qaba.Haaluma kanaan misooma bunaa babal`isuun oomishaa fi oomishtummaa daraan dabaluun, gabaa biyya alaaf dhiyaatee Diinagdee biyyaa keessatti caalmatti gaheen isaa akka guddatu gochuun hojjetamaa jira.Baroota sadan darban keessa misooma bunaan walqabatee lafabuna kennu, oomishaa fi oomishtummaa ka’umsa KIB bara 2012tti walduraa duubaan hekt.mil.1.07, kunt.mil. 7.18 fi kunt/het 7 argamee kan ture baroottan KIB 2013 hanga 2015tti giddu galeessan %10.30, %5.52 fi %3.08 dabaluuf karoorfamee ture %11.48, %3.20 fi %5.72 dabaluun danda’ameera.Misooma bunaa ilaalchisee lafti misoomaaf ooles ta’ee oomishni bunaa argame karooraan ol dabalee jira.Akkaataa itti milkaa’ees bunni xiyyeeffannoon addaa itti kennamee kilaastaraan lafa haaraa irra dhaabbachaa waan turee fi piroojektiin fooyya’insa dhangaga’ina biyyee godinaalee rakkoo dhangaga’ina biyyee qaban jijjiirama fidaa waan jiruufidha. Hojii kanaan bu’aa argames yoo ilaallamu bunni qulqullina

qabuu fi sadarkaa isaa eeggate oomishamuu fi gabaaf dhiyaatee haala barreen darban irraa adda ta'een galii argamsiisun sharafa biyya alaa keessatti ga'ee guddaa taphachaa kan jiru ta'uu isaati.

Gabatee:13. Karoora fi raawwii Misooma Bunaa lafaan, oomishaa fi oomishitummaa

| Bara | Lafa buna omisha kennu (hekk) | | Oomisha argame (kun.) | |
|---|---|---|---|---|
| | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii |
| 2012 | 1,074,899 | 1,074,899 | 7,186,508 | 7,186,508 |
| 2013 | 1,198,392 | 1,198,392 | 8,870,360 | 8,493,210 |
| 2014 | 1,268,462 | 1,238,021 | 9,380,797 | 9,200,000 |
| 2015 | 1,308,878 | 1,308,878 | 10,471,024 | 10,313,250 |

Madda: BQQUO

**Misooma Beeyladaa**

**Oomishaa fi Oomishtummaa Beeyladaa**

Qabeenya Beeyladaatiin Oromiyaan akka biyyaatti kan dursitu ta'u illee Omishaa fi omishtummaa isaanii dabaluun fayyadamummaan bu'aa beeyladaa irraa argamaa jiru gad-aanaa waan ta'eef tarsiimoowwan oomishaa fi oomishtummaa beeyladaa fooyyeessuu danda'an adda addaa qopheessuun hojjetamaa jira.Agarsiiftuuwwan guddina bu'aalee beeyladaa fiduu danda'an keessaa fooyya'insa sanyii beeyladaa, uwwisa kunuunsa fayyaa beeyladaa, misooma nyaata beeyladaa irratti hojii raawwatamaa jiru xiinxaaluun jijjiirama oomishaa fi omishtummaa aannanii, foonii fi killee irratti jiru armaan gaditti /madaalameera/ilaalameera.

**Fooyya'insa Sanyii Beeyladaa**

Bu'aa qabeessummaa beeyladaa guddisuuf sanyii beeyladootaa oomishtummaa gad-aanaa qaban kanneen oomishtummaa ol-aanaa qabaniin waliin diqaalomsuun sanyii loonii fooyyesuuf hojjetamaa jira.Haaluma Kanaan sanyii loonii fooyyeesuuf sochii taasifamaa tureen mala namaan loon diqaalomsuu /Artificial insemination/ bara 2012 tti loon 221,571 irra ture bara baraan %50n dabaluun dhuma bara 2015tti loon 520,000tti ol guddisuuf karoorfamee keessaa loon 521,952 diqaalomsuun danda'ameera.Hojii mala namaan diqaalomsuu hojjatameen baay'inni jabbiloota sanyii fooyya'aa dhalatanii bara 2012tti 92,214 irra ture waggoottan KIB

sadan darbanitti ol guddisuuf karoorfamee dhuma bara 2015tti %33.3 ol guddisuun kan danda'ame yoo ta'u karoora bara 2015 keessatti jabbilee diqaaloman 203,325 (%82) ta'an argachuun danda'amee jira.Raawwiiin hojii kanaa yeroo ilaallatu quubsaa fakkaatu illee haala qabatamaa naannootiin baay'ina loon naannoo keessa amma jiranii fi kan sanyiin isaanii fooyya'e yoo ilaalle hojii kan gaafatu waan ta'ee dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.Raawwii hojii kan fooyyesuuf hanqinoota dhiyeesin walqabatan kanneen akka dhiyeessiin sanyii kormaa fi naayitirojiinii dhangalaa gadi aanaa ta'uu fi gahuumsi ogummaa teeknishaanii AI hanga barbaadame gahaa ta'uu dhabuu dha.Kanaafuu gara fuula duraatti sanyii beeyladaa fooyyeessuf dhiyeessiin sanyii kormaa fi naayitiroojiinii dhangalaa bal'inaan akka dhiyaatu gochuu fi teekinishaana AI gahuumsa qabuun deeggaramuun garaagarummaa AI kennamaa jiruu fi jabbii fooyyee dhalatanii gidduu jiru dhiphisuun barbaachisaa dha.

Gabatee: 14. Misooma beeladaa

| Gosa hojii | Saf | Ka'uumsa bara 2011/12 | KIB waggaa shanii | 2012/2013 | | 2013/2014 | | 2014/2015 | | RW5 % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw | |
| Tajaajila AI kennuu | Lak | 221,571 | 4,482,000 | 362,000 | 206,540 | 500,000 | 321,045 | 520,000 | 521,952 | 23 |
| Jabbii saynii fooyya'a dhalate | Lak | 92,214 | 1,122,542 | 169,230 | 101,524 | 199,014 | 156,863 | 248,108 | 203,325 | 41 |

**Madda**: BQQUO

Hanqinni dhiyeessii galtee akkuma jirutti ta'ee waggoottan sadan darban keessaa tajaajilli AI dabalaa kan dhufe ta'uu fi loon namaan diqalomaniin jabbilee sanyii fooya'aa dhalatan dabalaa dhufuu isaati.

**Misooma Nyaata Beeyladaa**

Nyaata beeyladaa fooyyeessuun bu'aan beeyladaa dabaluu keessatti gahee ol'aanaa bakka bu'iinsa hin qabne kan qabuu fi dhimma dursa argachuu qabudha.Bu'aa yaadame argachuuf dhiyeessii nyaata beeyladaa gahaa fi fooyya'aa ta'e akka jiraatuuf hojii hojjetamaa tureen nyaata beeyladaa bara ka'umsa KIBtti toonii mil.19 irra ture 44%n ol guddisuun dhuma bara 2015tti oomisha nyaata beeyilada toonii mil.40 tti guddisuun danda'ameera.Milkaa'ina kanaaf kanneen

gumaachan keessaa, inisheetiiviiwwan misooma nyaata beeyladaa godinaalee adda addaa keessatti calqabamuu, sanyii nyaata beeyladaa baay'isuu fi oomisha nyaata beeyladaa calqabamuun isaan muraasa.

Gabatee: 15.Raawwii Nyaata beeyladaa gosaan (2013-2015)

| Misooma Nyaata Beeyladaa | Saf. | Ka'uumsa bara 2011/12 | KIB waggaa shanii | 2012/2013 | | 2013/2014 | | 2014/2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw |
| Lafa marga dheedumsaa daangeeffame | Heek | 938,000 | 6,304,845 | 1,030,000 | 1,085,000 | 6,310,000 | 5,198,000 | 5,718,680 | 4,601,670 |
| Haftee midhaanii yuuriyaa | Tooni | 656,000 | 3,575,000 | 663,000 | 338,329 | 530,000 | 365,124 | 530,000 | 275,230 |
| W/G Omishaa Nyaata Beeylada gosa adda addaa argamee | mil.toon | 25 | 25 | 27 | 28 | 29 | 32 | 36 | 40 |

Madda: BQQUO

Raawwiin hojii kanaa bara 2015 keessatti kan bara 2014 irraa kan gadi bu'e yoo ta'u inisheetivii misooma nyaata beeyladaa godinalee adda addaa keessatti calqabamuu isaa fi baay'isa sanyii nyaata beeyladaa fi nyaata beeladaa fooyya'een oomishaa fi oomishtummaan bu'aa beeladaa dabalee arguu jedhu gaaffii keessa kan galchu waan ta'ee dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.

**Uwwisa Eegumsa Fayyaa Beeyladaa**

Gama eegumsa fayyaa beeyladaatiin, uwwisa talaallii, wal'aansaa fi kiliniika eegumsa fayyaa beeyladaa bara ka'umsaa KIB walduraa duubaan %55.98; %76; fi %90 irra ture KIB waggoottan sadan 2013-2015tti waggaa waggadhaan giddu galeessaan % 5.97, % 2.77 fi % 1.05'n guddisuudhaaf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin waggottan sadan darbanii walduraa duubaan uwwisni talaallii fi uwwisni wal'aansa beeyladaa %1 fi %5'n kan dabale yoo ta'u uwwisni kiliniika fayyaa beeyladaa garuu bara 2014tti %4 gadi bu'ee kan ture yoo ta'u garaagarummaan foyya'insaa kan hin jirre ta'uu isaati.

**Oomishaa fi Oomishtummaa Aannanii**

Oomishinni aannanii naannoo Oromiyaa keessatti oomishamaa jiru % 70 ol kan ta'u loon sanyii naannoo irraa argama.Oomishaa fi oomishtummaan loonii, gaalaa fi re'ee aannanii akka dabalu waggoottan sadan darban keessa hojiiwwan adda addaa hojjetamaa turaniiru.Kana bu'ureeffachuun misooma aannanii guddisuun fayyadamummaa hawaasaa dabaluuf hojii hojjetamaa tureen bara 2012tti Oomisha aannanii sanyii naanoo irraa lit.bil.0.96 fi sanyii loon fooyya'aa irraa lit. bil. 0.4 walduraa duubaan argamaa ture dhuma bara 2015tti waliigalaan gara 3.16 lit.bil ol guddisuuf karoorfamee ture lit. bill. 2.98 guddisuun kan danda'ame yoo ta'u addatti sanyii naannoo fi fooyya'aa irraa meeqa akka argame ragaan ibsu hin jiru.

Dabalataan bara 2014tti loon sanyii naannoo irraa guyyaatti lit.1.8 fi loon sanyii fooyya'aa irraa immoo lit. 11.5 argachuun danda'amee kan ture yoo ta'u bara 2015 waliigalatti lit/cow/day 12 argachuuf karoorfamee ture raawwiin isaa kan hin jirre ta'uu isaati.Waliigalatti oomishin aannanii argame kun foyya'iinsa gaarii kan agarsiise ta'u illee loon sanyii naannoo fi sanyii fooyya'aa irraa meeqa irraa akka argame ragaan agarsiisu hin jiru.

**Oomishaa fi Oomishtummaa Foonii**

Bara 2012itt baay'ina horii foonii waliigalaa(loon,re'ee fi hoolaa) mil.12.465,903 gabbisuu fi kunuunsuun oomisha foonii toonii 776,836 argame ture waggoottan KIB sadan darban (2013 fi 2015)tti horii,hoolaa fi re'ee waliigalaan mil.54,900,898 gabbisuun oomisha foonii toonii mil.3,043,254 oomishuuf karoorfamee horii foonii waliigalaa mil.56,556,119 gabbisuu fi kunuunsuun foon toonii mil. 3,122,819 oomishuun danda'ameera.Raawwiiin jiru kan agarsiisu haala gaarii ta'u illee haala yeroo ammaa dhiyeessii bu'aalee beeyiladaa fayyadamtootaf dhiyaachaa jiru yoo illaalu raawwiin kun hiikkaa kan hin qabne waan ta'ee hojiin haala qabatamaa agarsiisuu fi rakkoo hiikuu irratti xiyyeeffate hojjatamuu akka qabu namatti kan agarsiisu ta'ee dabalataan ragaan oomishitummaan foonii meeqan akka dabalee gosa loonitiin oomishitummaan meeqa akka argame ragaan kan hin jirre ta'uu isaati

Gabatee:16. Karooraa fi Raawwi loon gabbatanii waggaa Sadii (2013-2015)

| Safartuulee Raawwii | Saf. | Ka'uumsa bara 2011/12 | KIB waggaa shanii | 2012/2013 | | 2013/2014 | | 2014/2015 | | RW5 % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw | |
| Loon gabbate | Lak | 5,015,222 | 33,542,790 | 5,314,569 | 6,015,430 | 6,472,924 | 6,500,682 | 6,900,966 | 6,900,966 | 58 |
| Re'ee gabbate | Lak | 2,669,314 | 29,206,462 | 5,138,552 | 4,901,061 | 5,392,329 | 5,494,232 | 5,924,054 | 5,924,054 | 56 |
| Hoola gabbate | Lak | 4,781,367 | 35,155,362 | 6,142,597 | 6,598,022 | 6,471,694 | 7,078,459 | 7,143,213 | 7,143,213 | 59 |
| Omisha foonii argame | toonii | 776,836 | 5,240,444 | 915,881 | 1,012,152 | 1,050,015 | 1,033,309 | 1,077,358 | 1,077,358 | 60 |

Madda: BQQUO

**Misooma Lukkuu**

Misooma lukkuu killee ilaalchisee bara ka'uumsa KIB 2012tti lukkuu sanyii fooyya'aa mil.1.4 fi oomisha killee bil.1.37 irra ture hanga dhuma karoora waggaa shaniitti guddina giddu galeessaa waggaa waggaadhaan lukkuu fi killee %28 fi%20 wal duraa duubaan dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tureen baay'inni lukkuu sokkee ,cuucii guyyaa tokkoo fi oomishni killee walduraa duuban mil 14.81 fi mil. 18.24 irra ga'ee kan jiru yoo ta'u killeen oomishame bil. 2.02 irra kan ga'ee yoo ta'u raawwiin kun waggaa shan keessaa walduraa duuban 47.86%,63.38% fi 44.46% ta'uu isaa kan agarsiisu yoo ta'u raawwiiin jiru waggaa irraa gaarii ta'us waggaa shan keessaa yeroo ilaallamu xiyyeeffannoon hojii kan gaafatu ta'uu isaati.

Gabatee: 17.Misooma Lukkuu

| Safartuulee/ Raawwii Agarsiistuu | Saf. | Ka'uumsa bara 2011/12 | KIB waggaa shanii | 2012/2013 | | 2013/2014 | | 2014/2015 | | RW5% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw | |
| Cuucii guyyaa tokko dhiyaate raabsame | Lak | 8,943,472 | 85,690,000 | 12,000,000 | 8,643,810 | 16,000,000 | 14,125,082 | 18,000,000 | 18,246,587 | 47.86 |
| Sokkee dhiyaate raabsame | Lakk | 5,469,662 | 50,677,500 | 7,000,000 | 7,031,064 | 9,000,000 | 10,516,300 | 11,000,000 | 14,814,144 | 63.86 |
| Oomisha killee argame | Lakk.bil | 1.37 | 10.37 | 1.61 | 1.16 | 1.97 | 1.43 | 2.08 | 2.02 | 44.46 |

**Madda**: BQQUO

### Misooma Dammaa

Gama misooma dammaan hojii hojjeetamaa tureen gaagura waliigalaa bara ka'uumsa KIBtti mil.2.25 irraa oomisha dammaa toonii 52,919 argamee ture waggoottan KIB 2013-2015itt waggaa waaggaadhaan giddu galeessan baay'ina gaaguraa raabsamuu fi oomishaa dammaa dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tureen hanga dhuma bara 2015tti waliigalatti baay'ina gaaguraa raabsamee fi oomisha dammaa argame walduraa duuban mil.4.65 fi toonii 225,156 yoo ta'u waggaa shan irraa walduraa duuban 39% fi 61.29% ta'uu isaa agarsiisa. Ommisha dammaa ilaalchisee raawwiin jiru gaarii ta'us dhiyeessii gaagura gosa adda addaa yeroo ilaallamu haala karooratiin deemaa kan hin jirre waan ta'eef karoora yeroo hafee keessatti dhimma xiyyeeffannaan hojjatamuu qabu ta'uu namatti agarsiisa.Raawwiin hojii kanaa yeroo ilaallamu akkaataa karoorfameen raawwachaa kan hin jirre ta'uun hubatamee karoora itti aanu keessatti dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.Dabalataan fooyya'insi oomishaa fi raabsaan gaaruraa gosaan adda ba'ee(aadaa, ce'umsaa fi ammayyaa) jedhamee kan hin jirre waan ta'een kam irratti xiyyeeffatamuu akka qabu namatti hin agarsiisu.

Gabatee: 18.Misooma gaaguraa fi Oomisha dammaa

| Safartuulee Raawwii (Agarsiistuu/Indicator) | Saf. | Ka'uumsa bara 2011/12 | KIB waggaa shanii | 2012/2013 | | 2013/2014 | | 2014/2015 | | RW5% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw | |
| Gaagura Aadaa | lakk | | | | | | | | | |
| Gaagura amayyaa dhiyaate | lakk | 313,000 | 4,220,458 | 404,045 | 587,132 | 900,350 | 735,246 | 325,000 | 241,005 | 37.04 |
| Gaagura Cee'umsaa Dhiyaate | Lakk | 963,000 | 7,871,787 | 1,081,000 | 858,948 | 1,443,000 | 1,615,585 | 650,000 | 620,000 | 39.31 |
| Waliigala Gaaguraa | Lakk | 1,276,000 | 12,092,245 | 1,485,045 | 1,446,080 | 2,343,350 | 2,350,831 | 975,000 | 861,005 | 39 |
| Waliigala Oomisha Dammaa argame | Tooni | 52,919 | 367,383 | 40,485 | 66,261 | 70,003 | 77,895 | 86,575 | 81,000 | 61.29 |

**Madda**: BQQUO

### Misooma Qurxummii

Galma misooma itti fufinsa qabuu fi wabii nyaata madaalawaa (nutrition security) hawaasa keenyaa mirkaneessuu keessatti misoomni qurxummii shoora guddaa qaba.Haaluma kanaan,ka'uumsa KIB bara 2012tti oomishaa qurxummii toonii 130,395 irra ture waggaa waggaadhaan %16.9n dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tureen waggoottan lamaan darban

keessatti(2013-2014) tti karoorri qabame %8.35n kan guddatee fi oomishini qurxummii toonii 153,09 irra ga'ee kan ture yoo ta'u raawwiin bara kanaa gabaasa kana keessatti kan hin dhiyaanne waan ta'eef haala hojiin kun irra jiru baruun hin danda'amne.

### 3.1.2. Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwan Qonnaa

**To'annoo Qulqullina Sanyii Filatamaa**

Waggoottan KIB sadan darban keessatti Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuuf galteewwan qonnaa fi oomishni qonnaa qulqullina isaa eegamee fi mirkanaa`e fayyadamtoota biraan gahuurratti xiyyeeffatamee hojjetama tureera.

Qulqullina sanyii irratti hirmaannaa qaama adda addaa dabaluuf yaadameen Dhaabbilee heyyama gahumsa hojii sanyii baay'isuu qaban uulaagaa guutuu isaanii sakkata'uu ilaalchisee raawwiin bara ka'umsa 2012,lakk.67 irra ture giddu-galeessan %6.12 guddate dhuma bara 2015 lakk.85 irra gahe jira. Kanumaan walqabate to'annoo sanyii qulqulluu gaggeeffamaa tureen bara ka'umsa 2012 kuntaala mill.0.69 irra ture raawwii waggaa sadiitin kunt.mill.0.71 irra gahee jira. Xiinxala kana irra wanti hubtamuu qabu hanga barbaadame ta'u baatus sanyii filatamaa qulqullina isa to'atame dabalaa dhufee jira.

Raawwii hojii to'annoo qulqullina sanyii sadarkaa adda addaatti gaggeefamu keessaa to'annoo qulqullina sanyii sadarkaa dirreetti sanyii dhaabbilee adda addaatiin baayifaman bara omishaa 2012 hek 40,760 irra turee %8.85 dabaluudhan bara 2015 gara hek 57,224 irra gahe jira. Raawwii hojii mana kuusaa sanyii uulaaga guutuu fi guutuu dhabuu adda baasanii sakkata'u ilaalchisee bara omishaa 2012 lakk. 38 irra ture giddu-galeessan %55.64 gudate bara 2015 gara 223 rawwatame jira. Raawwii hojii Sanyii gosa adda addaa qulqulliina isaa mirkanessuun sartifikeetii kennuuf bara omishaa 2012 lakk.685,227 irra ture giddu galeessaan % 2.49 gudina agarsiisuun bara 2015 lakk.756,294 guddate jira.

**To'annoo Qulqullina Xaa'oo**

Raawwi hojii hordooffii fi sakata'iinsa buufata gurgurtaa xaa'oo irratti gaggeessuun walqabatee bara oomishaa 2012 lakk.153 irra ture giddu galeessaan %44.8 guddachuudhaan bara 2015 lakk.673 guddate jira. Akkasumas raawwi hojii sakatta'insa mana kuusaa xaa'oo irratti gaggeessuu bara omishaa 2012 lakk.219 irra gahe ture bara 2015 lakk.%32.4 guddachuun 673 irra gahe jira. Adeemsa hojii kana keessatti to'annoo qulqullina xaa'oo to'achu yeroo gara

yerootti karooraas ta'e raawwiin yeroo dabalu xaa'oon qulqullina qabu dabalaa, kan qulqullina hin qabne immoo sakata'insa taasiifameen gadi bu'aa ta'uun hubatamee jira.

**To'annoo Qulqullina Keemikaalaa**

Raawwiin hojiin hordooffii fi Sakkata'iinsa iddoo gurgurtaa keemikaala farra ilbiisaa dhaabbilee daldalaa irratti gaggeeffame kan bara Oomishaa 2012, 2013, 2014 fi 2015 walduraa duuban 284, 583,771 fi 1084 ta'ee giddu galeesaan % 39.74 guddina agarsiise jira. Haaluma walfakaatun to'annoo Qulqullina Raawwiin hojiin Sakkata'insa mana kuusaa keemikala farra ilbiisa irratti gaggeeffameen bara omishaa 2012, 2013, 2014 fi 2015 walduradubaan lakkofsaan 290, 568,771 fi 841 ta'ee kunis giddu galeesaan % 30.5 guddina agarsiise jira.

Raawwiin hojiin daldaltoota keemikalaa farra ilbiisa seeran alaa karaa seeraatti deebisuu ilaalchisee bara omishaa 2012, 2013, 2014 fi 2015 walduraa duuban lakk.170,233,261 fi 167 kan ture yoo ta'u hamma barbaadame ta'u baatus giddu galeesaan % 0.44 n xiqqeessun dandaa'ameera.Daldaltoota seeran ala daldala jiran to'achuf hojii karoorfamee hojjetamaa tureen daldaltoota seeratti deebi'uu didan irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasiifama tureen baroota 2012, 2013, 2014 fi 2015 walduraa duuban 11,79,97 fi 61 yoo ta'u giddu galeesaan % 53.45 hirdhachu dandaa'era.

**To'annoo Qulqullina Oomisha Midhaanii**

Hojii sakatta`iinsa mana kuusaa omisha midhaanii bara oomishaa 2013, 2014 fi 2015 gaggeeffame walduraa duuban lakkoofsaan 107,95 fi 157 kan ture giddu galeessaan % 13 ol dabalaa kan jiru ta`uu agarsiisa. Hojii sakatta`iinsa samudaa oomisha midhaanii bara 2013, 2014 fi 2015 gaggeeffame walduraa duuban lakkoofsaan 124,1530 fi 2034 kan ture giddu galeessaan % 100 ol kan dabalaa jiru ta`uu agarsiisa. Hojii sakatta`iinsa qulqullina/purity test / oomisha midhaanii bara 2013, 2014 fi 2015 gaggeeffame walduraa duubaan kun 19,397, 233,099 fi 305,100 kan ture giddu galeessaan % 100 ol kan dabalaa jiru ta`uu agarsiisa.Omisha booda qulqullina midhaanii milkeessuf hojii sakatta`iinsa jiidhina/ moisture test / omisha midhaanii bara 2013, 2014 fi 2015 gaggeeffame walduraa duubaan kun 19,397, 233,099 fi 305,100 kan ture yammuu ta`u kunis giddu galeessaan % 100 ol kan dabalaa jiru ta`uu agarsiisa.

### To’annoo Qulqullina Meeshaalee Qonnaa

Hordooffii fi Sakata'iinsa buufata gurgurtaa Meeshaalee Qonnaa irraatti gaggeessuu lakkoofsan Bara omishaa 2012,2013,2014 fi 2015 walduraa duuban 2,178,263 fi 453 yoo ta’uu giddu galeessan % >100 guddina agarsiise jira. Raawwi dhaabbileen meeshaale qonnaa hojjatan gahumsa hojii qabaachuu isaanii sakatta’uun bara 2012,2013 ,2014 fi 2015 walduraa duuban 54, 178,258,fi 453 yoo ta’uu giddu galeessan %70.1 guddina agarsiise jira. Raawwi hojii Sakatta’insa mana kuusaa meeshaale qonnaa irraatti gaggeessuu bara omishaa 2012,2013 , 2014 fi 2015 walduraa duuban 44, 178,295 fi 453 yoo ta’uu giddu galeessan %79.1 guddina agarsiise jira.

**Gabatee :19.To’annoo Qulqullina Galteewwan Qonnaa (2015-2017)**

| T/L | Gosa hojii | Saf | Kumsa | Bara 2013 | | | Bara 2014 | | % | 2015 | | | Reetii Gudina G/G(%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | 2012 | Kar | Raw | | Kar. | Raw | | Kar | Raw | % | |
| 1 | Inspeekshinii Sanyii Ooyiruu irratti geggeessuu | hek | 45,418 | 48,445 | 48,299 | 99.70 | 60,283 | 58716 | 97.40 | 62033 | 56618 | 91.27 | 10.25 |
| 2 | Saamuda Sanyii Sassaabuu | Lakk | 17 | 3921 | 3465 | 88.370 | 4299 | 3455 | 80.37 | 4270 | 2885 | 67.56 | 0.18 |
| 3 | Sakata’insa biqilummaa sanyii gageessuu | Lakk | 2706 | 3921 | 3348 | 85.39 | 4299 | 3455 | 80.37 | 4270 | 2885 | 67.56 | 1.58 |
| 4 | Sakatta’iinsa Mana Kuusaa Xaa’oo irratti gageessuu | Lakk. | 219 | 253 | 283 | 111.86 | 466 | 533 | 114.38 | 619 | 641 | 103.55 | 62 |
| 5 | Qulqulina meshalee qonnaa sakata’uu | Lak. | 0 | 108 | 1984 | 1837.04 | 2327 | 4555 | 195.75 | 5100 | 5203 | 102.02 | 51.52 |
| 6 | Sakata’insa qulqulina oomisha midhaanii | Kunt. | 0 | 5210 | 19397 | 372.30 | 215000 | 233099 | 108.42 | 305,100 | 305100 | 100.00 | 246.659 |

**Madda.ATTGQ**

Chaartiin armaan olii kan agarsiisu inspekshiniin sanyii ooyiruu irratti geggeessu bara 2012 irraa kaasee bal’inaan karoorfamee haaluma karoorfameen raawwatame jira.Raawwiin kun kan agarsiisu yeroo dhaa gara yerootti fooya’a jiraachuunsa qorannoon deeggaramu baatus qulqullinni sanyii dabalaa jiraachu fi omishtummaa irratti gummaacha guddaa taasiisa jira jechuun ni dandaa’ama.

#### 3.1.3. Inistitutii Qorannoo Qonnaa

Teknoolojii wwan qonnaa oomishaa fi oomishtummaa qonnaa fooyyeessan dhiyeessu fi babal’isuun itti fayyadama teknoolojii fi odeeffannoowwaan dhiyaataniif deeggarsaa fi tumsa barbaachisu taasiisuun ammayyuummaa adeemsa oomisha qonnaatiif bu’uura akka ta’e beekamaa dha.Haaluma kanaan, yaaliiwwan qorannoo adda addaa geggeessu ilaalchisee bara

ka'umsa KIB 2012tti 811 irra kan ture waggootan KIB sadan (2013-2015) darbanitti lakk.3,198 geggeessuf karoorfamee yaaliiwwan qorannoo adda addaa lakk.3,411**(**%106.6) gaggeeffamee jira.Ragaa karoora fi raawwii waggaa sadii irratti hundaa'udhaan hojiin hojjetamaa ture karoora waggaa shanii irraa %63.78 ta'ee giddu-galeessan waggaa tokko keessatti 1137 kan gaggeefame yeroo ta'u reet inni ittin gudachaa turee immo %10.27 ragaan ni agarsiisa.

**Gabatee: 20**. Qorannoowwan yaaliiwwanii fi teeknoloojiiwwan gosaa adda addaa

| T/L | Agarsiiftuu Hojii Gurguddoo | Saf | 2012 | 2013 | | | 2014 | | | 2015 | | | Karoora 2013-2015 | | | Reetii GudinaG/G (%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Ka | Raa | % | Ka | Raa | | Ka | Ra | | Kaa | Raa | % | |
| 1 | Qorannoowwan yaaliiwwan adda adda gaggeessuu | Lakk | 811 | 930 | 1028 | 110.5 | 1004 | 1133 | 112.8 | 1264 | 1250 | 98.9 | 3198 | 3411 | 106.66 | 15.93 |
| 2 | Teeknoloojiiwwan/odeeffanno mijataa gosa adda addaa dhiyeessuu | Lakk | 246 | 258 | 244 | 99.19 | 283 | 322 | 113.8 | 337 | 337 | 100 | 878 | 903 | 102.85 | 14.29 |

Madda: IQQ

Teknoolojii wwan/odeeffannoon gosa gara garaa baasuu ilaalchisee bara 2012tti 246 irra kan ture waggoottan sadan darban keessatti (2013-2015) teknoolojii wwanii fi odeeffannoowwan adda addaa lakk.873 baasuuf karoorfame lakk. 907(%103.8) baasuun kan danda'ame yeroo ta'u raawwii karoora waggaa shanii keessaa %53.07 raawwatamee jira.Bara ka'umsa 2012 wajjin walbiratti yeroo ilaalamu%32.67 guddina agarsiise jira.Teknoolojii wwan/odeeffannoon gosa gara garaa bahan kana fayyadamuu irratti (horsiisee /qote bulaa biratti feddhii fi hubannoo umudhaaf hojii teknoolojii babal'isuu (scaling up) lakk.205 karoorfame qonnaan/horsiisee bulaa gareen gurmaa'an biratti babal'isuuf karoorfamee teknoolojii wwan 262 (%) qonnaan/horsiisee bulaa 6,223 (%154.5) irra gahee jira.

Akkasumas**,** waggoottan sadaan darban (2013-2015) keessatti hojii teknoolojii baay'isuu gosa adda addaa 849 ta'an raawwachuuf kan karoorfaame keessaa, teekinooloojiiwwan 1023 kan baay'ifaman yoo ta'u, raawwiin karoora waggaa sadii darban kun yoo ilaalamu % 120 ta'e karoora waggaa shanii irraa % 69.5 irra akka gahe jiru agarsiisa.

### 3.1.4. Misooma Jallisii

Misoomni jallisii balaawwan uumamaa (goginsaa fi hongee) qonna waqtii rooban oomishamu mudatu hambisuu fi lafa tokko yeroo lamaa fi isaa ol akka misoomu taasisuun oomishaa fi oomishtummaa dabaluu keessatti gahee guddaa qabaata.Misoomni jallisii Bishaan qabnutti

fayyadamuun oomisha dabaluuf karoorfame hojjetamaa jiru wabii nyaataan of danda’uudha.Haaluma kanaan, Jallisiin xixiqqaa, g/galeessaa fi gurguddaa irratti hojiin qorannoo potenshaalaa, Dizaaynii pirojektootaa fi ijaarsaa raawwatamaa jira.Akkasumas, pirojektoonni waggoota sadan dura tajaajila kennuu eegalanii fi kanneen baroota lamaan kana kessatti xumuramanii tajaajila misooma midhaanii fi misooma nyaata beelladaaf oolaa jiru.Xiinxalli raawwii dhimmoota piroojektii fi oomisha jallisiin misoomaa jiru akka armaan gaditti dhiyaateera.

**Qophii Piroojektoota Jallisii**

Raawwiin qorannoo adda baafannaa/qorannoo duraa/ piroojektoota jallisii gosa adda addaa hanga bara 2012 tti 894 irra ture waggoota sadan darban keessatti bara 2013 keessa 101 gaggeessuuf karoorfame 101(%100) kan raawwatamee yoo ta’u, bara 2014 keessaa qorannoo jallisii duraa xixiqqaa, giddugaleessaa fi guddaa 144 gaggeessuf karoorfamee sababa Baajeta bara 2014 keessa qorannoo karoorfame kanaaf hin qabamiiniif kan qoratamee lafa jiru xumuruuf jecha osoo hin raawwatamiin hafee jira.Bifa walfakkaatuun bara 2015 keessaa qorannoo jallisii duraa xixiqqaa, giddugaleessaa fi gurguddaa 90 gaggeessuf karoorfamee dhuma bara 2015tti qorannoo 94(%100 ol) raawwatameera.Akka waliigalaatti bara KIB sadan darban keessatti qorannoo adda baafannaa piroojektoota jallisii gosa adda addaa bara 2012tti 894 irra ture dhuma bara 2015tti 1229 irraan gahuuf karoorfamee 10989(88.6)irraan gahuun danda’ameera.Dhuma bara 2015tti qorannoo adda baafannaa/qorannoo duraa/pirojektootaa kanaan lafa hektaara 482,780, misoomsuu danda’uu fi abbaa warraa 1,230,411 fayyadamaa taasisu maallaqa 492,803,073 ta’uun gaggeessuuf karoorfamee qorannoo adda baafannaa jallisii 195,lafa hektaara 281,046 misoomsuu danda’u maallaqa 6,329,271n gaggeessuun abbaa warraa 821,684 fayyadamaa misooma jallisii gochuun danda’ameera waggoottan lamaanii waggaa shanii irraa %41.22 irraa akka jiru hubachuun danda’ameera.

Haaluma walfakkaatuun, bara 2012 keessa qorannoo fi dizzaayinii jallisii gadi-fagoo 936 (jallisii xixiqqaa 894, jallisii giddu galeessa 36 fi jallisii gurguddaa 6) lafa hektaara. mil. 0.368 irratti gaggeeffamee ture bara 2013 keessa qorannoo gadi fagoo 91 raawwachuuf karoorfamee 61 gaggeessuun kan danda’amee yoo ta’u, bara 2014 keessa qorannoo jallisii gadi-fagoo 164 gaggeessuuf karoorfamee 140 raawwachuun danda’ameera.haaluma walfakkaatuun bara 2015

keessa qorannoo gadi fagoo 71 gaggeessuuf karoorfamee xumura bara baajetichaatti qorannoo 71 gaggeessuun danda’ameera.Akka waliigalaatti waggoota sadan darban keessa qorannoo jallisii gadi fagoo pirojektoota 334 (xixiqqaa, giddugaleessaa fi gurguddaa) lafa hektaara 320,255 misoomsuu danda’uu fi abbaa warraa 1,236,531 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda’uu maallaqa 1,067,808,639n gaggeessuuf karoorfamee qorannoon jallisii gadi fagoo 272(%81.4 )(xixiqqaa 157, giddugaleessaa 111 fi gurguddaa 4) lafa hektaara 158,448 misoomsuu danda’u maallaqa 474,520,608 gaggeessuun abbaa warraa 361,943 fayyadamaa gochuun danda’ameera.

**Raawwii Ijaarsa pirojektoota jallisii**

Piroojektoota misooma jallisii qaamoolee adda addaatiin gaggeeffamaa ture bara ka’uumsaa 2012 ijaarsa piroojektoota xixiqqaa, giddu -galeessaa fi gurguddoo walduuraa duuban 695, 52 fi 1 ture bara KIB 2013 keessa ijaarsa piroojektoota jallisii gosa adda addaa 296 ijaaruuf karoorfamee 74 ijaaruun danda’ameera ; bara 2014 keessa ijaarsa pirojektoota jallisii (xixiqqaa, giddugaleessaa fi gurguddaa) 172 ijaaruuf karoorfamee 107 ijaarun kan danda’ame yoo ta’u;haaluma walfakkaatuun bara 2015 keessa pirojektoota jallisii gosa adda addaa(xixiqqaa,giddu-galeessaa fi gurguddaa) 230 ijaaruuf karoorfamee pirojektoonni 97 ijaaruun danda’ameera.Akka waliigalaatti baroota KIB waggaa sadan darban (2013-2015) keessatti ijaarsa pirojektoota jallisii gosa adda addaa 698 lafa hektaara 230,364 misoomsuu fi abbaa warraa 487,009 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda’uu maallaqa 22,074,341,093n ijaaruuf karoorfame keessaa pirojektoota jallisii gosa adda addaa 278(39.8) qofa lafa hektaara 23,793 misoomsuu danda’u maallaqa 11,735,261,453n ijaaruun abbaa warraa 59,545 fayyadamaa misooma jallisii gochuun danda’ameera.

Gama biraatiin ijaarsi jallisii Finna Oromiyaa bara 2014 keessa kan jalqabe yoo ta’u baruma kana keessa ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa 73 lafa hektaara 50,950 misoomsuu fi abbaa warraa 104,507 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda’u qar.5,950,320,809n ijaaruuf karoorfamee pirojektiin jallisii Finna Oromiyaa 1(Boorana) lafa hektaara 31 misoomsu qar.3,591,430,047n ijaaruun abbaa warraa 62 fayyaadamaa misooma jallisii gochuun danda’ameera.Bifuma walfakkaatun bara bara 2015 keessa ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa 72 lafa keektaara 42,637 misoomsuu fi abbaa warraa 88,281 fayyadamtoota misooma jallisii gochuu danda’u maallaqa 6,820,927,464n ijaaruuf karoorfamee pirojektiin Finna Oromiyaa 13 lafa heektaaraa 2,287

misoomsuu maallaqa 3,615,344,244n abbaa warraa 4,571 fayyadamtoota misooma jallisii godhameera.

Bara 2014 fi 2015 keessa ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa145 lafa heektaara 93,587 misoomsuu danda’u fi abbaa warraa192,788 fayyadamoo misooma jallisii gochuu danda’u maallaqa 12,771,248,273n ijaaruun danda’ameera.Akka raawwii kana irraa hubachuun danda’amutti raawwii waliigalaa keessaa %9.7 qofatu xumurame.Kunis, sabaaba adda addaan raawwiin haala karoorfameen deemuu kan hin dandeenyeef akkatuma amala pirojektoota jallisii baay’een isaanii adeemsa hojii irraa kan jiran yoo ta’u fi ijaarsii pirojektii jallisii yeroo dheeraa kan fudhatu, akkasuma iddoo pirojektiin kun jiru tokko tokko keessatti sababa rakkoo nageenyaa fi sababa beenyaa lafaa yeroon kanfaluu dhabuu, waligaltee yeroon raawwachuu dhabuu irraa kan ka’e raawwiin waliigalaa gadi bu’uu danda’ee jira.

**Raawwii Bulchiinsa Iskiimota Jallisii**

Baajeta motummaa fi hirmaannaa hawaasaan bara 2013 fi 2014 keessa iskiimota jallisii (xixiqqaa, giddu-galeessaa fi gurguddaa) 571 ta’an maallaqa 5,676,490 shallagamuun suphuun lafa hektaara 49,547 misoomsuun hawaasa 214,686 fayyadamaa taasisuuf karoorfamee ture, iskiimota jallisi 485(%85) ta’an maallaqa 3,972,150, suphamee lafa hektaara 42,195 misoomsuun hawaasa 168,780 fayyadamaa taasisuun danda’amee jira. Bara 2015 keessas iskiimota jallisii 800 suphuun tajaajilaaf qopheessuuf karoorfamee iskiimota jallisii 720 suphuun danda’ameera.Walumaa galatti bara 2013-2015tti iskiimota jallisii 1373 suphuuf karoorfamee iskiimota 1205(%87.8) suphuun tajaajilaaf qopheessuun danda’ameera.

Bifuma wal fakkaatuun, Baajeta mootummaa fi hirmaannaa uummataan bara 2013 fi 2014 keessa paampoota jallisi (xixiqqaa fi gurguddaa) 45,303 ta’an maallaqa 90,606,000 shallagamuun suphuun tajaajilaaf oolchuuf karoorfamee ture keessaa, paampota jallisi 41,280 ta’an maallaqa 82,560,000 shallagamuun suphuun tajaajilaaf oolchuun danda’amee jira.Bara 2015ttis paampii 6224 suphuuf karoorfamee paampiin 7,040 suphamuu danda’eera. Karoora KIB sadan(2013-2015) keessatti paampota 51,527 suphuuf karoorfamee paamponni 48320(%93.8) suphuun tajaajila irra oolchuun danda’ameera.

Bara 2012tti Paampii bitanii raabsuu 2,205 irraa ture bara 2013tti paampii 8,000 raabsuuf karoorfamee paampiin 7913 raabsamuun danda'ameera.Bara 2014tti paampii 20,000 raabsuuf karoorfamee paampiin 15,826 rabsamra.Bifuma walfakkaatuun bara 2015 paampii 10,000 raabsuuf karoorfamee paampiin 15,753(%100)ol raawwachuun danda'ameera.Akka waliigalaatti bara karoora KIB waggaa sadii(2013-2015)tti paampii bishaanii 38,000 bitaani raabsuuf karoorfame keessaa paampiin 39,492 (% >100) raabsuun danda'mee jira.

**Qorannoo Jallisii Misooma Lafa Dheedumsaa**

Rakkoolee hawaas-Diinagdee naannoo horsiisee bulaa irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessuun adda baasuuf hojii hojjatameen bara 2012tti qorannoo jallisii lafa dheedumsaa 2 kan gaggeeffame yoo ta'u bara 2013-2015tti bifuma wal fakkaatuun qorannoo tokko (1) gaggeessuuf karoorfame qorannoon 1(%100) raawwatamee jira. Kunis, KIB wagga shanii keessaatti qorannoo 3 gaggeessuuf kan karoorfamee yoo ta'u raawwiin isaa %33.3 irra jira;kun ammoo raawwii gadi aanaa agarsiisa.

**Piroojektii jallisii lafa dheedumsaa**

Piroojektii misooma jallisii lafa dheedumsaa Galchat bara 2012tti hek.26 oomisha margaa toonii 53 irra ture ,karoora KIB bara 2013 keessatti misooma jallisii lafa dheedumsaa Galchat hektaara 26 misoomsuun marga Toonii 158 oomishuuf karoorafmee marga Toonii 177(%>100) oomishuun kan danda'ame yoo ta'u baruma kana keessa piroojektii lafa dheedumsaa jallisiin misoome utaalloo hektaara 26 irraa marga Toonii 156 oomishuuf karoorfamee marga Toonii 106 oomishuun danda'ameera.Haaluma wal fakkaatuun bara 2014 keessatti misooma jallisii lafa dheedumsaa galchat hek.26 irraa marga toonii 66 oomishuuf karoorfamee marga toonii 198 oomishuun danda'ameera.Akkasumas, lafa dheedhumsa Utaalloo hektaara 26 irraa marga Toonii 65 oomishuuf karoorfamee marga Toonii 34 oomishuun kan danda'amee yoo ta'u,bara 2015tti misooma jallisii lafa dheedumsaa galchat hek.26 rraa marga toonii 198 oomishuuf karoorfamee marga toonii 106 oomishuun danda'ameera.Akkasumas, lafa dheedhumsa Utaalloo hektaara 26 irraa marga Toonii 198 oomishuuf karoorfamee toonii 106 oomishuun danda'ameera.

Akka waliigalaatti bara karoora sadan darban(2013-2015) keessa lafa hektaara 78 piroojektii Galchat irra marga toonii 422 oomishuuf kan karoorfamee yoo ta'u marga toonii 481 (%100 ol)

raawwachuun danda’ameera.Gama biraatiin pirojektii Utaalloo lafa hektra 78 irraa marga Toonii 419 oomishuuf karoorfamee marga toonii 246 (%58.7) karoora waggaa sadii irra raawwachuun danda’ameera.

Haa ta’u malee, rakkoolee misooma jallisii keessatti bara karoora hojii waggoota sadan darban mul’atan yoo ilaalamu, Bu’uraalee misoomaa naannoo horsiisee bulaa keessatti hojjataman haala qabatamaa naannoo horsiisee bulaa bu’uureffateen istaandardii fi dizaayiniin isaanii akka qophaa’u taasisuun fi hojii irra oolchuu dhabuu; bu’uura jireenya horsiisee bulaa kan ta’e beeylada balaa hongee yeroo addaa addaatti mudachaa jiru akka dandamatan lageen misooma jallisiitiif ooluu danda’an misoomsuu irratti xiyyeeffachuun akka hojjetamu taasisuu dhabuudha.

Haaluma kanaan, rakkoolee kanneen furuuf hojiiwwan gara fuula duraatti akka kallattii hojii mootummaatti ta’aan;

- Bu’uraalee misoomaa naannoo horsiisee bulaa keessatti hojjataman haala qabatamaa naannoo horsiisee bulaa bu’uureffateen istaandardii fi dizaayiniin isaanii akka qophaa’u taasisuun fi hojii irra oolchuu;
- Bu’uura jireenya horsiisee bulaa kan ta’e beeylada balaa hongee yeroo addaa addaatti mudachaa jiru akka dandamatan laggeen misooma jallisiitiif ooluu danda’an misoomsuu irratti xiyyeeffachuun akka hojjetamu taasisuu;
- Hojiiwwan naannoo horsiisee bulaa keessatti hojjataman qaama dhimmi ilaalu waliin qindeessuun karoora waliinii qopheeffachuun hojjechuu;
- Sababa deddeebii hoongeetiin rakkoo nyaata beeyladaa naannoo gammoojjitti uumama jiruu hiikuuf Baajeta mootummaa fi deeggarsaatiin lafa dheedumsaa jallisii fi roobaan misoomsuuf hojiin jalqabame cimee akka itti fufu hojjachuu fi sirna akeekkachiisa duraa hojii irra akka oolu taasisuu

**Misooma Jallisii idilee marsaa 1ffaa fi 2ffaa**

MIsooma Jallisii idileetiin (kuduraa fi midhaan hiddaa) marsaa lamaan bara 2012tti lafa heektaara 564,961.9 misoomsuun oomishtummaa hektaara tokko irraa giddu galeessaan kun.164.8 fi oomisha kuntaala mil.92.75 argamee ture dhuma bara 2014/15tti lafa hektaara 823,162 misoomsuun oomishtummaa hektaara tokko irraakun.165.8 fi oomisha kun.136,512,000 argachuuf kan karoorfame yoo ta’u ;raawwiin lafa kek.775,488(94)misoomsuun ,oomishtummaa

hek.tokko irraa giddugaleessaan kuntaala135.6 argachuun lafa misoome kana irraaoomisha kuntaala 105,190,106(77)argachuun danda’amee jira.

### 3.1.5. Waldaa Hojii Gamtaa

**WHG Haaraa Gurmeessuu**

Waldaaleen hojii gamtaa rakkoo hawaasummaa fi diinagdee isaanii qabeenyaa, beekumsaa fi human isaanii walitti qindeessuun hiikkachuuf dhaabbata hundaa’udha.Milkaa’Ina kaayyoo kanaatiif waldaaleen gurmaa’anii kaappitala horachuun tajaajila miseensota isaaniif kennuu qabaniin mirkaneessuunii fi hirmaannaa misooma keessatti qaban fooyyessuun murteessaadha. Tarsiimoowwan fi tooftaawwan kaayyoon kun ittiin mirkanaa’u keessaa waldaalee hojii gamtaa bu’uuraa haaraa gurmeessuu, qusannaa miseensaa walitti qabuun miseensotaaf liqii mijeessu fi gahoomsuun gabaa keessa galchuun galii isanii akka fooyyeftan taasiisu dha.

Haaluma kanaan bara 2012 waldaalee hojii gamtaa bu’uuraa haaraa gurma’an 20,453 irra ture waggoottan KIB sadan darban keessatti waggaatti giddu-galeessan % 0.43 guddisuun hanga bara 2015tti waldaaleen hojii gamtaa bu’uuraa haaraa 22,638 irraan gahuuf karoorfamee waldaaleen hojii gamtaa bu’uuraa 20,736 (%91.59 ) akkaataa qajeelfamaa fi dambii WHG tin ijaaramanii hojiitti kan galan yoo ta’u WHGB miseensa yuniyeenii ta’an horachuu bara ka’umsa 2012 lakk. 7,730 irra ture dhuma bara 2015 lakk. 9,945 irraan gahuuf karoorfamee 8425 (%84.71) irra gahu danda’eera.Waggaa sadan kana keessattii raawwiin ijaarsa waldaalee hojii gamtaa bu’uura kan olka’u danda’eef kallattii mootummaan kaa’een waldaaleen bu’uuraa haaran kunuunsa qabeenya naannoo /egumsa misooma naannoo/irratti waan ijaaramaniif akka ta’e ragaa irra hubachuun danda’ameera.Kunis, xiyyeeffannaa mootummaan misooma sululaatiif kennee fi fedhiin hawaasaa giddu-galeessa godhachuun waldaaleen hojii gamtaa misooma Sululaa (Climate Action Land Managemant /CALM/ 100 akka gurmaa’an ta’eera.

Waldaaleen haaraa ijaaraman kun jireenya miseensota isaanii fooyyeeffachaa akka naannootti rakkoo hongee fi jijjiirama qilleensaa xiqqeessuu keessatti gumaacha guddaa taasiisu akka dandaa’amutti yaadame kan hojjetama jiruu dha.Akka naannoo Oromiyaatti uummanni waliigala hanga dhuma bara 2015tti lakk. 11,993,750 ta’an miseensa WHG gosa adda addaa 20,736 ta’u keessatti gurmaa’uudhaan misooma gosa adda addaa keessatti hirmmaata jiru.Raawwii WHG bu’uuraa ijaaru bara KIB kana bara ka’umsa 2012 wajjin walbiratti yeroo ilaalamu WHGB 20,453 ture 283 dabaluun gara 20,736 kan guddate yoo ta’u miseensii WHG bara ka’umsa

2012 lakk. 8.572 irra ture gara miliyoona 11.37 guddisuuf karoorfamee gara miliyoona 11.994 (%100) guddatee jira.

### Qusannoo WHG Dabaluu fi Liqii mijeessu

Bara ka'umsa 2012 qusannoo miseensa guddisuu qar.bil.4.18 irra ture raawwii waggoottan sadaan darban keessatti karoorri qusannoo guddisuu walliiga qar.bil.18 ture raawwiin waggaa sadan darbaniin qarshii bil.17.64 (%93.63)qusannoo miseensotaa sassaabuun danda'ameera.

Tajaajila liqii ilaalchisee miseensota waldaalee hojii gamtaatiif liqii mijeessuu bara ka'umsa 2012 qar.bil.5.507 irra gahe ture dhuma bara 2015tti qarshii bil.9.06 liqii kennuf karoorfamee waliigala waggoottan sadan darban keessatti liqii qarshii gara biiliyona 6.81(%75.16) kennuun danda'ame jira.Baay'inii qonnaan/horsiisee bultoota miseensa waldaa ta'anii liqii fudhatanii gara invastimantii xixiqqaatti ce'an waliigala namoonni 1,970,494 (%43.2) liqii fudhatanii hojii inveestimentii xixiqqaa adda addaatti galanii ittiin hojjachaa jiru.Liqii yeroon isaa gahe deebisuu waggoottan sadaan keessatti qarshii 6,033,945,708 deebisiisuf karoorfame qarshii 5,564,416,127 (%92) kan deebi'e yoo ta'u miseensonni 1,142,745(%85.9) (dhiira 437,909 dubartii 704,836)liqii deebisuu danda'anii jiru.

Tajaajila liqii mijeessuu bara ka'umsa 2012 qar.bil. 5.05 irra ture dhuma bara 2015 wajjin yeroo ilaalamu guddina agarsiisus hanga yaadame akka hin taanee beekamadha. Kun kan agarsiisu aadaan miseensonni WHG liqeeffatanii ittiin hojjachuu sadarkaa barbaadametti guddachuu dhabuu fi keessumattuu Baadiyaatti hojii hubannoo uumuu bal'inaan kan gaafatu ta'uun xiinxala kana irra hubatame jira.As irratti wantii xiyyeeffannoo argachu qabu waldaa fi miseensi waldaa qusannoo qofa osoo hin taane yeroo dhaa gara yerootti daldala adda addaa keessa akka galan leenjii gaha kennuun carraa hojii umuu akka danda'an taasiisun barbaachisa dha.

### Kaappitaala WHG Guddissu

Kaappitaalli waliigalaa waldaalee hojii gamtaa bara 2012tti qar.bil.7.032 irra ture waggoottan KIB sadan 2013-2015tti waggaa waggaadhaan giddu-galeessaan %11.02 guddisuun qar.bil. 10.69 irraan gahuf karoorfamee hanga xumura bara 2015tti gara qar.bil. 8.94 (%83.62) guddisuun danda'amee jira.Aadaan qusannoo fi liqii babal'achaa deemuun isaatiin miseensonni waldaa waan qusatan irraa liqeeffachuun hanqina maallaqaa isaan mudachu malu fi bu'aa ba'ii mana baankii osoo isaan hin mudatiin akka salphaatti liqeeffatanii rakkoo isaanii furuu

danda'anii jiru.Kanumaan walqabate sochii WHG taasisaniin bu'aa qulqulluu miseensotaaf qooduu ilaalchisee waggoottan sadan darban keessatti waldaalee bu'uuraa 15,686, bu'aa qulqulluu qoodamu qarshii bil. 1,273,028,165.69 fi miseensoota dhiira 808,115 dubartii 447,951 waliigala 1,256,066 ta'aniif qooduf karoorffame waldaaleen bu'uuraa 12,667 keessatti bu'aa qulqulluu Qr. 1,862,593,359 %100 ol miseensota isaanii dhiira 811,017 dubartii 392,807 waliigala 1,203,824 (%95.8) ta'aniif bu'aa qulqulluu qooduun miseensonni dhuunfaan inveestimantii xixiqqaa adda addaa keessa akka galan taasifameera.

**Sochii Hirmaannaa WHG Gabaa Biyyaa Keessaa Dabalu**

Bu'uura KIB waggaa shaniitiin WHG omisha qonnaa miseensa irraa sassaabun gabaa biyya keessaa keessatti akka hirmmaatanii taasiisun hojjetamaa tureen midhaan gosa adda addaa kuntaala miliyoona 68.17 karoorfame miliyoona 22.22 (%32.6 ) qofti kan dhiyaate yeroo ta'u daldala jimaa ilaalchise kg 7,343,057 gabaaf dhiyaate jira. Gama dhiyyeesii beeylada gosa adda addaati walqabatee miliyoona 1.05 ta'u dhiyyeessuf karoorfame miliyoona 0.2821 (%26.87) qofti dhiyaate jira.Raawwiin Sochii Hirmaannaa WHG gabaa biyyaa keessaatti qabu dabaluuf yaadame wagga sadan darban kana keessatti karoora waggaa sadii wajjin walbiratti yeroo ilaalamu gadi aana ta'e argameera. Sababoonni gurguddaan raawwii hojii gabaa biyya keessaa gadi bu'aa taasisan keessaa ijoon: Waldaalee bu`uuraa biratti hanqinni mana kuusaa jiraachuu; waldaaleen humna guutuudhaan hojii oomisha miseensaa sassaabuu dhabuu; gatiin oomishaa olka'aa ta'uu fi yeroo yeroon jijjiramuu; Daldalli seeraan alaa babal'achuu; rakkoo nageenyatiin mancaatiin qabeenyaa godinaalee tokko tokko keessatti mudachuu; Caasaa WHG sadarkaan jiran biratti hanqina dandeettii hojii biizinasii (daldalaa) waldaalee irratti qaban laafaa ta'uun xiinxalameera.

**Sochii Hirmaannaa WHG Gabaa Biyyaa Alaatti Qabu Guddisu**

Hirmaannaan Waldaaleen gabaa biyya alaa keessatti ilaalchisee waggoottan sadaan darban keessatti Yuuniyeenota 12 fi Feederashiini 1 fi waldaalee bu'uraa 11 hirmaachisuuf karoorfame keessaa Yuuniyeenota 7, waldaalee bu'uura 2 fi Feederashiini 1 Waliigala 10 (%41.66) kallattiin gabaa biyya alaa keessatti hirmaatanii jiru. Oomishaaleen gabaa biyyaa alaatti ergamanis buna toonii 510,554 fi( Boloqqee fi Saliixa walitti toonii 424,259) gabaa biyya alaatti dhiyeessuf karoorfame bunni toonii 404,003( %79.13) kan dhiyaate yeroo ta'u Boloqqee fi Saliixa walitti toonii 336,571( %79.33) gabaa alaatti dhiyaate jira.

Akka waldaa hojii gamtaatti Oomishaalee qonnaa gabaa biyya alaatti erguun sharafni biyya alaa argamee ture xumura bara 2012 USD (bil) 0.31 irra ture bara 2013-2015tti USD (bil) 0.659 argamsiisuuf karoorfamee waliigalaan USD (bil.) gara 0.11 (%16.53) qofti argameera.Sababii raawwiin sharafa biyya alaa gadi aanaa ta'eefis oomishaalee gabaa biyya alaatti hanga barbaadame erguu dadhabuu fi qulqul'ina barbaadameen omishamuu dhabuu irraa akka ta'e gabaasa bara 2013 fi 2014 irra hubachuun danda'amee jira.

Raawwiin gabaa biyya alaa akka waliigalaatti yeroo xiinxalamu hanga barbaadamuun kan hin raawwatamne beekama dha. Sababiin oomishaalee gabaa biyya alaatti hanga barbaadamuun ergamuu dhabamef fi raawwiin isaa gadi aanaa ta'eef isaan ijoon, waggoottan lamaan darban akkuma addunyaatti rakkooleen hedduun kan turan yoo ta'u keessattuu hojimaanni **'verticala integration'** WHG gabaa keessatti dorgomaa akka hin taane taasisuu isaati. Dabalataan lolli Ruusiyaa fi Yukireeniis miidhaa salphaa hin taane gabaa aduunyaa irratti qaqqabsiisuu isaa xiinxalameera.

## WHG Inveestimantii (Agroprocessing) Keessatti Qaban Guddisuu

Diinagdeen biyya keenyaa qonnaan durfamaa jiru kana gara industiiriiti ceesisuuf gaheen Waldaaleen Hojii Gamtaa qaban guddaadha. Haaluma kanaan, oomisha qonnaan bulaa irratti sona dabaluun gabaatti dhiyeessuun miseensa WHG caalmaatti fayyadamoo taasisuuf warshaalee agiroopirosesiingii gara garaa dhaabuun gahee isaan akka biyyaattis ta'ee akka naannoo qaban guddaadha.

Warshaalee agiroopirosesiingi Waggottan sadan akka waliigalaatti, Yuuniyeenotaa fi Federeeshiniin Hojii Gamtaatiin warshaaleen oomisha miseensaa irratti sona dabaluun fayyadamummaa miseensaa ol guddisan warshaa" agroprocessing" ijaaruu bara 2012 lakk.336 irra ture waggaa sadan darban keessatti lakk.396 ijaaruf karoorfamee warshaalee garagaraa **45 (%11)** qoft ijaaramanii hojii keessa galanii jiran. Sababii gurguddaan raawwiin kun gadi bu'uu danda'eef; hanqina qorannoo pirojeektotaa,hanqinna sharafa biyya alaa; qaala'iinsi gatii meeshaalee ijaarsaa; yeroon caal-baasii gaggeessuu dhabuu fi kanneen caalbaasii sana mo'atanis yeroon hojiitti galuu dhabuu akkasumas, qaala'iinsa gatii meeshaalee ijaarsaa akka ta'e xiinxalameera.

**Makaanaayizeeshinii Waldaalee**

Jijjiirama diinagdee bu’uuraa fiduuf qonnaan bultoota meeshaalee qonnaa boodatti hafaa keessaa baasanii teeknolojii qonnaa ammayyaa akka fayyadaman taasisuun galma guddaa KIB waggaa shaniiti.Bu’uuruma kanaan, waldaaleen bu’uuraa fi yuuniyeeniin waggoottan sadaan darban keessatti tiraakitaroota, kombayinarootaa fi maashinoota biroo qabaatanii miseensota isaaniitiif gatii madaalawaadhaan tajaajila kana kennuun, qulqullina oomishaa eeguu fi yeroo qonnaan bulaa qusachuun oomishaa fi Oomishitummaa guddisuuf xiyyeeffannaa bara KIB keessa iiti kennameen dhuma bara 2015 waliigala maashinaroota 571 bituuf karoorfamee 118(%20.66) qofti raawwatameera. Sababin raawwii mekaanaayizeeshinii WHG karoora gadi ta’u danda’eef hanqina sharafa biyya alaa argachuu dhabuu, hanqinoonni bulchiinsa meekanizeshinii isaani rakkoo qabaachuu,humna guutuudhaan hojii keessa galuu dhabuu,yeroon suphu dhabuu fi Qaajeelfamni faayinaansii daangeessa waan ta’eef.

Sirna Dhiyeessa, Raabsaa fi Bulchiinsa Liqii Callaa Guddistuu

WHG Sochii dhiyeessa fi raabsa galteewwan qonnaa irratti bal’inaan akka hirmaatanii fi liqiin callaa guddistootaa gara mootummaatiin mija’aa jiru seeran bulchuun qonnaan/horsisee bulaan oomishaa fi oomishtummaa isaanii guddisuudhan ce’umsa qonna irraa gara Induustirii tti taasifamaa jiru keessatti sochin Waldaleen Hojii Gamtaa gahe isaanii akka bahan bara KIB keesatti dhimma murteessa dha.Haluma kanaan waggaa sadan darbe keessatti xaa’oo gosa adda addaa kun.21,748,306 dhiyeessuuf karoorfamee keessaa kuntaalli 20,649,995 (%95) dhiyaatee kuntaalli 12,076,773 %59 raabsamee jira.Raawwii waggaa sadan darbanii kana kan bara ka’umsa wajjin walbiratti yeroo ilaalamu dhiyeessi fi raabsaan xaa’oo dabalaa jira osoo hin taane bakkuma jirutti dhaabbate jira.

Keemikaaloonni adda addaa kan akka farra aramaa, farra ilbiisaa fi farra dhukkubaa ta’an fayyaadamun mancaatii omisha qonnaa irra gahu hambisuu fi to’achuf waggoottan sadaan darban keessatti waliigala kg/lit 7,723,930 dhiyeessuuf karoorfame keemikaalli gosa adda adda kg/lit.4,675,126 (%61) dhiyyaate keessaa kg/lit.3,378,045 (%44) raabsun danda’ameera. Sababa hanqinaa sharafa biyya alaa (doolarii) irraa kan ka’e bittaan akkaataa karoorichaatiin raawwachuun hin danda’amne.

**Dhiyeessii fi Raabsii Sanyii Filatamaa**

Waggoottan sadaan darban keessatti Sanyii filatamaan gosoota adda addaa WHGB fi Yuuniyeenota sanyii baay'isaniin oomishaamee fi bittaadhan dhiyaatu waliigala sanyii kuntaala1,657,960 dhiyeessuuf karoorfame keessaa kuntaala 600,051 (%36) dhiyeessuun danda'ameera. Hojii kana keessatti rakkoo guddaan ture waldaaleen sanyii baay'isan sanyii bu'uuraa argachuu dhabuun raawwiin akka gadi bu'uu taasiseera.Dhiyeessii sanyii filatamaa waggaa sadan darban bara ka'umsa wajjin walbiratti yeroo ilaa ittifayyadamin sanyii filatama gadi akka dhufe agarsiisa.

**Deebii Liqii Callaa Guddistuu**

Sirna bulchiinsa liqii callaa guddistuu jiru cimsuu fi ammayeessuun harcaatii maallaqaa hanbisuudhan liqii baankii irraa wabummaa Mootummaa Naannootiin fudhatame %100 Baankiif deebisuuf karoorfamee hojjetamaa tureen bara oomisha 2013/14 fi 2014/2015 maallaqni xaa'oo eeyyamamee hojii bittaa callaa guddistootaatiif oole qar.bil.49.8 yoo ta'u; kana keessaa qar. bil.46.9 (%94) mootummaaf deebisiisuun danda'ameera.

#### 3.1.6. Misooma Eegumsa Naannoo fi Diinagdee Magariisa

Eegumsa,kunuunsa fi itti fayyadama qabeenya naannoo itti fufiinsa qabu gaggeessudhaan naannoo qulqulluu fi jireenyaaf mijataa taate uumuun faalama naannoo xiqqeesuun tarsiimoo diinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa danadamatu mirkaneessuu barbachisaa dha.Bu'uuruma kanaan bu'aa qabeesssummaa raawwii Diinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa dandamatu uumuu, hojii irra oolmaa seerota eegumsa naannooo mirkaneesuu,eegumsaa fi itti-fayyadama bosonaa fi bineensota bosonaa fooyyeessuu,iddoowwan qabeenya uumamaa eegaman guddisuu fi heddumina lubbu qabeeyyii haphatanii fi badiif saaxilaman deebisanii gabbisuun hojii ijoo fi murteessa dha.

Biyya keenyatti misooma Diinagdee magariisaa dhugoomsuuf sochii taasifamaa jiru milkessuuf hojiiwwan misoomaa karoorfaman keessatti tarsiimoon kun akka lafa qabatuu fi gadi lakkisa gaazii miiteenii ykn kaarboonii (Methane or Carbon emission) bifa xiqqeessuun danda'amuun hojiileen adda addaa ( itti fayyadama baayoogaazii, soolaarii, Midijaa fooyya'aa, loon sanyii fooyya`aa fi "verm compost"), hordoffii piroojektoota fi warshaalee adda addaa irratii taasifame,seerotaa fi dambiiwwan jijirama qilleensa fi qabeenya naannoo irratti hojii hojjetamaa tureen ka'uumsa KIB 2012tti gadi lakkisa gaazota ho`aa Mt $CO_2e$ 23.06 irra ture bara 2013tti Mt

CO2 equ. 4.25’n hir’isuuf karoorfamee Mt CO2 equ 4.38 ,bara 2014tti Mt CO2 equ 6.24 hir’isuuf karoorfamee Mt CO2 equ 7.30 akkasumas bara 2015tti MtCO2 e 8.28 hir’isuuf karoorfamee MtCO2e 9.15(%101) hir’isuun kan danda’ame ta’ee waggaa shan keessaa % 52.3 raawwatamee jira.Milkaa’ina raawwii kanaaf dhimmootni galtee ta’aan hojii ashaaraa magariisaa akka biyyaas ta’ee naannootti hojjetamaa jiruu fi hojii inaarjii irratti hojjetamaa jiruu fi qusannaa qabeenya uumamaa irratti hojjataa ture ga’ee olaanaa kan qabu ta’uu isaati.

Milkaa’ina hojiilee armaan olitti hojjatameef ga’een hawaasaa ba’aa kan ture yoo ta’u bu’aa argame irraa hawaasni fayyadamaa akka ta’uu hojii hojjetamaa tureen Diinagdee magariisa dandamannaa jijjiirama qilleensaa irraa waggaa shan keessatti namonni 6,000,000 fayyadamuu danda’a jedhamee karoorfame keessaa karoorri waggaa sadii namoota 3,915,000 fayyadamaa taasisuuf kan karoorfame yoo ta’u kana keessaa 4,080,255(%104.2) raawwatamee jira. Kunis kan waggaa shanii irraa % 63.3 ta’a.

Gama biraatiin qabeenya bosonaa adda baasuu iddoowwan daangeessuu fi galmeessuun eeguu fi kunuunsuu hanga bara 2012tti lafa hekt. 185,459 irra kan ture bara 2013tti hek.50,000 fi bara 2014tti hek.82,046 uwwisuuf karoorfamee dhuma bara 2013 fi 2014tti walduraa duubaan hek. 133,726 (%267.4) fi hek.138,056 kan raawwatame ta’ee bara 2015tti hek.358,000 daangessuuf karoorfamee hek.358,112 gaangessuun kan danda’ame yoo ta’u mancaatii bosanaa hir’isuun walqabatee bara 2012tti hek.38,325 hir’isuun kan danda’amee ture ta’ee hanga bara 2015tti waliigalaan hek.52,576 mancaatii irraa hambisuun danda’amee kan jiru ta’uu isaati.Sababa kanaa uwwisni bosonaa bara 2012tti %18 irra ture yeroo ammaa %27.24 irra kan ga’e ta’uu isaati.

Gabatee:21. Kunuunsa qabeenya uumamaa

| Agarsiiftuwwan Raawwii ("KPI") | Safartuu | (Raawwii Bara 2012) | Manii waggaa 5 | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Bara 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii |
| Eegumsa Bosonaa Fooyyessuu | | | | | | | | | |
| Hanga Qabeenyi bosonaa daangga'ee | Heek | 185,459 | 1,345,782 | 50,000 | 133,726 | 82,046 | 138,056 | 358,000 | 358,112 |
| Mancaa'ina qabeenya bosonaa hir'ate | Hekt./yr | 38,325 | 95,815 | 19,169 | 15,843 | 19,163 | 17,570 | 19,163 | 19,163 |
| Uwwisa bosonaa dabale | Hekt.mil. | | 10.23 | | | 0.1454 | 0.2286 | 0.05 | 0.1 |
| | % | 18 | 27.78 | | 26.6 | 0.4 | 0.62 | 27.22 | 27.24 |

Madda:MEN

To'annoo fi Hordoffii jarmiyaalee irratti gaggeefame Ilaalchisee

Waggoota KIB shanan keessatti jaarmiyaalee misoomaa 22,847 irratti to'annoo fi hordooffii gaggeessuuf karoorfame keessaa,waggaa sadan darbanitti jarmiyaalee 19,003 irratti hordoffii fi too'annoo gaggeesuudhaaf karoorfamee,18,935(%99.6) kan raawwate ta'ee kan waggaa shanii irraa % 82.9 raawwachuun danda'amee jira.Kana irratti hundaa'un jaarmiyaalee 2,511 irratti akkekachiisi kan kenname ta'ee, jarmiyaaleen 160 hanga raakkoo isaanii hikkataanitti hojii akka dhaaban kan taasifaman yoo ta'u dabalataan hubannoon hawaasa mirga naannoo qulqulluu keessa jiraachuu qabu cimaa dhufuun isaa hojiin karoorfamee ture raawwii isaa milkeessuu keessatti ga'ee olaanaa taphatee jira.Dabalataaniis qorannoon keemikaaloota yeroon irra darbe, sadarkaa faalama qilleensaas(air pollution) fi qabiinsa gataa dhaabbilee fayyaa ('Health Care Waste Management') irratti gaggeefame hojii to'annoo fi hordoffii gaggeefamaa ture deeggaruu keessatti gumaacha taasisee jira.

Gabatee: 22.Karooraa fi Raawwii to'annoo jaarmiyaalee gosaan

| Akaakuu jaarmiyaa | 2012 | | Karoora waggaa shanii | 2013 | | 2014 | | 2015 | | Raawwii waggaa shanii% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Kar. | Raaw | | Kar. | Raaw | Kar. | Raaw | Kar. | Raaw | |
| Dhaabbilee oomishaa (Warshaalee) | 4,682 | 4,086 | 5,765 | 3,797 | 4,247 | 4,311 | 4,297 | 4,451 | 4,383 | 76 |
| Piroojektoota misoomaa | 3,883 | 3,649 | 10,265 | 8,019 | 7,179 | 7,452 | 7,445 | 8,593 | 8,593 | 84 |
| Dhaabbilee tajaajilaa | 0 | 0 | 6,817 | 5,019 | 4,406 | 5,921 | 5,904 | 5,959 | 5,959 | 87 |
| Ida'ama | 8,565 | 7735 | 22,847 | 16,835 | 15,832 | 17,684 | 17,646 | 19,003 | 18,935 | 83 |

Madda: MEN

Sanyiiwwaan Heddumina lubbu qabeeyyii fi bineensota bosonaa

Sanyiiwwaan heddumina lubbu qabeeyyii fi bineensota bosonaa haphatanii fi badiif saaxilaman deebi'anii akka gabbatan taasisun qabeenya isaan irraa argamu guddisuun walqabatee sababiiwwan garaagaraatii mallattoon saaxilalmummaa irratti mul'atan sakatta'insa gaggeeffamuun adda baasuun deebi'ani akka wal-horanu taasiisuun hawaasni jiruuf jireenya isaa foyyeessuuf filaannnoo akka argatu taasiifamaa jira.Bu'uura kanaan gosaa sanyiiwwan

HLQ(Genetic Varity and species) 6(biqiltuulee mukaa, biqiltuulee midhaanii, kuduraa fi muduraa, bineeldota manaa, Simbirroowwani fi bineeldota bosonaa) deebi'anii akka bakka bu'anii fi akka kununfaman taasisuuf waggoota sadan darban keessatti simbirroota fi bineeldota gosa 95 karoorfamee 98 (103.2%) kan raawwatame ta'uun isaati.

**Warshaalee Ulagaalee Bu'uura Eeguumsa Naannoo akka Guutaan taasisuu**

Dhaabbilee oomishaa ulaagaalee bu'uuraa eegumsa naannoo(environmental compliance) guuttachuun adeemsa oomishaa gaggeessan mirkaneessuu walqabatee KIB waggaa shanii (5) keessatti dhaabbilee oomishaa jira keessaa 5,725n ulaagaa barbaachisu akka guuttataniif karoorfamee kan ture yoo ta'u, kan keessaa karoorri waggaa sadan 4,451 ta'ee raawwiin waggaa sadii 4,383 (%98.4) yoo ta'u waggaa shan irraa %76.6 raawwatamee jira.Raawwiin jiru gaarii ta'u illee qabatamaan warshaalee akka naannootti jiran keessattuu magaalota olaannoo waliin yoo ilaallaman hojii guddaa kan gaafatuu fi kanneen ulaagaa guutanis qabatamaan haala ulaagatiin hojjachaa jiraachuun isaanii xiyyeeffannoon dhimma hordoffii barbaadudha.

**Qabeenya Bosonaa Sirna Hirmaannaa Uummataatiin Bulu**

Qabeenya bosonaa bulchuu fi itti fufsiisuu keessatti ga'een hawaasaa guddaa waan ta'eef sochiin hojii qabeenya uummamaa hojjatamu keessaatti q/bulaa bal'aan hirmaachaa kan turee fi qabeenya bosonaas miira abbummaatin bulchaa kan ture ta'uu isaati.Bu'uruma kanaan waggoottan sadan darban keessatti lafa bosonaa hek.858,174, ta'usirna hirmaannaa uummataatin akka bulu karoorfamee kan ture yoo ta'u raawwiin hek.869,686(%101.3) fi waggaa shan irraa %56.9 ta'uu agarsiisa.Raawwiin jiru gaarii ta'us dhimmi hawaasa bal'aa hirmaachisuu jedhu dhimma cimee itti fufu fi jajjabaachu qabuu fi miira abbummaa uumuf illee ga'ee olaanaa waan qabuu xiyyeeffannoon hojjatamuu qaba.

#### 3.1.7. Misooma Albuudaa

Naannoon Oromiyaa akka biyyaatti naannoolee hojiiwwan misooma albuudaa keessatti babal'atan keessa sadarkaa duraa irratti kan argamtu yoo taatu qabeenya albuuda naannichaa qo'annoon adda baasee hojiirra akka oolu gochuu, raawwii isaas hordofuu, ragaalee albuudaan walqabatan qabaachuu ilaalchisee hojii hojjetamaa turee dha. Bu'uruma kanaan raawwii baroottan KIB sadan darbanii gama misooma albuudaan jiru haala kanaan gadiin kan ilaallamu ta'a.

Pootenshaala jiru baruu fi hojii gara fuulduraatti hojjatamu baruuf qorannoo adda baafannaa qabeenya albuudaa hojii dursi kennamuu fi qabu yoo ta'u bara 2012 lafa $km^2$ 485 ta'u irratti adda baafannaa qabeenya albuudaa kan gaggeeffamee ture yoo ta'u bara KIB waggoottan sadan darban keessatti lafa $km^2$ 2,500 irratti adda baafannaa gaggeessuuf karoorfame lafa $km^2$ 2,613 ta'u irratti kan gaggeeffame yoo ta'u waggaa shan keessaa %49.77n raawwatamee jira.Haa ta'u malee bal'ina lafaa naannoon qabu waliin yoo ilaallamu hojiin kun karoora fooyyessuun hojjatamuu akka qabu kan namatti agarsiisu fi raawwin waggaa shaniis yeroo hafe keessatti fooyya'uu akka qabu namatti agarsiisa.

Gama qorannoo qabeenya albuudaatiin walqabatee waggoottan sadan darban keessatti qorannoowwan shan(5) godinaalee Iluu Abbaa Booraa,Jimmaa, Baalee fi Booramnattii adeemsisuuf karoorfamee akkaatuma karoorfameen(%100)n,waggaa shan keessaa 62.5% kan raawwate yoo ta'u qorannoo kanaan gosoota albuudaa kanneen akka sookoo,dhagaa cilee, albuudni galtee Induustirii ta'an kan adda ba'an ta'uu isaati.

**Oomisha Albuudaa**

Karoora hojii bara baajeta 2012 keessatti akka naannoo keenyaatti gama oomisha misooma albuudaa, oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$ (mil) 39.48, oomisha albuuda induustirii $m^3$(mil) 11.7, Oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 5.45, oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.6, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg (kuma) 83.81 irra akka ga'ee ture waggoottan sadan darban keessatti hojii 2013 keessatti oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$ (mil) 52.47, oomisha albuuda induustirii $m^3$(mil) 14.91, oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 7.21, oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.77, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg (kuma) 96.70 oomishuuf karoorfamee, oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$(mil) 13.86, oomisha albuuda induustirii $m^3$(mil) 6.046, oomisha albuuda sookoo kg. 4.092, albuuda miidhaginaa kg.13.952 oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.059 oomishuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun, hojii misooma albuudaa kana cimsuun bara baajetaa 2014 keessatti oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$ (mil) 69.74 oomishuuf karoorfame $m^3$ (mil) 22.54, oomisha albuuda induustirii m3( mil) 19.00 oomishuuf karoorfame m3(mil) 5.79, oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 9.54 oomishuuf karoorfame kg (kuma) 4.46 , oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.99 oomishuuf karoorfame toonii (mil) 0.074 , oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg (kuma) 111.58 oomishuuf karoorfamee kg kuma 56.45, kan oomishame yoo ta'u bara 2015tti oomisha albuuda ijaarsaa $m^3$ (mil) 25.755 oomishuuf karoorfame $m^3$ (mil)23.136, oomisha

albuuda induustirii toonii ( mil) 61.61 oomishuuf karoorfame toonii(mil) 66.55 oomisha albuuda sookoo kg, 5,685 oomishuuf karoorfame kg.2,694.5 oomisha albuuda sibiilaa toonii 80,850 oomishuuf karoorfame toonii 62,382 oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg.16,756 oomishuuf karoorfamee kg.8,888 kan oomishame ta'uu isaati.

Waliigalaan waggoottan sadeen darban keessatti oomisha albuuda gosoota adda addaa kg/$m^3$/toonii 89,530,956 oomishuuf kan karoorfamee ture keessaa kg/$m^3$/toonii 78,323,881 oomishuun kan danda'ame yoo ta'u waggaa shan keessaa 45.62% kan raawwate ta'uu isaati.

Gabatee: 23.Oomisha Albuudaa

| **Oomisha Albuudaa** | **Saf.** | **Ka'uumsa bara 2012** | **KIB waggaa shanii** | **2013** | | **2014** | | **2015** | | RW5% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | **Kar** | **Raaw** | **Kar** | **Raaw** | **Kar** | **Raaw** | |
| Sookoo | Kg | 474 | 30,203 | 4,500 | 4,092 | 7,448 | 4,681 | 5,685 | 2,694.5 | 37.97 |
| Albuuda kab/ fi dhagaa miidhaginaa | Kg | - | 106,723 | 23,277 | 13,952 | 16,590 | 56,446 | 16,756 | 8,888 | 74.29 |
| Albuuda ijaarsaa | M3 | 13,939,106 | 136,632,913 | 20,000,000 | 13,857,862 | 25,500,000 | 22,543,897 | 25,755,000 | 23,136,651 | 43.58 |
| Albuuda Induustirii | Toonii | 721,130 | 33,839,585 | 5,100,000 | 6,046,389 | 6,100,000 | 5,796,745 | 6,161,000 | 6,655,573 | 54.67 |
| Albuuda sibiilaa | Toonii | 2,154,360 | 1,060,690 | 680,000 | 59,193 | 79,850 | 74,434 | 80,850 | 62,382 | 18.48 |
| ***Ida'ama*** | | ***16,815,070*** | ***171,670,114*** | ***25,807,777*** | ***19,981,488*** | ***31,703,888*** | ***28,476,203*** | ***32,019,291*** | ***29,866,189*** | 45.62 |

**Madda: ATMA**

Gabatee kana irraa hubachuun akka danda'ametti raawwiin hojii bara 2015 kan bara darbe raawwatamee gadi ta'uu isaa kan agarsiisu yoo ta'u akkasumas raawwiiin hojii oomisha abluudaa waggaa shan irraa yoo ilaallamu albuuda miidhaginaa irraa kan hafe gadi bu'aa waan ta'eef faayidaa galii inni argamsiisu fi sharafa dabaluun isaa hubachuun xiyyeeffannoon itti kennamee bara KIB hafe kana keessatti hojiin kun ariitii guddaan hojjatamuu akka qabu namatti agarsiisa.

**Galii Oomisha Albuudaa**

Galii albuuda gosoota adda addaa fi kenna hayyama hojiiwwan albuudaa irraa bara 2012 qr.mil. 475.00 sassaabamee ture KIB waggaa shanii keessatti albuuda al-ergee fi al-ergi bakka buusuu irraa USD mil.2,692,195,795 fi galii biyya keessaa irraa qr. 1,886,840,000 galii argamsiisuuf karoorfamee hojjetamaa kan ture yoo ta'u hanga gaabaasni kun qindaa'etti al-ergii fi al'ergii bakka buusuu irraa USD 1,008,018,427 kan argame ta'ee galii biyya keessaa irraa qr.891,848,984 kan argame ta'ee raawwiin jiru waggaa shan keessaa walduraa duuban al'ergii %37.99,al-ergii bakka buusuu% 35.59 fi galii biyya keessaa % 47.27 irra ga'ee kan jiru yoo ta'u raawwin jiru hojiin kun akkaataa karoorfamee raawwatamaa kan hin jirre ta'uu waan agarsiisuf waggoottan KIB hafan keessatti hojii xiyyeeffannoo barbaadudha.

Gabatee:24. Galii misooma albuudaa

| Galii Misooma Albuudaa | Saf. | Ka'uumsa bara 2012 | KIB waggaa shanii | 2013 | | 2014 | | 2015 | | RW5% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | Kar | Raaw | Kar | Raaw | |
| Galii al-ergii | USD | 28,400,000 | 2,077,741,990 | 292,500,000 | 265,992,411 | 507,676,180 | 314,569,257 | 394,025,000 | 208,781,942 | 37.99 |
| Al-galchee bakka buusuu | USD | | 614,453,805 | - | - | 73,476,212 | 61,925,186 | 166,689,600 | 156,749,631 | 35.59 |
| Galii biyyaa keessaa | Qar | 96,911,549 | 1,886,840,000 | 250,000,000 | 101,847,215 | 300,000,000 | 321,467,635 | 400,000,000 | 468,534,134 | 47.27 |

Madda: AAEO


Lafa albuudni keessaa ba'e deebisanii misoomsun walqabatee hawaasni naannoo naannawa iddoo oomisha albuudaa jiraatu akka hin miidhamnee fi qabeenyi uumamaa illee itti fufiinsa akka qabaatu gochuu keessatti hojii ijoodha.Kana irraa ka'uun bara KIB keessattiiddoo albuudni ba'e hek. 2,129 deebisanii misoomsuf kan qabamee ture yoo ta'u hanga gabaasni kun qophaa'etti lafti hek.927(%73.60) kan misoome ta'ee raawwiin kun waggaa shan keessaa % 43.53 raawwatamuu agarsiisa. Raawwiin kun kan agarsiisu hojiin akkaataa karoorfameen kan raawwatamaa hin yoo ta'u dhimmi murteessoon kun xiyyeefannaa qaama hundaa waan ta'ee waggoottan hafan kana keessatti xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamuu akka qabu namatti agarsiisa. Dabalataan iddoo albuudni keessa ba'e misoomsuu bira darbee al-seerummaa albuuda irratti raawwatu hambisuu fi galiin biyyaaf galuu qabu akka seera qabatee deemuf hojiin hayyama kennuu fi haaromsuu kan hojjetamaa ture ta'u illee alseerummaanii fi gurgurtaan seera

qabeessa hin taane albuuda waliin walqabatee adeemsifamaa waan jiruuf hojiin kun xiyyeeffannaan hojjatamuu qaba.

**3.1.8. Bishaani fi Inarjii**


Uwwiisaa Bishaan Dhugaatii: Biyyii keenya Ethiopian qabeenya bishaaniin badhaatuu ta'uun ishee ragaaleen adda addaa ni agarsiisa. Qabeenya bishaanii naannichaa qorachuu, misoomsuu, kunuunsuu , bulchuun, karaa seera qabeessa ta'een misoomaaf akka ooluu fi guddina biyyaa keessatti gahee isaa akka bahuu gochuuf aangoon BBIO kenamee jira.Haalumma kanaan tajajilaa bishaan dhugaatii qulquluu uummata naannoo keenyaa biraan qaqabsisuun walqabatee bara xumuraa KGT-II (2012)ti uwwiisii tajajilaa bishaan dhugaatii qulquluu naannoo %69.62 irra ga'ee ture bara KIB waggaa sadii (2013-2015) kana keessatti gara %83.12 ol guddisuuf karoorfamee hojii hojjetamaa tureen waggoottan sadaan darbaan kanatti Baajeta Mootummaa, hirmaannaa hawaasaa fi qooda fudhattoota adda addaan ijaarsa piroojeektoota bishaan dhugaatii qulqulluu 26,172 (%95) Baadiyaati (%96) fi Magaalaati (%20) ijaaruun uwwiisaa bishaan dhugaatii naannoo kenyaa ***%86.7***(Baadiyaan % 87.89 fi Magaalaan %88.3) guddisuun danda'ameera. Hojii hojjetame kanaaniis uummaatii naannoo kenyaa KGT-II xumuraatii mil. 27,697,366 (Bad. 23,621,313 fi mag. 4,076,053) bishaan dhugaatii qulquluu argatee irratti dabaluun bara KIB waggaa sadii kana keesaatii mil. 8,768,395( Bad. 7,082,509 fi mag. 1,685,886) bishaan qulqulluu obaasun dandamera . yeroo amma uummaata naannoo keessaa mil.36,465,761( Bad. 30,703,822 fi mag. 5,657,724) bishaan dhugaatii qulquluu argataa jira.

Giraafii:16.Waliin gahiinsa bishaan dhugaatii



**Madda: BAIO**

Giraaffii:17.Baay'ina Tajaajilamaa




**Madda: BAIO**

**Qorannoo fi Dizaaynii Bishaan Dhugaatii**


Qorannoo fi Dizaaynii bishaan dhugaatii Baadiyaa fi magaalatii bara 2012ti lakk. waliiduraa duuban 415 fi 61 irra ture bara KIB wagga sadan darban keessatti Baadiyaatt 255, magaalaatti 148 hojjeechuuf karoorfamee Baadiyaatiti 440 fi magaalaatti 28 waligalaan 468(%116) hojjachuun danda,ameera. Raawwiin kunii KIB waggaa sadii irraa yeroo madaalamu kan baaddiyyaa %172 hojeetamee kan jiru yeroo ta'u, kan magalaa KIB wagga sadii irraa %18.92 , KIB wagga shaan irraa %8 qofa raawwatamee. Raawwiin magalaa baay'ee gadii aannaa waan ta'eef dhimmi qoraannoo fi dizaayiinii piroojeektootaa dursa xumuruun hojiif qophesuu gaaffii keessa kan galu waan hin taanef rakkoo isaa adda basuun tarsimoo raawwii qophefachuun irratti hojeechuu murtesaa ta'a.

**Hojiiwwaan Haaroomsa fi Suphaa Iskiimootaa**

Iskiimoota Bishaan dhugaatii sababa adda addaatiin tajaajila dhaaban akka tajaajila kennan taasisuuf hojiwwan haroomsa, suphaa fi bakka buusuu Karoora Imala Badhaadhinaa waggoottan sadii keessatti karoorfamanii turan; haaroomsaa fi fooyyeessuu maddoota bishaanii 1,746, suphaa meeshaalee EM 4,550 fi bakka buusuu meeshaalee EM 2,044 yoo ta'an, kana keessaa

haaroomsaa fi fooyyeessuu 1,318 (%75.48), suphaa meeshaalee EM 6,313 (%138.75) fi bakka busuu meeshaalee 2,197(%.107.49) tartibaan raawwatamee jira.Haaluma kanaan Buufaataalee bishaan dhugaatii tajaajila hin kennine xumura KGT-II ti %6.52 irraa gara %6.27 ti gadii busuuf karoorfamee %5.11 gadi buusuun danda'ameera.

Giraafii:18. Iskiimota tajaajila hin kennine




**Madda:BBIO**

**Misoomaa baayoo inerjii**

Hojiiwwaan gama misooma Baayoo Inerjiitiin karoora imala badhaadhinaa waggoota sadan darban keessatti karoorfaman geemmoo qoraan qusatan raabsuu Mil.2.7 ijaarsa wiirtuu oomisha geemmoowwanii 67 fi ijaarsa baayoo gaazii 3,960 karoorfamee kan ture yoo ta'uu walduraa duuban geemmoo qoraan qusatan raabsuu mil.2.1 (%77.39), ijaarsa wiirtuu hoomisha geemmoowwanii 67 (%100) fi ijaarsa baayoo gaazii 3,984 (%100.61) raawwachuun abbaa warraa 11,958 fayyadamaa ta'ee jira.

**Raabsa Solaarii**

To'annoo, hordoffii fi deeggarsa raabsa solaarii cimsuudhan waggoottan sadaan darban keessatti soolaarii laantarinii fi Solaarii Man-tokkee (Solar Home System) 125,000 fi 75,000 uummataaf raabsuuf karoorfame 138,177 (% 110.54 fi 80,128 (%106.84) raabsuun uummata 1,528,135 ta,an fayyadamaa gochuun dandahamee jira.

### 3.1.9. Misooma Daandiiwwanii fi Loojistiikii

Bu'uraaleen misoomaa guddina biyyaaf murteessaa ta'an keessaa tokko hojii misooma daandiiti. Biyyoota aritiin guddaachaa jiran kanneen akka biyya keenyaf ammoo misoomi daandiin shoora gudda ykn gumaacha guddaa qaba.Bu'uruma kanaan mootummaan naannoo Oromiyaas misooma daandiiwaaniif xiyyeeffannoo keennuun daandilee gandoolee fi gandoolee, aanaalee fi


aanaalee godinaalee fi naanoolee, bonaa fi gannaa wal-qunamisiisan hedduu ijaaraa fi suphaa cimaa gochaa jira.Karoora Imaala Badhadhina kallattii karoora biyyolessa wajjiin wal simuun karoorfate misooma daandii babali'suf hojeechuu erga jalqabee waggaa sadi lakkofsiseen waliinga'insi daandii dabalaa jira.

Dheerina daandii bonaa fi gannaa Oromiyaa keessatti bara ka'umsa 2012ti km 55,815.22 irra ture hanga waagaa sadii (2013-2015) ti km 60,356.87 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin isaa km. 60,081.72 (%99.5) irra gahe jira.Wagga sadii keessaati km.4,266.72 kan hojjetame yoo ta'esii KIB wagga shan irraa yeroo ilaallamuu raawwiin kun %25.7qofa dabalee jira.Kanaaf karooraa waggaa lamaan hafe keessatti misooma daandiif xiyyefannoo addaa kennuun karoora qindomina qophefachuun qabenya jiru hunda sosochosuun piroojeektootaa qabaman hunda hojjechuun dhimma filannoo hin qabnee ta'a.

Gobbina daandii bal'ina lafaan (bal'ina lafaa Oromiyaa/ $km^2$ 1,000)n raawwiin isaa bara ka'umsa 2012 153.6 $km^2$ irra ture waggaa sadi keessatti 166.2 $km^2$ ol guddisuuf karoorfamee gara 165.27 $km^2$ guddate jira.Wagga sadan kana keessatii %11.67 kan guddatee yoo ta'esii karoora wagga shanii irra ammo **%23.9** qofan akka guddate agrsiisa.Karoora wagga shanii bira gahu irratti garaagarummaa guddaan waan jiruuf, akkasumasii raawwii uwwisaa daandii waajjiin waan walii qabatuuf hojiin misoomaa daandii dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha.

Misooma daandii kan ibsu keessa inni tokko rukkina daandii baay'ina ummataatiin (baay'ina uummata Oromiyaa/1,000) yoo ta'u bara 2012tti 1.44 irra kan ture waggaa sadi keessatti gara 1.58 ol guddisuuf karoorfamee 1.57 guddisuun danda'ameera.

Giraafii: 19.Misooma Daandii




**Madda:BDLO**

### Bulchiinsa Qabeenya Daandii

Hojii ijoon bulchiinsa qabeenyaa daandii daandilee kanaan dura hojjetamanii tajaajila kennaa jiran tajaajila itti fufiinsa qabu akka kennaniif yeroo yeroon suphaa  gosa adda addaa( cimaa fi salphaa) gochuufiin itti fufinsaan hawasaaf tajajilaa akka kenaan gochuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan bara KIB wagga sadii kan keessatti suphaa cimaa fi salphaa km. 19,394.79 geggeesuf karoorfamee km.19,020.7(%98) raawwatamee jira.Hojii hojjeetame kanaan daandilee rakkisoo ta'anii tajaajila kennuu hin dandeenye suphuun hawaasni tajaajila gahaa akka argatu ta'eera.Hojii raawwii gaarii irra jiru waan ta'eef caalmaatti hojjetamuu qaba.

Gabatee:25. Karooraa fi Raawwii Suphaa Daandii (2013- 2015)

| Lak | Agarsiftuu | Gosa suphaa | Saf. | 2012 | 2013 | | 2014 | | 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | karooraa | raawwii | karooraa | raawwii | kar | raaw |
| 2 | Bulchinsa Qabenyaa dandii/suphaa dandii | Waligala suphaa dandii | km. | 21,360.29 | 6,532.58 | 6496.88 | 6,659.51 | 6,602.4 | 6,202.8 | 5,921.4 |
| 2.1 | | cimaa | km. | 6151.08 | 1293.54 | 1287.77 | 1298.24 | 1,283.03 | 1,171 | 1,003 |
| 2.2 | | salphaa | km. | 15,209.21 | 5,239.04 | 5209.11 | 5,361.26 | 5319.37 | 5,031.8 | 4,918.4 |

Madda:BDLO

### Bu'uraalee Geejibaa fi Lojestikisii

Induustrii n geejjiba oromiyaa keesssatti akka babal'atuu fi guddina biyyaatiifiis gumaachuuf hojiileen gama damee kanaan hojjetamaa turanii fi jiran akka armaan gaditi dhiyataan jiru. Ijaarsa buufata Qindaa'aa Konkolaataa  bara 2013 dura eegalaman 8  keessaa 1 qofti xumuramee tajaajilaa uummataatiif banaa yoo ta'an 7  ammoo giddu galeessaan 60.32%  irra qaqabanii jiru. Ijaarsa buufata qindaa'aa konkolataa haaraa bara 2014 keessa eegalaman 3 hojiin ijaarsa isaanii eegalamee jira.

### Rakkoowwaan ijoo misooma dandii fi lojeestiksii keessatii adda bahaan

Qorannoo fi dizayiin piroojeektootaa xumuruun hojii keessa galuun amma illee guutumaan gutuutti dhimma furamee miti, gahee gejjibnii fi loojistiksiin misooma fi diinagdee biyyaa keessatti qabu hubachuun  xiyyefannoon itti hojeetama jirachuu dhabuu

Sirni bulchiinsa Koontiraakteraa fi gorsaa laafaa ta'uu,rakkoo dhiyeessii  meeshaalee ijaarsaa jiraachuu fi sirnii hordoffii fi deeggarsa pirojektootaaf godhamu laafaa ta'uun isaan ijoo dha.

### 3.1.10. Bulchiinsa Lafaa

Lafti leecalloo /qabeenya/ murta'aa uumamaan argamuu fi bu'aan isaas haala qabatamaa itti fayyadama lafaatin kan murtaa'udha.Dhiyeessii lafaa tajaajila misooma barbaachisuuf mirkaneessuun misoomni induustrii gahee hundamtaa oomisha waliigalaa keessatti qabaatu dabaluun jijjiirama caasaawwaan hawas-diinagdee mirkaneessuun bu'aa waliigalaa eegamu olaanaa tasisuu dandaa'a.

Dhiyeessii lafa baadiyaa tajajilaa adda addaatiif oluu bara KGT-II hek. 420,570 dhiyaatee ture, bara KIB(2013-2015) keessaa lafa tajajilaa adda addatiif oluu hek.258,120 qopheesuuf karoorfame lafti hek. 283,603(%110) karooraa wagga shan irraa %73 qopheesun dandamera. Kana keessaas, tajaajila invastimantii Baadiyaatiif kan oolu hek.152,755 (%110), hawaasummaaf hek.33,891(%247), IMX hek. 87,307(%99); akkasumas,pirojektoota babal'ifannaatiif hek 2,529(%38) kan qophaa'e yoo ta'u, lafa qophaa'e kana keessaa; fedhii misooma Baadiyaa dhiyaatu giddu-galeessa gochuun lafa hek.165,539 dabarsuuf karoorfamee lafti hek.144,753 (%87) tajaajila adda addaatif darbee jira.

Lafa darbe kana keessaas, tajaajila invastimantiif kan darbe hek.69,803, hawaasummaatiif hek. 11,951, IMX hek. 60,654, pirojektoota babal'ifannaaf hek.2,168 kan darbeedha. Qophiin lafaa fi dabarsii lafaa yeroo walbira qabamee ilaalamu qophiin karooraa olii yoo ta'eesii galmii isaa faayyadamtootaaf dabarsuun bu'aa eegamu mirkanesu ta'e osoa jiruu kan qophaa'e dabarsuun karooraairraa %58 ta'ee dugugaanii dabarsuu dhabuun kan jiru waan ta'eef milka'inaa hojii kanaaf qinidoominni ga'e olaanaa qaba.

Gabatee: 26.Lafa baadiyyaa tajaajila adda addaa tiif oolu

| Hojjilee gurguddoo | Safa rtuu | Ka'u msa Bara 2012) | Mani (2013-2017) | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Bara 2015 | | Bara 2013-2015tti | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Manii | Raawwii | Manii | Raawwii | Manii | Raawwii | Manii | Raawwii | % raawag. 3 irraa |
| **Lafa Baadiyaa tajaajila adda addaaf qophaa'e** | Hek | **420,570.00** | **388,328.30** | **85,587** | **77,077** | **88,142** | **82,487** | **84,391** | **124,039** | **258,120** | **283,603** | 109.87 |
| Investimantiif | Hek | | | 47,968 | 34,422.18 | 41,973 | 48,249.89 | 48,362 | 70,082.85 | 138,303 | 152,755 | 110.45 |
| Hawaasummaaf | Hek | | | 6,589 | 10,941.62 | 555 | 6,183.00 | 6,574 | 16,765.95 | 13,718 | 33,891 | 247.05 |
| Pirojaktoota babal'ifannaaf | Hek | | | 2,580 | | 2,790 | 678.00 | 1,301 | 1,851.15 | 6,671 | 2,529 | 37.91 |
| IMX'f | Hek | | | 25,950 | 27,721.50 | 34,000 | 27,376.00 | 27,918 | 32,209.07 | 87,868 | 87,307 | 99.36 |


| Hojjilee gurguddoo | Safa rtuu | Ka'u msa Bara 2012) | Mani (2013-2017) | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Bara 2015 | | Bara 2013-2015tti | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Manii | Raawwii | Manii | Raawwii | Manii | Raawwii | Manii | Raawwii | % raawag . 3 irraa |
| Albuudaaf | Hek | | | 2,500 | 3,991.53 | 8,824 | | 236 | 3,130.39 | 11,560 | 7,122 | 61.61 |
| **Lafa Baadiyaa tajaajila adda addaaf qophaa'ee darbe** | **Hek** | **420,570.00** | **291,246.20** | **43,688.0** | **32,766** | **58,556** | **48,692** | **63,295** | **63,295** | **165,539** | **144,753** | 87.44 |
| Invastimantiif | | | | 22,223.0 | 16,667.3 | 30548 | 16864 | 36272 | 36272 | 89,043 | 69,803 | 78.39 |
| Hawaasummaaf | | | | 3,067.0 | 2,300.3 | 416 | 4720 | 4931 | 4931 | 8,414 | 11,951 | 142.04 |
| Pirojaktoota babal'ifannaaf | | | | 1,185.0 | 888.8 | 2092 | 303 | 976 | 976 | 4,253 | 2,168 | 50.97 |
| IMX'f | | | | 17,213.0 | 12,909.8 | 25500 | 26805 | 20939 | 20939 | 63,652 | 60,654 | 95.29 |
| Albuudaaf | | | | | | | | 177 | 177 | 177 | 177 | 100.00 |

**Madda: BBLO**

Dhiyeessii lafa magaalaa tajaajila adda addaatiif oolu bara KGT-IItti hekt. 28,583 irra ture bara KIB 2013-2015ti lafa tajaajila adda addaatiif oluu hek. 23,472 qopheessuuf karoorfamee hek.18,378 (%78) qophaa’era. Karooraa wagga shaan irraa yeroo ilalamuu %50.6 irra kan jiru ta’uu isaati.Kana keessaas,tajaajila IMX hek 2,031, tajaajila daldalaaf hek.1,822 Induustirii f hek 2,593, mana jireenyaaf hek. 5,647, iddoo bakka bu’iinsaaf hek.1,425, hawaasummaaf hek.3,237, deebisanii misoomsuuf hek.638, tajaajila yeroof hek. 870, babal’ifannaaf hek.114 ta’u qophaa’eera.

Lafa Magaalaa qophaa’e kana keessaa hek.14,584 tajaajila adda addaaf ramaddiin dabarsuuf karoorfamee hek. 10,044(%69)darbee jira.Raawwii dabarsa lafa magaalaa gosa tajaajilaatin yemmuu ilaallu,tajaajila mana jireenyaaf kan darbe hek. 2,399, tajaajila IMX’tiif kan darbe hek. 1,409, induustrii adda addaaf hek. 1,902, tajaajila hawaasummaatif hek.2,093, tajaajila yerootiif lafa hek. 571, daldalaaf lafa hek. 620,iddoo bakka bu’iinsaaf hek. 557, babalifamaaf hek. 211fi deebisanii misoomsuuf hek. 282 akka darbu taasifameera.Akkummaa lafa Baadiyaa lafa magaalaa irratiis kan qophaa’e irraa karoorii dabarsaa lafa fi kan darbaa jirus hanqina kan qabuu waan ta’eef fuula duraaf qindoominaan qabachuun barbaachisaa ta’a.Dabalaataan magaala irratii qophii lafaaf beenyaa barbachisuuf baajetaa gaha ramaduu dhabuun hudhaa tokko waan ta’eef dursee itti yaadamuu qaba.

Giraafii:20. Dabarsa lafa magaalaa




**Madda: BBLO**

**Bulchiinsaa Qabiyyee Lafaa fi itti fayyadamaa lafaa Ammayyeessuu**

Bulchinsa qabiyyee lafaa itti fufiinsa qabu hojii irra olchuun rakkoo bulchinsa gaarii lafaa fi lafaa waajjiin walqabatee jiru hiikuu,wabii amansiisaa qabiyyee lafa irratii fayyadaman qabachuun wabii godhachuun carra liqii argachuu, galii dabaluu, faalmii lafaa hirisuu keessatti ga'e olaanaa qaba.

Hojii kaadaastara baadiyaa waggoota sadeen darban keessatti hojjetameen bara KGT-II (2012)tti lafa baadiyaa haala hammayyaatiin safaruu fi galmeessuu parsili 6,150,592 ture KIB wagga sadii kan keessatii parsilii 5,586,019 dabalataan safaruu fi galmessuuf karooraafamee parsili 4,217,285 (%75) safaruu fi galmeessuun dandamera. Karooraa waggaa shanii irraa raawwiin kun yeroo ilalamuu %55 irra jira.

Kenna waraqaa qabiyyee lafa sadarka 2ffaa ilaalchisee wagga sadaan darbee keessatti abbaa warraa 907,389( dhi. 692,119 fi dub. 215,270) ya'aniif kennuuf karoorfamee abbaa warraa 928,148 (%102)(dhi. 730,782fi dub. 197,366) ta'aniif kennuun danda'ameera. Raawwiin kun karooraa waggaa shanii abbaa warraa waraqaa qabiyyee sadarka 2ffaa argachuu qabaa 1,386,721 %67 irra jira.

Galmeessa qabiyyee lafa magaalaa KGT-IItti parsili 1,606 raawwatamee KIB waggaa sadii kana keessatti parsili 241,303 galmesuuf karoorfamee parsili 182,934 (%76) waggaa shan irraa %24

xumuramee jira. Mirkanesa qabiyyee lafa magaalaa KGT-II keessatti parsili 2,513 raawwatamee ture , KIB wagga sadii keessaatti parsili 360,372 hojjechuuf karoorfamee parsili 274,534 (%76) kan raawwatamee fi karooraa waggaa shanii KIB kessaa %36 irra jira.

Kenna waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa waggaa sadan kana keessatti namootaa 443,968 keenuuf karoorfamee namootaa 127,442 (%29) karooraa waggaa shanii keessa %17 qofti kennamera.Walummaa gala raawwiin bulchinsaa qabiyyee lafa magaalaa kan Baadiyaa waajjiin walii bira qabamee yeroo ilaalamuu gadi bu'ee ta'e argama. Maddi rakkoo raawwii kana gadi busaa jiru qoratamee yeroo karooraa waggaa lamaa hafe keessatii furmaata kennuun barbachisaadha.

Gabatee:27. Bulchiinsaa Qabiyyee Lafaa fi itti fayyadamaa lafaa Ammayyeessuu

| Lak k | Kadastera Magaalaa | Safartu | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Bara 2015 | | Bara 2013-2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Karoora | Raaww | Karo | Raaww | Karoora | Raawwi | Karoora | Raawwii | % |
| **1** | **Qiyyaasa** | Parcel | 70,400 | 102,834 | 140,000 | 161,929 | 181,910 | 181,910 | 392,310 | 446,673 | >100 |
| **2** | Mirkaneessa | Parcel | 70,400 | 50,475 | 140,000 | 89,084 | 149,972 | 134,975 | 360,372 | 274,534 | 76 |
| **3** | **Galmeessa** | parcel | 52,800 | 29,082 | 70,000 | 59,050 | 118,503 | 94,802 | 241,,303 | 182,934 | 76 |
| **4** | Kenna waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa | Lk | 151,666 | 13,678 | 189,583 | 36,725 | 102,719 | 77,039 | 443,968 | 127,442 | 29 |

Madda: BBLO

Magaalaa keessatii qabiyyee durii seera qabeessa taasisuu KGT-II keessatti namootaa 176,748 raawwatamee, KIB waggaa sadan kana keessatti namootaa 215,179 seera qabeessa tasisuuf karoorfamee namootaa 233,768 (%109) karooraa waggaa shanii keessaa %132 raawwatamee jira. Akkasummas ijaarsaa seeran alaa dambii duraa seeraa qabessa taasisuu KGT-II keessatti namootaa 22,183 raawwatamee ture KIB waggaa sadan kana keessatti namootaa 80,654 seera qabeessa tasisuuf karoorfamee namootaa 80,260 (%99.5) seeraa qabsiiisun mirkanee jira.

# KUTAA AFURA

## Kilaastar Misooma Magaalaa

## 4.1. Damee Misooma Magaalaa

#### 4.1.1. Misooma Induustirii fi Ce'umsa Caasaa Diinagdee

Kaayyoon induustiriiwwan babal'isuu oomisha fi oomishtummaan indutiriiwwanii guddisuun ce'umsa caasaa diinagdee akka ariifachiisu, Ce'umsa teknoolojii fi beekmsaa uumuu, Carraa hojii uumuun hojii dhabdummaa hir'isuu, Oomisha alaa galu bakka buusuu fi galii Oomisha al-ergii guddisuun sharafa biyya alaa argamsiisuun gahee adda durummaa isaa akka taphatu taasisuudha.

Raawwii sochii ce'umsa diinagdee fiduuf baroota sadan darban kana keessatti ture ilaaluuf milkaa'inaa fi hanqina induustirii manfaakcheringii (IMX dabalatee), Inveestimentii dhuunfaa fi inisheetiivota mootummaan irratti xiyyeeffate ilaaluun barbaachisaadha. Dhimmoonni hojiilee gurguddoo sadan kana keessatti Xiinxalamaan keessaa: hojiilee haal dureewwanii (potenshaala adda baasuu, hawwachuu, simachuu/ gurmeessuu, eyyama kennuu), deeggarsa taasisuu (liqaa, walitti hidhaminsa, iddoo) fi gahumsa madaaluu (carraa hojii uumuu, baayinaa fi qulqullinaan oomishuun gabaa keessa galuudha.

#### 4.1.2. Raawwii Misooma Magaalaa

### Raawwii Bu'uraalee Misooma Magaalaa

Baay'ina uummata magaalaa dabalaa jiruun wal-qabatee fedhiin bu'uraalee misoomaa magaalaa guddachaa jira.Gaaffii jiraattota magaalaaf deebii kennuuf jecha ijaarsi bu'uraalee misoomaa hirmaannaa hawaasa magaalaa, mootummaa fi dhaabbilee misoomaa adda addaatiin gaggeeffamaa jira.Haaluma kanaan raawwii waggoottan sadan bu'uraalee misooma magaala keessaa kanneen gurguddoo ta'an gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

Gabatee: 28.Raawwii bu'uraalee misooma hirmaannaa uummataa

| Lak | Agarsiiftuwwan | Safa | Manii Waggaa 5 | Bara 2013-2015 | | | Raawwii waggaa 5 irraa (%)n |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | kar | raw | % | |
| 1 | Daandii keessa keessaa haaraa saaquu | Km | 8,645 | 3790 | 3515 | 93 | 41 |
| 2 | Daandii Asfaaltii | Km | 15 | 8 | 8 | 100 | 53 |
| 3 | Daandii Cirrachaa | Km | 7,735 | 2899 | 2037 | 70 | 26 |

| La k | Agarsiiftuwwan | Safa | Manii Waggaa 5 | Bara 2013-2015 | | | Raawwii waggaa 5 irraa (%)n |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | kar | raw | % | |
| 4 | Daandii koobilistoonii | Km | 425 | 238 | 226 | 95 | 53 |
| 5 | Suphaa daandii cirrachaa | Km | 7125 | 2743 | 2013 | 73 | 28 |
| 6 | Bo'oo lolaa (ditch) | Km | 4145 | 1869 | 1782 | 95 | 43 |
| 7 | Sarara ibsaa diriirsuu | Km | 3625 | 1739 | 1603 | 92 | 44 |
| 8 | Sarara bishaanii diriirsuu | Km | 1795 | 1515 | 1962 | 100 | 100 |
| 9 | Riqicha (culvert) ijaaruu | Lakk | 4750 | 2448 | 2544 | 100 | 54 |
| 10 | Mana fincaanii umaata ijaaru | Lakk | 2250 | 1138 | 1269 | 100 | 56 |
| 11 | Boonoo bishaanii diriirsuu | Lak | 1125 | 763 | 675 | 88 | 60 |
| 12 | Waajjira gandaa ijaaruu | Lakk | 940 | 328 | 563 | 100 | 60 |
| 13 | pedestrian | km | 120 | 91 | 91 | 100 | 76 |

Madda: Misooma magaalaa

Akka walii galaatti yoo ilaallu hojiilee bu’uuralee misooma hirmaannaa uummataa fi abbootii qabeenyaa hirmaachiisuun hojjetame jajjabeessaa fi kan nama abdachiisuudha jechuu ni danda’ama.Haa ta’uu malee rakkoolee nageenyaa fi qalla’insaa gabaa ol ka’ee jiruuf bu’uraalee misoomaa mursa biratti hanga karoorfamee raawwachuu dhabuu FKN:- Suphaa daandii cirrachaa irratti raawwiin gadi bu’uu danda’ee jira.

**Hirmaannaa Uummataa misooma magaalaa keessatti**

Jiraatan magaalaa hojiiwwan misoomaa gaggeefamaa jiru keessatti qooda inni fudhachaa jiru bakka ol-aanaa qaba.Haaluma kanaan waliigala waggottan sadaan darban hirmaannaan hawaasaa gama hundaan misooma irratti hirmaate maallaqatti yoo tilmaamamu qar bil. 6.9 irra gahuuf karoorfamee qar.bil.9.66 raawwachuun danda’amee jira.Haa ta’u malee, fedhii hawaasaa fi rakkoo bu’uraalee misoomaa walbira qabamee yeroo ilaalamu gahaadha jechuun hindanda’amu. Rakkoon gama kanaan mul’atu rincica hamaan kan jiru ta’uu, hirmaannaan karooran kan hoogganamu osoo hin taane haalarratti kan hundaa’e ta’uu, hojiiwwan hirmaannaa hawaasaan hojjetama iftoomina dhabuu yommuu ta’u karoora itti aanu keessatti, hirmaannaa hawaasaa karooraan hogganuu, iftoomina uumuu fi uummataaf amanamaa ta’uun hojjetamuu qaba.

**Raawwii Hojii Magaalomsuu, Walitti Hidhaminsaa Magaalotaa**

Waggoottan sadan (2013-2015) darban kana keessatti sirna gurmaa’insa magaalotaa naannoo keenya cimsuudhan shoora magaalonni diinagdee naannoo fi biyyaa guddisuu keessatti qaban

dabaluu fi walitti-hidhamiinsa magaalaa fi qaamolee adda addaa magaalota keessatti fi naannoo magaalotaatti argaman giddutti cimsuun magaalotni fi dhaabbileen kunneen hojii misooma magaalaa keessatti wal-deeggaranii akka guddatan gochuuf hojiin baladhaa hojjetamaa tureera.

Qorannoo Gidd-Gala Ganda Baadiyaa amala magaalummaa qaban gaggeessuun qaama seerummaa magaalummaa kennuu waggoota sadan kana keessatti raawwiin jiru %95, karoora waggaa shanii irraa %55 irra ga'ee jira. Haa ta'uu malee fedhiin magaalaa ta'uuf jiru guddaa ta'uullee, hunda bira ga'anii qabatamummaa ragaa hawaas-dingdee isaanii sakkata'uun yaada murtii dhiyeessuuf humni nama, yeroon, baajatni fi loojistikiin hanqina qabachuu fi godinaalee hunda keessa seenanii hojjechuuf rakkoon nageenya hudhaa tokko ta'e jira. Hojiiwwan waggootan sadan kana keessatti hojjataman ilaalchisee

Beekamtii qamaa seerumaa 22 kan argatan ta'ee qorannoo fooyya'insa sadarkaa magaalaa gaggeessuun guddina sadarkaa kennuu ilaalchisee waggoota sadan kana keessatti raawwiin jiru %100 ol ,karoora waggaa shanii irraa raawwiin %99 raawwatee jira. Akka fakkeenyaatti foyya'insaa sadrkaa magaalaa gaggeessun guddina sadrkaa kennamee akkaataa armaan gadiitti ibsamee ilaaluu danda'ama.

Isaanis:-

- Meetropplisiitti Magaalaa Shaggar
- Riijihoopoolisitti kanneen guddatan Adaamaa, Bishooftuu fi Shaashamannee,
- Muummeetti kanneen guddatan Roobee fi Maayaa
- Olaanaatti kanneen guddatan Mooyyaalee, Bulee Horaa, Shaakkisoo, Dodolaa, Sandaafaa Bakkee, Shanoo, Najjoo, Mattuu, Aggaaroo,Baatuu
- Mana qophessaa guddattuu irraa Gara mana qaopheessatti qorannoo gaggeefamee murtoo kan hin argatin Fittaal , Hobor, Salqaa Bakkayyee, Darii Qidaamee, Aalgaa fi Baggeen
- Jalqaba irraa gara Muummeetti guddatanii boodaa gara Shagaritii makkaman (Galaan, LXLD fi Sulultaa) kkf hubachuu danda'ama.

Qorannoo hundeeffama ganda dabalataa geggeessuun gurmaa'insa gandoota magaalaa kenna tajaajilaaf mija'aa gochuuf waggoottan sadan kana keessatti %100 ol, kan waggaa shan irraa %90 raawwatee jira.

Waliigalaatti walitti-hidhamiinsa magaalaa fi qaamolee adda addaa waliin gaggeeffameen raawwii waggoottan sadan darban %100 ol yoo ta'u, kan waggaa shanii irraas raawwiin sadarkaa gaarii irra jira. Bu'aalee gurguddoo gama hojii walitti-hidhamiinsaan waggoota sadan kana keessatti galama'aanis yoo ilaalluu:- Magaalotni tokko tokkoo maashinarii waliif ergisuun bu'uuralee misooma magaalaa keessa hojjechuu, Sarara bishaanii diriirsuu, Daandii cirrachaa, Daandii Asphaaltii, Daandii dhagaa bocamaa, Boonoo bishaanii, Sarara ibsaa, Daandii keessa keessaa, Burqaa bishaanii gabbisu, Boolla bishaan gadi fagoo, Kuusaa bishaanii, Daandiin haaraa (Biyyoo), Riqicha xixxiqqaa, Bakka daldalaa bu'a qonnaan bulaa , Bo'o lolaa (dichii), Ijaarsa waajjira gandaa, Mana fincaanii fi Shaworii, Carraa barumsaa, Suphaa daandii keessa keessaa, Sheedii ijaaru (NGO fi qaamolee garagaraa waliin) qarshii mil. 782 oli ta'een hojjetame abbaan warraa 215,040 ol ta'u faayyadamaa taasisee jira.

**Sirna Fooyya'iinsa Bareedinaa fi Magariisuu Magaalaa**

Misooma magariisummaa magaalaa dabaluun iddoowwan magarisummaa magaalaa haala pilaani irra jiraniin (lafa waligalaa keessaa %30 adda baasuun) karaa standardii isaa egeen misoomsuu %22 irra jiru gara %42 ol guddisuun akka misoomuuf kaayyoo fi galma qabamee milkeessuuf qabamee waggoota sadan kana keessatti haaluma qabatameen raawwatamee jira.

Akka waliigalaatti raawwii jiru foyyee qabaatus, iddoo magariisummaa magaalaa akkaataa pilaanii magaalaa irratti qabamee jiruun kaartaa itti qopheessuun qisaasama jalaa oolchuuf karoorri qabatamee itti deemuun akkuma jirutti ta'ee yeroo tokkotti kan pilaanii irra jiru fudhachuun hundaaf kaartaa itti qopheessanii xumuruun hin danda'amne. Kunis qaamni ilaallatu qindoominaan hojjechuu dhabuun akka hanqinaatti kan ka'u ta'u illee rakkoo guddaan hanqina xiyyeeffannoo fi fedhii dhabuuti.

Iddoon qaccee lagaa karaa istaandardii isaa eegeen akka misoomuu taasisuu raawwiin waggootan sadii %13 kan waggaa shanii irraa %6 qofaa raawwachuu isaa, rakkoon guddaan hanqina Baajetaa ta'uun isaa hubatamee jira. Kanaaf waggootan hafanitti xiyyeefannoo hoggansaa kan barbaaduudha.

**Balfa gogaa dhaabbilee adda addaa irraa ba'an**

Labsiin 177/2005 to'annoo faalama naannoo mootummaa naannoo oromiyaa murteessuuf bahe bu'uura godhachuun dhaabbileen kamuu sirna balfa gogaa itti qabachuu danda'u diriirsuu qaba.

Bu'uruma kanaan,balfa gogaa dhaabbaticha keessatti oomishaman adda baasuun qabachuun bakka balfa magaalichaa itti dhabamsiifamutti saassaabuu qaba. Hojiin kun raawwatamuu isaa abbaan taayitaa eegumsa naannoo magaalichaan hordofamee itti gaafatamummaan mirkanaa'uu qaba.Kanuma bu'reeffachuun sirna qindaa'aa qabiinsaa fi dhabamsiisa balfa goggogaa hojii irra oolchuun qulqullina magaalaa dabaluun uwwisa sassaabbii balfa jajjaboo magaalotaa % 49.9 irra jiru gara % 62 irraan gahuuf kaayyoo fi galma qabamee milkeessuuf hojii hojjatameen:-

Akka waliigalaatti raawwii waggootan sadan yommuu ilaalamu hojicha karaa baratamaa ta'een hojjechuu bira darbamee akka tarkaanfii addaatti qabachuun xiyyeeffannoo hoggansaa akka argatu waan godhameef raawwiin isaas fooyyee dha jechuun ni danda'ama.Haa ta'u malee hojmaanni hojii kanaa akkaataa barbaadamuun qulqullinaan raawwachuun lafa qabateera jechuun hin danda'amu. Kunis manneen jireenyaas ta'e dhaabbileen balfa ofii maddisiisan adda baasuun meeshaalee balfi yeroof itti kuufamu qopheessanii sirnaan qaama ilaallatuuf dabarsuu irratti hanqinni ni jira. Hojichi ammas xiyyeeffannoo addaa kan barbaadu dha.

Raawwii iddoo balfaa goggogaa itti gatamuu ijaaruun rakkoo iddoo gatinsaa fi dhabamsiisa balfaa jajjaboo hiikuuf magaalota keenya keessatti yaaliin xixiqqaan taasifamaa tureera. Haala kanaan magaalaan Jimmaa fi Bishoftuun iddoo gatinsa balfaa duraan qopheeffatanii yeroo ammaa kana tajaajila kennaa jiran ta'u illee karoora waggaa shanii keessatti iddoo gatiinsa balfaa (SLF Claas 2)5, (CLF Class 3) 15 hojjechuuf karoorfamee hanga ammaatti iddoo gatiinsa balfaa (SLF Claas2) magaalaan lama magaalaa Sabbataa fi Shaashamannee ijaarsa jalqabanii magaalaa sabbataa fiizikaalaan %77 fi magaalaan Shaashamannee %49 irra gahee jira.Gama biraatin iddoo gatiinsa (CLF Class3) waggoota sadan kana keessatti 6 hojjechuuf karoorfamee magaalaan 4 (Walisoo, Galaan, Sulultaa fi Hoolotaa) sadarkaa qorannoo irra kan jiran ta'uu hubatamee jira.Sababiin raawwiin isaa gadi anaa ta'eef, baajatni ijaarsaaf barbaachisuu guddaa waan ta'eef magaalotni Baajetaa itti qabanii hojiitti galuu dhabuun waan jiruuf gara fulduraatti xiyeefannoo hoggansaa barbaada.

**Balfa dhangala'oo**

Magaalonni keenya baayyeen isaanii lageen keessa kan darbaniif lageen kun balfa dhangala'aa fi gogaan ukkaamfamaa kan jiran yommuu ta'u, magaalota jireenya dhala namaaf mijatu taasisuu keessatti hojiin qarqara lageenii irratti hojjetamu murteessaadha.Haaluma kanaan waggoottan

sadan darbanitti qarqara lageewwan 16 misoomsuuf karoorfame keessaa 2 qofti raawwatee jira.Haata'u malee hojii kana baajjeta mootummaatiin qofa hojjechuun waan hin danda'mneef dhaabbileen adda addaa, namoota dhuunfaa fi kkf kennuun qarqara lageenii misoomsuu waan danda'amuuf karoora itti aanutti tarsiimoo ittiin qarqara lageen magaalota keessa jiranii misoomsuu danda'amu irratti ciminaan hojjetamuu qaba.

**Bulchiinsaa fi Misooma Manneenii**

Magaalummaan akkuma dabalaa deemuun lakkoofsi uummata magaalotaa dabalaa akka deemu beekamaadha.Bu'uuruma kanaan, magaalota keessatti rakkoowwan hiikamuu qaban keessaa inni tokko dhiyeessii mana jireenyaati. Rakkoo kana furuuf waggoottan sadan darban (2013 - 2015) misooma manneen adda addaa (Kondomineemii, mana qusannaa fi dhaabbilee mootummaan gaggeeffamuutiif karoorfaman 7,393 keessaa 2,469(%33), misooma manneen sektera dhuunfaan gaggeeffaman 3,563 karoorfame 4,802 (%100) fi misooma manneen waligala magaala kessattii ijaaramuuf waggaa shani (2013-2017) karoorfaman 493,047 keessaa kan waggaa sadii (2013-2015) 228,627 karoorfachuun 267,542(%100) rawwatee jira.Walumaagalatti raawwiin dhiyeessii misooma manaa gama mottumman geggeefamaa jiru gad-bu'aa ta'uu isaatiif sababa kan ta'an labsii haaraa Lakk. 231/2013 bahuus dambiin hojii kun ittiin raawwatu mirkanaa'uu dhabuu; dhiyeessa mana jireenyaa waliinii 10/90 fi 20/80 mootummaa federaalaan kan hojjetamu Naannoo keenya irraa dhibamuu, waldaa ijaarsa mana jireenyaa baayyeen lafa fudhatanii ijaarsatti galuu dadhabuu fi kan ijaarsa eegalanis sababa qalla'insa meeshaa ijaarsaatiin ijaarsa jalqaban dhaabuu ykn addaan kutuun bal'inaan waan mul'atuuf,dambii dhimma kana ittiin raawwachiifamuu danda'u baasuu, waldaalee mana jireenyaa sababa hanqina maallaqaa fi qaala'insa jireenyaatiin ijaarsatti galuu dadhabuu fi dhaabbileen maayikroo faaynaansii adda addaa irraa haala itti liqii argachuu danda'an haala mijeessuun hojii ijaarsaatti galuu akka danda'aniif karoora itti aanu keessatti ciminaan irratti hojjetamuu akka qaba fi lakkoofsi jiraattoota magaalaa saffisaan dabalaa dhufuu isaatiin,gaaffii fi fedhii manaa dhiyaatuuf deebii kennuuf waggoottan aanani keessatti dhiyeessii mana haqa qabeessaa fi dhaqqabamaa ta'e haala qabatamaa magaalotaan walsimuu xiyeeffannoo guddaa hojjatamuu akka qabu agarsiisa.

**Qonna Magaalaa**

Qonni magaalaa dhiyeessiiwwan adda addaa kanneen akka kuduraa fi muduraa, horii aannanii, horsiisa lukkuu, oomisha dammaa dhiyeessuun qaala'insa gabaa tasgabbeessuuf shoora ol-aanaa

qaba, akkasumas magaalaa bakka jireenyaatiif mijataa taasisuu keessatti qooda inni qabu guddaadha. Haaluma kanaan kuduraa fi muduraa lafa hek.25,067 hojjechuuf karoorfamee hek. 25,185 (%100), oomisha kunt.2,956,230 oomishuuf karoorfamee karooraan ol raawwachuun namoota 1,515,408 ta'an fayyadamoo taasisee jira.Horsiisa lukkuu sheediiwwan 178 keessatti gaggeeffamaa jiruun namoota gara 365,654 fayyadamaa taasisee jira. Akkassumas furdiisa horii, horsiisa horii ananii, horsiisa kanniisaan jalqabiin magaaloota birattii mul'atu babalachuun waggootan sadan kana keessatti hawaasa keessatti kakaka'umsa uumuu irraa darbee nyaataan of-danda'uu, gabaaf dhiyeessuun galii dabalataa argachuu, Carraa hojii uumamuu isaa fi kkf argamuu danda'eera. Gama birootiin, rakkoon gama kanaan mul'achaa jiru, hubannoon qonna magaalaa irratti jiru laafaa ta'uu, qonni magaalaa tarsiimoo ittiin hooganamu kan hin qabne ta'uu fi magaalaa sadarkaa 2[ffaa] fi isaa gadii caasaa qonnaa kan hin qabne ta'uun hubatameera.

**Hojiiwwan qophii dizaaynii fi bulchiinsa kontiraataa:**

Dizaaynii pirojeektota mootummaa sadarkaa adda addaa qopheessuu ilaalchisee hanga bara 2015 sadarkaa A, 3,585 qopheessuuf karoorfamee raawwiin 3,722(%100), sadarkaa B 1,074 qopheessuuf karoorfamee raawwiin 910 (%85.5), sadarkaa C 1,168 qopheessuuf karoorfamee 1090(%93) waliigalatti qophii dizaaynii (A, B, C) karoora 5,827 raawwiin 5,722(%98) kan raawwate yoo ta'u raawwiin kun karoora waggaa shanii irraa (%30, %26 fi %67) walduraa duubaan raawwatameera.

Qophii dizaaynii pirojeektii mootummaa iddoo walsimsiisuu (Site adoptation) ilaalchisees, waggoottan sadan kana keessatti dizaaynii 5,883 hojjechuuf karoorfamee 4,721 (% 80)waggaa shanii irraa % 29 raawwatee jira.Haata'u malee pirojektoota naannoo keenyaa darbee darbee rakkoo qulqullina dizaayniin walqabatuun harkifannaa keessa galuun qisaasama baajetaaf kan saaxilamaanii fi madda rakkoo bulchiinsa gaarii ta'anii argamaniiru. Gama birootiinis, hordoffiin taasifamaa jirus gahaadha jechuun kan hin danda'amnee fi walitti dhufeenyi sirrii hin taane kontiraakteraa, gorsaa fi ogeessota dhimmi ilaalu gidduu jiru hordofamee tarkaanfii fudhachaa deemuun murteessaadha.

### 4.1.3. Misooma Interpiraayzoota Maakroo fi Xixiqqaa (IMX)

Gurmaa'insa Interpiraayzootaa waggoota sadan kana keessa 4,050,500(dh.2,025,250 fi dub.2,025,250) gurmeessuuf karoorfamee (dh.2,747,747 fi dub. 1,158,521) walumaagala

waggoota sadan kana keessa kan gurmaa'ee hojiitti gale 3,906,268(96.44) raawwatee jira.

**Dhiyeessii Paakeejii Deeggarsaa**

Deeggarsa tajaajila eksiteenshinii induustirii (TEI) guutuu kennamu waldaalee IMX haaraa 181,000 tajaajila eksiteenshinii induustirii kennuuf karoorfamee waldaaleen 188,524(104%) deeggarsi guutuun kennamee ykn argatanii jiru.Sochoostota haaraa 1,090,000 kennuuf karoorfamee Sochoostota 1,144,603(105) deeggarsa guutuu kennuun danda'amee jira. Tajaajila Eksiteenshinii Induustirii Waldaalee Buleeyyii bara 2012 interpiraayzoota 318,165 ture waggoota sadan darban kana keessatti interpiraayzoota 241,487 TEI akka argataniif karoorfamee 273,311(113) argachuu danda'ee jira. Sochoostota buleeyyii bara 2012 irratti 1,664,711 kan ture waggoota sadan darbe keessa 1,368,186 TEI kennuuf karoorfamee 1,465,876 (107) deeggarsi guutuun keennameefii jira

Kaappitaalaa sababaa deeggarsa TEI kennameen horatamee 2012 irratti qar.202,133,922 ture waggoottan sadan darbaan keessatti qr.331,374,796 horachiisuuf karoorfame qarsh 527,326,336 horachiisuun danda'amee jira. Kanaafuu raawwii irraa hubachuun kan danda'amu deeggarsi TEI bu'aa qabeessi keennamuu yoo danda'e interpiraayzoonni dorgomaa ta'uu akka danda'anii fi diinagdee horachuu akka danda'an agarsiisa. Kanaaf irra caalaatti waliin gahiinsa irra qulqullina irratti xiyyeefatamee yoo hojjetame IMX bu'uraa induustirii ta'uu horachuun matuma isaaniitiin carraa hojii bal'aa uumuu ni danda'uu jedhamee yaadamuu danda'a. Kun akkuma jirutti ta'ee Waldaaleen deggarsi taasifameef bu'aa deeggarsa kanarraa argame iftoomiinaan ibsuuf fedhii kan hin qabne illee ni mul'ata.

Kanaafuu yeroo itti aanuu keessatti qaawwa waldaalee IMX deeggarsa barbaachiisu adda baasuu, loojistiksiin deeggarsa hojii kanaaf barbaachiisu akka guutamu taasiisuu, Waldaaleen IMX faayidaa fi bu'aa deeggarsa TEI kana irraa argachuu danda'an hubachiisuu fi deeggarsa kennamu paakeejiin guutuun akka kennamu ogeeyyiif yeroo yeroon dandeettii isaanii akka gabbatu xiyyeeffannaa kennuun irratti hojjechuun bu'aa babaadame fiduun akka danda'amu kan nama agrasiisudha.Deeggarsa dhiyeessii iddoo oomishaa fi gurgurtaa lafa magaalaa fi baadiyaa hek 144,181 dhiyeessuuf karoorfame lafa hek 162,619 dhiyaateera. Deeggarsa Sheediiwwan haaraa ijaaramee fi dabarfamee kenname 10,008 magaalaatti, interpiraayzoota 10,008, sochooftota 50,040 tajaajiluuf karoorfame keessaa sheedii 8,550, interpiraayzoota 8,550 fi sochooftota 42,750 ta'aniitiif deeggarsa baasii baajeta bulchiinsa magaalaatiin ijaarameefii jira.

Gama biraatiin Sheediiwwan seeran ala qabamanii turan 4,660 gadi lakkiisisuun deebi'ee akka kennamu taasifamee kan jiru ta'uu isaati.

Akka ragaa kana irraa hubatamutti sababiin waldaaleen yeroo isaanii xumuratan sheedii marsaa itti aanuuf yeroon dabarsuu dadhabaniif waan sadan kanaaf ta'uu mala.Gama deeggarsa walitti hidhaminsa gabaa fi promooshinii magalaa fi baadiyyyaa gabaa biyya keessaa fi biyya alaan interpiraayzoota bara 2012 irratti 49,951 irra ture karoora waggoottan sadan darbe keessa 570,909 raawwachuuf karoorfame keessaa 352,339(61.72) raawwachuun danda'ameera. Walitti hidhaminsa gabaa kanaan galiin argame bara 2012 irratti qr.11,953,127,225 irra kan ture waggoottan sadan darban kana keessa Qr 37,596,700,709 maddisiisuuf karoorfamee Qr. 48,094,310,963 karooraan ol raawwachuun danda'amee jira.

Raawwii hojiwwan walitti hidhaminsa gabaa fi promooshinii kun magaalaa fi baadiyaatti walitti hidhaminsa gabaa biyya keessaa fi biyya alaan interpiraayzoota 570,909 hirmaataniin Qr 37,596,700,709 akka argamsiisaniif karoorfame keessaa interpiraayzoota 352,339 itti hirmaatanii Qr. 48,094,310,963 (%128) akka argamsiisan ta'ee jira.

Raawwiin kun karoora qabame waliin yeroo ilaalamu haala ol-aanaadhaan kan raawwatame yoo ta'u milkaa'inni kunis yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufuu kan danda'eef dambiin deggersa misooma IMX duraan ture akkaataa hojjechiisuu danda'uun waan fooyya'eef walitti hidhaminsi gabaa Interpiraayzoota manfaakcheringii fi konsitraakshinii irratti bobba'aniif hanga qarshii 5,000,000 ture gara qarshii 50,000,000 Interpiraayzoota seektera tajaajlaa fi daldalaa irratti bobba'aniif kan qarshii 2,000,000 ture gara qarshii 10,000,000 ol-guddachuu isaa fi seekteronni mootummaa sadarkaan jiran dambii deeggarsaa kana irratti hundaa'uun pirojeektota Mootummaa Interpiraayzotaaf dabarsanii kennuun isaanii raawwiin walitti hidhaaminsa gabaa akka ol ka'u taasiisee jira.

Hojiiwwan deeggarsa addaa addaa armaan olitti kennaammaa turan kanaan Interpiraayzoota moodela ta'an adda baasuu bara 2012 irratti 3,145 kan ture waggottan sadan kana keessa 11,101 raawwachuuf karoorfamee 11,666 dhibantaa dhibbaan ol yoo raawwatu,interpiraayzoota sadarkeeffamaniin qophaa'an ceesisuuf bara 2012 irratti 18,453 kan ture waggoota sadan kana keessa 230,489 ceesisuuf karoorfame keessaa 224,947(97.6) akka ce'an ta'eera.

Haa ta'u malee, baay'ina waldaalee gurmaa'ee jiru waliin yoo walbira qabnee madaallu baay'ee xiqqoodha.Interpiraayzoota hundeessuu qofti galma hin ta'u waan ta'eef waldaaleen IMX gurmaa'anii hojiitti seenan bu'a qabeeyyii akka ta'an tarsiimoon deeggarsa IMXf ittiin kennamaa jiru waldaalee ce'an waliin yeroo madaalamu kana fooyyessuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa waan ta'eef tarsiimoon haaraa qorannoo irratti hundaa'ee qophaa'e akka hojiirra oolu taasisuun murteessaadha.

Qusannaa ilaalchise bara ka'umsa karoora KIB qr 7,897,279,934 irra kan ture waggoota sadan kana keessa qr 17,750,000,000 qusachuuf karoorfamee qr 24,164,414,360 (136) qusachiisuun danda'amee jira. Bara 2013-2015 deegarsaa Faaynaansii Baadiyaa fi magaalotaa Interprayzootaaf qr 12,000,000,000 kennuuf karoorfame keessaa qr 8,328,747,226 (69.4) kenname jira.Deegarsaa dhiheessa faayinaansii dabaluu fi humna kenna liqii baankii siinqee cimsuuf hojiilee addaa adda hojjetamaa tureera.Kana irraa ka'udhan hawaasni faayidaa qusannoo hubachaa waan dhufeef qusannoon hawaasa irraa waliitti qabamuu dabalaa dhufee jira.Sababa raawwiin kenna liqii gad-aanaa ta'eef liqiin ala bule hanga deebi'uu qabu deebi'uu dhabuu.

Akkasumaas deebii Liqii IMX bilchaate deebisiisuun walqabatee bara 2012 irratti 1,061,258,181 irra ture waggoota sadan darbe keessatti qar.3,458,961,700 deebisiisuuf karoorfame keessaa 3,096,902,789(89.53) deebisiisuun danda'ameera. Liqiin ala bulee deebisiisuun 2012 irratti 247,312,265 kan ture waggoottan sadan darbe keessa qr 2,800,560,872 debisiisuuf karoorfame keessaa qr 1,216,358,656 (43.43) deebi'siisuun danda'amee jira.

### 4.1.4. Babal'ina Inveestimentii

Misooma inveestimentii naannoo keenyaa saffisaan guddisuuf pootenshaala naannoon keenya qabdu karaa gahumsa qabuun fayyadamuuf lafa inveestimentiif oolu bal'inaa fi qulqullinaan qopheessuun hojii ijoodha.Haaluma kanaan waggoottan sadan(2013-2015) darban keessatti, lafti hek.107,573 (baadiyaatti hek. 96,843 fi Magaalatti hek 9,434) qopheessuuf karoorfamee waliigala lafa hek 98,587 (Baadiyyaatti hek 91,404 fi magaalaatti hek 6,045) % 91.65 kan ta'u lafti inveestimentiif oolu qophaa'e keessaa % 91.65 raawwateera. Sababa raawwiin lafa magaalaa gad-aanaa ta'uu danda'eef kaffaltii beenyaa yeroodhaan kaffaluu dhabuu, lafti magaalaa akka lafa Baadiyaa iddoo/lafa bal'aa waan hin qabneef, birokiraasii walxaxaa bulchiinsa lafaa keessa jiru, kaffaltii beenyaa gahaa dhabuu,al-seerummaan baballachaa deemuu, baballinni magaalotaa pilaanii eeganii deemuu dhabuu fi hattummaan baballachuudha. Haata'u malee, hudhaaleen armaan olitti ibsame kun hidda dheereffatus, carraaqqii hooggansi taasisee fi

tooftaawwan piromooshinii adda addaa gaggeeffamee fi carraa inveestimentii bal’aa oromiyaan qabdutti fayyadamuun abbootiin qabeenyaa gosa inveestimentii adda addaa irratti akka hirmaatan gochuun danda’ameera.

Gabatee:29. Lafa Baadiyaa fi Magaalaa waggottan Sadan (2013-2015) keessaa nveestimentiif qophaa’e

| Hojii Qorannoo Pootenshaalaa | **Saf** | **Ka’umsa 2012** | **Bara 2013** | | | **Bara 2014** | | | **Bara 2015** | | | **Waliigala(2013-2015)** | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | **Kar** | **Raw** | **%** | **Kar** | **Raw** | **%** | **Kar** | **Raw** | **%** | **Kar** | **Raw** | **%** |
| Lafa Baadiyaa inv. oolu qophaa'e | hek | 43,690.19 | 31,095.80 | 30,257.72 | 97 | 38,107.40 | 39,885.30 | 105 | 27,640.20 | 21,260.53 | 76.92 | 96,843 | 91,404 | 94.38 |
| Lafa Magaalaa inv. oolu qophaa'e | hek | - | 2,617 | 39.5785 | 2 | 4,878.69 | 1,231.25 | 25 | 1,938.66 | 4,774.63 | 246.3 | 9,434 | 6,045 | 64.08 |
| **Ida'ama** | **hek** | **43,690.19** | **33,712.80** | **30,297.30** | **89.87** | **42,986.09** | **41,116.55** | **95.7** | **29,578.86** | **26,035.16** | **88.02** | **106,278** | **97,449** | **91.69** |

Madda: Misooma Magaalaa

Dokumentii Pootenshaala naannoon keenya qabdu irra caalaa karaa qabatamaa ta’een ibsuuf pirofaayilii hawaas-diinagdee fi carraa inveestimentii qophaa’eera.Haaluma kanaan,bara ka’umsa KIP dok. 148 irra kan ture karoora waggaa shanii keessatti 2,612 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin hanga ammaa jiru 1,135(%87.85) raawwachuun danda’amee jira.Wagoota sadan darbe keessa yaa’insi hojiin wagga waggaan hojjetamaa jiru haala gaarii irra kan jiru ta’uu mul’isa.

**Pirojeektota gosa adda addaa simachuu:** Abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi biyya alaa akkasumas, qotee bulaa fi horsiisee bulaa, interpiraayzoota xixiqqaa, joint venture fi diaspora waggoota sadan darban kana keessa inveetimentii gosa adda addaa irratti bobba'an simachuun karoorri 23,053 ta'ee waggaa sadii raawwiin jiru 11,309 (%49.06) qofti raawwachuuun danda'eera.

Gabatee:30. Abbootii Qabeenyaa Inveestimentii adda addaa irratti bobba'an

| Abbootii Qabeenyaa Inveestimentii adda addaa irratti bobba'an | Saf | Ka'umsa Raawwii bara 2012 | Karoora /Manii waggaa shanii (2013-2017) | Bara 2013 | | | Bara 2014 | | | Bara 2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Karoora | Raawwii | % | Karoora | Raawwi | % | Kar | Raaw | % |
| Abbootii qabeenyaa Biyya keessaa | Lakk | 10,530 | 7,237 | 4,417 | 401 | 9 | 2731 | 1160 | 42 | 1,890 | 1,395 | 74 |
| Qonnaan/H/ Bulaa Invastimantitti galan | Lakk | 1,476 | 20,645 | 3,512 | 3,519 | 100 | 3,244 | 2,126 | 66 | 5,000 | 1,549 | 31 |
| Intarpiraayizoota Xixiqqaa Invastimantitti simataman | Lakk | 189 | 2,859 | 371 | 316 | 85 | 519 | 209 | 40 | 787 | 280 | 36 |
| Abbaa Qabeenyaa biyya alaa | Lakk | 596 | 203 | 75 | 8 | 11 | 80 | 14 | 18 | 63 | 18 | 29 |
| Joint Venture (JV) | Lakk | 89 | 28 | 6 | 1 | 17 | 6 | 3 | 50 | 9 | 2 | 22 |
| Diyaaspooraa | Lakk | 115 | 490 | 98 | 38 | 39 | 98 | 28 | 29 | 147 | 242 | 165 |
| Kaappitaala Waliigalaa | Qar.Bi | 47.79 | 974 | 105.96 | 82.85 | 78 | 88.73 | 179.79 | 203 | 237.2 | 188.46 | 79 |
| Lafa Murtaa'e | Hek | 14909.99 | 140,540.47 | 33,712.80 | 35,820.16 | 106 | 29,575.9 | 24,105 | 82 | 26,871.66 | 25,774.25 | 96 |
| Carraa hojii uumamu | Lakk | 91,690 | 2,948,156 | 261,859 | 313,567 | 120 | 261,859 | 534,113 | 204 | 700,158 | 679,385 | 97 |

**Madda:** Biiroo Investimantii fi Industirii

Babal'ina inveestimentii naannoo keenyaa dabaluuf hojii bal'aan hojjetamaa kan ture yoo ta'u waggoota sadan kana keessatti haaraa fi babal'ifannaa dabalatee waliigala pirojeektota **11,309 (%49)** murtee boordii kan argatan yoo ta'u, pirojeektota kana sekteraan yammuu qoodamee ilaalamu, qonnaa Pirojeektota 4,329, manufaakcheringii 1,768, agiroon.2,023 fi pirojeektonni seektera tajaajilaa 3,189 murtaa'anii jiru.Waliigala pirojeektonni kun kaappitaala qr. bil. 451.1 (% 104.4)galmeessanii jiru.Pirojeektota kanaafis lafti hek.85,699.41(%95) kan murtaa'ef yoo ta'u, pirojeektonni kun humna guutuun hojii keessa yeroo galan lammiilee mil. 1.5 ta'aniif carraa hojii ni uumu jedhamee eeggamaa jira.

Gama biraatin hirmaannaa abbootii qabeenyaa ilaalchisee Abbootii qabeenyaa biyya keessaa (% 25.6), qonnaan/horsiisee bultoota, yuniyeenii fi WHG (%62.2), waldaalen IMX ce'an (%6.9), abbaa qabeenyaa biyya alaa 14 (% 0.3), diyaasporaa 49 (% 2.6), JV (%0.05) fi

babal'ifannaa (% 2.1) murtee akka argatan gochuun danda'ameera.Kanaafuu raawwii kana yemmuu ilaallu qonnaan/horsiisee bulaa keenya abbaa qabeenya akka ta'u gochuu fi hojii inveetimentii keessatti bal'inaan akka hirmaatan taasisuuf hojiin hojjetame gaarii akka ta'e ilaallamee jira.

Abbootii qabeenya Lafa babal'ifannaa gaafatan simachuu, bara 2012 irratti 35 kan ture manii waggoota shanii keessaa karoorri waggoota sadan darbee 420 raawwachuuf karoorfame keessaa 243(%57.86) raawwatee jira.Hojii kanaafis lafti hek.1,039 karoorfamee lafti hek. 10.31 murtaa'ee,kaappitaala Qr.Bil.25 galmeessuun danda'amee jira.Gama kanaan carraan hojii lammiilee gara 13,500 ta'anii uumuuf karoorfamee 53,380 uumameera.

Hojileen bulchiinsa waligaltee fi kenna eeyyama inveestimantii waliin walqabatee hojiin hojjetame/mallatteeffame bara 2012 irratti 104 irra ture baroota sadan darban kana keessatti 14,821 raawwachuuf karoorfamee pirojeektota 9,237 (%62.32) waliin waligaltee raawwatee jira. Bifuma wal-fakkaatun heyyamni inveestimentii kennamu ka'umsa KIP 1,505 irra ture karoorri waggoota sadii 25,285 yoo ta'u 10,301 (% 40.74) kan kenname yoo ta'u, hayyama inveestimentii haaromsuu ka'umsa irratti 519 kan ture waggoota sadan darbe keessa raawwachuuf 5,090 haaromsuuf karoorfame keessaa 2,400(%47.15) kan raawwatee ta'ee gama aappitaalaan hayyama Haaromsuu irraa qr. 839,460 yoo walitti qabamu,hayyama kenname irraa qr. 10,301,000 walumagatti Qr. 11,140,460 galmeessuun danda'amee jira.

Gabatee:31. Heyyama invastimantii Bara 2013-2015 kenname

| **Lak** | **Gosa Inveestimentii** | **Raawwii Bara 2013 - 2015** | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | **Baay'ina heyyama kenname** | | | **Galii argamee** | | |
| | | Kar | Raw | % | Kar | Raw | % |
| 1 | Konstiraakshinii | 2,776 | 1,323 | 47.6585 | 2,401,000 | 1,323,000 | 55.10204 |
| 2 | Induustirii/Manufaakcheringii | 2,378 | 2,073 | 87.1741 | 2,503,000 | 2,073,000 | 82.82062 |
| 3 | Agriculture/Mechanization-Service | 17,800 | 5,815 | 32.66854 | 17,925,000 | 5,815,000 | 32.44073 |
| 4 | Hotel, Recreation and Fuel Station | 2,304 | 1,090 | 47.30903 | 2,429,000 | 1,090,000 | 44.87443 |
| **Ida'ama** | | **25,285** | **10,301** | **40.7** | **25,285,000** | **10,301,000** | **40.7** |

**Madda: Gabaasa BIIO 2013-2015**

Gama biraatin waggoottan sadan darban keessatti jijjiirran gosa pirojeektotaa bara 2012 irratti 6 ture KIB keessa karoora waggoota sadiitti 375 raawwachuuf kan karoorfame keessaa 119 (% 31.73) qofti raawwachuu danda'eera

Hojii Misooma Induustirii Manufaakcheringii, induustiriiwwan tarsiimaawwaa ta'an haaraa hundeessuu, xixiqqaan bara 2012 irratti 2574 kan ture karoora KIB keessa karoora

waggoottan sadan darban keessa 6,011 raawwachuuf karoorfame keessaa 4,715(78) kan raawwate si'a ta'u man.induustirii giddugaleessaa ka'umsi isaa 467 kan ture karoora waggoota sadan darbe kana keessa 1,533 raawwachuuf karoorfame keessaa 1,184(77) yoo raawwatu induustirii gurguddoon yeroo ka'umsaa 198 kan ture karoora waggoottan sadan darbee 118 raawwachuuf karoorfame keessaa 66(56) kan ta'u qofti raawwateera.

Induustiriiwwan buleeyyii, xixiqqaan bara 2012 irratti 1,230 kan ture karoora KIB keessa karoora waggoottan sadan darban 14,902 raawwachuuf karoorfame keessaa 10,491(70) kan raawwate si'a ta'u induustirii giddugaleessaa ka'umsi isaa 225 kan ture karoora waggoota sadan darbe kana 1,715 raawwachuuf karoorfame keessaa 1,605(93) yoo raawwatu induustirii gurguddoon yeroo ka'umsaa 25 kan ture karoora waggoottan sadan darbee 432 raawwachuuf karoorfame keessaa 339(78) kan ta'u qofti raawwateera.

Induustiriiwwan naannoo keenyaa: xixiqqaan bara 2012 irratti 8,755 kan ture karoora KIB keessa karoora waggoottan sadan darban 12,189 raawwachuuf karoorfame keessaa 9,499(78) kan raawwate si'a ta'u induustirii giddugaleessaa ka'umsi isaa 1,560 kan ture karoora waggoota sadan darbe kana 2,267 raawwachuuf karoorfame keessaa 1,641(72) yoo raawwatu induustirii gurguddoon yeroo ka'umsaa 745 kan ture karoora waggoottan sadan darbee 774 raawwachuuf karoorfame keessaa 613(79) kan ta'u qofti raawwateera.

Raawwiin akka waliigalaatti jiru akka karoorfametti deemuu baatus fooyyee kan qabudha. Garuu, akka tarsiimoo ykn imaammata ce'umsa caasaa diinagdee mootummaan lafa kaawwateen yoo madaalluu fi baayinna lammiilee hojii dhabeeyyiitiif carraa hojii uumuun hojii keessa galchuuf tattaaffiin taasifamaa jiru keessaatti gaheen induustirii olaanaa waan ta'eef raawwii karoora keenyaa kan mul'isu suutumee ta'uusaati.Kanaafuu, karoora hiixataa fi human raawwachiisummaa cimaa fi kotannoo fi xiiqii qabu akka nu barbaachisu ta'uu agarsiisa.

Hojii bu'aa qabeessummaa pirojeektota inveestimentii keessaa pirojeektonni ijaarsisaanii xumuraman dafanii gara oomishaatti galanii tajaajila akka eegalan gochuudha.Akkaatuma kanaan, bara 2012 irratti 603 kan ture karoora KIB keessatti karoorri waggoota sadan darbee 1,881 raawwachuuf karoorfame keessaa 1,409(75) raawwateera. Raawwiin kun gaarii ta'us, waggoota sadan darbanii keessa qonnaan bultoota gara Inveestimentiitti ceesisuu irratti mootummaan haa xiyyeeffatu iyyu malee, deeggarsa barbaachisu guutuun saffisaan gara hojiitti galchuun arkifataa ta'uu agarsiisa.

Akkasumas, pirojeektota oomisha ykn tajaajila kennuu jalqabanii sababa adda addaatiin hojii dhaabanii turan hojiitti deebisuu 2012 irratti 112 kan ture karoora waggoottan sadan darbe keeaa 924 raawwachuuf karoorfame keessaa 417(45) hojii adda kutanii turan hojiitti deebisuun danda'amee jira. Akka gabaasni BIIO waggoota sadan darbee ibsutti, inveesteroota naannoo keenya keessatti hojii inveestimentii adda addaa irratti bobba'aniif yeroo adda addaa deeggarsi taasifameefii hojii keessa akka galan tattaaffii cimaa taasisuun babal'ina inveestimentii utubuu keessatti qooda ol-aanaa taphateera.

Hojiiwwan babal'ina inveestimentiitiin oomishaalee inveestimentii alatti ergameen galii biyyittiif argamsiisan keessaa, oomishaalee Hortikaalcherii fi Manifaakcheringii adda addaa sadarkaa adda duraa irratti argamandha.Walumaagala oomishaalee al-ergeen bara ka'umsaa toonii 395,843 kan ture karoora waggoottan sdan darbe toonii 492,115 raawwachuu karoorfame keessaa oomishni toonii 420,539(85) kan gabaa biyyoota alaatti ergame si'a ta'u, gama kanaan akkaatuma gabatee armaan gadii keessatti mul'atuun galiin maddisiifame bara ka'umsa karoora keenyaatii doolaara Amerikaa bil.2.114 kan ture karoora waggoota sadii keessa DA bil. 770,474,060 raawwachuuf karoorfame keessaa 581,133,125(75) kan ta'u galiin waliigalaa argamee jira.

Gabatee: 32. Oomishaalee al-ergee fi Galii sharafa biyya alaa irraa 2013-2015 argame agrasiisu

| **Oomishaalee Al-ergee fi Galii Argame** | **saf** | **Bara 2013** | | **Bara 2014** | | **Bara2015** | | **2013-2015** | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | **Kar** | **Raw** | **Kar** | **Raw** | **Kar** | **Raw** | **Kar** | **Raw** | **%** |
| Oomisha Inveestimentii Al-ergee ***hortikaalcharii (Abaaboo, Kuduraa fi Mudura)gabaa*** biyya alaatti ergame | **Ton** | 141,562 | 106,596 | 175,363 | 144,263 | 68,817 | 88,063 | 385,742 | 338,922 | 88 |
| Oomisha Inveestimentii ***Al-ergee hortikaalcharii (Abaaboo, Kuduraa fi Mudura)*** irraa galii biyya alaa argame | **USD Bil.** | 586.63 | 410.61 | 608.85 | 512.33 | 417,000,000 | 434,685,079 | 417,001,195 | 434,686,002 | 104 |
| Oomisha Inveestimentii ***Al-ergee maanufaakchariingii*** gabaa biyya alaatti argame | **Ton** | 21,673 | 15864.6 | 15115 | 11840 | 69,585.56 | 53,912.17 | 106,374 | 81,617 | 76 |
| Oomisha Inveestimentii ***Al-ergee maanufaakchariingii***biyya alaatti ergame irraa galii argame | **USD Bil.** | 178.62 | 143.61 | 185.6 | 161.2 | 353,472,500 | 146,446,818.67 | 353,472,864 | 146,447,123 | 41 |

## Madda: BIIO

Walumaagalatti, pirojeektoota inveestimentii Oromiyaan hanga ammaatti hawwattee fi hayyama hojii kennameef bal'inaa fi pootenshaala qabnu waliin yeroo madaalamu xiqqaa ta'uu fi kanneen hayyama fudhatan illee kan seektera qonnaa fi tajaajila irratti xiyyeeffate ta'uu biratti haala barbaadameen hojii keessa galaa akka hin jirre agarsiisa.

### Carraa Hojii Uumame

Waggoota sadan kana keessa hojii maleeyyii akka oromiyaatti %18 irra jiru waggoota sadan kana keessa hojii hojjetameen gara 16.5 xiqqeessuuf karoorfamus raawwiin kan agarsiisu gadi xiqqaachuu osoo hin ta'iin raawwii karoora bara 2012n olitti %19.2 dabalee jira. Sababnisaas, hojii dhabdummaan itti dabaluu danda'e, sababoota garaagaraan kufaatii diinagdee addunyaa/biyyaa fi qaala'insa gabaa yeroo ammaa gufuu babal'ina inveestimentii fi induustirii manfaakcheringii waan ta'aniif carraa hojii bal'aa Lammiilee oomishuu danda'u heddumatu kana kan ammatuu uumuu dhadhabuu.

Magaala keessatti carraa hojii dhaabbii fi Yeroo ka'umsaa 759,107 irra kan ture karoora waggoottan sadan kana keessatti hojii maleeyyii 4,970,200 ta'aniif hojii dhaabbiidhaan uumuuf karoorfame keessaa 5,548,472 ta'aniif hojiin kan uumame yoo ta'u, kana keessaa carraan hojii dhaabbiidhaan uumame baadiyaa keessatti dhaabbii 2,677,132 fi magaalota keessatti 1,632,299 hojiin dhaabbii uumamun danda'amee jira.

Gabatee: 33.Carraa Hojii Dhaabbii fi Yerootiin dhiiraa fi Dubartiif Mag. Fi Baadiyaatti uumame

| | 2013-2015 | | | | | | Waliigala | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Magaala | | | Baadiyaa | | | | | |
| | Kar | Raw | % | Kar | Raw | % | K | R | % |
| Dhiirota | 1,008,457 | 1,387,382 | 138 | 1,476,642 | 2,355,423 | 160 | 2,485,099 | 3,742,805 | 151 |
| Dhabbii | 808,457 | 993350 | 123 | 1276642 | 1962767 | 154 | 2,085,099 | 2,956,117 | 142 |
| Yeroo | 200,000 | 394032 | 197 | 200000 | 392656 | 196 | 400,000 | 786,688 | 197 |
| Dubartoota | 1,008,458 | 889,521 | 88 | 1,476,643 | 916,146 | 62 | 2,485,101 | 1,805,667 | 73 |
| Dhabbii | 808,458 | 638,949 | 79 | 1,276,643 | 714,365 | 56 | 2,085,101 | 1,353,314 | 65 |
| Yeroo | 200,000 | 250,572 | 125 | 200,000 | 201,781 | 101 | 400,000 | 452,353 | 113 |
| Dimshaasha | 2,016,915 | 2,276,903 | 113 | 2,953,285 | 3,271,569 | 111 | 4,970,200 | 5,548,472 | 112 |
| Dhabbii | 1,616,915 | 1,632,299 | 101 | 2,553,285 | 2,677,132 | 105 | 4,170,200 | 4,309,431 | 103 |
| Yeroo | 400,000 | 644,604 | 161 | 400,000 | 594,437 | 149 | 800,000 | 1,239,041 | 155 |

Madda:BIIO

Walumaagalatti,carraa hojii dhaabbii waggoottan sadan kana keessa magaalotaa fi Baadiyaatti 4,309,431 uumameera.

#### 4.1.5. Misooma Daldalaa

Hojiilee misooma daldalaa babal’isuu fi sirna gabaa hammayyaa’aa diriirsuun dorgommii daldalaa fi gabaa bilisaa naannoo keenya keessatti akka babal’atu hojjechuun seera qabeessummaa gabaa daran mirkaneessuun hojii gabaa siyaasa diinagdee misoomaa deeggaru dha.Haaluma kanaan rifoormii daldalaa fi sirna gabaa hammayyaa’aa fi haqa qabeessa ta’e diriirsuun daldaltoonni, qonnaan bultoonni ykn horsiisee bultoonnii fi fayyadamtoonni sirna daldalaa fi gabaa si’ataa, bu’aa qabeessaa fi iftoomina qabu hordofuun galii isaanii guddisanii jiruu fi jireenya isaanii akka jijjiiran akkasumas misoomni qonnaa induustiriin akka durfamu taasisuu fi guddina diinagdee biyya keenyaa gara sadarkaa itti aanutti ceesisuu keessatti gaheee bakka bu’insa hin qabne ni qabaata.

Kana milkeessuuf, qorannoo fi sirna tajaajila odeeffannoo gabaa si’ataa fi teknoolojiin deeggarame diriirsuu, bu’uraalee misooma gabaa babal’isuun, sirna faaynaansii fooyyessuu, oomishaalee fi mallattoo daldalaa (trade mark) qopheessuu,walitti hidhaminsa gabaatiif haala mijataa uumuu, sirna gabaa hirmaattonni gabaa mirgaa fi dirqama isaanii beekuun gaggeessanii fi sirna itti gaafatamummaa ifa ta’e qabu akka jiraatu hojjechuun oomishni naannoo keenyaa yeroo fi baay’inaan gabaa biyya keessaa fi alaa barbaaduun dhiyaatee fayyadamummaa hirmaattota gabaa sadarkaa hundatti jiranii fi misooma akka biyyaatti eegamu tumsuun karoora misoomaa milkeessuuf kan hojjetu ta’a.

**Kenna tajaajila Galmeessuu, Hayyama daldala haaraa fi haaromsa hayyama daldalaa**

Tajaajila galmeessa daldala haaraa bara 2012 ka’umsa irratti 77,478 irra kan ture Waggoota sadan kana keessa 330, 165 raawwachuuf karoorfame keessaa 310,913(94) fi hayyama daldala haaraa bara2012 irratti 92,058 kan ture waggoota sadan kana keessaa 398,781 raawwachuuf karoorfamee 399,232(100) kan raawwate yoo ta’u Hayyama daldalaa haaromfame 2012 irratti 360,791 kan ture karoorri waggoota sadii 1,452.106 raawwachuuf karoorfame keessaa 1,289,040(89) raawwachuun danda’amee jira. Waggoottan sadan kana keessa daldaltoonni hayyamni isaanii sababa al-seerummaatti hayyama gara 59,398 kan ta’an jalaa haqame jira.


Sababni raawwiin galmeessuu fi hayyama haaraa milkaa’uu danda’eef qaala’insa gatii gabaa yeroo ammaa haalaan ol-ka’e tasgabbeesuuf xiyyeefannoon addaa kennamee sadarkaa naannoo irraa hanga gadiitti qaamota biroo waliin qindaa’uun to’annoon cimaa fi walirraa

hincinne gaggeefamaa waan tureef daldaltoonni hayyama malee daldalaa turan gara hayyama baafachuutti akka dhufan gumaachee jira.

Yaadni daldalaa (business idea) namootaa haala gaarii dhabalaa adeemuusaa, keessattuu kan dargaggootaa hedduu guddachaa waan dhufeef raawwiin galmessaa fi hayyama haaraa waggaa gara waggaatti haala gaariin dabalaa jira


Fedhii namootni yeroo ammaa daldala keessa galuu qaban hubachuun, xiyyeeffannoon addaa to'annoof kennamaa jiru hubachuun kanneen akka carraatti fayyadamuun karoora hiixataa qopheesuun ni hafa, sadarkaa Biirootti aakka ka'umsaatti qophaa'ee yammuu gad-bu'u sababoota adda addaa dhiyeesuun gufuu milkaa'ina kanaa ta'ee jira.Kanaafuu, hordoffii fi deeggarsi wali irraa hincinne taasisuun hojii fi yaada walfakkaatuun galma barbaadame bira gahuuf qindoominaan xiiqiidhaan hojjechuun bu'aa waloo galmeesisiisuu qaamota hundaarraa eegama.

**Giraafii:21.** Galmeessa daldala haaraa, Hayyama daldala haaraa fi haaromsuu




Gama hojii tajaajila haareessuu fi hayyama daldalaatiin galii tajaajila daldalaa irraa argamu 2012 irratti 62,272,027 irra gahee kan ture karoora waggaa sadii keessatti Qr 289,394,620 raawwachuuf karoorfamee Qr. 324,922,219(100) ol walitti qabamee jira.Galiin waggoota sadan darbanii galii bara ka'umsa karoora KIB 2012 tiin Qr. 255,799,674 caalee argama. Kanaaf tajaajila hayyamaa fi tajaajila haaromsa hayyama daldalaa kana irratti qulqullinaan hojjechuun galii tajaajila daldalaa irraa argamu guddisuuf, dandeettii ykn human galii maddisiisuu naannoon keenya qabu sirritti beekuun, galii walitti qabamuu danda'uu fi namoota kanfaluu danda'anii fi hamma kanfaluu danda'an sirritti qaaccessuun beekuun irraa caalaa galii maddisiisuuf cimanii irratti hojjechuu fi karoorsuu barbaachisaa dha.

Giraafii:22. Galii tajaajila daldalaa irraa bara Baajeta 2013-2015 keessa argame ibsu Qr. Mil.




**Madda: Misooma daldalaa**

**Bittaa oomisha Bunaa**

Akka walii galaatti raawwii gabaatee armaan gadii irraa akka hubachuun danda'amutti hordoffii bittaa oomisha buna diimaa fi buna janfalaa bara ka'umsaa(2012) irratti 749,000 kan ture karoora waggoota sadii keessatti tonii 2,554,661 raawwachuu karoorfame keessaa bitta buna 2,551,354 (99) kan raawwate yoo ta'u karoora wagga shaniif qabamee irraa %64 irra kan jiru ta'us pootenshaala naannoon keenyaa qabu wajjin yoomuu madalamu godinaalee warsha bunaa miiccaa qaban tokko tokko keessatti nageenyi rakkoo ta'u, gatiin bittaa fi gurguurta bunaa diimaa kan bunaa gogaa/janfalaa gadi ta'uu fi qophiin/hojii bunaa diimaa miiccuu bunaa gogaa qopheessuu irra baayee kan ulfaatu waan ta'eef fi kkf raawwiin karoora hanga barbadamu fi eegamu bittan buna kun raawwatameera kan nama jechiisisuu mitti. Garuu karoora waggaa shanii irraa dhibbantaa 64 iaa gahee waan jiruuf adeemsa kanaan galma karoora waggaa shanii milkeessuuf sadarkaa gaarii irra kan jiru ta'uu mul'isa.

**Dhiyeessii oomisha bunaa miiccamaa fi gogaa/qishira:**

Bunaa miiccamaa fi gogaa/qishira bara 2012 irratti 262,000 kan ture waggaa sadan kana keessa buna toonii 856,618 raawwachuuf karoorfame keessaa dhiyeessiin toonii 816,092 (95) raawwachuun danda'amee jira. Raawwiin kun karoora wagga shanii irraa %59 irra kan jiru

yoo ta'u, sababiin raawwiin karoora dhiyeessii hanga karoorfame raawwatamuu hafeef: godinaalee tokko tokkoo keessatti rakkoon nageenya irran kan ka'e hanga barbaadamu gabaaf dhi'eessuun rakkoo ta'e waan jiruufdha.

**Dhiyeessii Baala Shayii fi Mi'eessituu**

Dhiyeessii Baala Shayii: bara 2012 irratti 6,000 kan ture karoora bara 2013-2015 keessa baala shayii toonii 32,200 raawwachuu karoorfame keessaa dhiyeessii toonii 20,686 (64) raawwatee jira.Raawwiin kun karoora wagga shani irraa yeroo ilaalluu %64 irra jira . Sababiin raawwiin dhi'eessii wagga sadii karoora gadi ta'eef dhiyeessii gabaa baala shaayii magarisaa fi gogaa Godina I/A/Boora keessa Qonnaan Bultoota Oomisha Baala Shaayii Al-ergii irratti boba'an oomisha jiran dhaabbata warshaa Shaayii Gumaroo waliin walii galtee walitti hidhaminsa gabaa uumachuun akka hojjetaan ta'ulee, warshan shaayii qopheesuu kun akka naannoo keenyaatti kan jiru isa qofaa fi kan hogganamuus Federaalaan waan ta'eef gatii madaallawwan qonnaan bulaa irraa bitaa waan hin jirreef qonnan bulaa kan jajajabeesuu waan hin tanneef dhiyeessiin baala shaayii karoora gadi ta'eera,  Rakkoo kan maqsuuf gara fuula duratti fedhii qonnaan bultoota kanaa xiinxaluun warsha baala shaayii kan dhuunfaa isaanni akka hundeefatan taasisuuf qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan hojjechuun murteessa ta'a. Dabalataan,oomisha gabaa giddugaleessaa fi gabaan addunyaa barbaadu akka oomishamuu danda'uuf qaama dhimmi ilaalu waliin karoorsuu fi waliin hojjechuu, pootenshaala naannoon keenya oomishuu dandeessuu fi dhiyeessuu danddeessu giddugaleessa godhachuun karoorsuu.

Dhiyeessii oomisha mi'eessituu: Naannoon Oromiyaa pooteshaala Oomisha Mi'eessituu gosa adda addaa gudda kan qabdu waan ta'eef hanga barbaadamu irraa fayyadamaa ta'uuf bara 2012 irratti 45,000 kan ture karoora waggoota sadan kana kessa  oomisha mi'eessituu toonii 174,140 raawwachuuf qabame keessaa gara gabaa gidduu galaatti dhiyeessuuf/ erguuf karoorfame toonnii 173,659 (99) gara gabaa giddu galeessatti dhiyaateera. Raawwiin kun kan argisisuu dhiyeessin mi'eessituu haala foyyee irra kan jiru ta'uu isatti. Sababni raawwiin dhiyeessii mi'eessituu dhiyaachuu haala gaarii irra kan jiru ta'eef  fedhiin Qonnaan bulaan bal'inaan oomishee gara gabaatti dhiheesuuf qabuu dabalaa dhufuu fi gatiin mi'eessiituus gabaa amma jiruun fooyyee kan qabu waan ta'eef dha.Akkasumas, fedhiin mi'eessituu gabaa addunyaa irratti dabalaa dhufuun sharafa biyya alaa argachuu keessatti shoora ol-aanaa waan qabuuf xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba. Kanaaf,oomishni mi'eessituu bal'inaa fi qulqullinaan akka oomishamuu fi gabaa giddugaleessaatiif dhiyaachuu danda'uuf

oomishtootaa fi dhiyeessitoota waliin qindoominaan akkaataa itti hojjetamuu danda'u irratti karoora itti aanu keessatti hojii ijoo ta'ee akka karoorfamuu fi karoora hamma dhiyeessii fi qulqullinaa fooyyessuun barbaachisaadha.

Gabatee:34. Dhiyeessii Bunaa, baala Shayee fi mi'eessituu bara (2013-2015)

| To'annoo fi Qulqullinaa Gabaa Bunaa, Shaayii fi Mi'eessituu | Saf | Bara ka'uumsaa (2012) | Manii Waggaa 5 (2013-2017) | Bara 2015 | | Bara 2013 Hanga 2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwi | %n |
| Hordoffii Bittaa Bunaa | Ton | 749,000 | 3,975,000 | 912,858 | 836,647 | 2,554,661 | 2,551,354 | 100 |
| Buna Diimaa | Ton | 375,000 | 2,025,000 | 412,858 | 386,647 | 1,211,858 | 1,177,094 | 97 |
| Buna Janfala | Ton | 374,000 | 1,950,000 | 500,000 | 450,000 | 1,342,803 | 1,374,260 | 102 |
| Horddoffii Dhiyyeessii Bunaa | Ton | 262,000 | 1,380,000 | 307,618 | 291,000 | 856,618 | 816,092 | 95 |
| Buna Miiccamaa | Ton | 75,000 | 405,000 | 82,618 | 75,000 | 238,618 | 211,422 | 89 |
| Buna Gogaa | Ton | 187,000 | 975,000 | 225,000 | 216,000 | 618,000 | 604,670 | 98 |
| Dhiyeessii Baala shaayii | Ton | 6,000 | 32,250 | 6,450 | 5,760 | 32,200 | 20,686 | 64 |
| Baala Shaayii Gogaa | Ton | 4,500 | 8,250 | 4800 | 4320 | 14,050 | 11,762 | 84 |
| Baala shaayii Magariisaa | Ton | 1,500 | 24,000 | 1650 | 1440 | 18,150 | 8,924 | 49 |
| Hordoffii Dhiyeessii Mi'eessituu | Ton | 45,000 | 240,000 | 81590 | 81590 | 174,140 | 173,659 | 100 |

Madda:Biiroo Daldala Oromiyaa

Dhiyeessii oomisha midhaan dheedhii gabaa biyya alaatiif taasifamu bara ka'umsa KIB 158,522 irra kan ture karoora waggota sadan darbee keessa midhaan toonii 717,295 gabaa giddu galeessaaf dhiyeessuuf karoorfamee keessaa raawwiin toonii 679,492(95)akka dhiyaatu taasifamee jira. Raawwii kun karooa wagga shanii irraa %66 irra gahee jiruu fi akkaata karoorfameen deema kan jiru ta'uusaa oomisha kana irraa hubachuun ni danda'ama. Sababa dhiyeessin akka foyaa'uu tasisee keessa tokko caasaa sadarkan jiru cimmee hojii kanaf xiyyeefannaa gudda kennuun to'aannoo,hordooffii fi deegeersa taasiisuu iraa kan ka'eedha. Akkasumas,oomishtoonni midhaan gabaa oomishuu jalqabuu fi gatiin midhaanii gabaa biyya keessaa fi biyya alaa irratti dabaluu isaatiin.Haata'u malee oomishaaleen dhiyaataa jiran keessaa baayyeen isaa rakkoo qulqullinaa qabaachuu isaa irraa kan ka'e gara gabaa biyya alaatti ergamaa kan hin jirree fi taajaajila biyya keessaatiif kan oolan ta'uu fi oomishni salphaa hin taane daldala seeraan alaa fi kotorobaandiidhaan gara biyya alaatti haalli itti

bahaa jiru bal'inaan waan mul'atuuf dhimma to'annoo qulqullinaa fi to'annoo daldala seeraan alaa fi kotorobaandii irratti hojii guddaa hojjechuu gaafata.

Dhiyeessii oomisha midhaan dibataa/Saliixaa gabaa biyya alaatiif taasifamu bara ka'umsaa 41,860 kan ture karoora waggoota sadan darbanii keessa dhiyeessii midhaan dibataa toonii 120,762 gabaa giddugaleessaatiif dhiyeessuuf karoorafme keessaa raawwiin toonii 41,690 (%35) qofaan akka dhiyaatu ta'eera.Kunis karoora wagga shanii waliin wal bira qabnee yoo ilaallu %15 qofa raawwateera.Akkuma argamu raawwiin hedduu gadi aanaa ta'uu nutti argisiisa. Raawwiin gad-bu'uu isaatiif sababa kan ta'e dhiyeessiin.

| Dhiyeessii Al-ergii Midhaanii | Saf | ka'uu ms (2012) | Manii W5 (2013-2017) | 2013 | | 2014 | | 2015 | | 2013-2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raa | Kar | Raa | Kar | Raa | Kar | Raaw | % |
| Midhaan Dheedhii | Ton | 158522 | 1034091 | 192,408 | 210,916 | 278,687 | 271,563 | 246,200 | 197,013 | 717,295 | 679,492 | 95 |
| Dhiyeessii Boloqqee Adii | Ton | 29120 | 189959 | 31,740 | 36,143 | 47,407 | 41,136 | 46,359 | 35,500 | 125,506 | 112,779 | 90 |
| Dhiyeessii Boloqqee | Ton | 25800 | 168302 | 68,339 | 70,189 | 105,567 | 95,082 | 115,101 | 100,500 | 289,007 | 265,771 | 92 |

Gabatee: 35.Oomishaa/oomishtummaa fi dhiyeessiin midhaan dibataa fi dheedhi

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Diimaa | | | | | | | | | | | | |
| Boloqqee Gurraacha | Ton | 5500 | 35879 | 49,595 | 37,497 | 50,149 | 66,464 | 4,000 | 1,000 | 103,744 | 104,961 | 101 |
| Dhiyeessii Boloqqee Burree | Ton | 66646 | 434754 | 24,798 | 47,380 | 52,469 | 55,437 | 62,246 | 45,260 | 139,513 | 148,077 | 106 |
| Dhiyeessii Maashoo | Ton | 24273 | 158341 | 8,018 | 7,510 | 8,267 | 8,838 | 9,854 | 9,253 | 26,139 | 25,601 | 98 |
| Dhiyeessii Atoo Aannanii | Ton | 7183 | 46856 | 9,918 | 12,196 | 14,828 | 4,606 | 8,640 | 5,500 | 33,386 | 22,302 | 67 |

Maddi: Biiroo Daldala Oromiyaa

Oomishaaoomishtummaansaliixaa sadarkaa garmalee hir'achaa dhufuusaati,Sanyii filatamaa

baay'inaan rabsuu dhabuu, salixaaf kan ta'u laafa qotamee hin beekne kan barbaduu ta'uu fi lafa gammoojjii waan barbaaduuf gammoojjiin Oromiyaa booda kana rakkoo nageenyaatiin wal qabatee baayyeen issaa qotamaa waan hin jirreef madda sababa gadi bu'uu raawwii kanaa ta'uun ilaalameera.

Kanaafuu, gara fuula duraatti oomishaa/oomishtummaa fi dhiyeessiin midhaan dibataa fi dheedhi akka dabaluuf oomishtoonni teknoolojii fayyadamuun akka oomishaaniif seeektera dhimmisaa ilaalu wajjin hojjechuuf karoorfachuu fi wajjin hojjechuu, walitti hidhaminsa gabaa uumuun sanyii filatamaa baayyinaa fi qulqullinaan oomishtoonni akka argachuu danda'aniif karoorfachuu fi irratti hojjechuu murteessaadha.

**Dhiyeessii kuduraa fi muduraa**

Dhiyeessii oomisha kuduraa fi muduraa gabaa biyya alaatiif taasifame bara 2012 irratti 108,508 kan ture wagga sadan darban keessa toonii 364,246 raawwachuuf karoorfame keessaa rawwiin toonii 313,557(86) akka dhiyaatu taasifamee jira. Raawwiin kun karoora bara shanii irra yeroo madalamuu %43 irra kan jiru ta'u agarsiisa. Raawwiin kunis gad-aanaa akka ta'ee ilaaluun ni danda'amaa. Sababnii raawwiin gadi anaa ta'eef akka biyyaatti loojestikiin al-ergii kuduraa fi muduraaf barbaachisu guutamuu dhabuu, sirni al-ergii kuduraa fi muduraa diriiruu dhabuu fi kkf akka sababaatti kan ka'udha.

Akkasumas, dhiyeessiin kuduraa akka naannoo keenyaattis ta'ee akka biyyaatti hojiin kun haaraa waan ta'eef qonnaan bultoonnis bal'inaan oomishaanii gabaa biyya alaatiif dhiyeessaa hin jiran, lammaffaan kuduraa fi mudurri oomisha akka salphaatti baduu danda'u waan ta'eef tajaajilli lojistikii qaqqabamaa ta'e dhabamuu, sadaffaan oomishni kuduraa fi muduraa qulqullinaa fi baay'ina gabaan addunyaa barbaadu jiraachuu dhabuu wirtuun daldala oomisha

kuduraa fi muduraa gabaa biyya alaatiif ta’u dhabamuu fi kanneen biroos akka fakkeenyaatti ka’uu ni danda’a.


Rakkoo gabaa kuduraa fi muduraa furuuf: oomishaa qulqulluu gabaan addunyaa barbaadu akka oomishamuu fi gabaa giddugaleessaatiif akka dhiyaatu gochuu, kuduraa fi muduraa irratti fuuncaa dabaluun gabaaf dhiyeessuu, warshaaleen qixeessa kuduraa fi muduraa akka dhaabbataniif hojii barbaachisu hojjechuu, giddugala gabaa ammayyaa bal’inaan akka ijaaramuuf karoorsuu fi hojii irra oolmaa isaa hordofuu, akkasumas hojii inisheetiivii kuduraa fi muduraa akka biyyaa fi naannootti qabamee hojjetamaa jiru akka carraatti fayyadamuun dhiyeessii qulqullinasaa mirkanaa’ee fi dhiyeessii fooyyessuuf karoorsuu.

**Dhiyeessii oomisha Jimaa**

Dhiyeessii oomisha Jimaa gabaa biyya alaatiif taasifame bara ka’umsa karoora KIB 67,760 irra kan ture karoora wagga sadan darban keessa oomisha jimaa toonii 127,602 gabaa biyya alaatiif dhiyeessuu karoorfame keessaa toonii 366,013(100) dhiyeessuun danda’amee jira. Raawwii kun karoora bara shanii irra yeroo madalamuu %82 irra kan jiru ta’u agarsiisa. Raawwiin hojii kunis foyyee kan qabuu fi gaarii akka ta’ee ilaaluun ni danda’amaa. Fooyya’insi raawwii dhiyeessii fi al-ergee dhufuu kan danda’e sirni daldala jimaa fooyya’uu, hordoffiin daldala seeraan alaa (kotorobaandii) fooyya’uun akkuma jirutti ta’ee dandeetti raawwachuu danda’uu gaditti karoorsuun bal’inaan ni mul’ata.

Kanaafuu,karoora itti aanu keessatti rakkoo al-seerummaa daldala jimaa hambisuuf/xiqqeessuuf/hojiin sirna to’annoo cimaa diriirsuun to’annoo itti gaafatamummaa qabu mirkaneessuun hojii irra oolchuu fi dandeettii dhiyeessii naannoo keenyaa bu’uraa godhachuun karoorsuu fi irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

Giraafii:23.Dhiyeessii jimaa




**Madda:Biiroo Daldala Oromiyaa**

**Dhiyeessii beeylada dhaabbii fi bu'aa beeyladaa**

Dhiyeessii beelada dhaabbii gabaa biyya alaatiif taasifamu karoora KIB waggoota sadan kana keessa beeylada lakkoofsaan 1,533,809 dhiyyeesuuf karoorfame keessaa 1,040,669(68) gabaa biyya alaatiif akka dhiyaatu taasifamee jira.Raawwiin kun kan waggaa shanii wajjin yommuu madaalamu %44 irra gahee kan jiru yeroo ta'u raawwin isaas gad-anaadha.

Sababiin raawwiin gad-aanaa ta'es naannoo horsiisee bulaatti hongee barreen darban mudateen dhiyeessin beelladaa hanqina qabachuu, fedhiin bittaa beellada naannoo biyyoota arabaa jiru xiqqaachuu, rakkoo Faaynansii, rakkoo nageenyaa naannoo horsiisee bulaa darbe darbee mul'atuu fi xiyyeeffannoon sektera beelladaatiif kenname laafaa ta'uun akka sababaatti eerama. Dabalataanis rakkoon daldala seeraan alaa fi kontorobaandii bal'inaan beellada dhaabbii irratti mul'atuu fi iddoon tursiisa beelladaa (quarantine) akka naannoo keenyaatti jiraachuu dhabuun dhiyeessii beellada dhaabbii irratti dhiibbaa olaanaa kan qabu dha.

Rakkoo dhiyeessii gabaa beelladaa furuuf:akka naannoo keenyaatti beelladoonni baayyeen naannoo keenya irraa gabaa biyya alaatiif dhiyaatu waan ta'eef bakka tursiisa beelladaa (quarantine)qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan akka hundaa'uuf karoorfachuu fi irratti hojjechuu,qulqullina,fayyaa,oomishtummaa fi dhiyeessiin beelladaa akka fooyya'uuf sektera

dhimmi ilaalu wajjin hojjechuu fi karoorsuu.Galii irraa argamus foyyessuuf fuuncaa dabaluun gara bu’aa beelladaattis bal’inaa fi qulqullinaan ol-guddisuu irratti karoorsuun hojjechuu.

**Walitti Hidhaminsa Gabaa**

Rakkoo gabaa, oomishitootaa fi qaala’insa jireenyaa hiikuuf oomishtootaa fi bitattoota, dhiyeessitootaa oomishaa fi warshaalee, yuuniyenota oomisha dhiyeessanii fi hawaasa fayyadamaa walitti fiduun walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun shoora olaanaa qaba. Akkasumas, gama walitti hidhaminsa gabaa oomisha qonnaa uumuuf taasifameen walitti hidhaminsa gabaa midhaanii irratti hojii jajjabeessaan hojjetameera. Gama walitti hidhaminsa gabaa midhaanitiin sochii hojii bara ka’umsa KIB 4,767,456 irra ture karoora waggoota sadan darban keessa midhaan Biilaa, Agadaa, Dheedhii fi Zayitaa kuntaala 40,552,527 walitti hidhamiinsa gabaa raawwachuuf karoorfamee kuntaala mil 43,549,498 walitti hidhamiinsa gabaa raawwachuun kan danda’ame yoo ta’u kunis dhibbantaa dhibbaan olitti raawwateera.

Raawwiin kun karoora waggaa shanii keessaa raawwiin %136 waggaa sadiitti keessatti raawwateera. Kun immoo,humnaa fi haala ilaalanii karoorfachuu dhabuun akka jiru namatti mul’isa.Kanaafuu, karoora hirmaachisaa ta’e haala giddugaleessa godhate irratti fuulleffachuun gara fuulduraatii irratti karoorfachuun barbaachisaadha. Dabalataan, raawwiin ol-ka’uunsaa xiyeeffannaa hojii waltihidhaminsi gabaa kanaaf kenamee olanaa ta’uu, pootenshaala oomishaalee midhanii akka naannootti jiru kana beekanii hixaatanii karoorsuu iraattis hanqinni kan jiru ta’uu kan namatti mul’isuu jira.

Gabatee: 36.Walitti hidhaminsa midhaanii gabaa biyya keessaa 2013-2015

| Gosa midhaan gabaa raawwate | Saf | Bara ka'uumsaa (2012) | Manii Waggaa 5 (2013-2017) | Bara 2013 | | 2014 | | 2015 | | 2013 - 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Ra | Kar | Ra | Kar | Ra | Kar | Raa |
| Walitti hidhamiinsa midhaan gabaa | Kun | 4,767,456 | 32,016,374 | 7,442,319 | 7,825,780 | 13,220,104 | 15,833,614 | 19,890,104 | 19,890,104 | 40,552,527 | 43,549,498 |

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| biyya keessaa | | | | | | | | | | | |
| Midhaan Biilaa | Kunt | 3,455,690 | 23207066 | 4,060,489 | 4,487,642 | 7,384,401 | 8,850,204 | 11,251,922 | 11,251,922 | 22,696,812 | 24,589,768 |
| Midhaan Agadaa | Kunt | 1241790 | 8339377 | 2,850,893 | 2,779,682 | 4,467,243 | 5,336,080 | 6,345,312 | 6,345,312 | 13,663,448 | 14,461,074 |
| Midhaan Dheedhii | Kunt | 11800 | 79244 | 150,000 | 153,700 | 722,289 | 843,959 | 1,115,570 | 1,115,570 | 1,987,859 | 2,113,229 |
| Midhaan Zayitaa | Kunt | 58176 | 390687 | 380,937 | 404,756 | 646,171 | 803,371 | 1,177,300 | 1,177,300 | 2,204,408 | 2,385,427 |

**Madda:Biiroo Daldala Oromiyaa**

**Walitti Hidhaminsa Gabaa Beeyladaa fi Bu'aa Beeyladaa**

Gama walitti hidhamiinsa gabaa beeyladaatiin hojii hojjetameen bara karoorri ka'umsa 14,083,733 ture karoora waggoota sadan kana keessa beeylada gosa adda addaa lakkoofsaan 8,916,786 ta'an walitti hidhaminsa gabaa raawwachuuf karoorfamee beellada 11,726,798 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u kunis raawwiin isaa %100 ol raawwateera. Raawwiin kun kan waggaa shanii irraa yoo shallagamuu %83 irra gahee jira. Sababiin raawwiin ol-ka'eef pootenshaala naannoon qabu beekanii karoora qopheesuu irrattis hanqinii kan jiru ta'uu,akkasumas, naannoo horsiisee bulaatti sababa hongeen dheerateef beellada gabaatti baasuu fi gabaan daldala beelladaa dabalaa waan dhufee fi kanneen biroo.

Gabatee: 37. Walitti Hidhamiinsa Gabaa Beeyladaa fi Bu'aa Beeyladaa

| | (2013-2017) | Bara 2013 | | 2014 | | 2015 | | 2013 - 2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwi | Karoora | Raawwi | % |
| Walitti Hidhamiinsa Gabaa Beeyladaa | 14,083,733 | 3,518,364 | 4,090,023 | 4,656,187 | 6,894,540 | 742,235 | 742,235 | 8,916,786 | 11,726,798 | 132 |
| WHG Horii Maala | 5290705 | 1,588,096 | 1,674,300 | 1,914,238 | 2,401,657 | 259,631 | 259,631 | 3,761,965 | 4,335,588 | 115 |
| WHG Hoolaa | 3846042 | 869,450 | 989,364 | 1,164,754 | 1,911,421 | 202,251 | 202,251 | 2,236,455 | 3,103,036 | 139 |
| WHG Re'ee | 4904128 | 1,038,402 | 1,395,982 | 1,543,780 | 2,491,924 | 273,216 | 273,216 | 2,855,398 | 4,161,122 | 146 |
| WHG Gaala | 42858 | 22,416 | 30,377 | 33,415 | 89,538 | 7,136 | 7,136 | 62,967 | 127,051 | |

**Madda:Biiroo Daldala Oromiyaa**

**Walitti hidhaminsa gabaa bu'aa beeyladaa**

Walitti hidhaminsa gabaa gogaa fi kal'ee bara 2012 irratti 4,071,419 irra kan ture bara hojii 2013-2015 keessaa gogaa fi kal'ee lakkoofsaan 6,771,670 ta'uutiif walitti hidhaminsa gabaa raawwachuuf karoorfame keessaa gogaa fi kal'ee 7,228,487 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u raawwiin %100 ol raawwayeera.. Raawwiin kun kan karoora waggaa shanii irraa yoomuushallagamu %100 irra gahee jira. Sababiin isaas Pootenshaala naannoo beekanii karoora qopheessuu irrattii hanqinii jirachuu raawwii hojii kana irra hubachuun ni danda'amaa.

Walitti hidhamiinsa gabaa bu'aa beelladaa (Aannan, Dammaa fi Qurxummii) karoora bara ka'umsa KIB 14384 irra kan ture karoorri bara 2013-2015 keessaa bu'aa beelladaa toonii 98,206 walitti hidhaminsa gabaa raawwachuuf karoorfame keessaa toonii 70,049 walitti hidhaminsi gabaa raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u kunis %71 ol kan raawwatedha. Raawwiin kun kan wagga shanii wajjin yoomu madalamuu %100 ol raawwatamee jira. Kanaan wal qabatee dhimmi sirriitti ilaalamuu qabu, pootenshaala jiru adda baasanii beekuu fi karoorsuu irratti hanqinni guddaan akka jiruu fi karoora itti aanu keessatti dhimma xiyyeeffannoo addaatiin ilaalamee sirraa'uu qabuu dha.

Gabatee:38. Walitti hidhaminsa gabaa bu'aa beelladaa

| | Saf | (2013-2017) | Bara 2013 | | 2014 | | 2015 | | 2013 - 2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwi | %n |
| WHG Bu'aa Beeylladaa | | 14384 | 10375.8 | 16234.7 | 87830.3 | 53814.6 | | | 98,206 | 70,049 | 71 |
| W/H/G/ Dammaa | Ton | 2538 | 3,474 | 4,201 | 73,914 | 37,721 | 13,441.10 | 13,441.10 | 90,829 | 55,363 | 61 |
| W/H/G/Qurxummii | Ton | 8139 | 6,750 | 11,856 | 12,945 | 15,089 | 6,019 | 6,019 | 25,714 | 32,964 | 128 |
| W/H/G/ Aannanii | Ton | 3707 | 151.8 | 177.7 | 971.3 | 1,004.60 | 363,297.20 | 363,297.20 | 364,420 | 364,480 | 100 |

**Madda:Biiroo Daldala Oromiyaa**

Walumaagalatti hojiin walitti hidhaminsa gabaatiin wal-qabatee hojjetame waan gaarii ta'us gara fuula duraatti humni naannoon keenya qabduu fi inisheetiiviiwwan adda addaa qabamaniin hojii keessa jiran akka carraatti qabachuun karoora hiixataa karoorsuu fi irratti cimanii hojjechuu barbaachisaa dha.

Gama biraatiin oomishni gogaa fi kal'ee naannoo keenyaa gabaa biyya alaatiif dhiyaachaa hin jiru.Kanaaf, akka sababoota ijootti ka'aa kan jiru; sirni al-ergee gogaa fi kal'ee diriiree

kan hin jirre ta’uu, rakkoo qulqullina oomisha gogaa fi kal’ee, dabalaa deemuu gatii kemikaala gogaa ittiin mijeessanii, qaraxa guddaa gogaa fi kal’ee irra kaa’amee fi gogaa otoo hin qixeessiin biyya alaatti erguun hin danda’amu jechuun dhorka kaa’uu fi yaaliin gama al-ergitootaanis hojii kana irratti bobba’uuf jiru laafaa ta’uun akka rakkootti ka’amee jira.

**Hojii piromooshinii odeeffannoo gabaa**

Odeeffannoo gatii gabaa sassabuu, qulqulleessuun qindeessuu, tamsaasuu fi kuusuu waliin walqabatee hojii dijitaleessuu bara baajeta kana keessaa kan jalqabee qulqulinni isaa fooyya’ee wayitiidhaan dhaqqabamaa taasisuun hirmattonni gabaa yoom-eessa beekanii akka murteeffataniif; qabiinsa ragaa gatii odeeffannoo gabaa toora irraan/online galchuun eegalame fedhii qorannoo gatii, qorannoo galtee imammata Diinagdee, galtee fedhii mana murtii dhaaf saffina, qulqullinaa fi dhaqqabamaa ragaa odeeffannoo gatii gabaa kennuuf bu’uura kan kaayedha.

#### 4.1.6. Qophii Pilaanii Misooma Magaalaa

Galmi Inistitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa Magaalonnii Naannoo keenyaa fi giddu galli guddina baadiyaa Pilaanii ammayya’aa hordofanii misooma magaalaa amansiisaa fi itti fufinsa qabu akka qabaatan taasisuu fi Lafa dabalatee qabeenya jiru yoo seeraan fayyadamuu baanne qisaasamaaf waan saaxilamuuf lafa kunuunsuun faayidaa uummataa qofaaf oolchuuf yommuu ta’u raawwii waggoottan sadan darban hojiiwwan gurguddoo gabatee armaan gadiin dhiyaataniru.

Gabatee: 39.Qophii Pilaanii Misooma Magaalotaa

| TL | Agarsiiftuuwwan gurguddoo | Ka'u. 2012 | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Bara 2015 | | Raawwii hanga 2015 | | Raawwii waggaa 3%n | Karoora waggaa 5 | Raawwii karoora waggaa 5 % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar | Raw | | | |
| 1 | Qophii kaartaa bu’uraa | 946 | 64 | 65 | 67 | 72 | 100 | 100 | 231 | 237 | 100 | 460 | 51.5 |
| 2 | Qophii pilaanii bu’uraa | 632 | 40 | 41 | 40 | 43 | 57 | 55 | 137 | 139 | 100 | 275 | 50.5 |
| 3 | Qohii Pilaanii Tarsimawaa | 60 | 8 | 6 | 9 | 9 | 11 | 14 | 28 | 29 | 100 | 46 | 63 |
| 4 | Qophii pilaanii Saxaxaa (Urban | 32 | 6 | 6 | 6 | 6 | 10 | 10 | 22 | 22 | 100 | 45 | 26.67 |

| TL | Agarsiiftuuwwan gurguddoo | Ka'u. 2012 | Bara 2013 | | Bara 2014 | | Bara 2015 | | Raawwii hanga 2015 | | Raawwii waggaa 3%n | Karoora waggaa 5 | Raawwii karoora waggaa 5 % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar | Raw | Kar | Raw | | | |
| 1 | Qophii kaartaa bu'uraa | 946 | 64 | 65 | 67 | 72 | 100 | 100 | 231 | 237 | 100 | 460 | 51.5 |
| | design) | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Qophii Pilaanii Caasawaa Magaalootaa | 96 | 8 | 8 | 7 | 7 | 6 | 5 | 21 | 20 | 95.2 | 35 | 57 |
| 6 | Pilaanii GGB qophaa'e | 840 | 60 | 66 | 67 | 67 | 115 | 115 | 242 | 248 | 100 | 520 | 47.7 |
| | Pilaanii misooma Qe'ee(LDP) | 90 | 10 | 14 | 20 | 16 | 22 | 22 | 52 | 52 | 100 | 100 | 52 |
| | Waliigala | 2696 | 194 | 206 | 261 | 221 | 321 | 321 | 733 | 742 | 100 | 1481 | 50.1 |

Madda:Institutii pilaanii magaalaa

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu raawwiin qophii pilaanii magaalotaa addaa addaa ibsaman hanga bara 2015tti pilaanii adda addaa 733 qopheessuuf karoorfame 742 (%100 ol) kan raawwaatame yommuu ta'u, karoora waggaa shanii irraa %50 raawwatameera. Raawwiin kun akka milkaa'uuf kanneen sababa ta'an, hojii qiyyasaa kanaan dura 'total station' hojjetamaa turan yeroo ammaa meeshaalee ammayya'aa ta'an kanneen akka DGPSn hojjetamuu waan eegaleef hirmaannaan uummata magaalaa daangaa daangessuu keessatti dabalaa waandhufeef akka ta'e hubatameera.

Hata'u malee qophiin pilaanii tokko tokko haala karoorfameen kan raawwachuu dadhabeef ragaalee fi odeeffannoon sirrii ta'e haala barbaadamuun argachuu dhabuudha. Magaalota hunda keessatti sadarkaa jedhamuu danda'amuutti pilaanii magaalaa ijaarsa seeraan alaa babal'achuu irraan kan ka'e hanga barbaadamu kabajamaa hin jiru. Kun immoo egeree magaalotaa kan balleessuuf waliingahiinsa Bu'uraalee misoomaa irratti rakkoo uumaa waan jiruuf hawaasa magaalaa hirmaachisuun pilaanii magaalaa kabachiisuuf hojjetamuu qaba.

Pilaanii Qarqara lageenii ilaalchisee Magaalaa Jimmaa, Qarqara haroo Soorgaa (Lake Side Development Plan) Magaalaa Naqamtee fi Haroo Dambal Magaalaa Baatuu irratti qopheessuun kan xumurame iddoowwan hawwata tuurizimii taasisuun galii magaalaa fi

hawaasaa guddisuuf karoorfamee ture xumuruun abbootiin qabeenyaa, Yuniversitiwwan adda addaa hojii Investimentiif gaaffii dhiyeessuun tajaajilaa misoomaaf kan qophaa'ee yoo ta'uu, magaalaa Amboo qarqara Laga Huluuqaa, Magaalaa Bishaan Gurraachaa qarqara Haroo Habaas akkasumas magaalaa Haromayaa qarqara Haroo Haramayaa bara 2015 kana keessa dhibbeentaa jahaatama (%60) raawwachuuf karoorri qabamee hojiin qorannoo kunis haaluma karoorfameen raawwachaa kan jiru ta'uun isaa xiinxalamee jira.

Hojiin qorannoo kanaas yeroo karoorafamu hojiichi yaada haaraa waan ta'eef waggottan shanan (2013-2017) keessatti hojii qoqoodun Magaala tokko ni hojjenna jechuun karoorri qabamee hojiitti kana galame yoo ta'u, raawwii isaa waliin yeroo ilaalamu magaalotaa jaha (6) hojjechuun danda'amee jira.

Milkaa'ina hojii kanaaf sababa kan ta'an:Hojiin kuni yaada haara ta'uu caalatti miidhagina magaala fi magaalli qabeenya bishaanii qabdu akka itti fayyadamuu gochuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf magaalonni fedhii guutun fudhachuu fi tumsa guddaa gochaa waan turaniif; hojii qophii pilaanii qarqara haroo fi lageenii yeroo karoorfametti yaad isaa haaraa ta'uurraa kan ka'e muuxannoo adda addaa fayyadamuun hubannoon irratti uumamee hojiitti waan galameefi akkasumas, qindoominni hojii Yuniversiitiwwan waliin hojii kana irratti ture caalmaan akka milkaa'u taasisuu isaati.

Guddinaa fi babal'ina magaalaa dabalaa jiru keessatti gaheeen pilaanii magaalaa guddaadha. Haata'u malee pilaaniin magaalotaa haala barbaadamen hojii irra oolaa akka hinjirre qorannoo bara 2012 IPMO gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameera. Pilaanii magaalota kabachiisuu dadhabuuf kanneen sababa ta'an,

Babal'achuu ijaarsa seeraan alaa, adda bahuu dhabuu daangaa magaalaa fi Baadiyaa, kaffaltiin beenyaa dhibamuu,hirmaannaan hawaasaa laafaa ta'uu fi seera pilaanii eeguu dhabuu fi kutannoo fi waliin hojjechuu dhabuu hoggansaa fi ogeessaa akka ta'e adda ba'eera.

Pilaanii Hulaawwan Misoomaa/Corridor Development/ iddoowwaan murteesuu ta'anii fi Diinagdee naannoo fi biyyaa irratti dhiibbaa uumu jedhamanii amanaman filatamanii qubsuma uummataa gidugaleessa godhatee Pilaanii qophaa'u ta'ee karoora waggaa shanii keessatti ulaa misooma(Corridor Development Plan) Finfinnee-Adaamaa %20 akkasumas bara 2015 Pilaanii hulaa Misomaa (Corridor Development Plan) Naannoo Hara Shaallaa, Abijaataa fi Langaanoo) dhibbeentaa shantama raawwachuuf karoorri qabamee ture. Karoorri kun yeroo qabamuu fedhii misoomaa yeroo ammaa gama hundaan jiru fi bu'a pilaanii kuni biyyaaf buusu danda'u yaaduu keessa galchuun kan karoorfame yoo ta'u, mootummanis

hojiin kun hojii bu'uu guddaa buusu danda'u ta'uu isaa fudhachuudhaan qaama hojii qorannoo kana gagggeessu hundeessun instiitiyuutinis galma ga'iinsa hojii kanaaf gahee isaa irra eegamu akka ba'u hubachiisee jira.Bu'uruma kanaan, instiitiyuutin keenyas hojiilee haal-duree qorannoo fi qophii pilaanii kanaaf barbaachisu hunda xumuruudhaan qaama qorannicha gaggeessuf dabarsee jira.

**Raawwii hojiiwwan Moodeela Baasuu Magaalaa**

Magaalotaa raawwii isaanitiin raawwii ol'aanaa qaban adda baasudhaan akka isaan daraan ciman taasisuu fi magaalonni biroo akka irraa barachuu danda'an gochuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, hojii Magaalaa Modeela Baasuu Karoora tarsimoo waggaa shanii (2013-2017)tti moodeela baasuu Magaalota 28 karoorfamee ture keessaa kan waggaa Sadii bara (2013-2015)tti Magaalotaa 18 baasuuf karoorfamee Magaalaa 12(%66.7) raawwatamee jira.

Sababoota raawwiin karoora gadi ta'eeef:Hojiin Hordofii Qophii fi Raawwii Pilaanii Magaalotaa oggassa Ogummaa adda addaan guutuu ta'een(Profesional mix) kan geggeeffamu haa ta'u malee, humni namaa karaa guutuu ta'een hojii karoorfame uwwisuu danda'u karaa guutuu ta'ee dhibuu, rakkoon loojestikii kan akka Konkolaataa fi meeshaalee qiyyaasaa ammayya'aa ta'an yeroodha gara yeerotti foyya'aa deemus baay'ina magaalotaa hordofamuu qabanii waliin yoo ilaallamu yeroo barbaadame keessatti bira qaqabuudhaaf hanqinni guddaan kan jiru ta'uu isaa, rakkoo qaqqabummaa(Gurmaa'insi Institiyutichaa hanga Damee qofaatti waan jiruuf Magaalota hedduu bira gahuuf rakkoo ta'uu fi Qaamolee deeggarsa kennan waliin qindoominni jiru hanqina qabaachuu isaarra kan ka'eedha.

**4.1.7. Misoomaa fi Tajaajila Geejjibaa**

Hojiin dhiyeessii geejjibaa 2012 sararri bobbii 3,510 irra ture, fooyyessuuf hojii hojjetameen hanga 2015tti sarara bobbii 133 dabaluuf karoorfamee sararri bobbii 197 dabalame walumaagala 3,707 qaqqabee jira.Haata'u malee, haala qabatamaa jiru waliin yeroo ilaalamu dhiyeessiin geejjibaa ammas sadarkaa barbaadamu irra gaheeera jechuun hin danda'amu. Kanaaf, sarara haaraa fi sarara bobbii bilisaa banuun akkuma jirutti ta'ee sarara kanarratti kan barbaachisan konkolaataa gahaa ramaduu fi abbootii qabeenyaa waliin qindoominaan hojjechuuf karoorfamuu qaba. Gama biraatiinis, meeshaaleen hanga geejibsiifamanitti bakka itti kuufamuu qaban qopheessuu fi irratti hojjetamuu kan qabuudha.

Gama Sarara bobbii bilisaatiin bara 2012 sararri bobbii bilisaa 45 kan turee waggootan sadan (2013-2015) keessatti sarara bobbii bilisaa 143 banuuf karoorfamee karooraa ol sararri 199 banuun danda'aamee jira.Gama Kanaan waldaaleen geejjibaa irratti gurmaa'an sarara bobbii

baname akka uwwisan gochuuf hordoffii fi to’annoo taasisuun hojiin hojjetamaa tureera. Haata’u malee hojiin kun fedhii amma jiru wajjin walbira qabamee yeroo ilaalamu gahaa waan hintaaneef qooda fudhattootaa fi abbootii qabeenyaa waliin marii taasisuun sararri bobbii bilisaa akka dabalamuuf hojjechuun barbaachisaadha.

Balaa Tiraafikaa ilaalchisee balaa salphaadhaa hanga du’aatti jiru 2012, 3975 ture 2013 keessa 3895 gad-buusuuf karoorfamee 4525 kan dabale yommuu ta’u, 2014 ittis gara 3,815 gad- buusuuf karoorfamee 4,421 akkasumas bara 2015tti karoorri 4333 yoo ta’u, raawwiin 3754tti gadi buusuun danda’aamee jira. Walumaagalatti balaan tiraafikaa waggoota lamaan (2013-2014) ture bara 2015 keessatti garaagarummaa 524 hir’isuu danda’eera. Mancaatii qabeenyaan 2012 Qr. 275,086,470 kan ture hanga 2015tti gara 352,471,722 dabalee jira.

kanaaf, sababoonni manneen leenjii dhuunfaa leenjii qulqullinaa fi gahumsa qabu konkolaachisummaaf kennuu dadhabuu, osoo hin leenji’iin hayyama konkolaachisummaa bitatanii tajaajila kennuu, sakatta’insa tekinikaa qulqullinaan taasisuu dhabuu, naamusaa fi gahumsa konkolaachisaa, Rakkoowwan daandii wajjiin wal qabatanii fi to’annoo fi hordoffiin tiraafikootaa fi hojjettoota geejjibaa (kan dhimmisaa ilaallatu qofa) hojii haqa qabeessa ta’e hojjechuu dhabuudha.Kanaaf, sirna rakkoo kana hunda xiqqeessuu danda’u tekinoolojiitti fayyadamuun hojiin nageenyisaa amansiisaa ta’e hojjetamuu qaba. Hayyama konkolaachisummaa haqa qabeessa ta’e kennuu,qulqullina leenjii dhaabbilee leenjii dhuunfaa keessatti kennamaa jiraniif rifoormii kenna tajaajila geejjibaa hojii irra oolchuu, gahumsa konkolaachisaa qulqullinaan mirkaneessuu, naamusa konkolaachisaa waliin walqabatu karoora itti aanu keessatti hiikuuf irratti karoorfachuu fi Alkoolii Teesterii’ Raadaarii ol-guddisuu irratti hojiin bal’inaan hojjetame iddoo baayyeetti mul’ataa hin jiru. Kun immoo balaa gama tiraafikaan gahaa jiru baraa gara baraatti dabalaa akka deemuuf sababa ta’aa jira. Uwwisni fayyadama teknoolojii sochii konkolaataa fi konkolaachisaa to’achuuf taasifame quubsaa miti.Kanaafuu, babali’na teknoolojiiwwan misooma geejjibaatiif oolu xiyyeeffannoo fi ciminaan akka hojjetamuuf deeggarsa addaa barbaachisa.

#### 4.1.8. Misooma Konistiraakshinii

Induustirii n konistiraakshinii kutaa Diinagdee Guddinaa biyyaa fi naannoo keessatti gahee guddaa kan qabuu fi saffisaan guddachaa kan jiru ta’uun isaa qorannoo gaggeeffamerra hubachuun danda’ameera.Dameen Kun tajaajilaa fi Qonnatti aanee carraa hojii uumuun gahee guddaa Kan gumaachaa jiru yoo ta’u, leecaaloo ykn Baajetaa fayyadamuun sadarkaa duraa irratti Kan argamudha.

Qo'annoo fi Qorannoo Induustirii konistiraakshiinii keessatti taasifame bara 2012tti 4 kan ture waggootan sadan (2013-2015) keessatti qorannoo fi qo'annoo 12 geggeessuuf karoorfamee haaluma karooraatiin 12 (%100) gaggeessuun danda'amee jira. Haaluma qoorannoo kanaatin, Guddinni induustrii n konistiraakshiinii % 19.9 irra ture yoo xinnaate waggaa waggaan guddina %'22'n agarsiisaa deemuu isaa mirkaneessuuf karoorfamee ture bara 2015'tti qoraannoo taasifameen guddina % 12.43'n waggaa waggaa guddachaa akka jiru mirkaneessuun danda'meera. (Maddi ragaa - Qorannoo Yuuniversitii Amboo)

Induustrii n konistiraakshiinii keessatti carraa hojii kallattii fi al-kallattiin akka uumamamuuf bara 2012tti 108477 kan ture, waggaa sadaan kanatti karoorri 527,260 yoo ta'uu giddu galeessaan 527,260 karoorfame ture, 571,607 ( % 108) raawwachuun danda'ameera.

Kontiraakterootа, Gorsitoota, Ogeeyyii fi dhiyessitoota hayyamaa gahuumsaa seeraa fi namusaan alaa waraqaa gahuumsaa fudhatan to'achuu fi tarkaafii sirreeffamaa fudhachuu 2012 154 ture, %n 100 fudhachuuf karoorfame ture waggaa sadan kana keessatti giddugaleessan qooda fudhattoota 546 ragaa hayyama gahuumsaa seeraan alaa qabatanii argaman irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun danda'amee jira.

#### 4.1.9. Ejensii Dhimma Kaafamtootaa

Ragaa Kaafamtoota Misoomaa Sassaabuu Gurmeessuu fi Qindeessuu

Ragaa kaafamtoota misoomaa sasaabuu, gurmeessuu fi qindeessuu ka'umsa karoora KIB 35,462 irra kan ture karoora waggoota sadan kana keessa kaafamtoota gara 127,218 (dh 66,131 fi du 61,087 )raawwachuuf karoorafame keessaa 117,371( dh 65,937 fi du 51,434) raawwatee jira. Raawwiin waggoota sadanii akka karoora mana hojichaatti gaarii yoo ta'u,akkaataa karoora waggaa shaniin yoo ilaallu garuu raawwiin %42 qofaadha. Bu'uruma kanaan raawwiin waggaa sadanii kun yemmuu xiinxalamu gad-aanaadha hanga yaadame milkeessuun hin danda'amne. Sababiin isaa: dameelee irratti iddoowwan pirojeektota adda addaa irraa ragaan ni funaanama jedhamanii yaadaman haala qabatamaa nageenyaa fi hanqina baajetaa irraa kan ka'een hojii keessa galuu dhabuu dha. Fuulduratti xiiqiidhaan hojjechuun bakka misoomaaf barbaadame dhiibbaa fi baasii dabalataa otoo hin gaafatiin yeroosaatti akkaataa karoorfameen raawwachuun qisaasama qabeenyaa fi yeroo akkasumas,komii hawaasaa hambissuun barbaachisaadha.

**Haqa Qabeessummaa Tilmaama Beenyaa Mirkaneessuu**

Hojii mirkaneessuu haqa qabeessummaa tilmaama beenyaa bara 2012 irratti 7,931 irra kan ture karoora waggoota sadan kana keessa 28,780(dh 23,541 fi du 5,239) raawwachuuf karoorfame keessaa 25,990 (dh 20,738 fi du 5,225) kan raawwate yommuu ta'u, karoora waggaa shanii irraa yoo shallagamu %51 irra gahee jira.Raawwii karoora waggaa sadii yoo ilaallu akka karoorsaaniitti sadarkaa gaarii irra jira.Garuu, karoora waggaa shanii irraa yeroo ilaallu gad-bu'aa ta'uu agarsiisa.Sababiin raawwiin gadi aanaa ta'e rakkoo nageenyaa fi bulchiisni magaalotaa fi aanaalee tokko tokko beenyaa tilmaaman otoo ejensii fi dameelee hin beeksisiin achumatti ofumaa kanfaltii waan raawwachaa jiraniifidha. Fala kan ta'uu malu, hojii lafarra harkisuu keessaa bahuun karoora hiixataa fi hojjechiisuu danda'u karoorsuun caasaalee sadarkaan jiran hunda wajjin qindoominaan irrattiqooda fudhachuun hojii waloo qulqullina qabu yeroodhaa raawwachuun barbaachisaadha.

Maatii kaafamtoota misoomaa waliin marii gaggeessuun hubannoo uumuu bara 2012 irratti 15,045 irra kan ture waggoota sadan kana keessa 55,026( dh 36,591 fi du 18,435) raawwachuuf karoorfamee 55,576(dh 34,653 fi du 20,953) kan ta'u raawwateera.Raawwii karoora waggaa shanii irraa yeroo shallagamu %56 raawwachuun danda'amee jira.Haaluma kanaan, raawwiin kun gad-aanaadha.Hariiroon hawaasa misoomaaf kaafamanii fi hojjettoota gidduu jiru laafaa ta'uu namatti agarsiisa.Guddina misooma keenyaa ariifachiisuuf walitti dhufeenyi qaamolee lamaanii cimmee yoo adeeme qofaadha.

Kaafamtoota misoomaaf bu'uraalee misoomaa fi dhaabbilee tajaajila hawaasummaa hundi akka guutamuuf gochuu;bara ka'umsa KIB 8,086 irra kan ture 15,092(dh 10,070 fi du 5,022 )raawwachuuf karoorfamee 16,828(dh 13,475 fi du 3,353 ) kan raawwate yoo ta'u, raawwiin karoora waggaa shanii irraa % 59 raawwatee jira. Raawwiin kun giddugaleessa ta'us karoora waggaa shanii akka milkaa'uuf xiiqiidhaan hojjechuun dirqama qaama sadarkaan jiru hundaa ta'a.

**Mirga Kaafamtootaa Kabachiisuu fi Komii Hiikaa Deemuu**

Hojii mirga kaafamtoota misoomaa kabachiisuu fi komii hiikaa adeemuu bara 2012 irratti 5,236 irra kan ture karoora waggoottan sadan kana keessa 18,833 (dh 10,523 fi du 8,310) raawwachuuf karoorfame keessaa 17,047(dh 12,972 fi du 4,075) kan raawwate yoo ta'u, raawwii karoora waggaa shanii irraa yeroo ilaallu %63 raawwachuun danda'amee jira.Raawwiin kun, sadarkaa gaarii irra kan jiruu ta'uu agarsiisa.

Qindoomina qooda fudhattoota abbootii pirojeektii fi dhimmi isaan ilaallatu wajjiin uumameen komiiiwwan kanaan dura hawaasa bal'aa biratti yeroo dheeraaf ka'aa turan deebii

argachuu.Fkn.Godinaalee Gujii, Iluu Abbaa Boor fi Bunnoo Baddallee.Xiyyeefannaan qaama mootummaa sadarkaa sadarkaan jiru komiiwwan hawaasa kaafamaa misoomaa irraa dhiyaataniif deebii kennuuf jiru kan fooyya'e ta'uu.

**Kaafamtoota misoomaa diinagdeen gahoomsuu fi Faayinaansii Mobilaayzeeshinii geggeessuu**

Fedhii bobbii hojii kaafamtoota misoomaa adda baasuu: karoora ka'umsa KIB 8,915 kan ture waggoota sadan darbe kana keessa 45,157 9 ( dh 30,617 fi du 14,540 ) raawwachuuf karoorfame keessaa 37,570( dh 26,416 fi 11,154) kan raawwate yeroo ta'u raawwii karoora waggaa shaanii irraa yoo madaalamu %39 qofti raawwatee jira. Sababoota raawwiin gad-bu'eef, rakkoo nageenyaatiin dameewwan tokko tokkohojiisaanii seeraan raawwachuu dhabuu, kaafamtoota misoomaatiif beenyaa yeroo dhaan kanfaluu dhabuu, hojii Ejensiin kaafamtoota misoomaa hojjetuu qooda fudhattoonni hubannoo guutuu qabaachuu dhabuu fi kan hubannaa qabanis iddoo tokko irra turuu dhabuu (turn over) jiraachuu irraa kan madde dha.

Fedhii bobbii hojii adda bahe irratti kaafamtoota misoomaatiif leenjii kennuuf bara 2012 irratti 6,649 irra kan ture karoora waggoota sadii keessatti 49,736 (dh 31,954 fi du 17,782) raaawwachuuf karoorfame keessaa 37,986(dh 26,889 fi du 11,097) kan raawwate si'a tu'u raawwii karoora waggaa shanii qabame irraa % 39 qofatu raawwatee jira. Sababiin raawwiin gad-bu'eef, rakkoo baajetaa fi loojistiksii,qooda fudhattoonni kaafamtoota misoomaatiif xiyyeeffannoo kennuu dhabuu fi kkf.

Deeggarsa misooma daldalaa akka argatan taasisuu keessatti bara 2012 irratti 4,087 irra kan ture karoora waggota sadan kana keessa 22,185 (dh 14,251 fi du 7,834) raawwachuuf karoorfamee 19,857(dh 13,791 fi du 6,066) kan raawwate yoo ta'u, raawwii karoora waggaa shanii irraa % 60 irra gahee jira. Raawwiin giddugaleessa irra kan jiruu fi milkaa'ina galma kaa'ame mirkaneessuuf qaamni sadarkaan jiruu fi qooda fudhattoonni qindoominaan cimanii hojjechuun barbaachisaadha

Kaafamtoota misoomaa inveestimentii keessa akka galan taasisuu bara ka'umsa karoora KIB 441 irra kan ture karoora waggoota sadan kana keessa 1,120(dh 992 fi du 128) raawwachuuf karoorfame keessaa 1,028( dh 921 fi du 107) raawwachuun kan danda'ame yoo ta'u, raawwii karoora waggoota shanii keessaa % 57 raawwatee jira.Raawwin giddugaleessa keessa waan jiruuf hojii cimaa barbaada.Kanaafuu, Kaafamtoonni misoomaa humna maallaqaa qabaniin

hojii inveestimentii irratti akka bobba'uu danda'an hubannoo uumuu fi deeggarsa barbaachisu taasisuun hojii inveestimentii keessa akka galn gochuun barbaachisaadha.

**Interpiraayzoota Dhuunfaatti ykn Waloon kaafamtoota misoomaatiif uumuu**

Karoorri waggaa shanii kaafamtoota misoomaa intarpiraayizii dhuunfaa ykn waliiniitiin hojii uummachiisuuf bara 2012 irratti 8,827 karoora waggoota sadii keessa 38,446(dh 26,434 fi du 12,012) raawwachii karoorfame keessa 30,778 ( dh 22,268 fi du 8,510) kan raawwate yammuu ta'u, raawwii karoora waggaa shanii irraa %49 qofti raawwatee jira. Sababa raawwiin gad-bu'eef kanfaltiin beenyaa yeroo dhaan raawwatamuu dhabuu, deeggarsi gama qooda fudhattootaan jiru laafaa ta'uu fi kkf dha. Kaafamtoota misoomaa diinagdeen akka of-danda'anii fi maatiisaanii akkasumas biyyasaa akka gargaaran taasisuuf qaamni dhimmisaa ilaaluu fi abbootiin qabeenyaa deeggarsa gahaa fi hojii keessa galchuu danda'uun utubuun nageenya biyyittiif illee qooda olaanaa kan qabudha waan ta'eef hojii dhaabbataa ta'e uumuuniif barbaachisaadha.

**Walitti hidhaminsa gabaa kaafamtoota misoomaaf uumuu**

Walitti hidhaminsa gabaa akka argatan taasisuu bara 2012 irratti 2,055 irra kan ture karoora waggoota sadan kana keessa 14,515 raawwachuuf karoorfame keessa 11,114 kan raawwate yoo ta'u, raawwii karaa waggaa shanii keessaa % 59 raawwachuun danda'ameejira.

Karoorri walitti hidhamiinsa gabaa maallaqa akka argatan taasisuuf karoorrii waggoota sadan darbee qr.215, 750,000 raawwachuu karoorfame keessaa qar.171,923,127 akka raawwatuuf hojjatamee jira.Walitti hidhamiinsa gabaa taasifame kanaan bu'aa argame keessaa qusannoo karoorri waggoota sadan kana keessa qr. 33,967,162 raawwachuuf karoorfame keessaa qr.78, 253,102 kan ta'u qusatamee jira. Sababni walitti hidhamiinsii gabaa taasifameen raawwiin akka olka'u taasisan karoorri waggaa shanii maallaqaan qabame hiixataa kan hin turre yoo ta'u kan waggaa sadii garuu fooyya'ee karoorfamuu isaa mul'isa.

Lafa bakka bu'insaa mana jireenyaa akka keennamuuf taasisuu bara 2012 irratti 7,298 irra kan ture waggota sadan darbe keessa 23,337 (dh 18,449 fi du 4,888 ) raawwachuuf karoorfame keessaa 13,084(dh 9,836 fi du 3,248) kan raawwate yommuu ta'u raawwii karoora waggaa shanii keessaa % 39 irra gahee jira. Raawwiin gad-aanaa dha waan ta'eef hin milkoofne jechuun nama dandeessisa, Kanaaf, sababa kan ta'u, Bulchiifni magaalootaa lafa qopheessuu dhabuu fi qophaa'ummaan qooda fudhattoota sadarkaan jiranii hojii kana waliin hojjechuuf qaban laafaa ta'uu.

Iddoo hojii oomisha gurgurtaa kaafamtoota misoomaatiif kennuu karoora waggaa shanii keessatti 9,135 raawwaachuu akka waliigalaatti qabamee kan ture keessaa karoora waggoottan sadan darbe keessa 2,900 raawwachuuf karoorfame keessaa 2,615 kan raawwate si'a ta'u raawwii karoora waggaa shanii irraa % 29 qofti raawwateera.Raawwiin waliigalaa baayyee gad-aanaadha. Kanaaf sababa kan ta'u karoorri waggaa shanii karoorfame keessaa waggaa lamaaf(2013-2014) hojiin gama kanaan tokkollee hin hojjetamne raawwiin olitti ibsame iyyuu kan waggaa tokkoo(2015)qofaa ta'uu agarsiisa.Kanaaf, bara karoora hafe keessatti human jiru fayyadamuu fi duguuganii irratti hojjechuun milkaa'ina galma taa'ee bira akka gahuuf tumsa barbaachisu hunda gochuun qaama dhimmi ilaalu hundaa ta'uu qaba.

Kaafamtoota Misoomaan of-danda'an Eebbisiisuu:Karoorri hojii kaafamtoota misoomaa of danda'an eebbisiisuu karoora waggaa shanii keessatti 7,600 (dh 5,431 fi du 2,169) raawwachuuf kan karoorfame yoo ta'u, kana keessaa kan waggaa sadannii 1,340(dh 991 fi du 349) karoorfamee 529( dh 454 fi du 75) kan ta'u yoo raawwatu,raawwi karoora waggaa shanii keessaa %7 qofaatu eebbifamuu danda'ee jira.Raawwiin jiru akkuma mul'atutti hedduu gadi bu'aadha. Sababni raawwiin milkaa'uu dhabeef, kaafamtoota misoomaa hunda bira gahuun ragaa barbaachisu qindeessuu fi piroofaayila kaafamtoota misoomaa adda baafachuun deeggarsa barbaachisu kennuun eebbisiisuu dadhabuu; Ulaagaa kaafamtoonni misoomaa ittin eebbifaman hordofuun hojii irra oolchuu dadhabuu fi kkf dha.Fuulduraaf, kaafamtoota misoomaa, guddina misooma biyyittiif jedhamee iddoo fi qabeenya isaanii gadi lakkisanii ka'an akka isaan of-danda'anii gochuun kana immoo mirkaneeffachuuf eebbisiisuun murteessaadha. Guddina misoomaa fi nageenya biyyaatiif kaafamtoota misoomaa fi maatiisaanii keessumaa iyyuu dhaloota ol-adeemaa godaansa biyya keessaa fi alaaf akka hin saaxilamneef dhiibba akka hin uumneef of-danda'anii akka dhaabatan gochuun tarsiimo kanaaf malu bocuu fi irratti hojjechuun itti gafatamummaa qaama dhimmi ilaalu hundaa ta'uu qaba.

### 2.1.9. Mirkaneessa Gahuumsa Ogummaa

Ejensiin Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa Oromiyaa ogeessota sadarkaa giddu galeessaa fi sadaarkaa jalqabaan gahumsa horatanii jiran gahumsa isaanii madaallii gahumsa ogummaatiin mirkaneessuun qulqullinaa fi walgitiinsi akka jiraatuuf hojjataa turee jira. Haaluma Kanaan, Xiinxalli Raawwii waggoota sadii haala armaan gadiin ilaalamee jira.

Humna nama gahumsaan horatamee gabaa hojii keessatti dorgomaa ta’e

Leenjifamtoota sagantaa idileetiin leenjii xumuranii gahumsi isaanii MGOtiin mirkanaa’e bara 2012tti 66624 kan ture hanga bara 2015tti karoorri 143,679 yoo ta’uu, raawwiin hanga bara 2015 149,037 (100) yoo ta’u, karoora waggaa shanii irraa % 56 raawwatamee jira. Akkasumas, Leenjifamtoota sagantaa leenjii gaggabaabootiin leenjii xumuranii gahumsi isaanii MGOtiin mirkanaa'e hanga bara 2012tti 15198 kan ture, hanga bara 2015tti karoorri 594,543 yoo ta’uu, raawwiin 112,785 (19) yoo ta’uu manii waggaa shanii irraa % 12 kan raawwatame fi raawwiin jiruu karooraa gadii ta’uun xiyyeefannon hojjetamuu qaba.

Sochoostota IMX madaalamanii gahumsi isaanii MGOtiin mirkanaa’e bara 2012tti 2712 kan ture, hanga bara 2015tti karoorri 80155 yoo ta’uu raawwiin 12,055 (15) Karoora waggaa shaniirra %43 raawwatamuu agarsiisa. Wiirtuulee madaallii haaraa Induustirii keessaa horataman 2012 386 yoo ta’uu, hanga bara 2015 karoorri 756 yoo ta’uu raawwiin 520 (69), akkasumas, wiirtulee madaallii buleeyyii beekamtii haaroomfatan bara 2012 67 kan ture hanga 2015tti karoorri 526 yoo ta’uu, raawwiin 463 (88), karoora waggaa shaniirraa %42 raawwatamuu agarsiisa..

Ogeessota qophii meeshaalee Madaallii/TEP/ Induustirii keessaa akaakuu ogummaatiin horachuun hojii keessa galchuuf bara 2012tti 24 kan ture, waggoota sadan (2013-2015) 169 karoorfamee 153 (91) raawwatamee jira. Dabalataaniis, Ogeessota Induustirii sadarkaa bu’uuraa fi giddu galeessaa irratti bobba’anii hojjachaa jiran madaalamanii gahumsi isaanii MGOtiin mirkanaa’e bara 2012tti 36569 kan ture hanga bara 2015tti karoorri 78,995 yoo ta’u, raawwiin 107,190 (100) raawwatame jira.

**Itti fayyadama Teeknoolojii fi Bulchiinsa ragaa**

Marsariitii Ejensichaa bulchuu fi bu’aa ragaa madaallii gahumsa ogummaa madaalamtoota madaalamanii gahomanii toora marsariitii irratti hawaasaaf ibsame bara 2012tti 262631 kan ture hanga 2015 karoorri 346,697 yoo ta’uu, raawwiin 326,977 (97) hojjeetamee jira.

Sirna Bulchiinsaa Ragaa/odeeffannoo ejensii teknoloojiin deeggarame diriire hanga bara 2012tti % 73 kan ture, hanga bara 2015tti karoorri 100% gahuuf karoorfamee raawwiin % 90 gahuun danda’aamee jira.

**Bu’aa qabeessummaa qorannoo fi Tajaajila Gorsaa**

Qo’annoo Saayinsaawaa (Bu’uraa) gaggeeffame hanga bara 2012tti 3 kan ture, hanga bara 2015tti karoorri 6 raawwiin 5 (83), karoora waggaa shaniirraa % 50 raawwatamee jira.

Wiirtulee madaallii Induustirii keessaa horataman qulqullummaa fi sirrummaan isaanii mirkanaa'e bara 2012tti 100 kan ture, hanga bara 2015tti karoorri 714 yoo ta'uu raawwiin 434 (61), karoora waggaa shaniirraa % 33 kan raawwatamee yoo ta'u, Sababni karooraa gadii raawwatameef immoo rakkoon nageenyaa fi COVID-19 tiin, wiirtuulee madaallii hunda bira gahuun waan hin danda'amneef raawwiin isaa gadi bu'ee jira.

# KUTAA SHAN

## 5. 1.Kilaastara Hawaasummaa

### 5.1.1. Misooma Barnootaa


Naannoon Oromiyaa Imaammata barnootaa akka biyyaatti qophaa'e bu'uureffachuun lammiileen naannicha keessa jiraatan hunduu carraa barnootaa wal-gitiinsa qabu argachuun dhaloota beekumsa, ogummaa fi naamusa gonfateen hojiilee misooma hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa fi bulchiinsa sirna dimookiraasii diriirsuu keessatti qabu mirkaneessuuf

Karoora Imala Badhaadhinaa( KIB ) qopheessee hojjechaa jira. Haaluma kanaan, carraa barnootaa baballisuu, wal-gitiinsa barnootaa mirkaneessuu, qulqullina barnootaa mirkaneessuu, ga'umsa keessoo barnootaa fooyyeessuu, barnoota al-idilee fi misooma hawaasaa cimsuun sirna bulchiinsa barnootaa ga’umsaa fi bu’a qabeessa taasisuuf hojjetamaa tureen xiinxala kana keessatti dhimmoonni akka muuxannooti cimanii itti fufuu qabanii fi raawwii karoora waggaa sadii (2013-2015) keessatti adda bahan akka itti aanuun dhiyaatanii jiru.

**Dhaabbilee Barnootaa babl’isuu fi carraa barnootaa wal-gitiinsa qabu babal’isuu:**

Baayina manneen barnootaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa (BSTD) bara 2012tti 1,918 ture bara 2015tti 10,862 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 10,813 (%99.55) irratti argama. Baayina manneen barnootaa sadarkaa tokkooffaa (kutaa 1-8) bara 2012tti 14,937 ture bara 2015tti 15,225 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 15,221 (%99.97) itti gufddatee jira. Baayina manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa(9-12) bara 2012tti 1,278 ture bara 1,359 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1,351(% 99.41)tti guddatee jira. Gama Kollejjii Barnoota Barsiisotaa bara 2012tti 13 hanga ammaatti 13 turetuu itti fufee tajaajila baruufi barsiisuu kennaa jira. Baayina Buufata Barnoota Ga'eessotaa 14,760 ture bara 2015tti 17,084 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 14,182(%83) irratti argama.

Giraafii: 24.Dhaabbilee Barnootaa babl’isuu




Madda: BBO


Walumaagalatti, hojiin babal'isuu dhaabbilee barnootaa sadarkaa hundaattuu dabalaa jiraachuu fi raawwii gaarii kan qabu yommuu tahu, addumatti hojiin babal'isuu manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa (BSTD) irratti xiyyeeffanna mootummaan gama tarkaanfilee Bu'uura Boruu milkeessuuf hojjete hojii boonsaa raawwatamuu agarsiisa.

**Hirmaannaa Barnootaa Waligalaa:**

Baay'ina Barattoota Kutaa BSTD bara 2012tti 1,040,743 (dhi 550,496 dub 490,247 ture bara 2015tti 1,393,604(dhi 722,019 dub 671,585) irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 1,356,327 (dhi 715,499 dub 640,828) %97.33 irratti argama. Baay'ina Barattoota Kutaa 1-6ffaa bara 2012tti 5,592,757(dhi 2,999,960 dub 2,592,797) ture bara 2015tti 7,300,890 (dhi 3,901,749 dub 3,399,141) irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 6,859,036 (dhi 3,662,871 dub 3,196,165) % 93.95 irratti argama. Baay'ina Barattoota Kutaa 7-8ffaa bara 2012tti 1,138,652 (dhi 630,563 dub 508,089) ture bara 2015tti 1,329,408 (dhi 715,165 dub 614,243) irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 1,169,919 (dhi 610,626 dub 559,293) % 88 irratti argama. Baay'ina Barattoota Kutaa 9-12ffaa bara 2012tti 1,289,027(dhi 740,081 dub 548,946) ture bara 2015tti  1,321,547(dhi 700,592 dub 620,955) irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin

1,239,712 (dhi 658,834 dub 580,878)% 88 irratti argama.walumaagalatti, Baay'ina Barattoota Kutaa BSTD hanga 12[ffaa] bara 2012tti 9,061,179 (dhi 4,921,100 dub 4,140,079) ture bara 2015tti 11,345,448 (dhi 6,039,525 dub 5,305,924) irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin barattoota waliigalaa 10,624,994 (dhi 5,647,830 dub 4,977,164) % 93.65 irratti kan argamuu dha.

Giraafii:25. Hirmaannaa Barnootaa Waligalaa




| | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 | Kar 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| Barattoota BSTD | 1,040,743 | 922,984 | 1,264,668 | 1,356,327 | 1,393,604 |
| Barattoota Kutaa 1-8 | 6,731,409 | 7,978,121 | 8,255,596 | 8,028,955 | 8,630,298 |
| Barattoota Kutaa 9-12 | 1,289,027 | 1,291,880 | 1,383,558 | 1,239,712 | 1,321,547 |
| ida'ama | 9,061,179 | 10,192,985 | 10,903,822 | 10,624,994 | 11,345,449 |

Madda: BBO

Walumaagalatti, dhaqqabummaan barnootaa lammiilee hunda biraan gahuuf sochiileen baroota sadan darban keessatti taasifameen baayinni barattoota sadarkaa hundattuu dabalaa jiraachuu kan agarsiisu yoo ta'u, karoora itti aanu keessatti hirmaannaa barattootaa fi qulqullina barnootaa karaa walsimataa ta'een itti fufsiisuuf dhimma xiyyeeffannaan hojjetamuu ta'a.

**Hirmaannaa ga'eessotaa:** bara 2012tti ga'eessota 602,421 barnoota jalqabanii kan turan bara 2015tti 3,100,000 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin ga'eessota carraa barnootaa argatan 1,933,219 (%62.36) irra ga'e yommuu ta'u manii 2017tti yaadame irraa %36.47 irratti kan argamu ta'uun hojiin babal'isuu buufataalee fi hirmaannaan jiru gadi aanaa waan taheef karoora itti aanu keessatti tarsiimoo milkeessuu danda'u qopheessuu fi hojiin qindoominaa cimsuun murteessaa dha.

**Indeeksii Walgitiinsa Barnoota (GPI) Garaagarummaa Koorniyaa Xiqqaate**

Hirmaanaa barattoota shamaranii dabaluun garaagarummaan dhiiraa fi dubara jidduu jiru dhiphisuuf hojiilee hojjetamaa tureen garaagarummaa reetii koorniyaa (GPI) BSTD bara

2012tti 0.89 ture bara 2015tti gara 0.93tti olguddisuuf karoorfameen raawwiin 0.90 tti kan fooyya'e yommuu ta'uu; kan sadarkaa 1ffaa(1-6) bara 2012tti 0.86 ture 2015tti 0.91 guddisuuf karoorfameen raawwiin 0.87 fooyya'uu; Kutaa 7-8 bara2012tti 0.81 ture 2015tti 0.87 irraan gahuuf karoorfamee raawwii 0.92 tti kan guddate yoo ta'uu; gama kutaa 9-12ffaa bara 2012tti 0.76 ture bara 2015tti gara 0.89tti guddisuuf karoorfameen raawwiin 0.88tti fooyya'iinsa agarsiisee jira.

Gabatee:40. Indeeksii Walgitiinsa Barnoota

| Walgitinsa | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 | Kar 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| Indeeksii Walgitiinsa BSTD | 0.91 | 1.00 | 0.88 | 0.90 | 0.93 |
| Indeeksii Walgitiinsa Barnootaa Kutaa 1-6 | 0.86 | 0.87 | 0.87 | 0.87 | 0.91 |
| Indeeksii Walgitiinsa Barnootaa Kutaa 7-8 | 0.81 | 0.85 | 0.86 | 0.92 | 0.87 |
| Indeeksii Walgitiinsa Barnootaa Kutaa 9-12 | 0.76 | 0.81 | 0.89 | 0.88 | 0.89 |

Madda: BBO

Kanaafuu, garaagarummaa koorniyaa (GPI) sadarkaa 1ffaa (1-8) fi sadarkaa 2ffaatti garaagarummaa koorniyaa jiruu dhiphiisuuf hojjeen hojjetamee jajjabeessaa yoo ta'uu kan BSTD keessatti foyya'iinsa qabuus ammayyuu hojii guddaa akka gaafatu agarsiisa.

**Hirmaannaan Barnoota Fedhii Addaa**

bara 2012tti BSTD 6,773 (dhi 3,872 dub 2,901) ture bara 2015tti 8,220 (dhi 4,605 dub 3,615) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 5,811 (3,260 dub 2,551) %70.69 irra kan ga'ee yoo tahu, manii 2017tti qabame irraa %63.9 irratti kan argamu ta'uu isaa agarsiisa. Akkasumas, sadarkaa kutaa(1-6) bara 2012tti 68,235 (dhi 40,179 dub 28,056) ture bara 2015tti 82,565 (dhi 48,617 dub 33,948) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 65,199 (dhi 37,365 dub 27,834) %78.97 irratti argama. Haaluma walfakkaatuun, kutaa(7-8) bara 2012tti 8,634 dhi (5,239 dub 3,395) ture bara 2015tti 11,636 (dhi 6,419 dub 5,217) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 9,270 (dhi 5,333 dub 3,937 ) %79.67 irra jira. Dabalataan, hirmaannaan barnoota fedhii addaa kutaa 9-12 bara 2012tti 5,623(dhi 3,533 dub 2,090) ture bara 2015tti 7,037 (dhi 3,992 dub 3,045) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 7,537(dhi 4,389 dub 3,148) % 107 akka raawwatame agarsiisa.

Gabatee: 41.Hirmaannaa Barnoota Fedhii Addaa bara 25013-2015tti raawwatame

| | Raawwii 2012 | Raaw. 2013 | Raaw. 2014 | Kar 2015 | Raaw. 2015 | % |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Kutaa BSTD | 6,733 | 3,613 | 3,799 | 8,220 | 5,811 | 70.69 |
| Kutaa 1-6ffaa | 68,235 | 59,587 | 66,441 | 82,565 | 65,199 | 78.97 |
| Kutaa 7-8 ffaa | 8,634 | 8,482 | 9,203 | 11,636 | 9,270 | 79.67 |
| Kutaa 9-12 ffaa | 5,623 | 7,569 | 8,375 | 7,037 | 7,537 | 107.11 |
| BSTD -12ffaa | 89,225 | 80,978 | 90,010 | 113,728 | 90,513 | 79.59 |

Madda: BBO

Bu'uura gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti, raawwiin hirmaannaan barnoota fedhii addaa addumatti kan Barnoota Sadarkaa Tokkoo Duraa fi sadarkaa 1ffaa (Kutaa 1-6ffaa) ilaalchisee raawwiin hanga bara 2015tti agarsiisu kan bara ka'umsaa 2012 irraa lakkoofsa barattoota wal duraa duuban 922 fi 3,036 hir'isee jiraachuu agarsiisa. Kanaafuu, harcaatiin barattootaa BSTD fi sadarkaa tokkooffaa kutaa 1-6tti waliigala barattoota 3,958 waan jiruuf yeroo itti aanu keessatti sababoota harcaatiin barattoota fedhii addaa qaban kun bara ka'uumsaa irraa gadii bu'eef qorachuun yeroo hojii itti aanuuf irraa barachuun tarsiimoo rakkoolee harcaatii uuman kana maqsuun milkaa'ina hojii kanaaf xiyyeeffannaa kennuun murteessaa ta'a.

**Hirmaannaan Barnoota aanaalee Horsiisee Bulaatti** Baay'ina Barattoota BSTD bara 2012tti lakkoofsaan 92,516 (dhi 50,497 dub 42,019) ture bara 2015tti 146,152 (dhi 76,675 dub 69,477) irraan gahuuf karoorfameen 115,260 (dhi 63,608 dub 51,652) % 78.86 irra jira. Hirmaannaa kutaa (1-6) bara 2012tti 559,111 (dhi 315,064 dub 244,047) ture bara 2015tti 757,334(dhi 415,971 dub 341,363) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 683,284 (dhi 386,078 dub 297,206 9,270) % 90.22 irra jira. Haaluma walfakkaatuun, Hirmannaa kutaa 7-8tti bara 2012tti 303,251 (dhi 185,780 dub 117,471) ture bara 2015tti 147,398 (dhi 92,664 dub 54,734) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 79,629 (dhi 47,839 dub 31,790) % 54.02 irra yoo gahu; gama hirmaannaa sadarkaa $2^{ffaa}$ (kutaa 9-12) bara 2012tti 66,810(dhi 44,291 dub 22,519) ture bara 2015tti 91,519 (dhi 58,397 dub 33,122) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 67449 (dhi 40746 dub 26703) % 73.70 irratti argama.

Gabatee:42. Hirmaannaa Barattoota Aanaalee Horsiisee Bulaa


| AHB | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 | Kar 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| Baay'ina Barattoota BSTD | 92,516 | 91,350 | 96,879 | 115,260 | 146,152 |
| Baay'ina Barattoota Kutaa 1-6 | 559,111 | 638,161 | 726,442 | 683,284 | 757,334 |
| Baay'ina Barattoota Kutaa 7-8 | 303,251 | 75,047 | 78,299 | 79,629 | 147,398 |
| Baay'ina Barattoota Kutaa 9-12 | 66,810 | 40,035 | 75,278 | 67,449 | 91,519 |

Madda: BBO

Bu'uura gabatee armaanii olii irraa hubatamuun hirmaannaa barattoota waliigalaa keessaa raawwiin kan aanaalee horsiisee bulaa giddugaleessa keessatti waan argamuuf tarsiimoo hojii kana milkeessu qopheessuun hojirra oolchuu gaafata.

**Reetiin hirmaannaa:** bara 2012tti reetiin hirmaannaa dilboo BSTD % 33 ture bara 2015tti %53 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin % 46.1 irra kan jiru yoo ta'u, Simmannaa Haaraa Qulqulluu Kutaa 1ffaa bara 2012tti %107 ture bara 2015tti gara %105 gad buusuuf karoorfameen raawwiin %109.2tti ol ka'ee ta'ee; Hirmaannaa Qulqulluu Kutaa 1-6ffaa bara 2012tti %115 ture bara 2015tti gara % 110.6 tti gadi buusuuf karoorfameen raawwiin gara %104.9 fooyya'ee jira. Haaluma walfakkaatuun hirmaannaa qulqulluu Kutaa 7-8ffaa bara 2012tti % 59 ture bara 2015tti gara % 64.1 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin bara ka'umsaa 2012 irraa hir'isuun gara % 42.6 gad bu'ee jira. Haaluma walfakkaatuun Hirmaannaa Qulqulluu Kutaa 9-12 bara 2012tti % 17 ture bara 2015tti 26.8 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin gara %26.2tti guddatee jira.

Giraafii:26. Reetiin hirmaannaa qulqulluu




Madda: BBO

Walumaagalatti, caatoo armaan olii irraa akka hubatamutti, reetiin simannaa haaraa qulqulluu kutaa 1ffaa fi reetiin hirmaannaa qulqulluu kutaa 1ffaa-6ffaa irraa akka agarsiisutti raawwiin %100 ol ta'uun saayinsiin agarsiisu jiraachuu baatus haala qabatamaa naannoo

keenyaatti raawwii kana gara barattoota umurii mana barumsaa sadarkaa $1^{ffaa}$ kutaa 1ffaa hanga 6ffaatti barachuu qabanitti fiduuf hojiilee hedduun hojjetamaa turanis raawwiin bara baraan galmaa'aa jiruun ammayyuun % 100tti fiduun hin danda'amne. Reetiin hirmaannaa qulqulluu kutaa 7-8ffaatti bara ka'uumsaa (2012) irraa baay'ee gad bu'us raawwiin bara 2013 irraa eegalee dabalaa jiraachuu agarsiisa. Kanaafuu, karoora itti aanu keessatti reetii hirnannaa qulqulluu dabalaa jiran itti fufsiisuuf ciminaan kan hojjetamuu qabu ta'ee; gama reetii hirmaanaa qulqulluu kutaa 1ffaa -6ffaatti jiran baayina barattoota barachuu qaban baayina ummataa jiran irraa qulqullinaan sakatta'amee qabatama barattootaa agarsiisuu addaan baasuun gara mana barumsaatti akka dhufan taasisuun hojii ijoo misooma barnootaa ta'uu qaba.


**Gahuumsa keessoo Barnootaa**

Milkaa'ina ga'umsa keessoo barnootaa madaaluuf agarsiistoota raawwii gurguddoo kan akka reetii harcaatii, reetii irra deebii daree, reetii turmaataa, reetii darbiinsaa fi reetii ce'umsaa fayyadamuun reetiiwwan ga'umsa keessoo barnootaa murtaa'a.

**Reetii Harcaatii Daree xiqqeessuu**

Harcaatiin barattootaa manneen barnootaa keessatti dabalaa deemuun misooma barnootaa keessatti baasii maatii fi mootummaan gama dinagdee fi hawaasummaatiin hojii misooma barnootaa milkeessuun lammii barate guddisuu, humna namaa fi leecalloo barnootaa baasu irratti dhiibbaa qaba. Haaluma kanaan, reetiin harcaatii kutaa $1^{ffaa}$ bara 2012tti %23.55 (dhi 23.80 dub 23.30) ture bara 2015tti %11.07tti gad buusuuf karoorfameen raawwiin harcaatiin garmalee gara %2.27(dhi 2 dub 2.60) tti gad buusuun danda'ameera. Reetii harcaatii kutaa 1-$6^{ffaa}$ bara 2012tti %11.91 (dhi 11.99 dub 11.81) ture bara 2015tti 2015tti %11.07tti gad buusuuf karoorfameen raawwiin % 3.65(dhi 3.1 dub 3.6) tti buusuun danda'amee jira. Akkasumas reetii harcaatii barattoota kutaa 7- $8^{ffaa}$tti bara 2012tti %15 (dhi 15 dub 15) ture bara 2015tti %13.55 (dhi13.76 dub 13.96) irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwii %4.40 (dhi 4 dub 4.8) tti gad bu'ee jira.

Giraafii:27. Reetii Harcaatii





Madda: BBO

Caatoo(giraafii) armaan olii irraa akka hubatamutti reetiin harcaatii bara 2013tti mana barumsaa sadarkaa 1ffaa hundattuu (kutaa 1-8) tti ka'umsa 2012 caalaa harcaatiin daran dabalee kan ture ta'us raawwiin bara 2015tti garuu manii yaadameen gad harcaatiin barattoota daree baay'ee xiqqaatee jiraachuun milkaa'ina guddaa qabaachuu agarsiisa. Kanaafuu,yeroo itti aanu keessatti dhimmoota harcaatii barattootaa hammeessan addaan baasuun tarsiimoo raawwii diriirsuun harcaatii barattoota daree xiqqeessuu irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a.

**Reetii Xumuraa**

Reetii xumura (Completion Rate) kutaa 6ffaa bara 2012tti %87.7(dhi 94.20 dub 81) ture bara 2015tti %78.04(dhi 79.53 dub 74.95) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %77.1(dhi 77.1 dub 77.11) irratti argama. Akkasumas gama reetii xumura (Completion Rate) kutaa 8ffaa bara 2012tti %54.3 (dhi 60.4 dub 48) ture bara 2015tti %60.54(dhi 62.34 dub 57.61) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %53.32(dhi 55.97 dub 50.58) irra jira.

Giraafii:28.Reetiixumuraa




Madda: BBO

Walumaagalatti, akkaataa caatoo armaan olii irraa hubatamuun reetiin xumuraa kutaa 6$^{ffaa}$ bara ka'umsaa 2012 irraa gad bu'aa jiraachuu kan agarsiisu yommuu ta'u; reetiin xumuraa kutaa 8ffaa bara 2013tti fooyya'insa guddaa agarsiisee kan ture yoo tahu, bara 2014-2015tti garuu bara baraan dabalaa jiraachuu agarsiisa.Kanaafuu, adeemsa reetii xumuraa kutaa 6$^{ffaa}$ fi 8$^{ffaa}$ fooyyeessuuf haalawwan barnootaa barattootaaf mija'aa fi hawwataa taasisuun reetii xumuraa guddisuun dhimma xiyyeeffannaa barbaadu tahuu agarsiisa.

**Qulqullina Barnootaa Mirkaneessuu:**

Agarsiiftuuwwan raawwii qulqullina barnootaa isaan biroon hirawwan barataa-kitaabaa, barataa-barsiisaa fi barataa-daree MB sad.1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ keessatti akkaataa istaandaardii taa'een hojii baruu fi barsiisuu gaggeeffaman dha.

Gabatee: 43. Hirawwan adda addaa

| Lak | Hirawwan | Saf. | Ka'u 2012 | 2013 | | 2014 | | 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raaw | kar | raaw | kar | raaw |
| 1 | Barataa-Barsiisaa | | | | | | | | |
| 1.1 | BSTD | Reesh. | 60:1 | 30:1 | 69:1 | 30:1 | 70:1 | 30:1 | 56:1 |
| 1.2 | Sad, 1ffaa (1-8) | Reesh | 75:1 | 50:1 | 46:1 | 50:1 | 48:1 | 50:1 | 52:1 |
| 1.3 | Sad, 2ffaa (9-12) | Reesh | 68:1 | 40:1 | 33:1 | 40:1 | 40:1 | 40:1 | 46:1 |
| 2 | Barataa-Daree | Reesh | | | | | | | |
| 2.1 | BSTD | Reesh | 61:1 | 30:1 | 42:1 | 30:1 | 76:1 | 30:1 | 49:1 |
| 2.2 | Sad, 1ffaa (1-8) | Reesh | 75:1 | 50:1 | 48:1 | 50:1 | 58:1 | 50:1 | 52:1 |
| 2.3 | Sad, 2ffaa (9-12) | Reesh | 68:1 | 40:1 | 46:1 | 40:1 | 61:1 | 40:1 | 40:1 |

**Madda: BBO**

Kanaafuu**,** bu'uura gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti hirawwan barataa barsiisaafi barataa daree istaandaardiii qabame irraa fagoo waan jiruuf tarkaanifilee haaraa qopheessuun gara istaandaardiitti fiduun qulqullina barnootaa mirkaneessuun murteessaa ta'a.

**Faasiliitiin bu'uuraa manneen barnootaa guutuu**

Bu'uuralee misoomaa fi faasiliitiiwwan manneen barnootaa guutuun naannoo mana barumsaa sadarkaa 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ hawwataa fi mijataa taasisuuf hojilleen hojjetaman haala gabatee armaan gadiin qindaa'ee jira. Gabatee: Faasiliitiiwwan bu'uuraa manneen barnootaa

Gabatee:44. Faasiliitiin bu'uuraa manneen barnootaa guutuu

| Faasiliitiiwwan | Manneen Barnootaa | Saf. | 2012 | 2013 | | 2014 | | 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | kar | Raaw | kar | Raaw | kar | Raaw |
| Mana fincaanii | Sad. 1$^{ffaa}$ | % | 93 | 93.5 | 94.6 | 93.8 | 94.90 | 94.6 | 96.2 |
| | Sad. 2$^{ffaa}$ | % | 99.9 | 99.9 | 96.8 | 100 | 97.50 | 100 | 98.1 |
| Bishaan | Sad. 1$^{ffaa}$ | % | 28.4 | 28.4 | 38 | 40.1 | 38.10 | 51.8 | 44.1 |
| | Sad. 2$^{ffaa}$ | % | 56.2 | 56.2 | 67.7 | 62.4 | 66.00 | 68.5 | 70.2 |
| Ibsaa | Sad. 1$^{ffaa}$ | % | 26.7 | 26.7 | 27.5 | 37.4 | 29.80 | 48 | 34 |
| | Sad. 2$^{ffaa}$ | % | 76.4 | 76.4 | 80.6 | 79.1 | 77.20 | 81.8 | 83.8 |
| Mana dubbisaa | Sad. 1$^{ffaa}$ | % | 46.5 | 46.5 | 47.8 | 56.2 | 49.20 | 65.9 | 63.8 |

| Faasiliitiiwwan | Manneen Barnootaa | Saf. | 2012 | 2013 | | 2014 | | 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | kar | Raaw | kar | Raaw | kar | Raaw |
| | Sad. 2ffaa | % | 80.1 | 80.1 | 82.1 | 83.1 | 92.00 | 86.1 | 81.2 |
| Mana yaalii | Sad. 1ffaa | % | 11.1 | 11.1 | 12.5 | 23.9 | 12.50 | 36.7 | 12.5 |
| | Sad. 2ffaa | % | 80.1 | 82.7 | 95.1 | 80.1 | 95.10 | 86.9 | 95.1 |

Madda: BBO

Kanaafuu, manneen barnoota sadarkaa 1ffaa keessatti raawwiin gama kutaa yaaliitiin jiru baay'ee gad aanaa ta'us gumaacha kutaan yaalii qulqullina barnootaaf qabu guddaa waan ta'eef xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamuu akka qabu xiinxala kanaan addaan bahee jira.

**Kitaaba barataa fi qajeelcha Maxxasuun raabsame:**

Hojiin maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa Duraa bara 2012tti lakkoofsaan 818,697 ture bara 2015tti gara 1,348,597 maxxansuuf karoorfameen raawwiin 17,071 (%1.27) kan maxxanfame yoo ta'u; gama maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Sadarkaa maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Kutaa 1-8tti bara 2012tti 7,605,338 maxxanfamee ture bara 2015tti gara 25,928,212 maxxansuuf karoorfameen raawwiin 8,218,503 (%31.70) kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa maxxanfamee jira.Bu'uura xiinxala raawwii sirna barnootaa kana irraa akka hubatamutti agarsiistuuwwan qulqullina barnootaa mirkaneessan keessaa kitaaba barataa tokko ta'us raawwiin waggoota sadan darbanii yommuu xiinxalamu baay'ee gadi aanaa waan ta'eef BBO xiyyeeffannaa addaa kennuun maxxansiisuu akka qabu agarsiisa.

**Tajaajila TQO Manneen Barnootaa Keessatti Babbal'isuu**


Taajaajila tamsaasa sagantaa raadiyoo manneen barnoota sadarkaa 1ffaa bara 2012tti %83 ture bara 2015tti %85 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin gara % 87tti fooyya'ee jira.Tajaajila Komputaraa fi lab.Komputaraa MB sad. 2ffaa bara 212tti %45 ture bara 2015tti % 53.30 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin gara %53 tti guddatee jira.Gama tajaajila Intarneetii MB sad. 2ffaa bara 2012tti %50 ture bara 2015tti %57.67 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin gara % 54 tti fooyya'ee jira.Kanaafuu, raawwiin tajaajila komputeeraa fi interneetii manneen barnoota sadarkaa 2ffaa fooyya'iinsa haa qabatu malee gabaasni raawwii MB sad. 1ffaa keessatti tajaajila komputeeraa fi interneetii gabaasa keessatti hammatamuu dhabuu fi Barnoota teknooloojiin deeggeruun qulqullina barnootaa fooyyessuu keessatti qooda waan

qabuuf tajaajila Kompitara-lab. fi Intarneetii MB keessatti dhaqabamaa taasisuun hojii itti aanu tahuu agarsiisa.

**Misooma Barsiisotaa**

Hojii misooma barsiisotaa cimsuuf baayina barsiisota STD bara 2012tti 4,594 ture bara 2015tti 17,695 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 23,737 (%134.14) tti ol guddatee jira. Barsiisotaa sadarkaa 1ffaa bara 2012tti 165,914 ture bara 2015tti 174,899 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 176,046 (%100.66) guddatee jira. Akkasumas, Baayina barsiisota sadarkaa 2ffaa bara 2012tti 38,126 ture bara 2015tti 41,985tti guddisuuf karoorfameen raawwiin 43,506 (%103.62) irratti argama.

**Giraafii: 29.Misooma barsiisotaa**




Madda: BBO

Caatoo armaan olii irraa akka hubatamutti raawwiin gama qacarrii misooma barsiisootaatiin sadarkaa hundatti baroottan sadan darban keessatti raawwataman manii karoorfameen ol milkeessuu waan agarsiisuuf yeroo itti aanu keessatti itti fufsiisuun qulqullina barnootaa mirkaneessuu keesatti qooda akka qabaatu taasisuu dha.

**Barsiisota Istaandaardiin Guutan**

Hojii baruu fi barsiisuu galmaan ga'uuf barsiisota qophaa'ummaa barnootaan ulaagaa guutan manneen barnootaaf ramadaman ilaalchise barsiisota sad. 1ffaa Diplomaa fi isaa ol qaban bara 2012tti %89 ture bara 2015tti % 94.80 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin %94.4 yoo ta'u, barsiisota sad. 2ffaa digirii jalqabaa fi isaa ol qaban bara 2012tti %95 ture 2015tti % 97.27 iraan ga'uuf hojjetamaa tureen raawwiin gara %98.2tti guddatee jira. Kanaafuu, yeroo

itti aanu keessatti barsiisota istaandaardii guutan manneen barnoota sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa keessatti ramaduun murteessa dh.

**Hoogganansa manneen barnootaa:** manneen barnootaa naannichaa keessatti dura bu'ootaa fi suppervaayizerootaa ga'umsaa fi kaka'umsa hojii qabanii fi istaandardii guutaniin akka hoogganamu taasifame bara 2012tti dura bu'oota sadarkaa 1ffaa %51ture bara 2015 ture bara 2015tti %75 irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin %78.7tti guddatee jira. dura bu'oota sadarkaa 2ffaa bara 2012tti %55 ture bara 2015tti %80, irraan ga'uuf karoorfame keessaa %80.9 raawwatamee jira. supervaayizeroota sadarkaa 1ffaa bara 2012tti % 88 ture bara 2015tti %95 irraan ga'uuf karoorfame keessaa %94.2 ka guddate yommuu tahuu; supervaayizeroota sadarkaa 2ffaa bara 2012tti %83 ture bara 2015tti %95 irraan ga'uuf karoorfame keessaa %92.3 irra gahee jira.

**Hirmaannaa uummataa:** Hirmaannaa ummataa misooma barnootaa keessatti qabu waggotan sadan keessatti bara 2012tti bil. 0.67 ture bara 2015tti qarshii bil.30 rawwachuuf karoorfamee qr bil.22.8 ka raawwtame olaanaa waan ta'eef kana caalaa daran cimee hojjetamuu akka qabu agarsiisa.

**Inisheetiivii Ifa Boruutiin** Gama tarkaanfii haaraan bara 2013/14 fudhatameen ijaarsi projektii Manneen Barnoota Waliigala MB 147 ( Ifaa Boruu Sadarkaa 2ffaa 100, Bultii addaa 7 fi Manneen barnoota addaa 40 ) hojjechuuf karoorfamee bara 2015 walii gala 136 (MB Ifaa Boruu 96, Bultii addaa 7, mana barumsa addaa 33) % 92.52 ta'an xumuramanii tajaajila kennaa jira.

**Inisheetiivii Bu'uura Boruu:** BSTD fooyyeessuuf hojiin hojjetamaa tureen gama tarkaanfilee haaraa bu'uura boruu bara 2013tti 4,915 raawwachuuf karoorfamee 1,854 raawwatee jira. Bara 2014'tti 7,887 raawwachuuf karoorramee 4,931 hojjetamee jira, haaluma wal fakkaatuun bara 2015'tti 10,931 irraan ga'uuf karoorfamee 10,813(%98,9) irraan ga'uun danda'amee jira. Kanaafuu, tarkaanfilee haaraa kun gumaachi KIB karaa adda ta'een dhaabbilee barnootaa babl'isuun hirmaannaa barattootaa fi qulqullina barnootaaf taasise itti fufiinsaan facaatii isaanii karaaa eegeen cimee bakka hundatti hojjatamuu qaba.

**Insheetiivii Sagantaa Nyaataa Barttootaa:** Sagantaa nyaata barattoonni mana barumsaa keessatti guutamee barnootaan akka cimanii fi ga'umsaan akka baratan taasisuun rakkoo qulqullinaa fi harcaatii hiikuuf hojjetamaa tureen bara 2013tti barattoota 569,189 nyaachifamaa turan bara 2015tti gara barattoota 7,534,33 ta'an nyaachisuuf karoorfameen raawwiin 5,200,023 (%69) raawwatamee jira. sagantaa nyaata barattootaa kana itti fufiinsaan

milkeessuuf hojii duulaan hojjechuu irra barnootaa keessatti sirnaa fi hojimaataan akka hogganamuf qajeelfamaa fi dambii qopheessuun hojirraa oolchuun murteessa ta'a.

#### 5.1.2.Misooma Fayyaa

Naannoo Oromiyaa keessatti sirna fayyaa cimaa teknooloojiidhaan deeggerameen ijaaruu, qabeenya nama baratee baayinaa, qulqulinaan, dandeettii fi naamusa gonfatee qabaachuun fayyummaa hawaasaa mirkaneessuuf murteessa dha. Hojii misooma fayyaa keessatti hojjettoota fayyaa, hoogganssa sadarkaan jiruu, qooda fudhattootaa, dhaabbileen deeggarsaa mootumaa fi miti-mootummaa keessatti akkaataa baayina hawaasaa fi fedhiin tajaajila fayyaa hawaasa bira jiruu dabalaa dhufeen istaandardii dhaabbilee fayyaa qabnuuf banamee irraa dhibbeentaa < 60 gadiin hojiin bu'a qabeessa ta'ee kan hojjatamaa ture hojiin qabeenya namaa xiqqoo jiru facaatii isaanii walgitiinsa isaa kan eeggatee fi akkaataa bal'ina tajaajila fayyaa dhaabbileen keessatti kennaniin raawwiin foyyaa'aa jira.

### Bu'uuraalee fayyaa babal'isuu:


Tajaajila fayyaa hawasaaf kennamu qaqqabamaa taasisuuf hojiiwwan ijaarsaa kellaawwan fayyaa baballisuun tajaajilaa isaan keennan fooyyessuu bara 2012tti Kellaa Fayyaa Dhaloota 2ffaa 38 ture bara 2015tti 277 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin hanga 2014tti argame 52 (% 18.77) tti kan guddatan ta'uu; Buufata Fayyaa bara 2012tti 1,410 ture bara 2015tti 1494 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin hanga 2014tti 1417(%94.85) kan raawwatame yommuu tahu; gama babllina Hospitaalotaatiin bara 2012tti 96 ture bara 2015tti 142 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin hanga 2014tti 142 (%77.46) irratti argama. Uwwisa fayyaa bu'uura naannichaa bara 2012tti %94 ture bara 2015tti %96 irraan gahuuf karoorfamus raawwiin gara %90tti gadi bu'ee jira.

Akkaataa raawwii waggoota sadan darban keessatti raawwataman agarsiisutti xiyyeeffannaan baballina Kellaa fayyaa dhaloota laffaaf kenname laafaa tahuu fi karoora bara 2015-2015 keessaa haqamuun irraa kan ka'e waa'ee tajajiloota fayyaa dubbachuun rakkisaa waan taheef dhimma xiyyeeffannaa fi sirreeffama addaa gaafatu ta'u; fi kellaa fayyaa jiran baay'een istandaardii waan hin guunneef tajaajila barbaadamu istaandardii taa'een kennisiisuun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu xiinxala kaanaan adda bahee jira.

**Tajaajila haadholiif kenname:**

Dhaabbilee fayyaa jiran keessatti tajaajila fayyaa haadhoolee fi daa'immanii eegsiisuuf hojiiwwan dhibamuu, du'aatii haadholee fi daa'immanii hir'isuuf hojjetaman tureen uwwisa tajaajila karoora maatii (CAR) bara 2012tti %60 ture bara 2015tti gara %88tti guddisuuf karoorfameen raawwiin %96.2tti guddatee jira. Uwwisa tajaajila kunuunsa da'umsa duraa marsaa 4ffaa (ANC-4contact) bara 2012tti %40.6 ture bara 2015tti % 64 tti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin % 93.4 irratti argama. Tajaajila da'umsaa ogeessaan kenamu bara 2012tti %59 bara 2015tti 63 tti guddisuuf karoorfameen raawwii %99.2 irratti argama. Tajaajila kunuunsa da'umsaan boodaa bara 2012tti %26.1 ture bara 2015tti % 52 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin % 96 irra gahuun danda'ameera.

Giraafii:30. Tajaajila haadholiif kenname:





Madda: BEFO

Walumaagalatti bu'uura xiinxala raawwii bara 2013-2015 akka agariisutti raawwiin tajaajila da'umsaa haadholiif kenname manii karoorfameen olitti akka raawwatame kan agarsiisu yommuu ta'u raawwiin bara 2014 keessa tajaajilonnii haadholiif kennaman hundu kan bara 2013 fi 2015 keessa raawwatameen gad waan taheef rakkoolee kana irraa barachuun yeroo itti aanu keessatti sirreeffama barbaachisu fudhachuun tajaajiloota haadholiif kennaman milka'aa taasisuun tajaajilota dhaabbilee fayyaa walfakkaataa taasisuun murteessaa ta'uu agarsiisa.

**Tajaajila fayyaa daa'immanii:**

Fayyummaa fi nageenya daa'immanii eegsisuuf uwwisa tajaajila talaallii gosa shanii marsaa 3ffaa (Penta3) bara 2012tti %54 ture bara 2015tti %76 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin % 102 irratti argama. Uwwisa tajaajila talaallii gifiraa marsaa 2ffaa (MCV2) bara 2012tti %93 ture bara 2015tti % 48 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 95 irratti argama. Uwwisa tajaajila talaallii guutuu kenname bara bara 2012tti %30 ture bara 2015tti % 60 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin  %97 irratti argama. Haata'u malee, raawwiin %100 irra gahe kun kanneen tajaajila kana argachuu qaban (from eligible) irraa otoo hin taane karoorfame irraa waan ta'eef ammam tajaajila kana akka hin arganne hin agarsiisu.

Giraafii:31. Tajaajila fayyaa daa'immanii:




Madda: BEFO


Bu'uuruma xiinxala raawwii kana irraa akka hubatamutti raawwiin gama tajaajila fayyaa daa'immanitiin jiru milkaa'ina gaarii qabaachuu kan agarsiisu ta'uus bara baajataa 2014 keessa tajaajiloonni hunduu barootа bira irra gad bu'aa waan tureef qabatamaan haalota bara kana keessatti hanqina ture hiikuun fi adeemsa milkaa'ina kanaaf muuxannoo qindaa'uu akka

qabu ibsaa cichoomina kanaaf fayyadamummaa ummataa mirkaneessaa jiraachuu isaa qulqulleessuuf qorannoo gaafatu ta'uu agarsiisa.

**Ittisaa fi To'annoo TB**:

Hojii ittisaa fi to'annoo dhukkuba TB ilaalchisee bara 2012'tti dhukkubsattoota Dhukkuba "TB" adda baasuu (TB Case Detection) %71 ture bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfame keesaa raawwiin %96 irratti argama. Dhukkubsattoota TB qorichaan walbareen (MDR-TB) qorannoo adda bahan bara 2012tti lakkoofsaan 154 ture bara 2015tti 320 irraan gahuuf karoorfame keesaa raawwiin 276 (%86.25) irra akka jiru xiinxalameera.

Giraafii:32. Ittisaa fi To'annoo TB:




Madda: BEFO


Giraafii armaan olii irraa akka hubatamutti, reetii sakatta'iinsa dhukkuba TB fi kanneen dhukkuba TB irraa yaalii isaanii xumuran karooraan oli raawwatamuun isaa dhimma jajjabeeffamuu qabu ta'uuf gama reetiin dhukkubsattootaa TB yaalamanii fayyaanii raawwiin isaa manii akeekame milkeessuu baatuus sadarkaa gaarii irra irra jiraachuu agarsiisa.

**Tajaajila ittisaa fi to'annoo dhibee HIV/AIDS tiin:** bara 2012tti Namoota dhukkuba HIV'n haaraa qabaman namoota 1,000 keessaa %0.63 ture hanga bara 2015tti % 0.19 gadi buusuuf karoorfameen raawwii %0.1 yoo tahu; Piroporshinii namoota 'HIV'n dhiiga isaanii keessa jiraachuu isaa beekanii bara 2012tti %87.5 ture bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %100 irratti argama. Uwwisa namoota qoricha farra 'HIV/AIDS (ART) argatanii bara 2o12tti %78.5 ture bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin %91tti guddatee yommuu tahu; namoota qoricha 'HIV' fudhatanii baay'inni vaayiressii

qaama isaanii keessa jiruu gadi xiqqaate (viral suppression) bara 2012tti %64 ture bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %81tti guddatee jira.

Haaluma walfakkaatuun Reetii vaayirasii HIV haadha irraa gara daa'imaatti darbu hir'isuu ilaalchisee bara 2012tti %13.4 ture bara 2015tti gara 11.7tti gad buusuuf karoorfameen raawwiin manii yaadame milkeessee jira. Uwwisa qoricha saaxilamuun duraa (enhanced postnatal dual prophylaxis) daa'imman HIV'f saaxilamanii dhalatan hundaaf da'umsaan booda kennamu bara 2012tti %53 ture bara 2015tti gara %95 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin %95 milkeessee jira.

Giraafii:33. Tajaajila ittisaa fi to'annoo dhibee HIV/AIDS tiin




Madda: BEFO

Walumaagalattii akkaataa giraafii kana irraa hubatamutti hojiin gama ittisaa fi to'annoo dhukkuba HIV/AIDS tiin baroota sadan darban keessatti raawwatame milkaa'ina guddaa qabaachuu kan agarsiisuu yommuu tahu, reetiin vaayraasiin haadha irraa gara daa'imaatti darbu bara ka'umsaa (2012) irraa %1.7 hir'isee jiraachuu fi caalmaatti jajjabeeffamuu akka qabu dhugoomsa.

**Eegumsa fayyaa naannoo fi haayjiinii:**

Gama tajaajila sirna nyaataatiin hojii guddinaa fi dagaagina sammuutiif qabu guddisuuf bara 2012tti Calallii hanqina nyaataa daa'imman waggaa shanii bara 2015tti %100 itti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin %99.8 tiif taasifamee jira. Daa'imaan rakkoo hanqina nyaata qabaatanii adda bahaan yaalii barbaachisaa fi nyaata qorichaa kan argatan yoo ta'uus

da'iimman nyaata dabalataa barbaadaniif dhiyyessiin gama Biiroo Buusaa Goonoofaatiin taasifamu dhimma xiyyeeffaanna addaa barbaadu ta'uu adda bahee jira.

Eegumsa fayyaa naannoo eegsisuuf gandootii baadiyyaa udaan/boolii namaa dirreetti bobba'uu irraa bilisa ta'an (open defecation free kebeles) bara 2012tti %32 ture bara 2015tti % 50 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %46tti guddatee jira. Uwwisa itti fayyadama mana fincaanii bara 2012tti %49 ture bara 2015tti %75 irraan gahuuf karoorfamee %70 irra gahee jira.

Gabatee:45.Eegumsa Fayyaa Naannoo fi Haayijinii

| La k | Agarsiistuu | Safartu u | Ka'u. 2012 | Bara 2013 | | Bara 2014 | | 2015 | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Karo | Raw. | Karo. | Raw* | kar | raaw |
| 1 | Gandootii udaan dirreetti bahuu irraa bilisa ta'an (ODF Gandas) * | % | 32 | 35.6 | 36.37 | 39.2 | 37.8 | 50 | 46 |
| 2 | Itti fayyadama mana fincaanii * | % | 49 | 55 | 87 | 57 | 92 | 75 | 70 |

Madda: BEFO

Tarsiimoo ittisa dhibee irratti xiyyeeffatee hojiirra oolchuun hojiiwwan Eegumsa Fayyaa Naannoo hojjetamaa tureen qophii fi itti fayyadama mana fincaanii akka qopheeffatanii itti fayyadamaa jiran dabalaa jiraachuu fi sosochii abbootni warraa mana fincaanii akka qabaatan taasisuuf hojjetamaa tureen gandoota baadiyyaa dirree irratti boba'uu irraa bilisa ta'an dabalaa jira.

**Inshuraansii Fayyaa Hawaasaa Dabaluu**

Qulqullina tajaajila fayyaa fooyyessuu fi hawaasni yaaddoo malee tajaajila fayyaa akka argatu taasisuuf miseensota inshuraansii fayyaa hawaasaa baay'isuun murteessaa waan taheef maatii miseensota inshuraansii fayyaa hawaasaa ta'an bara 2012tti %35 ture bara 2015tti %75 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %100tti guddatee kana itti fufsiisuuf cimnaan hojjechuun barbaachisaa dha.

Miseensa Bulchaa Maatii IFH waliigalaa 6,228,646 horachuuf karoorfamee raawwii miseensa 5,527,855(%89) horatamee jira.Walumaagalatti bara kana keessa hawaasa 25,000,000 gara miseensummaa IFH tti fiduuf karoorfame keessaa raawwiin 26,533,704 (%100) yoo ta'u miseensota IFH fi madda adda addaa irraa maallaqa qarshii 2,388,088,86

kan ta'u walitti qabameen qulqullina tajaajila fayyaa fooyyessuunfedhii hawaasni tajaajila fayyaa qulqullina qabu bifa wal-qixa ta'een argachuuf qabu dhugoomsuuf walitti qabamee jira.

### Galii keessoo dhaabbilee fayyaa guddisuu

Galii keessoo dhaabbilee fayyaa guddisuuf sassaabbii galii qarshii 3,000,300,000 walitti qabuuf karoorfameen hojjatamaa tureen raawwiin1,687,600,245.29 sassabameen dhaabbileen fayyaa qulqullina tajaajila fayyaa fooyyessuun fedhii hawaasni tajaajila fayyaa qulqulluu kennuuf gargaara.

Dhiyeessii qorichoota bu'uuraa (Vital) barbaachisoo hospitaalota keessatti argamuu qaban guutuu bara 2012tti %79 ture bara 2015tti % 90 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %90 raawwatamee jira.

#### 5.1.3.Misooma Dubartootaa fi Daa'immanii


Hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa gama siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaatiin jiru guddisuuf sochiin gama mootummaa fi deeggartoota misoomaan taasifamaa kan tureen bu'aan gama misooma dubartootaa fi daa'imanniin galmaa'a jiru yeroo dhaa yerootti dabalaa dhufee jira. Haaluma kanaan galmoota ijoo mana hojiichaa bu'uura taasifachuun raawwiin haala armaan gaditti xiinxalamee jira.

### Mirga, nageenya, hirmaannaa fi fayyadamummaa Dubartootaa mirkaneessuu:

### Mirgaa fi Nageenyaa Hundagaleessa Dubartootaa Eegsiifame

Mirgaa fi nageenyaa dubartootaa eegsiisuuf ijaaramoota dubartootaa cimsuun dubartoonni gurmaa'anii mirgaa fi nageenyaa isaanii akka eegsiisan taasisuun nageenya hundagaleessaa fiduuf gargaara. Haaluma kanaan hawaasa Mirgaa fi Fayyadamummaa Dubartootaa irratti hubannoo argatan bara 2012tti 1,988,805 (dhi 901,257 dub 1,087,548) ture bara 2015tti 12,108,807 (dhi 4,708,807 dub 7,400,000) irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin 11,411,146 (dhi 3,908,447 dub 7,502,699) %94.24 irra gahee jira. Dubartoota Gamtaa Misooma Dubartootaa (GMD) tiin ijaaraman bara 2012tti 4,773,582 ture bara 2015tti 8,500,000 irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin 8,477,144 (% 99.73) irra ga'ee agarsiisa.


Giraafii:34. Mirgaa fi Nageenyaa Hundagaleessa Dubartootaa Eegsiifame




Madda: BDHDDO

Akka giraafii kana irraa hubatamutti mirgaa fi nageenyaa dubartootaa eegsiisuuf hubannoo hawaasaa gama mirgaa fi nageenya dubartootaa irratti leenjiin yeroo yeroon kennamee fi hojiin gurmaa'iinsa dubartootaa cimsuu raawwatame dhugumaan dabalaa jiraatus jijjirama qabatamaa hawaasa keessatti fiduu fi dhiisuun hubannoo kana qorannoon deggeramuu kan barbaadu ta'uu agarsiisa. Dubartoota Konfransii Dubartootaa irratti hirmaatan bara 2013tti 1,841,042 ture bara 2015tti dubartoota hirmaatan 4,261,671 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin gara 5,673,659 (%133.13) tti daran guddachuu fi Marii hawaasaa gaggeeffameen gandoota Butii irraa Bilisa ta'an bara 2012tti 1,395 ture bara 4,866 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 5,958 (%122.45) irra gahee jira.

Giraafii:35. Dubartoota koonfaransii irratti hirmatan





Madda: BDHDDO

Dubartoota miidhaan irra gaheen tajaajila giddu galaatti haaromsaa argatan bara 2013tti 63 turan bara 2015tti 191 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 278 (%145.40) irra gahuu; Dubartootaa tajaajila iddoo tokko argatan bara 2013tti 204 ture bara 2015tti 440 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin tti 685(% 155.68 dachaan guddachuu fi

haaluma walfakkaatuun Dubartoota balaa tasaatiin miidhaamaniif deeggarsa namoomaa taasifamee bara 2013tti 6,000 ture bara 2015tti 112,899 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin gara 499,020 (%442.00 )tti dachaan guddatee jira.

Giraafii:36. Dubartoota balaa tasaatiin miidhamaniif deegarsa namoomaa taasifameef




Madda: BDHDDO

Akkaataa giraafii kana irraa hubatamutti bara 2015 keessa dubartoota bala tasaanmiidhamaniif deeggersi namoomaa taasifame kan bara 2015 bara 2013 fi 2014 dachaa torbaan waan caaluuf taateewwan uumaman addaan baasuun akka hin deddeebineef dhimma irratti hojjetamu tahuu agarsiisa.


**Hirmaannaa fi Bakka Bu'iinsa Dubartootaa Guddisuu**

Hirmaannaa fi bakka bu'iinsa dubartootaa karaa haqa qabeessa ta'een hirmaachisuun walqixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf dubartoota adda duree puulii hoggansaatti makaman bara 2012tti 329 ture bara 2015tti gara 1,572tti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin 3,464 (% 220.36) irra gahuu fi gama Hoggansa dubartoota leenjii argatan bara 2013tti 122 ture bara 2015tti gara 1,078 tti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin 1,998 (%185.30) irratti argama.

Gama hirmaannaa dubartootaa tajaajila tola ooltummaa irratti hirmaatan bara 2013tti 2,000,000 ture bara 2015tti 4,561,121 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 8,201,136

(% 179.81) yoo tahu, Hojii kenna tajaajila lammummaatiin qabeenyaa baasii irraa qusatame karoorrii 6,789,829,794 raawwiin 4,818,233,056 (%70.96) irratti argama.

Giraafii:37. Hojii kenna tajaajilaa lammummaatiin qabeenya baasii irraa





Madda: BDHDDO

Giraafii armaan olii irraa akka hubatamutti baroota sadan darban kana keessa dubartoota tajaajila tola ooltummaa irratti hirmaatan iin hawaasa tajaajila lammummaa irraa fayyadaman ta'aniin baasiin gara qarshii 4,818,233,056 ta'an qusachuun akka milkaa'in guddaatti fuchatame yeroo hojii itti aanu keessatti adeemsa cimee itti jajjabeeffamu qabu irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a.

**Hirmaannaa fi fayyadamummaa Dinagdee fi Hawaasummaa Dubartootaa Guddisuu**

Dubartoota tarsiimoo dinagdeen ijaaruu fi qabeenya horatanii hojii misooma keessatti qooda akka qabaatan taasisuun fayyadamummaa dinagdee dubartootaa guddisuuf bara 2012tti dubartoota garee walgargaarsaan ijaaraaman 2,409,006 ture bara 2015tti 3,188,383 ijaaruuf karoorfamee raawwii 2,867,593 (% 89.94) GWG ijaaruun kan raawwatame yommuu ta'u; dubartoota qusannaa irratti hirmaatan bara 2012tti 4,568,777 ture bara 2015tti 6,983,026 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 8,219,762 (%117.71) ta'an itti fufisaan qusannaa irratti akka hirmaatan taasifamee jira.


Giraafii: 38.Dubartoota qusannaa irratti hirmaatan




Madda: BDHDDO

Akkasumas, bara 2012 keessa dubartoota liqii argatan 4,352,184 ture bara 2015tti dubartoota liqii argatan 1,675,772 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin dubartoota 1,695,132 (% 101.16) ta'aniif fayyadamtoota liqiin taasisfamee jira.

Giraafii: 39.Qusannaa fi liqii dubartootaa




Madda: BDHDDO

Xiinxala raawwii kana irraa akka hubatamutti aadaan qusannaa fi liqii dubartootaa karooraan ol raawwatamuu kan agarsiisu fedhii fi kaka'umsi dubartoonnii hojii misoomaa keessatti qaban dabalaa jiraachuu isaati.Kanaafuu, karoora itti aanu keessatti kaka'umsa dubartoota kana jajjabeessuun barbaachisaa ta'a.

Haaluma walfakkaatuun dubartoota dinagdeedhaan utubamanii gara waldaa hojii gamtaatti makaman bara 2012tti dubartoota 670,530 ture bara 2015tti 231,492 irraan ga'uuf karoorfamee keessaa raawwiin dubartoota 280,216 (%121.05) WHG tiif miseensa ta'anii jiruu fi jireenya isaanii fooyyeffachaa jiru. Dubartootaa carraa hojii argatan bara 2014tti 540, 906 ture bara 2015tti dubartoota 541,206 ta'aniif carraa hojii uumuuf karoorfame keessaa

dubartoota 560,378 (% 103.54) carraan hojii uumameera.Carraa hojii dubartootaaf uumuun dubartootni dinagdeen akka of danda'anii deemanii fi hirmaannaa fi fayyadamummaa isaanii akka mirkaneeffatan taasisuu keessatti hojiin gaariin hejjetamee jiraachuu agarsiisa.

**Mirga, nageenya, hirmaannaa fi fayyadamummaa Daa'immanii mirkaneessuu:**


**Mirgaa fi fayyadamummaa Nageenya Daa'immanii Gahoomsuu**:


Eegumsa mirgaa fi nageenya daa'immanii hawaasa keessatti dhugoomsuuf waliigaalteewwan mirgootaa fi nageenya daa'immanii olaantummaan eegsisuuf hojjetama turee jira.Haaluma kanaan hawaasa mirgaa, nageenyaa fi eegumsa daa'imanii irratti hubannoo argatan bara 2012tti 2,453,402 (dhi 1,125,474 dub.1,327,928) ture bara 2015tti 12,108,807 (dhi 4,708,807 dub 7,400,000) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 11,411,146 (dhi 3,908,447 dub 7,502,699) % 94.24 tti hubannoo hawaasa dabaleen miidhaalee daa'imman irra ga'u hambisuuf hawaasni tumsaa jiraachuu agarsiisa.

Gandoota kittaannaa shamarranii fi Heeruma daa'imummaa irraa bilisa ta'an bara 2012tti 1,395 ture bara 2015tti 4,593 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 4,462 (%97.15) gandoota bilisa ta'an agarsiisa.

Hirmaannaa fi fayyadamummaa daa'immanii mirkaneessuuf daa'imman akkaataa Aadaa fi Duudhaa Oromoon keessatti qusannaa egeree daa'immaniif oolu sirna Haandhuuraa daa'immaniif maatiin isaanii qusatan bara 2013tti 168,524 ture bara 2015tti 601,014 irraan gaahuuf karoorfame keessaa raawwiin 810,564 (%134.87) ta'ee; maallaqaan qarshii 163,524 ture bara 2015tti 179,598,369 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 225,008,802 (% 125.28) baankiitti qusatamee jira.

**Giraafii: 40. Da'imman maatiin isaanii qusataniif**




Madda: BDHDDO


Kanaafuu, hirmaannaan qusannaa egeeree daa'immaniif maatiin isaanii ammaan qusataafii jiran yeroo yerootti lakkoofsaa fi mallaaqaan dabalaa jiraachuu kan agarsiisisu yommuu tahu, maatiin amma humni isaanii danda'ee egereedaa'imman isaaniif akka olkaa'an jajjabeessuun barbaachisaa ta'a.

Daa'imman kunuunsaa fi deeggarsa hawaasa bu'ureeffate irraa fayyadamoo ta'an bara 2012tti 1,240,567 ture bara 2015tti 1,588,593 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 2,980,424 (%187.61) fi fayyadamummaa qarshiidhaan 139,530,430 ture bara 2015tti gara 4,967,241,793 tti guddisuuf karoorfamee keessaa raawwiin qr. 5,864,626,806 (%118.07) deeggersaa fi kunuunsa daa'immaniif oolee jira. Daa'immanii balaa tasaan midhaamanii deeggarsaa argatan bara 2013tti 28,690 ture bara 2015tti 408,887 irraan gahuuf karoorfame keessaa 1,113,140 (%272.24) tti guddatee jira. Daa'imman haala rakkisaa keessa turan deeggarsa %1 argatan bara 2012tti 388,368 ture bara 2015tti 189,001 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 330,202 (%174.71) yoo tahu, maallaqaan (qr, 139,530,430 ture bara 20125tti gara qr. 582,824,252 (%88.89) guddatee jira.

**Hirmaannaa Daa'immanii Guddisuu:** Ijaarama daa'immanii cimeen mirga hirmaannaa isaanii mirkaneessuuf bara 2012tti paarlaamaa daa'immanii 2,500 ture bara 2015tti 3,831 tti guddisuuf karoorfamee keessaa raawwiin 5,766 (%150.53) yoo tahu, Bakka Bu'oota

Paarlaamaa Daa’immanii bara 2012tti 2,355 mana maree kessatti hirmaataa turan bara 2015tti gara 15,388 guddisuun itti fufiinsaan akka hirmaatan taasisuuf karoorfame keessaa raawwiin 14,991 (%97.42) irratti argama.

**Giraafii: 41.Hirmaannaa da’immanii guddate**




Madda: BDHDDO

**Fayyadamummaa hawaasummaa daa’immanii guddisuu:**

"Daa'imman miidhamtoota tajaajila qindaa'aa argatan bara 2013tti 314 ture bara 2015tti 1,051irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 1,938 (% 184.45) yoo tahu, Daa’immanii haaroomsa argatanii maatii fi hawaasatti makaman bara 2013tti 470 ture bara 2015tti 11,023 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 10,539 (% 95.61) irra gahee jira.

Daa’imman haala rakkisaa keessa jiraniif deeggarsaa filannoowwan kunuunsaa fi deeggarsaa daa’imman hawaasni adeemsa guddifachaa biyyaa keessaa argatan bara 2012tti 14,924 ture bara 2015tti 1,773 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 2,096 (%118.21) ta’an aadaa biyyaan guddifamaa kennamanii jiru.

### 5.1.4.Misooma Hojjetaa fi Hawaasummaa

Naannoo Oromiyaa keessatti carraalee invastimantii gama mootummaatiin uumameen misooma invastimeentii adeemsifamaa jiruun baballinni industirii yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufee kana keessatti hojiin nageenya industirii amansiisaa ta’e mirkaneessuun hojimaata qunnamtii hojii ammayeessuun oomshaa fi oomshitummaa guddisuun sharafa biyya alaa fi qaala’iinsa gabaa xiqqeessuu; carraa fi bobba’insa hojii babal’isuu fi eegumsa hawasummaa diriirsuun fayyadamummaa ummataa karaa haqa qabeessa ta’een

mirkaneessuu keessatti raawwiin waggoottan sadan darban keessatti raawwatame haala itti aanuun qindaa'ee jira.


**Nageenya Industirii keessatti mirkaneessuu**

carraalee baballina invastimantii mootummaan baballataa jiru keessatti nageenya industirii keessatti dhugoomsuuf tajaajila Hubannoo fi leenjii Guddisuu, akkasumas Sirna Marii hawaasaa Industirii keessatti cimsuu raawwatamanii jiru.

**Tajaajila Hubannoo fi leenjii Guddisuu:**

Mirga hojjetaa fi hojjechiisaa kabachiisuuf tajaajila leenjii seerotaa fi imammattoota dhimma hojjetaa fi hojjachisaa irratti dhaabbilee tajaajila leenjii argatan bara 2012tti 16,168 ture bara 2015tti 29,997 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin industirii 30,087 (%100.30) kan raawwatame yommuu ta'u; industriiwwwan kana keessatti hojjettoota leenjii argatan bara 2012tti 304,133 (dhi 177,570 dub 126,563) ture bara 2015tti 377,326 (dhi 196,035 dub 181,291) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin hojjettoota 339,179 (dhi 184,851 dub dub 164,128) % 89.89 irratti argama. Akkasumas Labsii Dhimma Hojjataa fi Hojjachisaa irratti leenjii bara 2012tti jaarmiyaalee 5,308 kenname ture bara 2015tti 7,908 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin jaarmiyaalee 7,938 (%100.38) leenjiin kan kenname ta'ee; hojjettoota jaarmiyichaa leenjii fudhatan bara 2012tti 215,550 (dhi 134,409 dub 81,141) ture bara 2015tti 147,186 (dhi 78,725 dub 68,461) irraan gaghuuf karoorfamee raawwiin hojjetoota 148,916 (dhi 82,346 dub 66,570) %101 leenjiin sadarkaa adda addaatti kennamuu agarsiisa.

Giraafii: 42. Tajaajila leenjii seerot Dh.H.H irratti hojjetootaa fi hojjistotaaf




madaa:BDHHHO

Caatoo armaan olii irraa akka hubatamutti, baroota sadan keessatti Tajaajila Leenjii Seerota Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa irratti hojjettootaa fi hojjechiistootaaf bara 2013-2015tti kennameen fooyya'iinsi mirgaa hojjetaa fi hojjechiisaa kabachiisuu irratti yeroo yeroon dabalaa jiraachuu agarsiisa.

**Sirna Marii hawaasaa Industirii keessatti babballisuu**

Tasgabbii industirii keessatti uumuuf sirna marii gar-lamee diriirfame bara 2013tti industiriiwwan 343 ture bara 2015tti 1,023 irraan gahuuf karoorfamee keessa raawwiin 1,380 (%134.90) diriirfamee jira. Tajaajila qunnamtii induustirii keessatti falmiiwwan hojii hojjetaa fi hojjechisaa jidduutti waltaasisuun hiikaman bara 2012tti 6,754 ture bara 2015tti gara 10,359 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 12,731(%122.90) hojii waltaasisuun akka hiikame agarsiisa.

Giraafii: 43. Sirna marii hawaasaa industiriii keessatti babal'isuu raawwatame





Madda:BDHH

**Fayyummaa Nagummaa Ogummaa Industirii keessatti cimsuu**

To'annoo fayyummaa fi nagummaa oggummaa duraa bara 2012tti industiriiwwan 18,062 keessatti gaggeeffame ture bara 2015tti industurii 34,508 keessatti hojii to'annoo FNO duraa gaggeessuuf karoorfame keessaa raawwiin industurii 40,713 (%117.98) kan gaggeeffame yoo ta'u; to'annoo fayyummaa fi nagummaa oggummaa hordoffii /Followup Inspection/ bara 2012tti industurii 19,355 keessatti gaggeeffame ture bara 2015tti industiriiwwan 34,208 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 40,165 (% 117.41) ta'an irratti akka gaggeeffame ragaan xiinxala ni agarsiisa.

Giraafii:44. Fayyummaa nagummaaa ogummaa industirii keessatti diriire





**Madda:BDHH**

**Tajaajila to'annoo haalawwan hojii Industrii keessatti gaggeeffame**

To'annoo bu'uura haala hojii sadarkaa dura /routine inspection/ Industiriiwwan keessatti gaggeeffame bara 2012tti industiriiwwan 22,062 keessatti gaggeeffamee ture bara 2015tti 34,528 irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin 43,060 (%124.71) to'annoon duraa gaggeeffamee yoo ta'u; To'annoo bu'uura haala hojii hordoffii (Followup Inspection) bara 2012tti industurii 19,355 keessatti gaggeeffame ture bara 2015tti 34,154 irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin industuriiwwan 41,575(% 121.73) keessatti akka gaggeeffame agarsiisa.

Giraafii: 45.To'annaa haala hojii industiriwwan jkeesstti gaggeeffame




Madda:BDHHH

Gama biraatiin Tajaajila to’annoo haalawwan hojii Industrii keessatti taasifameen to'annoo saamicha humna daa'immanii industirii keessatti gaggeeffame bara 2012tti 2,573 ture bara 2015tti industiriiwwan 31,680 keessatti gaggeessuuf karoorfameen raawwiin 35,057 (%110.66) irratti argama.


Walumaagalatti, Fayyummaa Nagummaa Ogummaa Industirii fi tajaajila to’annoo haalawwan hojii Industrii keessatti gaggeeffame raawwiin sadarkaa hundattuu dabalaa jiraachuu fi raawwiin bara 2015 %100 ol raawwatamee kana karoora itti aanu keessatti ittifufsiisuun barbaachisaa dha.

**Carraa hojii mijataa uumuun fayyadamummaa misooma lammiilee guddisuu**

**Sirna odeeffannoo bulchiinsa gabaa hojii diriirsuu**

Hojii Barbaaddota galmaa'anii fi hubannoo aadaa hojii irratti argatan 2012tti 1,102,748 irra ture bara 2015tti hojii barbaaddoota 5,872,501 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 7,240,521 (%123.30) galma’anii aadaa hojii irratti hubannoo argatanii jiru. Ragaa fi odeeffannoo hojii Barbaaddootaa Qindeessuu fi kaardii hojii barbaaddootaaf kennaman bara 2012tti namoota 503,520 ture bara 2015tti hojii barbaaddoota 4,671,947 calaluun kaardii hojii dhabdummaa akka argatan karoorfameen raawwiin 4,897,705 (%104.83) kennamee jira. Fedhii iddoo hojiin gabaan barbaadu adda bahan bara 2012tti 233,522 ture bara 2015tti gara 4,317,415 guddisuuf karoorfameen hojii barbaaddoota 4,602,807 (%106.61) carraan hojii argamee qacarrii raawwatamee jira. Fedhii iddoo hojii gabaan barbaadu biyyaa keessaa fi biyya alaatti carraa kan argatan bara 2013tti 960,113 ture bara 2015tti gara 4,349,120 tti guddisuuf karoorfamee raawwiin 5,054,878 (%116.23) carraa hojii akka argatan taasifamee jira.

Giraafii: 46.Sirna odeeffannoo bulchiinsa gabaa hojii Bara 2013-2015




Madda:BDHHH


Giraafii armaan olii irraa akka hubatamutti barootan sadan darban keessatti raawwiin gama hubannoo aadaa hojii hoji-dhabdootaaf kenname, calalliin kaardii hoji-dhabdummaa, iddoo hojii hojii barbaadootaaf biyya keessaa fi alaa adda bahee fi carraan hojii hoji-dhabdootaaf argame bara baraan dabalaa deemuus raawwiin bara 2015 keessa sadarkaa hundaattuu raawwatame karooraan daran raawwatamuu isaa mirkaneessa.Adeemsa kana irraa barachuun carraalee milka'ana kanaa cimsuun yeroo itti aanuu keessatti hojiin itti fufsiisu daran jajjabaachuu akka qabu agarsiisa.

**Carraa hojii biyya alaa hojii barbaadootaaf guddisuu**

Gama ejensii dhuunfaa hojii fi hojjetaa biyya alaatti walqunnamsiisantiin carraa hojii biyya alaatti argame irratti hojii barbaaddootni carraa hojii argataniif barumsaa hubannoo imala dura (Pre-departure orientation) kenname bara 2012tti 7,063 ture bara 2015tti 36,245 irraan ga'uuf karoorfameen raawwii 73,493 (%202.77) carraa bobba'insa hojii biyya alaa argataanii jiru. Akkasumas Ejensiiwwan dhuunfaa hojii fi hojjetaa biyya alaatti walqunamsiisan haala itti hojjetan to'annoo fi hordoffii gaggeeffame bara 2012tti 109 ture bara 2015tti 155 irraan ga'uuf karoorfamee raawwiin 237 (%152.90) to'annoo fi hordofiin gaggeeffamee jira.

Godaansa seeraan alaa irratti miidhaa inni geessisu irratti hubannoo uumameen godaansa seeraan alaa xiqqeessuuf bara 2012tti namoota hubannoo fudhatan 1,452,616 ture bara 2015tti gara 15,091,948 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 20,022,735 (%132.67) hubannoon kennamee jira.

Giraafii:47. Hubannoo ittisa godaansa seeran alaa irratti bara 2013-2015 tti kenname




Madda: BDHHH

Miidhaa godaansi seeraan alaa gama dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi bulchiinsa sirna dimookraasii keessatti qabu irratti hubannoo hawaasaa yeroo yeroo dhaan guddisuun imaaltoota godaansa seeraan alaa irratti beekaniis haa tahu osoo hin beekiin hojii kana irratti bobba'aan xiqqeessuuf hojiin hubannoo hawaasaa guddisuu bara baraan dabalaa kan dhufe tahuu fi ilmaaltoonni karaa seera qabeessaan akka imalan gama mootummaatiin haalli mijataan uumamee jiraachuu agarsiisa.

**Sirna eegumsa hawaasummaa diriirsuun tajaajiloota guddisuu**

**Sirna eegumsa hawaasummaa diriirsuun fayyadamummaa lammiilee guddisuu**

Hawaasa walii isaatiin gurma'ee tajaajiloota eegumsa hawaasummaa kennan ijaarsa gumii walgargaarsa hawaasaa (Community Care Collision) keessatti hirmaatan bara 2012 tti 4,900 ture bara 2015tti 5,417 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin gumiin ijaarramee 5,474 (%101.05) kan raawwatame yommuu ta'u; Tajaajilaa fi eegumsa hawaasummaa guddisuuf Garee Ofiin Of Gargaarsaa (GOOG) hundeessuuf ragaa bu'uuraa walitti qabameen bara 2014tti GOOG 5,588 galmaa'an bara 2015tti 7,292 irraan gahuuf karoorfame keessaa

raawwiin 7,501 (%102.87) yommuu tahu, miseensota 447,004 (dhi 105 dub 446,899) ture bara 2015tti 670,506 (dhi 105 dub 670,401) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 447,004 (dhi 105 dub 446,899) %66.67 irratti argama. Baayina lammiilee Gumii Walgargaarsaatiin deeggarsa maallaqaa gamtaan (CCC) walitti qabame irraa fayyadamoo ta'an bara 2012tti 32,100 ture bara 2015tti 1,195,000 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1,500,240 (dhi 948,276 dub 551,964) %125.54 yommuu tahu; gama maallaqaan karoorri qr. 458,947,765 raawwiin 470,546,323 (%102.53). irratti argama.

**Tajaajila eegumsa hawaasummaa babal'isuun fayyadamummaa lammiilee guddisuu**

Baay'ina fayyadamtoota sagantaa deeggarsa kallattii wabii nyaataa baadiyyaa fi magaalaa bara 2012tti 231,120 ture bara 2015tti 269,701 (dhi 117,267 dub 152,434) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 289,828(dhi 115,694 dub 174,134) %107 dhaabbiin akka fayyadaman taasifamee jira. Akkasumas Baay'ina lammiilee sagantaa Wabii nyaataa magaalaa (Urban Destitute) irraa fayyadamoo ta'an bara 2012tti 30,834 ture bara 2015tti itti fufsiisuun karoorfameen raawwiin 30,834 (% 100) dha.

Maanguddootaa kanneen dandeettii gaggeessummaa qabanii fi leenjii kennuu irratti bobba'anii carraa hojii argatan bara 2014tti 9,500 ture bara 2015tti 13,760 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin (% 144.84) irratti argama.

Maanguddoota harka-qalleeyyii fi hirkoo hin qabneef deeggersa hawaasaan taasifame bara 2015tti maanguddoota 450,417 ta'aniif deeggarsa hawaasaa akka argataniif karoorfameen raawwiin manguuddoota harka qalleeyyii fi hirkoo dhabeeyyiin 750,41 (%166) ta'an deegarsaa adda addaa akka argatan taasifamee jira.

Maanguddoota sochii hawaas-dinagdee naannichaa keessatti hirmaachisuuf waldaalee maanguddootaa gurmaa'e bara 2012tti 224 ture bara 2015tti gara 671 gurmeessuuf karoorfameen raawwiin waldaaleen maanguddootaa 894 (%133.23) gurmaa'uun sochii haawasa dinagdee keessa seenanii jiru. Haaluma kanaan maanguddoota buufataalee 22 (dhuunfaa 22 fi mootummaa 2) keessatti kunuunsa argataa turan bara 2015tti maanguddoota 4,000 akka kunuunfaman karoorfamee raawwiin maanguddoota 4,186 (% 104.65) kunuunsa argatanii jiru.

**Gurmaa'insa maatii cimsuu**

Harka qalleeyyii tajaajila lammummaatiin deeggarsi hawaasaan taasifame bara 2012tti 47,356 ture bara 2014tti namoota deeggarsi taasifamuuf itti fufissiuun 2,232,500 irraan

ga’uuf karoorfameen raawwii namoota harka qalleeyyii 5,097,496 (%228.33) tiif deeggersi hawaasa gurmaa’insa adda addaa fi tajaajila lamummaatiin taasifamee jira.

**Hirmaannaa fi fayyadamummaa qaama miidhamtootaa guddisuu**


Deeggersa qaama miidhamtoota hirkoo qaamaa fi qaama namtolchee argatan bara 2012tti 4,655 ture bara 2015tti 49,559 irraan ga’uuf karoorfameen raawwiin 50,279(% 101.45) deeggersa argatanii jiru. Qaama miidhamtoota deeggarsa hawaasaa argataa turan bara 2014tti 38,308 ture bara 2015tti 129,357 irran gahuuf karoorfameen raawwiin 131,487(%101.65) qaama miidhamtoota deggaraman yommuu ta’u, jijjiirama ilaalchaa dhufeen hirmaannaa hawaasaa waan dabaleef raawwiin olka’e. Waldaa Q/miidhamtoota galmaa'an miseensa isaanii waliin bara 2012tti 178 ture bara 2015tti 372 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 485 (%130.38) irratti argama.

#### 5.1.5.Misooma Dargaggootaa fi Ispoortii

**Mirga, nageenya, hirmaannaa fi fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessuu**

**Mirgaa fi nageenya dargaggootaa waliigalaa guddisuu:** Hoggantoota jaarmiyaalee dargaggootaatiif Leenjii ga’umsa raawwachiisummaa cimsu kennuun ergama isaanii akka bahan taasifame bara 2012tti lak. 22,365 ture bara, 2015tti jaarmiyaalee dargaggootaa 29,625 hubannoo kennuuf karoorfame keessaa 25,540 (%86) irra ga’een dargaggoota humna misoomaa fi nageenyaa taasisuuf sochiin jiru jajjabeessaa ta’u agarsiisa.

Giraafii:48. Hoggantoota jaarmiyaalee dargaggootaat Leenjii fudhatan





Madda:BDIO

Haaluma kanaan gurmaa'iinsa dargaggootaa yeroo yeroon cimsuun ga'een dargaggootaa misoomaa fi nageenyaa naannichaa eegsisuu keessatti qaban guddisuuf raawwiin barootа sadan kana keessa raawwataman dabalaa jiraachuu fi kan bara 2015 garuu adeemsa duraan dabalaa dhufeeraa gad bu'uu agarsiisa.

**Hirmaannaa fi bakka bu'ummaa dargaggootaa guddisuu (Tajaajila tola Ooltummaa)**

Baay'ina dargaggoota tola ooltummaa irratti hirmaatan lakkoofsaan bara 2012tti 7,134,543 ture bara 2015tti 7,903,086 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin dargaggoota 8,922,413 (%112.9) hojii tola ooltummaa irratti hirmaachisuun danda'ameera.

Giraafii:49. Dargaggoota tola ooltummaa irratti hirmaatan





Madda:BDIO

Caatoo arman olii irraa akka hubatamutti hirmaannaan dargaggoota hojii tola ooltummaa irratti bobba'uun dandeettii fi ogummaa qabaniin hawaasa tajaajilaa turan dabalaa kan dhufe yoo ta'u bara 2014 keessatti raawwiin gama tola ooltummaa dargaggootaatiin raawwatame gad bu'aa tahuu agarsiisa. Kanaafuu, kyeroo hojii itti aanu keessatti xiyyeeffannaan hojii tajaajila tola ooltummaa kana jajjabeessuun baasii gama kanaan mootummaa irraa eegamu xiqqeessuun fayyadamummaa ummataa mirkaneessuun barbaachisaa dha.

Baayina dargaggoota taateewwan Dargaggoota gaggeeffame irratti hirmaatan lakkoofsaan bara 2012tti 4,678,555 ture bara 2015tti gara 5,223,008 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin dargaggoota 5,145,430 (% 98.51) kan raawwatame yommuu tahu, gama baayina Dargaggootaa Konfaransii Dargaggoota gaggeeffame irratti hiirmaatan bara 2012tti 4,234,598 bara 25015tti 5,363,493 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin dargaggoota 4,805,860 (% 89.60) ta'an konfiraansii gaggeeffme keessatti adda durummmaan hirmaachuun dhimmaa isaanii irraatii yaadaa fi qeeqa qaban dhiyeessuun yaada waliigalaan akka qabaatan tasifamee jira.

**Giraafii:** 50. Hirmaannaa dargaggoota taateewwan irratti




| | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 | Kar 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| Dargaggoota taateewwan Dargaggoota gaggeeffame irratti hirmaatan | 4,678,555 | 5,120,331 | 5,011,361 | 5,145,430 | 5,223,008 |
| Dargaggootaa Konfaransii Dargaggoota gaggeeffame irratti hiirmaatan | 4,234,598 | 4,824,325 | 5,045,240 | 4,805,860 | 5,363,493 |

Madda:BDIO

Dargaggootaa gama taateewwan dargaggootaa fi konfiraansii dargaggootaa irratti hirmaachisuun hirmaannaa fi fayyadamummaa isaanii mirkaneessuuf raawwatamaa tureen baroota sadan kana keessatti dabalaa jiraachuu fi dargaggoonni dhimmootaa isaanii irratti walii isaaniin mar'atanii rakkoolee isaanii akka hiikkatan ardaalee marii, konfireeansii fi taateewwan kanaan raawwiin sadarkaa gaarii qabaachuu agaersiisa.

**Faayyadamummaa dinagdee fi hawaasummaa dargaggootaa guddisuu**


Baay'ina Giddugala Badhaadhina Namooma dargaggootaa ijaaraman bara 2013tti 74 ture bara 2015tti 157 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 157 (%100) raawwatamee jira. Haaluma walfakkaatuun, Baay'ina Giddugala Badhaadhina Namooma dargaggootaa ijaaraman bara 2012tti 3,456,456 ture bara 2015tti giddu gala badhaadhina namoomaa 4, 610,373 ijaaruuf karoorfame keessaa raawwiin 2,897,396.0 (%62.8) raawwachuun danda'ameera. Raawwii kana manii qabme duukaa yommuu xiinxalamu hojiin hojjetame sadarkaa yaadameen gad waan ta'eef karoora itti aanu keessatti xiyyeeffannoo argatee hojjetamuu qaba.

**Lammiilee ispoortiidhaan si'aawaa, dorgomaa fi mo'ataa uumuu**

**Gurmaa'insoota ispoortii ummataa sadarkaa biyyoolessaa fi idil-addunyaa akka eegan taasisuu:**

Dhaabbilee ispoortii uummataan gurma'an bara 2012tti 83,132 ture bara 2015tti 86,701 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 85,015 (% 98.06) irratti argama. Gama mana maree ispoortii sadarkaan gurma'an bara 2012tti 7,295 ture 7,568 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 7,124(% 94.13) yommuu ta'u; kilaboota ispoortii gurmaa'an bara 2012tti 2 ture bara 2015tti gara 140tti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin 14 (%10) ta'us raawwiin argame baay'ee gad aanaa ta'uu agarsiisa.

**Giraafii**: 51. Babal'ina dhaabilee ispoortii





Madda:BDIO

Misooma Ispoortii baba'isuun bu'uura ummaata akka qabaatu taasisuuf baroora sadan darban keessatti raawwatame karoora waliin yommuu xiinxalamu fooyya'iinsa qabaatuus haala qabatamaa Oromiyaatiin hojileen hojjetaman kun carraa fi baayina ispoortessistoota naannichaa waliin yommuu ilaalamu ammayyuu dhimma xiyyeeffannaa, kutannoo hoggansaa fi deeggertoota ispoortii akka barbaadu agarsiisa.

Galii misooma ispoortii cimsuuf maallaqa hawaasaa fi waldaalee ispoortii sadarkaan jiran irraa sassaabame bara 2012tti qarshiin 172,000,000 ture bara 2015tti gara qr. 733,197,172 tti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin 209,997,491(% 28.64) yoo ta'u; dhaabbilee ispoortii uummataa odiitii taasifaman bara2012tti 3 ture bara 2015tti 84 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 39(% 46.43) irratti argame.

**Giraafii:** 52. Glii misooma ispoorii sassaabame




Madda:BDIO


Bu'uura raawwii kanaan hojiin gama maddoota galii misooma ispoortii walitti qabuu, akkasumas dhaabbilee ispoortii ummataa odiitii taasisuun bu'aa arganoo isaa hawaasaa fi fayyadamtootaaf ifa taasisuu irratti hojiin hojjetama daran gad aanaa waan taheef qaamni itti dhiyeenyaan hojjetu kallattii fi sirreeffama barbaachisaa akka fudhachuu qabu agarsiisa.

**Bakkeewwan oolmaa fi leenjii ispoortii guddisuun seera qabeessummaa mirkaneessuu fi dhaqqabummaa guddisuu**

Bakkeewwan oolmaa ispoortii seera qabeessummaa fi qaqqabamummaa isaanii dhugumsuuf hojjetamaa tureen bakkeewwan oolmaa ispoortii dhaabbilee ispoortii keessatti argaman babal'isuun qaama seerummaa mirkaneessuu fi tajaajila kennan taasifaman bara 2012tti 12,927 irra ture bara 2015tti gara 23,343tti babal'isuuf karoorfameen raawwiin 25,588 (%110) raawwatamee jira.

Haaluma walfakkaatuun bakkeewwan oolmaa ispoortii ragaa abbaa qabeenyummaa argatan bara 2012tti 8,076 irra ture bara 2015tti gara 24,410 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin bakkeewwan oolmaa ispoortii kaartaa fi beekamtii qaama seerummaa argatan 25,011(% 102) irra ga'ee jira. Akkasumas Dhaqqabamummaa bakkeewwan oolmaa ispoortii bara 2012tti %25 irra ture bara 2015tti gara 62 dhaqqabamaa taasisuuf karoorfameen raawwiin 66 (% 107.03) irratti argama.

**Giraafii:** 53. Bakkeewwan oolmaa ispoortii fi raga abbaa qabiyyummaa kenname





Madda:BDIO

Caatoo armaan olii irraa akka hubatamutti Bakkeewwan oolmaa ispoortii fi raga abbaa qabiyyummaa bakkeewwan oolmaa ispoortii ilaalchiisee raawwiin bara 2013fi 2014 keessa dabalaa kan dhufe yoo tahu, raawwiin bara 2015 keessa raawwatame gad bu'aa waan dhufeef rakkoo hojii keessatti mul'ate beekuun sirreeffama barbaachisu fudhachuun barbaachisaa ta'a.

Abbootii qabeenyaa investimentii ispoortii irratti hirmaatanii mirkaneessa gahumsaa fudhatan bara 2012tti 60 ture bara 2015tti 113 guddisuuf karoorfameen raawwiin gara abbootii qabeenyaa 74 (%65.289) tti guddatee jira. Misooma investmentii ispoortii keessatti abbootii qabeenyaa hirmaataniin carraawwan hojii laammiileef uumaman bara 2012tti 5,834 ture bara 2015tti 18,699 irraan ga'uuf karoorfameen carraawwaan hojii investimentii ispoortii kanaan namoota 20,072 (%107.34) ta'aniif caraan hojii uumameen fayyadamtoota dinagdee ta'anii jiru.

Giraafii:54. Misooma industirii ispoortiin carraawwan hojii bara 2013 -2015




Madda:BDIO

Kana irraa haala hubatamuun raawwiin misooma investimantii ispoortii sadarkaa milkaa'na irratti argamus Oromiyaan burqaa atileetotaa taatee osoo jirtu baay'inaa fi bal'ina Oromiyaatiin sosochiin investimeentii ispoortii kun quubsaa waan hin taaneef xiyyaaffannaan fayyidaalee dinagdummaa fi hawaasummaatiif oolu dabaluun murteessaa ta'a.

**Ispoortii hawaasaa sadarkaa hundatti babal'isuun uwwisaa fi hirmaannaa hawaasaa guddisuu**

Fayyadamummaa hawwaasa mirkaneessuuf Ayyaanota /Festivaaloota ispoortii aadaa qopha'an bara 2012tti 11 bara 2015tti 51 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 33 (% 64) irratti argama. Taateewwan sadarkaan qophaa'an irratti hawwaasa hirmaate bara 2012tti 2,000,000 ture bara 2015tti hirmaannaa hawaasaa gara 3,563,401tti guddisuuf karoorfameen hawaasa 4,025,604 (%112.97) hirmaatanii jiru. Feestivaalii ispoortii hundaa sadarkaan qophaa'e kana irratti Hawwaasa hirmaate bara 2012tti 1,682,649 ture bara 2015tti gara 4,208,521 tti guddisuuf karoorfameen hawaasni feestivaala kana irratti hirmaatan 4,843,750 (%115.09) raawwatamee jira.


**Sagantaa barnootaa fi leenjii ispoortii cimsuun baay'ina ogeessota ispoortii guddisuu**

Ogeessota leenjii fooyya'umsa ogummaa fudhatan bara 2012tti 350 ture bara 2015tti 1,918 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 2,242 (%116.87) irratti argama. Gama Ogeessota leenjii yeroo gabaabaa fudhatan bara 2012tti 5,844 ture bara 2015tti 13,120 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 10,627 (% 81.00) yoo tahu; Ogeessota leenjii yeroo giddugaleessaa fudhatan bara 2012tti 210 ture bara 2015tti 600 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 602(% 100.28) akka raawwatame agarsiisa.

**Sagantaa leenjii ispoortii guddattootaa baballisuun atileetota bakka bu’an guddisuu**

Sagantaa Leenjiiwwan ispoortii guddattoota cimsuun ispoorteessitoonni bakka bu’oo ta’an horachuuf buufataalee sagantaa leenjii ispoortii guddattootaa bara 2012tti 334 ture bara 2015tti 367 irraan ga’uuf karoorfameen buufataaleen guddattootaa 286 (% 77.61) raawwatamee jira. Leenjifamtoota giddugala mootummaa keessatti qabaman bara 2012tti 160 irra ture bara 2015tti 9,847 irraan gahuuf karoorfameen leenjifamtoonni 7,450 (%75.66) ta’an giddugala mootummaa keessatti leenjii fudhatanii jiru. Akkasumsa leenjifamtoota giddugala dhuunfaa keessatti qabamanii leenjii fudhatan bara 2012tti 144 ture bara 2015tti 1,199 irraan ga’uuf karoorfameen 1,424 (%118.80) raawwatamee jira. Bifuma walfakkaatuun leenjifamtoota leenjii deeggersa mootummaan leenji'an bara 2012tti 22,500 ture bara 2015tti leenjifamtoota 16,183 irraan ga’uuf karoorfameen raawwiin 19,025 (%117.56) irra jira.

Giraafii:55. Leenjifamtoota Guddattootaa




| | 2012 | 2013 | 2014 | 2,015 | Kar 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| buufattota leenji Guddattootaa mootummaa | 334 | 285 | 285 | 785 | 330 |
| Guddattoota buufata leenjii mootummaatti leenji'an | 160 | 7,150 | 7,150 | 7,450 | 9,847 |
| leenjifamtoota giddugala dhuunfaatti leenji'an | 144 | 598 | 562 | 1,424 | 1,199 |
| leenjifamtoota kilaboota keessatti leenji'an | | 85 | 137 | 754 | 2,675 |
| leenjifamtoota leenjii deeggersa mootummaan leenji'an | 22,500 | 2,650 | 2,650 | 19,025 | 16,183 |

Madda:BDIO

Walumaagalatti, bu’aa qabeessummaa misooma ispoortii mirkaneessuuf leenjifamtoota giddugala mootummaa fi dhuunfaa keessatti kennuun yeroo yeroon ga’umsaa fi dandeettii isaanii cimsuun murteessaa waan taheef simannaa leenjifamtootaaguddattootaa giddugala

mootummaa fi dhuunfaa guddisuun leenjifamtootaa egeree naannoo fi biyyaa keessatti horachuun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha.


#### 5.1.6.Misooma Aadaa fi Turiizimii

Ummanni Oromoo afaan, seenaa, aadaa fi aartii isaa misoomsuu fi beekamtii akka qabaatu taasisuu bira darbee ibsituu mallattoo eenyummaa saba Oromoo taasisuun bu'aa Dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa irraa argachuun malu milkeessuuf taarsiimoowwan raawwii qopheessuun hojjetamaa tureen raawwiin baroota sadan darbanii (bara 2013-2015) xiinxaluun haala itti aanuun dhiyaatee jira.

**Fayyadamummaa Ummataa Guddisuu**:

Tajaajila dubbisaa irraa uummata fayyadamaa ta'e bara 2012tti 8,714,484 ture bara 2015tti 16,618,484 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 16,220,568 (%97.61) irratti argama. Do'ii hambaalee fi iddoolee hawwata turiizimii irraa uummata fayyadamaa ta'e bara 2012tti 406,799 ture bara 2015tti 566,251 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 658,976 (% 116.38) raawwatamee jira. Ummata hojii artiitiin tajaajila argatan bara 14,549,326 ture bara 2015tti 17,639,461 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 14,549,326 (%82.48) irratti argama.

Giraafii: 56.Fyyadamummaa uummataa





| | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 | Kar. 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| UmmataTajaajila dubbisaa irraa fayyadaman | 8,714,484 | 10,964,484 | 13,070,484 | 16,220,568 | 16,618,484 |
| Ummata Do'ii hambaalee fi hawwata tuurizimii irraa fayyadaman | 406,799 | 484,090 | 544,277 | 658,976 | 566,251 |
| Ummata hojii artiitiin tajaajila argatan | 14,549,326 | 14,549,326 | 14,549,326 | 14,549,326 | 17,639,461 |

Madda:BATO

Giraafii armaan olii irraa akka hubatamutti fayyadamummaan uummataa ajaajila dubbisaa irraa argachaa jiru baraa baraan dabalaa jiraachuu kan agarsiisuu yommuu ta’u Uummata tajaajilaa do’ii hambaalee fi iddoolee hawwata tuurizimii irraa fayyadamaa ta’an manii akeekame milkeessaa jiraachuu kan agarsiisu ta’ee Ummata tajaajila hojii Aartii irraa fayyadamaa ta;’an bara baraan dabalaa akka jiru kan agarsiisu ta’ee manii bara 2015tti qabame irraa % 17.52 akka hafe agarsiisa.Kanaafuu, karoora itti aanu keessatti fayyadamummaa ummaata daran guddisuuf hanqinaalee waggoottan sadan kana keessatti hojii keessatti mul’ate irratti dammaqinaan hojjechuun manii 2017 milkeessuuf xiiqeffatamee hojjechuun akka barbaachisu agarsiisa.

Carraa hojii dhaabbii fi yeroon sektara aadaa fi tuurizimii keessatti uumame bara 2012tti 383,612 ture bara 2015tti 423,793 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin 459,352 (%108.39) carraa hojii akka argatan taasifamee jira.

Giraafii:57. Carraa hojii dhaabbii fi yeroo uumame





Madda:BATO

Misooma aadaa fi turiizimii keessatti raawwiin gama carraa hojii dhaabbii fi yeroo dhaan uumaman karoora waliin yommuu xiinxalamu milkaa’ina qabaatus raawwiin bara baajataa keessa raawwatame kan bar 2013 irraa waan gad bu’eef rakkoolee bara kana keessatti raawwii keenya irratti dhiibbaa uume qorachuun akka carraatti itti dhimma bahuu akka qabnu taasisuu; humna carraa hojii naannichaa fi poteenshala jiruun yeroo xiinxalamu hojiin guddaan akka hafu namatti agarsiisa.

**Qorannoo fi Qo’annoo Guddisuu:**

Qorannoo Afaan irratti gaggeeffaman bara 2012tti 6 ture bara 2015tti qorannoo afaanii 33 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 26 (%78.79) irratti argama. Gama qorannoo Seenaa irratti gaggeeffaman bara 2012tti 3 ture bara 2015tti 14 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 13 (%92.86) irratti argama. Qorannoo Artii irratti gaggeeffaman bara 2012tti 1 ture bara 2015tti 5 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 7(%140) irratti argama. Qorannoo Aadaa irratti geggeeffaman bara 2014tti 3 ture bara 2015tti 6 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 11 (%183) kan raawwatamee jira.

Giraafii: 58. Qorannoo fi qo’annoo gaggeeffaman




| | 2012 | 2013 | 2014 | 2015 | Kar. 2015 |
|---|---|---|---|---|---|
| Qorannoo Afaan | 6 | 10 | 13 | 26 | 33 |
| Qorannoo Seenaa | 3 | 5 | 8 | 13 | 14 |
| Qorannoo Artii | 1 | 1 | 1 | 7 | 5 |

Madda:BATO


Giraafii armaan olii irraa akka hubatamutti hojiin gama qorannoo fi qorannoo aadaa, seenaa, fi aartii Oromoo irratti gaggeeffaman yeroodhaa yerootti dabalaa jiraatus bu’awwan qo’annoo fi qorannoo irraa argaman hawaasa fayyadamaa taasisuuf adeemsa dhaqqabamummaa isaa irratti tarsiimoo raawwii qopheessuun barbaachisaa ta’a.

Qorannoowwan gaggeeffamanii maxxanfaman bara 2012tti 13 ture bara 2015tti 12 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 8 (%66.67) irratti argamu yommuu tahu; Qorannoowwan gaggeeffamanii maxxanfaman kana bara 2012tti kooppii 30,000 baayifamee ture bara 2015tti 188,833 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 227,000 (%120) baayisuun fayyadamtoota biraan gahuun danda’ameera.

**Misooma Afaanii, Seenaa, Hambaalee fi Sona Aadaa Guddisuu:**

Misooma Afaanii, Seenaa, Hambaalee fi Sona Aadaa Guddisuuf baay'ina inventariin hambaalee aadaa hinsochoone irratti gaggeeffaman bara 2012tti 228 ture bara 2015tti 2353 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1508 (% 64.09) irratti argama. Baay'ina inveentarii hambaalee aadaa sochoo'an irratti gaggeeffaman bara 2012tti 5,632 ture bara 2015tti 23,246 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 30,342 (%130.53) irratti argama. Baay'ina inveentarii hambaalee aadaa kiliyaa irratti gaggeeffaman bara 2012tti 339 ture bara 2015tti 4036 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 3181 (%78.82) irratti argama. Ardaalee jilaa daangeffamaniifi eegaman bara 2012tti 662 ture bara 2015tti 869 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 893 (%102.76) irratti argama.

Giraafii: 59. Baay'ina inventariiwwan gaggeeffaman




Madda:BATO

Bu'uura giraafii armaan olii irraa hubatamuun inventariin hambaalee aadaa sochoo'an irratti gaggeeffame raawwiin bara 2015tti argame daraan olaanaa tahuu fi manii 2017tti 27,816 milkeessuuf yaadame dursee waan bira gahameef dhimma jajjabeeffamu qabu ta'eee; karoora itti aanu keessatti maniin fooyya'uu akka qabu dhimma murteessa ta'u agarsiisa.Gama inventarii hambaalee aadaa hinsochoonee fi inventarii hambaalee aadaa kiliyaa irratti hojiin

raawwatame dabalaa jiraatus sadarkaa eegamuun waan hin taaneef yeroo itti aanu keessati dhimma xiyyeeffannaan hojjetamu qabu ta'u agarsiisa.


**Misooma Industurii Aadaa fi Aartii Guddisuu**

Hojii misoomaa aadaa fi aartii dagaagsuuf baay'ina dhaabbilee industrii Aadaa dabalan bara 2012tti 1,975 ture bara 2015tti 2,641 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 2,928 (%110) kan raawwatame yommuu ta'u; Dhaabbilee Aadaa fi Aartii Hayyama mirkaneessa gahumsa ogummaa haaraa argatan bara 2012tti 1,975 ture bara 2015tti 2970 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 2,925 (%98.48) irra gahee jira. Akkasumas Dhaabbilee Aadaafi Aartii Hayyama mirkaneessa gahumsa ogummaa haaromfatan bara 2012tti 1,005 ture bara 2015tti 1819 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1,783 (%98.02) raawwatamee jira. Hojiiwwan bu'aa aartii ummataa bira gahan bara 2013tti 88 ture bara 2015tti 812 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 489 (%60.22) irratti argama. Dhaabbilee industirii aadaa walitti hidhamiinsi gabaa uumameef bara 2012tti 1,138 ture bara 2015tti 2,168 irraan mgahuuf karoorfame keessaa raawwiin 2,215 (% 102.17) irratti argama.

**Misooma dhaabbilee tajaajila turiistii guddisuu:**

Hojii misooma dhaabbiilee tajaajila turiizimii kennan guddisuuf baay'ina dhaabbilee tajaajila tuurizimii dabale bara 2012tti 2,121 ture bara 2015tti 18,983 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 18,570 (% 97.82) irratti argama. Dhaabbilee tajaajila tuurizimii kennaan kanneen hayyama MGO haroomfatan bara 2012tti 108 ture bara 2015tti 17,554 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 18,453 (105.12) tti guddatee jira.

Giraafii: 60.Dhaabilee misooma industirii Aadaa fi Aartii irratti MGO argatan




Madda:BATO

Dhaabbile tajaajila tuurizimii sadarkaa urjii keessa galuuf addaa bahan bara 2012tti 65 ture bara 2015tti 146 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin gara 108 (% 73.97) fooyya'ee jira. Dhaabbilee tajaajila tuurizimii sadarkaa urjii argatan bara 2014tti 14 ture bara 2015tti 87 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 51 (% 58.62) irratti argama.


Misooma industirii turiizimii guddissuuf keessatti baay'ina daawwachisaa naannoo fi qe'ee dabale bara 2015tti 73 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 88 (% 120.55) irratti argama. Dhaabbilee tajaajila turiizimii deeggarsaa ogummaa argatan bara 2012tti 50 ture bara 2015tti 17,861 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin gara 18,453 (%103.31) tti guddatee jira. Dhaabbilee tajaajila turiizimii kenna tajaajila isaanii foyyeeffatan bara 2013tti %53 ture bara 2015tti % 59 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 59 (%100) irratti argama.

**Misooma gabaa fi Dhaadhessa Turiizimii guddisuu**

Hojii misooma gabaa fi dhaadhessa turiizimii maloota dhaadhessaa adda addaa fayyadamuun naannoo Oromiyaa keessa iddoowwan hawwataa jiran balballoomsuun yaa'iinsa turistii biyya keessaa bara 2012tti mil.21.9 ture bara 2015tti 33,331,076 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 35,290,864(%105.88) tti guddatee jira. Gama yaa'iinsa turistii biyya alaa bara 2012tti 1,200,000 ture bara 2015tti 1,507,870 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1,627,300 (%107.92) tti guddatee jira.

Baay'ina yaa'insa turistoota biyya keessaa fi alaa dabaluun madda galii naannichaa guddisuuf hojjetamaa tureen yaa'iinsa turistii biyya keessaa irraa galii argame bara 2012tti 30,800,000,000 ture bara 2015tti 24,720,866,683 irraan gahuuf karoorfame raawwiin 41,890,157,000 (% 169.45) tti guddate yommuu tahu; galii yaa'iinsa turistii biyya alaa hanga bara 2012tti 6,739,200,000 ture bara 2015tti 8,018,884,667 irraan gahuuf karoorfame raawwiin 7,185,641,600 (%89.61) galiin sassaabameera.

Giraafii:61. Galiiwwan yaa'insa turizimii irraa argame




Madda:BATO

Walumaagalatti, raawwiin yaa'insa turiistii biyyaa keessaa fi alaa fi galiin gama yaa'insaa turiistii biyyaa keessaa fi alaa irraa argamaa jiru dabaluun madda galii naannichaa guddisuuf taasifamaa jiruu jajjabeessaa ta'uyyuu sirnaa fi hojimaata ragaa qabatamaa turistootaa agarsiisu qopheessuun gumaata turiiziimiin misoomaa naannichaa keessatti qabuu fi bu'a qabeessuummaa isaa mirkaneessuun dhimma ciminaan hojjetamu qabu ta'uu xiinxala kanaan adda bahee jira.

**5.1.7.Giddu -Gala Aadaa Oromoo**

**Misooma Goda Hambaa Oromoo Guddisuu:**

Sadarkaa Giddugalaatti tajaajila dubbisaa irraa uummata fayyadamaa ta'e bara 2012tti 12,347 ture bara 2015tti 30,000 irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin uummata 33,152(%110.5) ta'u tajaajilaa dubbisaa irraa fayyadamaa taasisuun danda'ameera. Tajaajila Godambaa giddugalatti argamu irraa uummata fayyadamaa ta'an bara 2012tti 118,198 ture bara 2015tti 300,000 irraan gahuuf karoorefameen raawwiin 303,892 (%101.30) tti guddatee jira. Akkasumas Ummata hojii aartiitiin tajaajila argate bara 2012tti 4,000,000 ture bara 2015tti 5,000,000 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 6,000,000 (%120) tti guddatee jira. Haddarsaalee umurii dheeraa qaban walitti qabame bara 2012tti baayinaan 300 ture bara 2015tti 1,000 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1000(%100) haauma karooraan raawwatamee jira.


Walumaa galatti raawwiin gama hojii giddugala aadaa oromoo keessatti hojjetamee fi hojjetamaa jiruu karoora naannoo waliin hojiin walsimsiisuu kan barbaaduu ta'uu fi adeemsa karooraa fi Gabaasaa hordofamuu qabu irratti deeggersaa addaa akka barbaadan raawwiin isaanii baroota sadan darban kana irraa dhugumsuun in danda'ama.


### 5.1.8.Hojiiwwan Qorannoo fi Qo'annoo Oromoo

**Fayyadamummaa Ummataa Guddisuu ilaalchisee:**

Fayyadamummaa Ummataa bu'aa qorannoo oromoo irraa fayyadamaa taasisuuf bara 2012tti bu'aa qorannoo irraa ummatni fayyadamaa ta'e 4,000,000 ture bara 2015tti 12,000,000 irraan ga'uuf karoorfame keessaa raawwiin 11,000,000 (%91.6) irra ga'uu fi fayyadamummaa Ummataa Guddisuu keessatti tajaajila deeggarsa ogummaa kenname bara 2012tti 6,000 ture bara 2015tti 14,000 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 12,870 (%91.93) raawwatamee jira.

Giraafii: 62.Bu'AA qorannoo irraa ummata fayyadaman




Madda:IQQO

Kanaafuu, fayyadamummaa ummataa guddisuuf raawwiin baroota sadan darban keeessatti raawwataman jajjabeessaa ta'uullee harcaatii hojii bara baajataa irraa gangalaltee hafee gara %8 tahu yeroo itti aanu keessatti tarsiimoo raawwii fooyyeessuun duguuganii raawwachuun fayyadamummaa ummataaf xiyyeeffannaa kennuun murteessaa ta'a.


**Qorannoofi Qo’annoo Afaan Oromoo Guddisuu**

Qorannoo fi Qo’annoo Afaan Oromoo karaa saayinsaawaa ta'een qoratamee afaan tekno irraan ga’uuf karoorfame keessaa raawwiin oloojii ta'e bara 2012tti Qorannoo Fookiloriifi Ogbarruu Oromoo irratti gaggeeffame 22 ture bara 2015tti 25 irraan ga’uuf karoorfame keessaa raawwiin 31 (% 124) irratti argama. Gama qorannoo moggaasa fi waaltina jechootaa irratti gaggeeffame bara 2012tti 13 ture bara 2015tti 17 irraan ga’uuf karoorfame keessaa raawwiin 23 (%135) irratti argama. Qorannoo galmee jechootaa irratti gaggeeffame 3 ture bara 2015tti 6 irraan ga’uuf karoorfame keessaa raawwiin 6 (%100) irratti argama. Qorannoo caasluga Oromoo irratti gaggeeffame 4 ture bara 2015tti 7 irraan ga’uuf karoorfame keessaa raawwiin 6 (% 85.71) irratti argama.

**Bu’aa Qorannoo oromoo Beeksifamee madda galii ta'e**

Bu’aa Qorannoo oromoo Beeksifamee madda galii ta'e Baay’ina gosa maxxansaalee bu’a qorannoo qophaa’ee raabsame bara 2012tti 30,000 ture bara 2015tti gara 400,000 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin 465,000 (% 116.25) tti guddatee jira.

**Giraafii:63.** Baay’ina maxxansaalee bu’a qorannoo qophaa’ee rabsame




Madda: IQQO

Giraafii armaan olii irraa akka hubatamutti bu’aawwan qorannoo oromoo beeksifamee madda galii taasisuuf baay’ina maxxansaalee bu’a qorannoo qophaa’ee fayyadamtootaaf raabsame raawwiin dabalaa jiraachuu fi milkaa’ina guddaan qabaachuu agarsiisa.Kanaafuu, hojiiwwan qabatamaan fayyadamummaa ummataa milkaneessan irratti ammayyuu kana caalaa cimee akka hojjetamuu danda’u agarsiisa.

### 5.1.9.Misooma Turiizimii

**Dhaadhessa Gabaa Turiizimii gaggeessuu:**

Haala addunyaan keessa jiruu bu'uureffachuun dhaadhessa gabaa turiizimii irratti xiyyeeffateen hojiilee hojjetamaan tureen baay'ina turistoota biyya keessaa fi alaa dabaluun madda galii naannichaa olkaasuuf/guddisuuf hojjetamaa tureera.Haaluma kanaan baayina yaa'insa turiistoota biyya keessaa bara 2015tti 5,000,000 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin gara 7,500,740 (%150) guddatee jira. Akkasumas baayina yaa'insa turiistoota biyya alaa bara 2015tti 50,000 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 198,160 (%396.3) tti dacha sadiin dabalee jira. Gama yaa'insa turiistoota biyya keessaa fi alaa irraa galii turiizimii guddisuu bara 2015tti 38,273,123 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 9,890,157,000 (%25,841) akka guddate agarsisa. Raawwii kana irraa akka hubatamutti gabaasni mana hojii kanaa karooraa fi gabaasa sirnaa qabamee wal dubbisuu dhabuu, xiyyeeffanaan hojii karooraa fi gabaasaaf kennamuu dhabuu irraa kan ka'e qabiinsaa fi ragaaleen gabaasaa bara baraan ergamu wal simachuu dhabuu agarsiisa.

Invastimentii Turizimii baballisuuf Dhaadhessa investimentii gaggeeffame bara 2015tti 250 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 230(%92) tti fooyya'ee jira. Baay'ina investimentii turiizimii haaraa simatame bara 2015tti 45 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 30 (% 66.7) irra jira. Akkasumas dhaabbilee /intarpiraayzota/ turizimii guddisuuf baay'ina dhaabbilee turizimii haaraa hojiitti galan bara 2015tti 50 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 28 (% 56) irra jira.

Walumagalatti, aangoo mana hojiif kenname bu'uureffachuun hojiileen hojjetamuu qaban sirnaan akkaataa safaramuu danda'uun duguugamee karoorfamuu akka qabu taasisuu fi adeemsa sirna gabaasaa eegee qaama gabaasicha fayyadamuuf yeroo fi qulqullinaan dhiyeessuun dhimma kutannoo fi xiyyeeffannaa hoggansaa gaafatu ta'ee; milkaa'ina hojii kanaaf deeggersi KKMO rakkoolee karoorsuu fi gabaasuu mudate sakatta'uun hiikuun murteessaa ta'a.

### 5.1.10.Hojiiwwan Dhimmoota Kominikeeshinii Mootummaa

Hojiiwwan dhiimmoota Kominikeeshinii Mootummaa sirna kominikeeshinii ammayya'aa, si'ataa fi bu'a-qabeessa ta'e mootummaa fi ummata gidduutti diriirsuun yaa'insa odeeffannoo qulqulluu akka jiraatu taasisuun, ilaalcha biyyaalessaa dagaagsuu, hirmaannaa fi fayyadamummaa ummataa guddisuu fi maqaa gaarii naannichaa ijaaruu irratti hojiiwwan

hojjetamaa turan irratti xiinxala raawwii waggoota sadan darbanii haala armaan gaditti dhiyaatee jira.

**Sirna Kominikeeshinii Mootummaa guddisuu:**

Hawaasa naannoo Oromiyaa keessa jiraatuu fi hordoftootaa isaa sadarkaa biyyooleessa, adduunyaatiif dhimmoota wayitawwaa fi iftoomina barbaadan irratti ibsa ejjennoo mootummaa ifa taasisuun odeeffannoo gaha akka argatan ibsa ejjennoo mootummaa miidiyaaleef balballomsan bara 2012tti 138 ture bara 2015tti 270 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 306 (% 113.33) tti guddatee jira. Sakata'insa bu'aa xiinxala yaada ummataa fi hordoffii miidiyaa gaggeeffamu bu'uureffachuun dhimmoota haala yeroo fi iftoomina barbaadan irratti milkaa'inoota karooraa fi raawwii gurguddoo mootummaa irratti ajandawwan bocaman bara 2012tti 136 ture bara 2015tti ajandaawwan bocamanii miidiyaaf kennuaman 268 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 302 (%112.69) raawwatameera.

Haaluma walfakkaatuun haala yeroo, karooraa fi raawwii hojiilee gurguddoo, dhimmoota ummata biratti iftoomina barbaadanii fi taateewwan garaagaraa irratti ibsa miidiyaaleef Pirees- konfaransii kennaman bara 2012tti 727 ture bara 2015tti 819 irraan gahuuf karoorfameen Pirees- konfaransii 846 (%103.3) kan raawwatamee yommuu tahu; barreeffamoota hojii miidiyaatiif ka'uumsa ta'an barreeffama oduu (press release) kannaman bara 2012tti 387 ture bara 2015tti barreeffama oduu 451 qopheessuun miidiyaaleef kennuuf karoorfameen raawwiin gara 475 (%105.32)tti guddatee jira. Gama biratiin, dhimmoota mootummaan iftoomina akka argatan barbaadurratti miidiyaa hunda hirmaachisuudhaan duula miidiyyaa gaggeeffaman bara 2012tti 17 gaggeefamee ture bara 2015tti 39 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin yeroo 51 (%130.77) hirmaachisuun raawwatamee jira.

Akkasumas, oduu mootummaa qopheessuun gaazexaa kallachaa, miidiyaa elektironiksii, miidiyaalee hawaasaa fi chaanaaloota odeeffannoo kennamaniif tamsa'an bara 2012tti 417,185 ture bara 2015tti gara 595,679 tti guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin 660,561 (%110.89) tti guddatee jira.

Gabatee: 46. Sirna Kominikeeshinii Mootummaa guddate agarsiisu

| Dubbii himaa mootummaa cime | Saf. | 2012 | 2013 | 2014 | Kar 2015 | 2015 | % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Ibsa ejjennoo mootummaa | Lakk | 138 | 164 | 248 | 270 | 306 | 113.33 |
| Pirees- konfaransii | Lakk | 727 | 741 | 789 | 819 | 846 | 103.30 |
| Pirees- rilliizii | Lakk | 387 | 404 | 421 | 451 | 475 | 105.32 |
| Ajandaa bocuu | Lakk | 136 | 160 | 244 | 268 | 302 | 112.69 |
| Duula Miidiyaa | Lakk | 17 | 22 | 39 | 39 | 51 | 130.77 |
| Eeruu Miidiyaa | Lakk | 406 | 1,314 | 1,507 | 3,708 | 3,608 | 97.30 |
| Chaanalota xixxiqqaa hordofuu, deggeruufi babal'isuu | yeroo | 227 | 227 | 583 | 594 | 600 | 101.01 |
| Erga Rogeessuu | Lakk | 464,381 | 481,841 | 497,846 | 526,989 | 523,094 | 99.26 |
| Oduu mootummaa | lakka | 417,185 | 471,161 | 574,985 | 595,679 | 660,561 | 110.89 |

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti, raawwiin sadarkaa hunda'uutti karooraan ol akka rawwatamauuf haalota dirqisiisoo ta'an keessaa isaan ijoon fedhii misoomaa hawaasa keessa yeroo yeroon maddu, ajandaawwan misoomaa gurduddaa mootumman uummataaf qabuu keessama iyyuu gama tarkaanfiilee haaraatiin jiru yeroo yeroon balballoomsuu fi haala yeroo ibsa mootummaa irraa kennamu dabalaa dhufeen raawwiin argame milkaa'ee jira.

#### 5.1.11.Dhaabbata OBN

**Qulqullina Qabiyyee Fooyyessuu Ilaalchisee**: Bara 2012'tti, iiti quufinsi TV dabale %65, itti quufinsa raadiyoo dabale %65, itti quufinsa miidiyaa hawaasaa dabale %65 irra kan ture, hanga bara 2015'tti duraa duubaan %80, %80 fi %80 irraan ga'uuf karoorfame keessaa duraa duubaan %100 irra gahee akka jiru gabaasa dhaabbatichi erge irraa hubatameera. Haa'tu malee madaalliin itti quufinsaa samuuda naannicha bakka bu'uu danda'u fudhatanii qo'annoo fi qorannoo saayinsawaa ta'e geggeessuun mirkaneessuu kan barbaadu ta'ullee, hojiin karaa dhaabbatichaa hojjetame jajjabaachuu kan qabu dha. Haa ta'u malee hojiin hojjetame gaarii ta'ee, manii 2015 qabame irraa %8 gadi bu'ee waan argamuuf karoora fuulduraa keessatti xiyyeeffannoo addaa itti kennuun hojjechuu barbaada.

Qulqullina Oduu fi sagantaalee Raadiyoo AM, FM, TV, MH dabale bara 2012'tti %80, qulqullina waraabbii sagalee fi suur-sagalee dabale %75, qulqullina gulaallii sagalee fi sur-sagalee dabale %75 irra kan ture, hanga bara 2015'tti duraa duubaan %83, %87 fi %87 irraan ga'uuf karoorfame keessaa duraa duubaan %83, %82 fi %82 irra gahee akka jiru xiinxalameera. Haa ta'u malee hojiin hojjetame gaarii ta'ee, manii 2015 qabame irraa duraa

duubaan %2, %3 fi %3 gadi bu’ee waan argamuuf karoora fuulduraa keessatti xiyyeeffannoo addaa itti kennuun hojjechuu barbaada.

**Qulqullina Tamsaasaa Fooyya’e:**

Qulqullina tamsaasa AM, FM, TV dabale bara 2012’tti %80 irra kan ture, hanga bara 2015’tti %83 irraan ga’uuf karoorfame keessaa %83 (%100) irra gahee akka jiru xiinxalameera. Haa ta’u malee hojiin hojjetame gaarii ta’ee, manii 2015 qabame irraa duraa duubaan %2 gadi bu’ee waan argamuuf karoora fuulduraa keessatti xiyyeeffannoo addaa itti kennuun hojjechuu barbaada.

Uwwisa tamsaasaa dabale bara 2012’tti uwwisa tamsaasa Raadiyoo AM, FM, TV dabale % 80, Uwwisa Istuudiyoo FM dabale %7, Qooda hordoftoota TV, Raadiyoo fi Midiyaa haaraa dabale %48, Amantaa hordoftoota dabale %65 irra kan ture, bara 2015’tti duraa duubaan %87,%12,%80 fi %80 irraan ga’uuf karoorfame keessaa duraa duubaan %87, %12, %80 fi %80 irra gahee akka jiru ragaa dhiyaateirraa hubatameera. Haa ta’u malee hojiin hojjetame gaarii ta’ee, manii 2015 qabame irraa duraa duubaan %5, %7, %5 fi %5 gadi bu’ee waan argamuuf karoora fuulduraa keessatti xiyyeeffannoo addaa itti kennuun hojjechuu barbaada.

# KUTAA JAHA


## 6.1.Kilaastara Bulchiinsaa fi Horatalee

### 6.1.1.Sassaabbii Galii

Galiiwwan mootummaa maddoota irraa sassaabamu sakkata'aanii addaan baasuun galii mootummaa harcaatii malee, keessumaa galii idilee (taaskii kallattii, taaskii al-kallattii fi galii taaskii hin taane) galii keessaa fi galii mana qopheessaa irratti xiiyyeeffachuun yeroon akka galu gochuun misooma eegale itti fufsiisuufis ta'ee rakkoo hawaasummaa, bulchiinsa gaarii hiikuuf akkasumas nageenya waarawaa mirkaneessuuf qooda ol'aanaa akka qabu beekamaa dha.

Haaluma kanaan, deeggarsa mootummaa federaalaa dabalatee walumaagalatti galii mootummaa naannoo Oromiyaa bara 2012tti Qar. bil. 75 irra ture, waggoota sadan darban kana keessa (2013 hanga 2015)tti walduraa duubaan Qar. bil. 101.14; 128.97 fi 155.731 kana ol akka sassaabame ragaan jiru ni agarsiisa.

Giraafii:64. Sassaabbii Galii Mootummaa Naannoo Deegersa Mootummaa Federaalaa dabalatee




Madda:BGO

Raawwii sassaabbii galii gulantaadhaan yommuu ilaallu taaksiin kallattii bara 2012tti Qar. bil. 12.8 ture waggoota sadan (2013-2015) kanatti walduraa duubaan qar.18.28; 28.39 fi bara bajataa kanatti Qar. 37.476 irra gahee jira.Guddinni galii taaksii al kallattii raawwiin bara 2012 Qar. bil. 4.94 ture waggoota sadan (2013-2015) kanatti walduraa duubaan 10.74; 14.34 fi bara 2015 kanatti qar.21.348 akka gahuu danda`u hubatameera.


Galiiwwan taaksii hin taane kanneen akka kenna tajaajilaa, investimentii fi galii kaappitaalaa irraa kan sassaabamu yammuu ta`u haalli guddina galii gulantaa kanaa bara 2012tti Qar. bil.

1.59 sassaabamee kan ture yommuu ta`u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 2.12; 3.262 fi bara 2015 kanatti qar. Bil.3.869 irra gahuu akka danda`u tilmaamamee jira.

Raawwiin sassaabbii galii mana qopheessaa bara 2012 Qar. bil. 4.25 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti wal-dura duubaan 6.14; 7.38 fi bara 2015tti 10.566 sassaabuun akka danda`amu tilmaamamee jira.Deeggarsa mootummaa federaalaa bara 2012tti Qar. bil. 49.67 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti wal-dura duubaan 61.48; 72.97 fi bara 2015tti 75.652 sassaabamee jira.Akkasumas raawwiin galii keessaa bara 2012 Qar. bil. 1.75 irra kan ture yommuu ta'u, bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 2.34; 2.628 fi bara 2015tti 6.82 sassaabamaa jira.

Haala raawwii sochiin hojii sassaabbii galii baroottan darban kana sadan yeroo ilaallu jijjiiramni jiru baay'ee kan nama jajjabeessu yoo ta'es ammas dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan keessaa: sassaabbii galii haala walfakkatuun bakka hunda irraa duguuganii sassaabuu dadhabuun waan mul'atuuf yoo irratti hojjetame gaarii ta'a. Akkasumas madda galii sirriitti qorachuun babal'isaa adeemuun murteessaa dha


Giraafii:65. Galii keessaa




Madda:BGO

Giraafii:66. Galii mootummaa naannoo oromiyaa

Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Maddaa Galii (Qr.Bil) bara 2012 hanga 2015





| | Galii Waligala | Galii taaksii kallatti | Galii taaksii kallattii hin taane | Galii Taaksiin Alaa | Galii Mana qopheessa | Galii keessa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Bara 2012 | 25.36 | 12.83 | 1.59 | 4.94 | 4.25 | 1.75 |
| Bara 2013 | 39.66 | 18.32 | 2.12 | 10.74 | 6.14 | 2.34 |
| Bara 2014 | 56 | 28.39 | 3.262 | 14.34 | 7.38 | 2.628 |
| Bara 2015 | 80.07 | 37.476 | 3.86 | 21.348 | 10.566 | 6.82 |

Madda:BGO

**6.1.2.Bulchiinsa Baajataa**

Bulchiinsa baajataa ilaalchisee sadarkaa naannoo, aanaa fi bulchiinsa magaalotaatti bajata walumaagala akkaataa fayyadamummaa uummataa mirkaneessuu danda'utti Hojii hojjetameen bara 2012tti Qar. bil. 78.89 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan Qar. bil. 104.4; 139.95 fi bara 2015tti bajata dabalataa wajjin akka ragaan BMO irraa dhiyatee argasiisuun Qar. bil. 171.525 qoodamee hojiirra oolee jira.Kunis bajatni qoodamee hojii irra oolu dabalaa kan jiruu fi fayyadamummaa uummataa kan mirkaneessaa jiru dha.

Giraafii: 67.Bulchiinsa baajataa




Madda:BMO

Daballii bajataa bara 2015 keessa gaaffii bajata dabalataa murtee Mana Maree B.M.N.Odhaan baasii marmaartuu Qar. bil. 0.716 kaappitaala naannootiif qar. bil. 5.377 fi deeggarsa aanaalee fi bulchiinsa magaalotaatiif qar. bil. 6.804, waliigala qar.bil.12.896 akka dabalame ragaan dhiyaate ni agarsiisa.

Pirojektoota aanaalee fi bulchiinsa magaalotaa bara bajataa 2015 kanatti godinaalee 21 keessatti aanaalee fi bulchiinsa magaalotaa 353tiif bajata waliigalaa ramadame Qar. bil. 91.189 keessaa baajatni qar. bil. 14.198 ykn bajata waliigalaa keessaa %15.6 bajata kaappitaalaa ramaduun pirojektoota 4,851 (saanduuqa mootummaa irraa pirojektoota 3,262 fi bajata galii keessaa manneen qopheessaa pirojektoota 1,589) akka raawwataman deeggaramee jira.


**Qooddii Baajataa:** Qooddiin baajataa kan taasifamu imaammata biyyittii giddugaleessa godhachuun kallattii mootummaan naannoo kaa'uu fi qabeenya jiru giddugaleessa godhachuun fedhii fi gaaffii uummataa hanga danda'amu deebisuuf bajata kaappitaalaa fi marmaartuu akkasumas seektara hiyyummaa hir'isaniif qoodamaa turuu isaa ragaan jiru ni agarsiisa.

Akka ragaan qooddii baajataa karoora bara 2015 agarsiisutti hojiiwwan sadarkaa naannoo, aanaa fi bulchiinsa magaalaa karoorfaman raawwachuuf madda adda addaa (saanduuqa

mootummaa, galii keessaa manneen hojii fi gargaarsa alaa) irraa argamuun ulaagaa qooddii bajataatiin manneen hojii mootummaatiif qoodamuu isaa agarsiisa.

Haaluma kanaan, baajata aanaalee/bulchiinsa magaala fi naannoo gidduutti qoodamuu danda'u keessaa bara 2014 aanaalee/bulchiinsa magaalaaf %59.5; naannoof kan qoodame %40.5 yoo ta'u bara bajataa 2015 keessa bajata waliigalaa Qar. bil. 158.629 labsame keessaa aanaalee/bulchiinsa magaalaaf %57.5 sadarkaa naannoof %42.5 qoodamee jira. Kunis baajata marmaartuu 104.557 (mindaa 72.156 fi hojii adeemsisaa 32.40) fi bajata kaappitaalaa 52.626 akkasumas ittiin eeggannoo 1.446tti qoodamee jira.


Giraafii:68. Baajata aanaalee/bulchiinsa magaala fi naannoo gidduutti qoodamu dandamu




**Madda:BMO**

**Itti fayyadama baajataa:** Itti fayyadama bajataa bara 2012tti Qar. bil. 71.8 irra kan ture yommuu ta'u, bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan Qar. bil. 98.24; 122.46 fi bara 2015tti bajata dabalta wajjin kan itti fayyadamame ragaan BMO irra dhiyate haala agarsiisuun Qar. bil. 160.597 bajata dabalataa wajjin akka ta'e ragaan jiru ni ibsa. Kana keessaa sadarkaa naannootti kaappitaala idilee Qar. bil. 33.1 keessaa %90.54 kaappitaala SDG Qar. bil. 4.8 keessaa %98.4 fi marmaartuu Qar. bil.28.6 keessaa %98.62 hojiirra kan oole yoo ta'u sadarkaa aanaa fi bulchiinsa magaalaatti %98.9 hojiirra akka oole gabaasni Biiroo Maallaqaa irraa argame ni agarsiisa.

Giraafii:69. Itti fayyadama baajataa




Madda:BMO

**Dabarsa Maallaqaa:** Madda bajataa mootummaan naannoo labsate keessaa deeggarsi baasii federaalaa isa tokko yoo ta'u bara kana 75,652,827,681.00 gara naannootti dabarsi karoorfamee %100 dhufee jira. Bara kana baajata naannoo dabalatee naannoo irraa gara manneen hojii mootummaa naannoo, aanaa fi bulchiinsa magaalaaf Qar. 126,058,525,331.00 karoorfamee %98 dabarfamee jira. Kanaafuu, raawwiin bara kanaa hanga Waxabajjii 30 bara 2015tti jiru tilmaama raawwii waan ta'eef baajata kappiitaalaa %100 keessaa %90.54 kan ta'uuf pirojektoota hojiin isaanii hojjatamee waan hin dhiyaannee fi bara itti aanutti kan ce'an jiraachuu danda'a jedhamee yaadama.

**Itti Fayyadama Baajataa Fooyyessuu:** Sirna itti fayyadamaa fi to'annoo baajetaa bara 2015tti %97tti ol foyyeessuuf karoorfamee %97 irraan gahuun danda'amee kan jiru yeroo ta'u sirna bulchiinsa horataalee foyyeessuudhaan qisaasama faayinaansii fi qabeenyaa bara 2015tti %8 gadi buusuuf karoorfamee %8tti gadi buussuun danda'amee jira.

**Tajaajila Bittaa**: Hojiiwwan bittaa meeshaalee/tajaajiloota walfakkaataa fi gurgurtaa qabeenya tajaajilaan alaa fedhii manneen hojii mootummaa irraa dhiyaatu irratti hunda'uudhaan hojiiwwan bittaa fi gurgurtaa madaalamuu danda'an raawwachaa tureera. Haala kanaan hojiiwwan adda addaa raawwataman akka itti aanutti dhiyaateera.

**Kenniinsa tajaajila bittaa foyyeessuudhaan** amantaa maamilaa %80 fi itti quufiinsa maamilaa %85 irraan gahuuf karoorfamee gama hundaan tajaajila fooyya'aa kennuudhaan amantaa maamilaa %78 fi itti quufinsa maamilaa %80 irraan gahuun kan danda'amee yoo ta'u sababa raawwiin isaa karoora gadi bu'eef qaala'iinsa gatii/tasgabbii dhabuu gabaa addunyaa, rakkoo sharafa biyya alaa dhibuu irraan kan ka'e hanqinni dorgomaa fi dhiyeessii kan jiru ta'uu fi kkf akka ta'e ibsameera.

**Bu'aa Qabeessummaa fi Gahumsa bittaa mootummaa fooyyessuu:** Qulqullina qophii tarreeffama ibsa fedhii tekinika bittaa bara 2015tti %78tti ol fooyyessuuf karoorfamee %77.47tti ol fooyyessuun danda'amee jira. Qulqullina qophii sanada bittaa bara 2015tti %100tti ol fooyyessuuf karoorfamee %99.47 ol fooyyessuun danda'amee jira. Akkasumas qulqullina gamaaggama caalbaasii bittaa bara 2015tti %100 fooyyessuuf karoorfamee %99.76 fooyyessuun raawwatamee kan jiru yeroo ta'uu uwwisa sakatta'iinsa bittaa bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfamee manneen hojii naannoo irratti sakatta'iinsa waggaatti yeroo lama gaggeessuun %95 irraan gahamee jira.

**Raawwii bittaa fi bu'aa dinagdummaa:** waliigaltee bittaa walfakkaataa qulqullinaan, yeroo fi baay'ina barbaadamuun manneen hojii naannoof bara 2014 raawwiin 1,044,066,816 yeroo ta'u bara 2015tti Qar. 1,100,000,000 raawwachuuf karoorfamee waliigalteen bittaa yeroo dheeraa Qar. 1,081,969,614 raawwatamee manneen hojii akka irraa fayyadaman ta'ee jira.

Bittaa karaa manneen hojii raawwatamu irraa bu'aa Diinagdummaa bara 2014tti raawwii jiru qars. 89,988,647.31yoomuu ta'u bara 2015tti qarshii 100,000,000.00 qisaasama maallaqaa hambisuuf karoorfamee, qarshii 105,000,000 (%100) ol bu'aa diinagdummaa argamsiisuun/qisaasama maallaqaa hambisuun danda'amee jira.

Sababa milkaa'ina bu'aa dinagdummaan dabaleef waliigaltee yeroo dheeraan bittaa waan raawwatameef qala'iinsa gabaa dandamachuu danda'ee kan jiru ta'uu fi daldaaltoota/oomishtoota humna guddaa qaban caalbaasii ifaan dorgomsiisuun bittaan waan raawwatameef akka ta'ee ibsameera.

**Gurgurtaa qabeenya mootummaa tajaajilaan ala ta'anii:** yeroon raawwachuu gurgurtaa dabaluuf bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfamee %94.76 irraan kan gahame yeroo ta'u, qulqullina raawwii gurgurtaa bara 2015tti %95tti fooyyeessuuf karoorfamee gara %94.91tti fooyyessuun danda'ameera.

Galii gurgurtaa qabeenya tajaajilaan alaa irraa bara 2015tti Qar. 54,000,000n raawwachuuf karoorfamee qarshii 70,000,000 (%100) ol raawwachuun kan danda'ame yeroo ta'u sababa raawwiin gurgurtaa dabaleefis hubannoo uumameen fedhiin manneen hojii dabalee waan jiruuf qindoomina qaamolee adda addaa waliin jiru waan cimaa dhuufeef, suppervizyinii manneen hojii irratti waan gaggeefameef, hirmaannaan dorgomtootaa fi gatiin qaala'iinsa gabaa waan dabaleef akka ta'e ragaan jiru ni ibsa.

Kun akkuma jirutti ta'ee ragaan bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa karaa Biiroo Maallaqa jiru kan agarsiisuu immoo bittaan mootummaa bajata waliigalaa mootummaan labsatu keessaa dhibbantaa guddaa kan qooddatu waan ta'eef bittaa kan hogganuuf qajeelfamoota adda addaa qopheessuu fi baasuun hojiirra akka oolu taasisaa turee jira. Bara 2015tti Qar. bil. 63.328 bittaan ijaarsaa fi gorsaa bara kana iftoominaa fi itti gaafatamummaa akka qabaatu ta'ee jira. Bu'uuruma qajeelfama bittaatiin baroota kana bittaan mootummaa bittaa ijaarsaa Qar. bil. 33.050 (%79.1), bittaa meeshaa Qar. bil. 18.405 (%96.7), bittaa gorsaa Qar. bil. 1.264 (%80) fi bittaa tajaajilaa Qar. bil. 10.607 (%98.3) raawwatameera.

Sochii hojiiwwan bittaa fi gurgurtaa qabeenya mootummaa bara bajataa kana keessa kan hojjetame yeroo ilaalamu haala ciminan waltajjii marii adda addaa gaggeessuu fi carraa argame hundaan hubannoo kennameen fedhiin gurgurtaa qabeenyaa dabaluu, qindoominni qaamolee adda addaa waliin jiru fooyya'aa kan dhufe ta'uu, sirni hordoffii fi deeggarsaa fooyya'aa kan dhufe ta'uu, raawwii bittaarraa bu'aan dinagdummaa argame dabalaa kan dhufe ta'uu fi raawwiin gurgurtaa qabeenya tajaajilaan alaa dabalaa dhufeera.


**Hanqina ijoo mul'ateef gara fuula duraatti dhimmoonni sirraachuu qaban:** hojiin haala istaandaardii raawwachuu irratti darbee darbee harcaatiin jiraachuu; amantaa fi itti quufinsi maamila akkaataa karoorfameen raawwachuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu; sirna hanga gadiitti diriirsuun lafa qabsiisuuf hojjechuun barbaachisaadha.Gama ragaa bittaa waliigala sadarkaa naannoo irraa hanga aanaatti jiru hordofuudhaan adeemsa bittaa keessatti hojmaata badaa fi walxaxaa jiru sakkatta'anii sirreessaa adeemuun barbachisaa dha.Kanaafuu, hanqinaalee bittaa keessatti mul'atan sirriitti sakatta'aani addaan baasanii tarkaanfii sirreefamaa fudhachaa adeemuun barbachisaa dha.

**Inispeekshinii:** Hojiirra oolmaa dambii fi qaajeelfama bulchiinsa faaynaansii mirkaneessuun qisaasamaa fi harcaatii xiqqeessuuf sirna to'annoo keessaa manneen hojii sadarkaa sadarkaan jiran keessatti hojiirra oolmaa isaa hordoffiin kurmaana kurmaanaan taasifamee jira.

Mannen hojii sadarkaa naannoo,godinaalee fi bulchiinsa magaalota argannoo waliigala maallaqa deebi'uu qabu 2012tti Qar. 17,030,221 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan Qar. 1,881,082,107; 670,896,761.73 fi bara 2015tti 603,711,554.68 kan argame yommuu ta'u kan deebi'e bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan Qar. 309,425,909 (%16.5); 36,790,794.11 (%5.5)fi bara 2015 tti 73,390,467.92 (%12) kan seeraan hordofamaa jiru 72,266,062.72 (%12) dha.

Tarkaanfiin fudhatame fooyyee qabaachuu kan aagarsiisu yoo ta'es maallaqa qajeelfama faaynaansiin ala manca'ee oditiidhaan argame caasaan sadarkaa sadarkaan jiru haala itti xiyyeeffatee kutannoon deebisiisuuf hojjetamaa jiru quubsaa fi kan nama abdachiisu waan hin taaneef hojiin kun ammas hoggansi keenyaa xiiqiidhaan hojjechuun maallaqa manca'e kana deebisiisuun barbaachisaa dha.

**Giraafii:70.** Mannen hojii sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalota argannoo waliigalaa Bara 2012-2015




| | Bara 2013 | Bara 2014 | Bara 2015 |
|---|---|---|---|
| Maallaqaa Deebbi'uu Qabu | 1,881,082,107 | 670,896,761.73 | 603,711,554.68 |
| Maallaqaa Deebbi'e | 309,425,909 | 36,790,794.11 | 73,390,467.92 |

Madda:BMO

**Raawwi Hojii Kenna Tajaajila Lammummaa:** Tajaajilli lammummaa haala tumsa mootummaa fi fedhiiwwan hawasaa (public demand) guutuu irratti qaban giddu gala godhate waggoottan sadan darbetti hojii keessa galee jira. Babal'inni aadaa kenniinsa tajaajila lammummaa misooma hawasaa/naannoo keessatti gahee lammiilee mirkaneessaa kan dhufe yoo ta'u amala caasaalee mootummaa misooma to'achu (controlling development) irraatti xiyyeeffataa ture, gara misooma beeksisuutti (promoting development) ceesisaa dhufeera.

Tajaajila lammummaa, hojiilee hedduu akka salphaatti raawwatamuu hin danda'amne, qindoomina hawaasaatiin salphumatti raawwachuun akka danda'amu waggoottan sadan darban qabatamaan mul'isaniiru. Raawwiin Kenna Tajaajila Lammummaa Naannoo Oromiyaa bara 2012, tilmaama Qar. bil. 13.6; bara 2013 Qar. bil. 28.4 fi bara 2014 Qar. bil. 49.22 fi bara 2015tti Qar. bil 71.6 karoorfamee Qar. bil.72.2 (%101) akka ta'e beekameera. Adeemsa jiru irraa hubachuun akka danda'amutti uummatni keenya (lammiileen) karaa duudhaa isaanii caqasuun yoo ta'e misooma hawasaa fi naannoo keessatti of qusannnaa tokko malee hirmaachudhaaf fedhii akka qabu kan mul'isu dha.

Ragaan BMO irraa argame akka agarsiisutti raawwiin KTL baroota darban sadan keessatti dachaa sadii oliin dabaluu danda'ee jira. Kunis hubannoo fi amantaan hoggansi jijjiiramaa duudhaa fi 'dandeettii gochuu uummataa ilaalchisee qabate sirrii ta'uu kan mirkaneese dha. Gama biraatin, raawwiin Tajaajila Lammummaa bifa kanaan deemuu dandeenyaan yeroo gabaabaa keessatti raawwilee baajata mootummaatiin taasifaman bira taruu akka danda'u kan agarsiisu dha. Barnoonni ijoo raawwilee Kenna Tajaajila Lammummaatiin hanga ammaa ture irraa argamu uummanni keenya hoggansa duudhaa fi beekumsaan masakamu akkasumas hirmaannaa isaa dhugoomsuuf yaalu argannaan hojiiwwan ajaa'ibaa fi amanuuf nama rakkisan yeroo gabaabaa keessatti raawwachuu akka danda'u dha.

#### 6.1.3.Hojiiwwan Mobilaayizeeshinii Buusaa Gonofaa

Sochiiwwan bara kana taasifamaniin hojii sadarkaa naannoo irraa hanga gandaatti haala walfakkaatuu fi itti fufiinsa qabuun hojjetameen namoota 14,554,136 sadarkaa adda addaatti hubannoo uumuuf karoorfamee 14,277,017 (%98) akka naannootti raawwatamee jira. Kana keessas dhaabbilee fi namoota dhuunfaa kaayyoo Buusaa Gonofaa deeggaranii fi miseensa ta'uuf fedhii qaban akka naannootti 12,827,795 miseensa taasisuuf karoorfamee 11,474,246 (%89.44) miseensa gochuun danda'amee jira.

Yaa'ii Buusaa Gonofaa sadarkaa sadarkaan gaggeessuu ilaalchisee akkaataa karoora qabameetiin sadarkaa gandaa hanga naannootti yaa'iiwwan 6,013 gaggeessuuf karoorfamee 5,575(%92.7) gaggeessuun danda'amee jira.Sirna Buusaa Gonofaa olaantummaan kan raawwachiisu gaaddisni sadarkaa sadarkaan hundaa'ee hojii qabatamaa keessa akka galu ta'ee jira.

Hojii Buusaa Gonofaa keessatti akka haarawaatti hammatee bu'aa guddaan kan itti argame tokko sassaabbii dhiyeessii nyaata barattootaa yommuu ta'u akka naannoo Oromiyaatti barattoota 6,599,922 kan karoorfamee yoomuu ta'u barattoota 5,200,023 raawwatameera.

Nyaata yeroo tokkoo guyyaa 176 nyaachisuu dandeesissu dhiyeesuun walqabatee midhaan gosa addaa addaa kun. 1,759,374 dhiyeesuuf karoorfamee kun. 815,211 (%46.3) walitti qabuun danda'amee jira.

Fakkii:1.Barattoota nyaata nyaachaa jiran suuraadhaan



**Raawwii Mobilaayizeeshinii Addaa:** Miidhaa hongeen ummata keenyaa irraan gahe irraa qolachuuf jecha hojiin mobilaayizeeshinii deeggarsa walitti qabu godinaalee fi magaalota hunda irratti akka gaggeeffamu taasifameera. Haaluma kanaan sochii yeroo gabaabaa keessatti taasifameen godina/magaala irratti midhaan kun 307,512 karoorfamee midhaan kun 94,751 (%30) raawwatameera; mallaqa callaan godinaalee fi magaalota irraa walitti qabuuf karoorri 34,492,174 yeroo ta'u kan raawwatamee 31,052,437 (%90) dha.

**Horataa fi Bulchiinsa Fandii Buusaa Gonofaa:** Sadarkaa naannoo, godinaa fi magaalotaatti bajata mootummaa, gumaata, buusii miseensummaa fi madda adda addaa irra karoorri waggaa qar. 3,459,568,170 kan karoorfame yommuu ta'u raawwiin isaa qar. 1,615,975,88 (%46.71**)** raawwatamee jira.

**Hojii Deebii fi Deebisanii Dhaabuu:** Bara bajataa kana keessa sababa hongee, buqqaatii fi qubannaan walqabatee miidhamtoota balaa gargaaruuf gama mootummaa fi hirmaannaa uummataatiin deebii hedduun kan kenname yommuu ta'u, gama mootummaatiin midhaan gosa adda addaa kun 4,991,622 dhiyeessuuf karoorfamee midhaan kun 2,907,520 (%58)

dhiyaatee raabsameera. Deeggarsa maallaqaa gama mootummaa fi dhaabilee miti-mootummaa akkasumas qaamoolee adda addaatiin qar. 2,029,377,909 akka deeggaraman ta'ee jira.

Akka waliigalaatti midhaan kun 3,096,143 tilmaama qar. 18,576,858,000 fi maallaqa mootummaa fi hirmaannaa qaamolee adda addaatiin 1,772,749,651 walitti kan qabame yoo ta'u walumaa galatti qar. 20,606,235,909 deebiin kennameera.

Fakkii:2.Midhaan nyaataa gargaarsaaf walitti qabame suuraadhaan




Bara kana keessa sosochii uumameen hojiin lubbuu lammiilee bararuuf hojjetame baay'ee kan jajjabachuu qabudha. Sochii hojii Buusaa Gonofaa kana sirna gochuun kana caalaa ajandaa lammii biyya keessaa fi kan alaa gochuun murteessaadha.Gama bulchiinsa qabeenyaa fi utuu balaan hin ga'iin dursaanii akeekkachiisuu irrattis hojiin hojjetame harcaatii waan qabuuf xiyyeeffannoo hoggansaa dhimma barbaduudha.

#### 6.1.4.*Sochii Hojii Zoonii Dinagdee Addaa*

**Fudhannaa Lafaa fi Deebisanii Dhaabuu:** bara bajataa 2013-2015tti lafa hek 23,656 daangaa lafa ATZDAG daangessuu fi walharkaa fuudhiinsa raawwachuuf karoorfamee %100 raawwatamee jira. Akkaataa diizaayinii taa'een marsaa duraa (Start-up phase) irratti lafa hek 3,150 ta'u waggaa shan (5) keessatti misoomsuuf karoorfamee hojiin lafa daangessuu fi

kadastaraalii lafa hek 3150 (%100) raawwatamee jira. Gama biraatiin lafa hek 631 adda baasuu fi kaartaa itti hojjechuuf kan karoorfamee fi lafti hek 300 (%48) adda bahee shallaggiin qabeenya irra jiruu xumuramee jira. Kunis, raawwiinsaa karoora qabamee gadi dha; dabalataan, abbootii warraa 160 ta'aniif lafa hek 300 irratti kaffaltii beenyaa raawwachuuf karoorfameen lafa hek 192 (%64) irratti abbaa warraa 165(%103) ta'aniif beenyaan kaffalamee jira.

Sababa adeemsi fudhannaa lafaa walxaxaa ta'uu fi tilmaamni yeroon xumuramuu dhabuutiin kaffaltii beenyaa xumuruun hin danda'amne. Bara 2013-2015tti abbootii warraa 160 ta'an sababa misoomaa Zoonii Dinagdee Addaa Gadaaf lafa gadi lakkisanii deebisaanii dhaabuu karoorfame yoo ta'u abbootii warra 165 ta'an beenyaa kan kaffalameef keessaa abbootii warraa 104(%63) irratti hojiin deebisaanii dhaabuu fi jireenyaa isaanii fooyyessuu adda addaa irratti hojjetamee jira. Kunis leenjii hojii (**IGA**) fi leenjii hojii uumuu (Entrepreneurship) kafamtoota misoomaa kanneeniif hubannoo uumuun danda'amee jira.

**Diziiyaanii fi Ijaarsa Bu'urraallee Misoomaa (Infrastructure Development):** bara baajataa 2013-2015 keessa Dizaayinii Bu'uuraalee misoomaan (Diizaanni dhiyyeessi bishaanii, Xurii dhangala'aa, Daandii, Humna ibsaa, teelekoomnikeeshinii, fi kkf) %100 kan raawwatame yoo ta'u ijaarsi daandii asphaaltii km 5, boollaa bishaanii gadifagoo 600m afur fi sabsteeshiniin tokko waggoota sadan kana keessatti hojiin ijaarsaa hojachuuf karoorfamanii hojiin isaanii kan hojatamaa jiruu yoo tahu ijaarsa boolla bishaanii afur waggoota sadan darban kana keessatti hojjechuuf karoorfamee hanga gabaasni kun qindaa'etti lama guutummaan guutuutti kan xumuramanii fi kan hafan lamaan hanga xumura bara bajata 2015 kan xumaraman ta'u.Kunis raawwiin waggaa sadan kana keessa %100 raawachuun danda'amee jira.



Fakkii: 4.Hojii Bu'uuraalee misoomaa

- Ijaarsa dandii asphaaltii km 5.14 hojjechuuf kan karoorfame yoo ta'u raawwiin isaa %47 irraa akka jiru gabaasni dhiyaate ni agarsiisa.
- Ijaarsa Ibsaa (sabsteeshinii abbaa KV230) karoora waggaa sadan darban kana keessatti
- %50 raawwachuuf kan karoorfame yoo ta'u hanga ammaatti raawwiin isaa %13.02 irraa jira.

**Misooma Magariisummaa fi kunuunsa Naannoo: b**ara bajataa 2013-2014 keessa lafti iddoo magariisummaadhaaf ta'u hek 8,516(%36) akkaataa Maaster Pilaaniitiin kan adda bahe yoo ta'u bara bajataa kana keessa biqiltuu 20,000 dhaabuuf karoorfamee lafa hek 8 irratti biqiltuu 17,000(%85) dhaabamee jira.Waggoottan sadan kanatti abbootii qabeenya biyya keessaa fi alaa akkasumas ambaasadarootaa, misoomsitoota, investaroota biyya keessaa fi biyyoota alaa waliin waltajjii, marii fi hubannoo gaggabaa gaggeessuun danda'amee jira.

Sochii hojii waggoottan sadan darban kana keessa raawwataman yeroo ilaalamu sababoota adda addaan harcaatii waan qabuuf ergamaa fi mul'ata qabatanii hundaa'an dhugoomsuun itti gaafatamummaa laatame bahuuf ammas gufuu fi hanqinoota hojii keessatti mul'atan sirriitti sakkatta'uun tarkanfii sirreeffamaa fudhachaa adeemuun murteessaa dha.

Kanaaf ATZAG kun naannoo keenya keessatti hojii investerootaaf haala mijataa uumuu, industiriiwwan adda addaa giddugaleessa tokkotti gurmeessuu, carraa hojii uumuu, qonnaan bulaa naannichaaf carraa gabaa uumuu, muuxannoo gaggaarii qindeessuun hawaasa keenya fayyadamaa taasisuu fi kkf irratti xiyyeeffachuun miira yeroo hin qabnuutiin halkanii fi guyyaa hojjechuun karoora qabame yeroo saganteeffame keessatti milkeessuuf hojjechuun barbachisaadha.

#### 6.1.5.Sirna Dhaabbilee Misoomaa

**Raawwii Bulchiinsa Investimeentii Mootummaa:** Mootummaan dhaabbileen misoomaa sirna isaan ittiin bulan diriirsuudhaan bakka adda addaatti faca'anii kan jiran sakatta'iinsa

taasifamee fi guddina dinagdee naannichaa keessatti shoora irraa eegamu akka bahan taasifameen dhaabbileen misoomaa mootummaa qabeenya Mootummaa bittaa sheeriiwwan adda addaaf yeroo adda addaa raawwatame sakatta'uun qabeenyi jiru akka beekamuu fi hordofamu taasisaa turee jira.

Haaluma kanaan hanga bara 2015tti qaabeenyi mootummaa waldaalee daldaalaa keessa qabu qooda (Share) dhaabbilee misoomaatiin raawwatamee gama dhaabbilee misoomaa guutummaan guutuu ta'aniin hordofamaa jiru waliigala Qar. bil. 4.8 yoo ta'u kana keessaa Qar. bil. 2.3 kan kafalame ta'uuu, Waldaaleen Daldaalaa Mootummaan Qoodaa Ol'anaa Keessaa qabu 15 keessa waliigala Qar. bil. 20.99 kan mallattaa'ee fi Qar. bil. 10.92 kan kaffalame ta'uu, Waldaalee Daldaalaa TDGn hundeeffamanii mootummaan qooda ol'anaa keessaa qabu waliigala Qar. bil. 5.34 yoo ta'u Qar. bil. 1.77 kan kafalame ta'uu, akkasumaas waldaalee daldaalaa mootummaan qooda xiqqaa keessaa qabu kubbaaniyoota 22 yoo ta'an hanga Caamsaa bara 2015tti Qar. bil. 1.75 kafalamee jira.

Investimeentii mootummaa bibittinnaa'ee qaamaa adda addaa jala jiru Qar. bil. 32.88 ol kan mallattaa'ee fi Qar. bil. 16.72 kan kafalame ta'uusaa adda baasuun akka hordofamu ta'ee jira.

Akkasumas dhaabbilee misoomaa guutummaan guutuu 6 kan mootummaa ta'an kaappitaalli hayyamameef Qar. bil. 38.12 kana keessa kan kafalame immoo Qar. bil. 11.37 yoo ta'u raawwii haga dhuma bara 2014tti qabeenyi (Asset) isaanii Qar. bil. 25.88 akka ta'e adda bahee jira.

Waliigalatti Dhaabbilee Misoomaa Mootummaan qooda ol'aanaa keessa qabu 28, guutummaan guutuu 6 fi qoodaa xiqqaa (minor Share) keessaa qabu 22 walitti dhaabbilee misoomaa 56 keessaa kaappitaalaa hayyamame Qar. bil. 66.11 kan kafalame (irra gahe) Qar. bil. 40.32 ta'usaa adda bahee hordofamaa jira.

**Riifoormii Dhaabbilee Misoomaa Gaggeessuu:** haala ragaa dhaabbilee misoomaa armaan olitti ibsamanitti dhaabbilee daldaalaa mootummaan qooda ol'aanaa keessaa qabu 28 fi dhaabbilee misoomaa guutuummaan guutuu kan mootummaa ta'an haala amala hojii isaaniitiin walitti fiduu ykn walitti makuu, kanneen kaayyoo tarsiima'aa hin qabaanne immoo diiguu fi irra deebiin walitti fidanii gurmeesuun barbaachisaa waan ta'eef karoorri riformii dhaabbilee misoomaa kan qabame yoo ta'u raawwiin isaas dhaabbilee gurmaa'insa haaraan ijaaruu (Grouping & Regrouping**)** Mootummaan Naannoo Oromiyaa qaawwaa gabaa yeroo adda addaa uumamaa jiru haala itti duuchuu fi warraaqsa dinagdee naannoo keenyaa

karaa ittiin galmaan gahu xiyeeffannoo keessa galchuun dhaabbilee misoomaa fi waldaalee daldaalaa adda addaa barbaachisummaa dinagdee keessatti qaban, akkasumas haala qabatamaa qaawwaa battalaa uumameef furmaata ta'a jedhamee yaadame irratti hundaa'uun akka hundeeffaman taasifamee jira.

Waliigala dhaabbilee **misoomaa 30 inveestmeentii** giruuppii Jaha (6) jalatti akka gurmaa'an kan ta'e yoo ta'u isaanis O-PRODUCE GROUP, ORO-ASSEMBLY GROUP, OROMIA AGRO GROUP, TUMSA DEVELOPMENT GROUP, ORO-CONSTRUCTION GROUP, O-MINING GROUP fi lama (2) immoo (W/A Baankii Sinqee fi W/A Daldaala Meeshaalee Kaappitaala Faayinaansii) haala amala hojii isaaniitiin akka hordofaman ta'eeti jira.Dabalataanis yeroo ammaa W/A Tekistaayilii Bulukkoo fi W/A Cunfaa Maangoo fi Timaatimaa Bakkalcha Oromiyaa hudeeffamanii gara hojiitti akka galan sochiin eeggalamee jira.

Dandeetii raawwachisummaa dhaabbilee misoomaa fooyyeesuun bu'a qabeesaa fi dorgomaa akka ta'an taasiisuuf sirna isaan ittiin bulan diriirsuudhaan bakka adda addaatti faca'anii kan jiran sakatta'iinsa taasifamee fi guddina dinagdee naannichaa keessatti shoora irraa eegamu akka bahan taasifameen dhaabbileen misoomaa hojmaata si'ataa fi bu'a qabeessa ta'e akka qabaatan taasiisuun barbaachisaa fi isa ijoo dha. Haaluma kanaan hordoffii raawwii karooraa hojii dhaabbilee misoomaa gaggeeffame keessaa:


**Galii fi Baasii DhMM:** raawwii karoora galii fi baasii dhaabbileen misoomaa waliigala galii bara 2012 Qar. bil. 4.543 irra kan ture yommuu ta'u, bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan 6.653; 9.499 fi bara 2015tti Qar. bil. 33.260 akka argatanii fi baasii isaanii immoo bara 2012 Qar. bil. 2.635 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan 5.709; 7.451fi bara 2015tti Qar. bil. 28.255 (galii irraa %85 ) akka ta'u maniin ka'amee hojii keessa kan galameera. Raawwiin hanga ammaatti jirus gabateewwan armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.
Haala ragaa galii fi baasii gabatee keessatti dhiyaateen bu'aa waliigalaa (Gross profit) bara 2012 Qar. bil. 1.359 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan Qar. bil. 0.679, Qar. bil. 1.517 fi bara 2015tti Qar. bil. 7.004 akka argamu kan karoorfame keessa dimishaashaan Qar. bil. 5.005 (%71.45) akka ta'e ragaan dhiyaate yoo agarsiisu kana keessaa bu'aa qulqulluun Qar. bil. 3.5 akka ta'e ni tilmaamama.

Gabatee: 47.Raawwii Galii, Baasii fi Bu'aa DhMM Bara 2013 hanga 2015 (Qar. bil.)

| T/L | Gosa Hojii | Raawwii bara 2012 | Manii Waggaa Shanii (2013 – 2017) | Rawwii bara 2013 | | | Raawwii bara 2014 | | | Raawwii bara 2015 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Kar | Raw | % | Kar | Raw | % | Kar | Raw | % |
| 1 | Galii | 4.543 | 62,043.827 | 8.549 | 6.653 | 77.8 | 11.535 | 9.499 | 82.4 | 47.291 | 33.260 | 70.33 |
| 2 | Baasii | 2.635 | 53,675.984 | 6.956 | 5.709 | 82.1 | 10.464 | 7.451 | 71.2 | 40.287 | 28.255 | 70.13 |
| 3 | Bu'aa | 1.359 | 9,485.484 | 1.036 | 0.679 | 65.5 | 2.271 | 1.517 | 66.8 | 7.004 | 5.005 | 71.45 |

**Madda:DhMM**

Giraafii: 71.Raawwii Galii, Baasii fi Bu'aa DhMM Bara 2013 fi 2015 (Qar. bil.)




**Madda:DhMM**

**Dhabamsiisa Qabeenyaa, Argannoo Oditii, Deebsiisuu fi Sassaabbii Maallaqaa:** Karooraa bara 2015 keessatti dhaabbilee misoomaa lama (OCC fi ISFO) qabeenya tajaajila ala ta'an dhabamsiisuu Qar. mil 85 akka argamu kan karoorfame yoo ta'u Qar. mil 6.084 (%7.16 ) raawwatame jira.

Raawwii argannoo Oditii deebsiisuu ilaalchisee bara 2014 fi 2015 wal-dubaan Qar. mil 9.699 fi 14.39 deebsiisuuf karoorfame keessaa Qar. Mil 3.27 fi 4.745 (%33) kan ta'u raawwatamee jira. Raawwii Karoora Hojii Carraa Hojii Uumuu: Karoora bara 2013 hangaa 2015 keessatti carraa hojii uumuuf 27,352 fi 130,846 karoorfame kana keessaa nama 22,611 fi 105,119 raawwachuun dandameera.

**Raawwii Karoora Hojii Carraa Hojii Uumuu:** Karoora bara 2015 keessatti carraa hojii 130,846 malllaqaa Qar. mil 844.812tti tilmaamamu raawwachuuf karoorfame keessaa nama 105,119 uumuun maallaqa Qar. mil 456 akka argatan ta'ee jira. Raawwiin kunis karoora waggaa irraa namaan %80.34 fi maallaqaan %54 raawwatamee jira.

Sochii hojii bara bajata kana keessa hojiiwwan bu'aa qabeesummaa dhaabbilee misoomaa fooyyeesuuf rifoormii dhaabbilee misoomaa xiyyeefannaan gaggeessuu, xiinxala raawwii karooraa, suppervizyinii fi gamaaggama gaggeeffame irratti duubdeebiin kennuu irratti raawwiin jiru gaariidha.

Gara fuula duratti hojmaata ammayyaa'aa dhaabbilee misoomaa keessatti haala barbaadamuun lafa qabsiisuun, argannoo oditii deebsiisuu, dhabamsiisa qabeenyaa tajaajila ala ta'anii, mirga abbaa qabeenyummaa (Bu'a qooda Mootummaa) kabachiisuu irratti harcaatiin jiraachuu, sirni bulchiinsa investmentii mootummaa hojmaataan deeggaranii hordofuun bu'aa irraa argamuu qabu akka argamu taasiisurrattii fi sirna bulchiinsa bizinasii dhaabbilee misoomaa (Corporate Goverenace) haala eeggamuun lafa waan hin qabanneef irratti xiyyeeffachuun yoo hojjetame gaariidha.

#### 6.1.6.Qophii Karooraaa, Hordoffii, Gamaaggama Misoomaa fi Ragaa Naannoo

**Sirna Qophii Karooraa:** Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii ijoo irratti xiyyeeffatee hojjataa jiru keessaa inni guddaan sirnaa fi kallattii karoora misooma dinagdee naannichaa diriirsuu fi hojiirra oolmaa isaa hordofuudha. Angoo hojii kana irratti hunda'uudhaan karoora waggaa kudhanii (2013-2022) fi karoora waggaa shanii (2013-2017) qophaa'ee hawaasni hubannoo akka argatuuf waltajjiin marii gaggeeffamee ummanni yaada karoora kana irratti qabu kaasee karoorri kun akka qophaa'u ta'ee jira. Dabalataanis, dokumentiin karooraa qophaa'ee maxxanfamee qaama dhimmi isa ilaallatu hundaaf raabsamee jira. Waggoottan sadan (2013-2015) darban kana keessa karoora yeroo dheeraa fi giddugaleessaa imaammata mootummaan naannichaa baasu hojiitti hiikuuf qopheessuun sekteraaleen mootummaa akka hojiitti hiikan gochuun guddina hawaas-dinagdee itti fufiinsa qabu akka mirkanaa'u gochuu dha.

Haaluma kanaan Karoora Imaala Badhaadhinaa (KIB) qixa barbaadameen hojiitti hiikuun galma barbaadame bira gahuuf dokumantii KIB fi Karoora Misooma Waggaa Shanii (2013-2017) qopheeffamee Caffeedhaan erga mirkanaa'ee booda qaamni raawwachiiftuu naannichaa hunduu akka irratti hojjetaan godhameera. Gama biraatiin maniiwwan gurguddoo karoora misooma waggaa shanii (2013-2017) bu'uureeffachuun karoora fi

raawwii bara 2013-2015 akkasumas maniiwwan gurguddoo karoora hojii bara bajataa waggoota sadan darbanii sekteroota naannoo irratti xiinxalli gaggeeffamee jira.

Xiinxala KIB waggaoottan sadan darban kana irraa argannoo adda bahe irratti hundaa'uudhaan karoorri waggaa sadii (2015-2017) irraa deebiin qophaa'ee manneen hojii mootummaa naannichaa akka dokumantii naannichaatti fudhatanii irratti hojjetan godhameera.

Karoorri misooma yeroo dheeraa fi giddu-galeessaa haala tarsiima'aa ta'een karoora raawwiitti hiikamee akka hojiirra oolu taasisuuf maanuwaalii ittiin hojiirra oolu qophaa'ee sekteroonni naannichaa hojii irra oolchuudhaan guddinni hundagaleessaa fi walitti fufiinsa qabu akka mirkanaa'u gochuun barbaachisaadha. Akkasumas galmoota gurguddoo KIB milkeessuu keessatti  ragaalee pirojaktoota sadarkaa naannootti adda bahan qindeessuun dokumeentiin tokko qophaa'uun danda'ameera. Qophii kallattii karoora manneen hojii naannichaatiif maniiwwan karoora waggaa shanii keessatti ni raawwatamu jedhamee kaa'ame bu'ureeffachuudhaan kan kennamu yammuu ta'u manneen hojii kana irratti hunda'uudhaan karoora isaanii akka qopheeffatan taasifamaa jira. Karoorri waggaa sektarootaa karoora tarsiima'aa waggaa shanii qopha'e irraa akkaataa uulaagaalee maanuwaalii hojii irra olmaa karoora tarsiima'aa keessatti adda bahaniin qophaa'uu isaa xiinxala adeemsisuun duub-deebiin kennameera.

Hirmaannaan hawaasni qophii karoora irraa jalqabee hanga raawwii isaatti mirkanaa'aa yoo hin deemne karoorri bahe lafa qabachuu hin danda'u. Dhimmi hirmaannaa hawaasni karoora keessatti qabu murtteessaa ta'uu hubachuudhaan waggoottan sadan darban kana keessa waltajjii marii hawaasaa bara 2013 keessa bakka bu'oota uummataa 120 ta'aniif hubannoo kennuuf karoorfamee namoota 60 ta'aniif hubannoon kenname raawwiin %50, bara 2014 keessa qajeelfama sirni hirmaannaa hawaasaa akka lafa qabatu, uummanni karoora qophaa'u keessatti qabeenyaa fi beekumsa qabuun akka hirmaatu taasiisuu  fi sirni hirmaannaa uummataa (institionalized) akka ta'u gochuun hojii ijoo sirna karooraa diriirsuu keessatti hojjetameedha.

Sirna Karooraa Iddoorratti xiyyeeffate (Spatial Planning) qopheessuu, ammayyeessuuf hubannoo waliigalaa qabaachuuf akkasumas hojii gama kanaan hojjetamuuf waanta galtee ta'u qopheessuuf hojii hojjetamaa tureen muuxannoowwan biyyoota adda addaa sirna "spatial planning" jiranu qindeessuun xiinxalli adeemsifamee dokumantiin tokko ka'umsaaf qophaa'eera. Dokumantiin kun sirna "spatial planning" irratti hubannoo waliigalaa kan

kennuu fi muuxannoowwan jiran kan agarsiisuudha. Kana malees xiinxala itti fayyadama bajata dhimma faayidaalee daa'immanii irratti xiyyeeffatee gaggeessuun danda'amee jira. Hojiin kun deeggarsa bajataa dhaabbata UNICEF'n kan deeggaramu yammuu ta'u dhimmoota daa'immanii fi dubartootaa irratti kan xiyyeeffatedha. Madaalliin kallattii raawwii karooraa qaama raawwachiiftuu raawwii qabatamaa karoora mannen hojichaa irratti hundaa'ee kan gaggeeffamu waan ta'eef agarsiiftuuwwan misoomaa kanaan dura qophaa'ee irratti hundaa'uun agarsiiftuun ijoo (KPI) seektaraalee naannoo qophaa'ee hojiitti hiikamee jira.

**Sirna Ragaa Naannoo:** Tarsiimoowwan misooma dinagdee mootummaa naannichaa bu'aa qabeessa taasisuuf sirna xilaannoo diriirsuun ragaa haala ammayyaa'aa ta'een sassaabuu, qindeessuu, xiinxaaluu, maxxansiisuun qaama itti fayyadamuuf oolchuuf hojii hoojjetamaa ture keessaa isa tokko dha. Ragaa amansiisaa fi qulqullina qabu itti fayyadamtoota ragaatiif akka ta'uutti giddu galeessa tokkorraa akka argamuu danda'uuf "Regional Database" naannichaa uumuudhaaf dhaabbilee barnoota ol annaa (Yunivarsiitii Finfinnee) waliin hojiin eegalamee galtee kuusa ragaa kanaaf barbaachisan itti galchuudhaan hojichi sadarkaa yaalii irra gahe jira.

Gama biraatiin ragaan naannicha keessatti  tajaajilaaf oolu kamiyyuu itti gaafatamummaa fi qulqullina akka qabaatuuf jecha komishiniin karoora fi misooma labsii xilannoo naannoo qopheessuudhaan Caffeedhaan akka mirkanaa'u taasiisuun ragaan hawaas-dinagdee naannichaa hangam xiyyeeffannoo akka argate agarsiisa. Dabalatanis, labsii bahe kana lafa qabsiisuuf danbii fi qajeelfama qophaa'e irratti  leenjii  qooda fudhatootaa sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaatiif kennamuu daran barbaachisadha.

Hojiiwwan sirna ragaa naannoo diriirsuu keessaa inni tokko hojii ragaa hawaas-dinagdee tekinoolojii ammayyaan fayyadamuudhaan kan walitti qabamu dha. Gama kanaan ragaaleen bu'uuraalee misooma, dachee fi qilleensaa bifa "aerial photography" fi GPS fayyadamuudhan kan walitti qabamu yammuu ta'u waggoottan sadan darban kana keessa ragaa bu'uuraalee misoomaa kan akka dhaabbilee fayyaa, bishaan, barnoota kkf kan godinaalee 21 fi magaalota 19 sassabuuf kan karoorfame yammuu ta'u hanga xumura bara 2015tti ragaan buu'uuralee misoomaa godinaalee 8(%38)  fi magaalota 17(%89.5) hojjetamee tajaajilaaf oolee jira. Akkasumas maappiiwwan adda addaa fi ragaalee daangaa bulchiinsa aanaalee fi magaalotaa ibsan bocuu (shape file) qopheessuun rakkoo daangaa bulchiinsa magaalotaa fi aanaalee baadiyyaa gidduutti uumamuuf kan furmaata kennuu dha.

**Qorannoowwan Imaammataa:** Imaammatni akka naannoottis ta'ee akka biyyaatti bahanii jiruu fi jireenya uummataa keessatti iddoo olaanaa waan qabuuf toora xiyyeeffannoo tokko godhachuudhan irratti hojjetamaa tureera. Buu'uruma kanaan waggottan sadan darban kana keessa qorannoo mata dureewwan adda addaa irratti xiyyeeffachuudhaan kan gaggeeffame yammuu ta'u qorannoon hojiirra oolmaa imaammataa fi tarsiimoo IMX, raawwii fi hudhaalee qonna kilaastaraa; xiinxala fi godaansaa gara magaaloota Oromiyaa irratti gaggeeffamaa turan waggottan sadan darban kana keessa kan hojjetamanidha. Qorannoowwan sadanuu guutumaan guutuutti raawwatamuun websaayitii irratti gadidhiifamee tajaajilaaf ooleera.

Bu'aa qoranoowwan gaggeeffamaa turan irraa argame sagantaa/piroojektii/karoora firii qorannichaa gara hojiitti jijjiiruun tarsiimoo IMXG akka bocamu taasifameera. Godinaalee fi bulchiinsi magaaloota naannoo keenyaa rakkoowwan hawaas-dinagdee godina/bulchiinsa magaalaa isaanii keessa jiru irratti abbummaan qorannoo gaggeessuun furmaata rakkoo sanaa irraatti tarkaanfiin fudhatamee waggoottan lamaan darban keessa bu'aa qabeessa ta'ee mul'ateera.

Kana malees mata dureewwan dhimma uummataa fi misoomaa naannoo keenyaa calaqisiisan midiyaa hawasaatiin akka tamsa'u, akkasumas barreeffamoota gaggabaaboo qopheessuun gaazeexaadhaan akka bahanii fi OBN waliin ta'uun torbee torbeen Sanbata galgalaa fi Dilbaata ganama sa'a 2:30 irraa eegalee ittifufiinsaan darbaa jiraachuunsaa uummanni hubannoo dhimma uummataa akka argatuu fi tajaajila qusannoo maatii irratti ilaalcha sirrii akka qabaatu taasisee jira.

**Sirna Hordoffii fi Gamaaggamaa:** Sirnni hordoffii fi gamaaggamaa akka naannichaatti akka diriiruu fi akka lafa qabatu gochuun hojiiwwan ijoo irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan, hojiin hordoffii fi gamaaggamaa pirojektoota fi sagantaalee naannichaa keessatti gaggeeffamu bifa qooda fudhattoonni hundinuu mirgaa fi dirqama isaanii bahuu akka danda'an, kana irras darbee itti gaafatamummaa hordofsiisuu beekuudhaan akka hojjetan kan gargaaru Imaammata, Labsii, Dambii fi Qajeelfama gamaaggamaa fi hordoffii qopheessuun raawwatamee B.M.M.M.N.O akka mirkanaa'udhaaf dabreefii jira. Gama biraatiin hojiiwwan karoora imala badhaadhinaa (KIB) bara 2013-2015 keessa maniiwwanii fi agarsiistuu garaa garaa keewwachuun hojjetamaa ture xiinxaluu fi yaada kallattii furmaata gara fuuladura kennaa deemuun sirna hordoffii fi gamaaggamaa lafa qabsiisuu keessa isa tokko waanta'ef hojii kana xiyyeeffannoon itti kennamee bu'aa madallii kana kan ibsu dokumentiin tokko qophaa'ee jira. Akkasumas tarsiimoowwan misooma

dinagdee mootummaa irratti hundaa'ee karoora misoomaa waggaa shanii mootummaa naannichaatiin raawwatamuuf qophaa'e keessaa hojiiwwan bara bajata 2013-2015 keessa raawwataman hordoffii fi to'annaa taasifamaa tureen pirojektoonni baay'een yeroo fi qulqullina barbaachisu eggatanii tajaajila ummataatiif akka oolu taasifameera.

Hojiiwwan sirna hordoffii fi gamaaggamaa diriirsuun akka inni lafa qabatu gochuun kan danda'amu yoo hordoffii fi gamaaggama qamaan irratti argamuudhaan ilaalame dha. Bu'uuruma kanan, hordoffii fi gamaaggamni pirojektoota buleeyyii fi haaraa waggoottan sadan (2013-2015) kana keessa ogeessota sadarkaa naannoo fi godina irra jiraniin gaggeeffamaa kan ture yammuu ta'u bara 2013 keessa gamaaggama madda rakkoolee ijoo pirojektoota harkifannaa qabanii fi utuu hinxumuramiin yeroo dheeraa fudhatan adda baasuuf saamuuda pirojektoota gurguddoo 10 fudhatamee marsaa lamaan akka gamaaggamni gaggeeffamu karoorfamee raawwateera.

Buu'ura kanaan pirojektoonni sadarkaa godina fi bulchiinsa magaalaatiin akka hordofaman karoorfamee bara 2014 keessa pirojektoota 520 hordofuuf karoorfamee kan raawwate pirojektoota 643 (%123) dha; gamaaggamaa pirojektoota baruma kana keessa 80 karoorfamee 86 (%107) raawwatameera. Akkasumas tarkaanffii haaraa (inisheetivii) 8 hordofuudhaaf karoorfamee 12 (%150) raawwatameera. Bara 2015 pirojektoota 845 hordofuudhaaf karoorfamee raawwiin isaa 890 (%105) yammu ta'u bu'aa hordoffii kana qaama dhimmi ilaallatu hundumaaf kennamee hanqinoota hojii keessatti mula'atan yeroodhaan akka sirreeffamu taasifameera. Dabalatanis, pirojektoota 86 gamaaggamuudhaaf karoorfamee pirojektootni 96(%111.6) kan gamaaggamame yammu ta'u hojiiwwan akka tarkaanfii haaraa jedhamee sekteroota adda addaatiin hojjetamaa jiru 50 hordofuudhaaf karoorfamee 75 (%150) hordofameera. Gamaaggama tarkaanffii haaraa 15 karoorfamee 42 (%280) raawwatameera. Hanqinnii fi ciminni isaa adda bahee kallattiin furmaataa qaama dhimmi ilaallatuuf kennamee jira.

Akka waliigalaatti hordoffii fi gamaaggamni pirojektoota fi inisheetivota gaggeeffameen wanti hubachuun danda'amu hojiiwwan sadarkaa aanaa irratti hojjetamaa jiru kan hedduu nama gammachisuu fi dandeettiin raawwachisummaa, qindoominni hojii fi bulchiinsi pirojektoota caasaa keenyaa gara gadii irra jiru daran dabalaa kan deeme ta'uu isaa ifatti kan mul'isuudha. Addummaan hojiiwwan akka inisheetivitti karoorfamee hojjetamaa jiru xiyyeeffannoo adda itti kennuudhaan hojjechaa kan jiran akka fakkeenyaatti inisheetivii baala

shayee fi verm compost naannoo keenya irra darbee biyyattiidhaaf muuxannoo gaarii ta'ee kan babal'achuu qabuudha.

Ijaarsa pirojektoota misoomaa gurguddoo kanneen bu'aa qabeessummaan isaanii mootuummaa naannichaan mirkanaa'an fayyadamummaa uummataa daran guddisuu danda'a jedhamee itti amanamee ijaarsi isaanii kan xumuramee fi kanneen harkifannaa keessa jiran sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaatti hordoffii fi gamaaggama taasisuun Amantaa uummanni ijaarsa piroojeektotaarraa qabu daran akka dabaluuf jecha rokkoowwan jiran adda baasuun mootummaaf dhiyeessuun sirreeffamni barbaachisu akka fudhatamu taasifameera.

Gamaggama pirojektootaa keessatti akkaataa argannoo bu'aa sakatta'iinsa ragaalee (document review), daawwannaa hojii dirree, marii garee, af-gaaffii fi bar-gaaffii taasifameen rakkooleen ijoo harkifannaa hojii ijaarsa pirojektootaa kanaaf ka'umsa ta'an, rakkoo dizzaayinii fi ispeesikeeshinii, rakkoo qorannoo bu'aa-qabeessummaa pirojektii gaggeessuu dhabuu, rakkoo qindoomina abbaa pirojektii, gorsaa fi kontiraakteeraa gidduu jiru, hanqina ga'umsaa fi dandeettii kontiraakteraa, hanqina hirmaachisummaa hawaasaa, hanqina hordoffii fi deeggarsa abbaa pirojektii, rakkoo harkifannaa kaffaltii, rakkoolee bulchiinsa pirojektii, gabaarraa dhabamuu meeshaalee ijaarsaa fi qaala'iinsa gatii pirojektoota yeroo fi qulqulina isaanii eeggatanii akka hin xumurre hudhaa cimaa jedhamanii kan adda bahan waan ta'eef karoora gara fuula duratti bahu keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaba.

Akka naannootti hojiin dhimmi qophii karoora, hordoffii fi gamaaggamma dhimmoota rakkoo ragaatiin walqabatan hiikuudhaaf sochiin sirna diriirisuu akka naannootti eegalamee jiru cimee itti fufuu, kallattiin ka'umsa karooraa, maddi ragaa (database) qulqulluu fi amansiisaa ta'e uumuu irratti tattaffiin walirraa hin cine godhamu barbaachiisaa dha.

**Dinagdee Gooroo fi Akkaawuntii Dinagdee Naannoo:** Waggoottan sadan darban kana keessa hojiiwwan itti xiyyeeffatamee hojjetamaa ture keessaa inni tokko haala adeemsa dhufaatii dhimmoota dinagdee gooroo naannichaa xiinxaluun dokumantii tokko maxxansiisuudha. Xiinxala kana keessatti dhimmotni hammataman haalaa guddina dinagdee fi ce'umsaa caasaa dinagdee, haala galii nam tokkee, haala qusannoo fi investiantii, haala galii fi baasii naannichaa, akkasumas haala qalaa'insaa fi hojii dhabdummaa ture. Haaluma kanaan, hojiin karoorfame keessaa %95 raawwatee dokumantiin isaa kan qopha'e ta'us maxxansi isaa ammaaf waan hin qaqqabneef marsariitii mana hojichaa irratti fe'amee jira.

Ragaalee raawwii hammattoota dinagdee gooroo sassaabuu fi qindeessuun odeeffannoo wayitaawaa mootummaa fi qaamni dhimmi ilaalu yeroo yeroon akka argatuu gochuuf ragaalee agarsiistuu dhimmoota dinagdee gooroo galii fi baasii mootuumaa qala'iinsaa gatii (jireenyaa) kurmaana kurmaanaan qindeesuun maxxansiisuun dookimantiin 1 maxxanfamee, dookimentiin 2 immoo xumuramee 'web site' irratti gadi dhiifamuun fayyadamtooti akka irraa fayyadaman godhameera.

Walumaa galatti sirnootaa, moodeelotaa fi teknoloojiiwwan xiinxalli fi tilmaamni haala dinagdee nannichaa ittiin hogganamu diriirsuu, hammayyeesuu fi kkf irratti xiyyeeffatee hojjechaa turee jira.

**6.1.7. Galmeessa, Daddabarsaa fi Simannaa Sanada Siviilii:**

Hojiiwwan gurguddoon waggoottan sadeen darban keessatti sirna galmeessa siviilii lafa qabsiisuuf hojjatamaa tureen fooyya'iinsi yeroo gara yerootti kan dhufee fi hubannoon qaama raawwatuu fi raawwachiisuu bira jiru baraa baraatti dabalaa deemuu isaatiin raawwiin galmeessa siviilii bifuma walfakkaatuun dabalaa akka jiru ragaa galmeeffame irraa hubachuun danda'amee jira.

Kenniinsaa fi dhaqqabamummaa tajaajila galmeessa siviilii foyyessuun fayyadamummaa mirga nama dhuunfaa fi tajaajila mootummaan barbaaduuf madda ragaa ta'anii argamuudhaaf taateewwan shanan galmeessuuf karoorfamee raawwatamaa tureen uwwisa galmeessa waliigalaa, kan daangaa yeroo seeraan taa'e keessatti galmeeffamee fi qulqullina galmessaatiin akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

Bu'uuruma kanaan, karoorri galmeessa taatee dhalootaa kan daangaa yeroo seeraan taa'e keessatti galmeeffamuu fi kan yeroon irra darbee galmeeffamu ykn galmeessa tajaajilaatiin adda bahee kan karoorfame yoo ta'u, bara 2012tti 419,945 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan 609,647; 748,243 fi bara 2015tti taatee dhalootaa 1,090,161 galmeessuuf karoorfamee 1,183,301 (%109) kan ta'u raawwatameera. Karoora waliigalaa keessaa taatee 514,392 daangaa yeroo seeraan taa'e keessatti galmeessuuf karoorfamee 480,649 (%96) raawwachuun danda'amee jira.

Karoorri galmeessa taatee du'aa kan daangaa yeroo seeraan taa'e keessatti galmeeffamuu fi kan yeroon irra darbe galmeeffamu ykn galmeessa tajaajilaatiin adda bahee kan karoorfame yoo ta'u, bara 2012tti 13,043 irra kan ture yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 23,153; 23,675 fi bara 2015tti taatee du'aa 45,933 galmeessuuf karoorfamee 34,349 (%75) kan raawwatame yoo ta'u karoora waliigalaa kessaa taatee 36,620 daangaa

yeroo seeraan taa’e keessatti galmeessuuf karoorfamee 27,395 (%75) raawwachuun danda’amee jira.

Karoorri galmeessa taatee gaa’elaa kan daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeeffamuu fi kan yeroon irra darbee galmeeffamu ykn galmeessa tajaajilaatiin adda bahee kan karoorfame yoo ta’u, Bara 2012tti 48,365 irra kan ture yommuu ta’u, bara 2013 hanga 2015 tti Wal-duraa duubaan 77,934, 63,571 fi bara 2015 tti taatee gaa’ela 109,175 galmeessuuf karoorfamee 92,965 (%75) kan raawwatame yoo ta’u, karoora waliigalaa keessaa taatee 42,192 daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeessuuf karoorfamee 30,845 (%73) raawwachuun danda’amee jira.

Karoorri galmeessa taatee hiikkaa gaa’elaa kan daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeeffamuu fi kan yeroon irra darbee galmeeffamu ykn galmeessa tajaajilaatiin adda bahee kan karoorfame bara 2012tti 985 irra kan ture yommuu ta’u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 2,534; 1,763 fi bara 2015tti taatee hiikkaa gaa’elaa 2,604 galmeessuuf karoorfamee 2,639 (%101) kan raawwatame yoo ta’u karoora waliigalaa kessaa taatee 2,268 daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeessuuf karoorfamee 1,401 (%62) raawwachuun danda’amee jira.

Karoorri galmeessa taatee guddifachaa kan daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeeffamu fi kan yeroon irra darbee galmeeffamu ykn galmeessa tajaajilaatiin adda bahee kan karoorfame bara 2012tti 266 irra kan ture yommuu ta’u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 430;440 fi bara 2015tti taatee guddifachaa 1,030 galmeessuuf karoorfamee 629 (%61) kan raawwatame yoo ta’u karoora waliigalaa keessaa taatee 388 daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeessuuf karoorfamee 453 (%117) raawwachuun danda’amee jira.

Gabatee:48. Galmeessa taateewwanii

| Bara | Galmeessa Dhaloota | Galmeessa Du'aa | Galmeessa Gaa'elaa | Galmeessa Hiikkaa | Galmeessa Guddifachaa |
|---|---|---|---|---|---|
| Bara 2013 | 609,647 | 23,153 | 77,934 | 2,534 | 430 |
| Bara 2014 | 748,243 | 23,675 | 63,571 | 1,763 | 440 |
| Bara 2015 | 1,090,161 | 45,933 | 109,175 | 2,604 | 629 |

Madda: Ejensii Galmeessa Ragaa Siviilii Hawaasaa Oromiyaa

Galmeessi sanada siviilii sadarkaa gandootatti kan raawwatamu ta’ee waraabbii 1[ffaa]n sadarkaa naannootti kuufamu waggoottan lamaan darbanii yeroo ilaalamu giddu galeessaan 90,000 hanga 135,000 ta’an ji’a ji’aan naannoo qaqqabee kuufamuu irratti argama.Kanarra

ka'uun sanadni siviilii tajaajilaaf yoo barbaadame yeroo gabaabaa keessatti seecca'anii baasuun baay'ee rakkisaa dha. Gama biraatiin sanadootni kuufamaa jiran yeroo dheeraaf kan turuu danda'uu miti.Kanaaf, tajaajila akka mana hojiitti kennamu saffisiisuu fi umurii dheeraa akka turu gochuuf yeroo barbaadametti tajaajila barbaadameef akka oolu gochuuf akkasumas iddoo hojii mijataa gochuufi tajaajila manni hojii kennu waraqaa irraa bilisa taasisuun/paperless office/ sanadoota siviilii akka mana hojiitti jiran iskaan gochuun gara dijitaalaatti jijjiiruuf hojjetamaa turee jira.Hojii iskaan hojjatameen ragaawwan siviilii hanga ammaatti mana hojii keessatti kuufamee jiru mil.5.2 (%100) "scan" gochuun dijitaalatti akka jijjiiramu taasifamee jira.

Gama biraatiin sanadni iskaan tahe kun yeroo barbaadametti tajaajila barbaadameef akka oolu gochuuf ragaa iskaan ta'e index gochuun agarsiistuu (variables) muraasa ta'an guutuun siistama Data Management System(DMS)qophaa'ee irratti akka galu taasifamuu qaba. Hanga ammaatti sanada siivilii 'scan' ta'e mil.5.2 keessaa mil. 1.7 (%32)daataa fudhachuun DMS itti galee tajaajila barbaadamuuf qophii tahee jira.

Kana irraa hubachuun kan dandahamu sanadootni iskan gochuun digitaalatti jijjiiruuf tarkaanfiin fudhatame gaarii tahus, mettaa daataa isaa fudhachuun tajaajilaaf qophii gochuudhaan walqabatee raawwiin isaa gadi bu'aa tahee argamee jira.Kanaaf sanadoonni siviilii dijitaalatti jijiiraman meettaa daataatti galchuun tajaajila irraa barbaadamuuf akka oolu gochuuf hojiin bal'aan hojjatamuu akka qabu mul'isa. Hojii dijitaaleessuu bara kana keessa kara mana hojii kanaa raawwatame hojii jajjabeessaa fi fakkeenyummaa qabudha.

Hojiin damee kana raawwatamaa jiru mirga lammiilee kabachiisuu keessatti qooddiin qabu olanaa waan ta'eef bara kana keessa jijjiramni jirus gaarii waan ta'eef rakkoolee hojii keessatti mul'atan qaama ilaalu wajjin hiikkaa, qaqqabummaa keessaan babal'isaa, galmeessi siviilii sadarkaa gandoota baadiyyaatti lafa qabsisaa siistama keessa galchaa adeemuun barbachisaadha.


#### 6.1.8. Kenniinsa Tajaajila fi Bulchiinsa Gaarii Mirkaneessuu

Bara 2013 keessatti leenjiin mata-duree "sosochii kenna tajaajilaa fi maanuwaalii kenniinsa tajaajilaa" jedhu qophaa'e irratti leenjiin bal'aan hojjattoota mootummaa sadarkaa naannootii kaasee hanga aanaatti jiraniif leenjiin kennamee jira. Bara 2013 keessatti leenjii bal'aan erga kennameen booda bara 2014 fi 2015tti manneen Hojii hunduu istaandardii raawwii hojii qopheessuun maamilaaf akkaataa sanaan tajaajila akka kennan hojiin hordoffii fi deeggarsa

akkasumaas gorsaa bal’aan kan hojjetame ta’uu fi kanaanis bu’aa gaariin kan dhufe ta’uu isaa raawwii waggoottan darbanii irraa hubachuun danda’ameera.

Gama biraatiin, bara 2014 keessatti rakkoolee kenna tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii sadarkaa adda addaatti mul’atan adda baasuuf hojii bal’aa hojjetameen rakkoleen sadarkaa hundatti jiran akka adda bahan taasifameera. Haluma kanaan rakkoolee kenna tajaajilaa bara 2014 hiikuuf adda bahan 30,726 yommuu ta’uu kan hiikaman 24,517(%79), bara 2015 rakkooleen kenna tajaajilaa adda bahan 47,103 kan hiikame 32,354 (%68) dha. Bara 2015 kana keessatti rakkoolee kenna tajaajilaa hiikuuf hojii bal’aan hojjetamus rakkoon kun bu’uuraa irraa waan hin hiikkanneef baroota itti aanan keessatti hojii xiyyeeffannoodhan hojjetamuu qabu ta’uu isaa kan namatti agarsiisuudha.

Giraafii:72. Kenniisa tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii




Madda:BPSMQN


Rakkoolee kenna tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa keessatti mul’atan hiikuuf sirna itti gaafatamummaa hojiirra oolchuun walqabatee of-eeggannoo afaanii kennuu irraa eegalee hanga hojiirraa fi muudama irraa kaasuutti sadarkaa naannoo, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa keessatti waliigalaan hoggansaa fi hojjettoota irratti tarkaanfii fudhatamaa ture yommuu ilaalamu, bara 2014 akeekachiisa afaanii 12, 929, akeekachiisa barreeffamaa 2527, gita irraa kaasuu 460, adabbii mindaa 6,517, hojiirraa gaggeessuu 806, muudama irraa kaasuu 777, walumaa galatti 24,016 tarkaanfiin gosa addaa fudhatameera.

Bara 2015 keessa Akeekachiisa afaanii 14,138 , akeekachiisa barreeffamaa 839,gita irraa kaasuu 1,134,Adabbii mindaa 5,988 Hojiirraa gaggeessuu 806, Muudama irraa kaasuu 502 Gita irraa gadi buusuu 459, Seeratti dhiyeessuu 183 , Hojiirraa dhaabuu 154 w/g 24,203

Kenniinsa tajaajila fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gara fuula duraatti komii uummanni qabu hundee irraa maqsuuf rakkoo kenniinsa tajaajila sadarka sadarkaan jiru saganta idileen qorachuun addaan baasuu, sirna rakkoo kana hanqisuu danda`u diriirsuun irratti hojjechuu, rakkoo bulchiinsa gaarii hiikuuf sekteroota naannoo, godinaalee fi magaloota keessaatti kutannoo, xiiqii, kaka'umsa, miraa dorgamiin akka hojjetan cimsuun barbaachisaa dha.

Al-seerummaa raawwii qajeelfamoota hoggansa qabeenya namaa irratti raawwatame ilaalchisees, waggoota sadan darban keessatti qarshiin sababa qaxara seeraan alaa, guddina sadarkaa, ramaddii seeraan alaatiin raawwatame bara 2013 qarshii mil 1.517, bara 2014 qarshii mil 25.924 bara 2015tti qarshii mil.19.135 waalumaa galatti qarshii mln.46.5 qisaasama irraa hambisuun danda'amee jira.

Giraafii:73. Qisaasama qarshii hambifame agarsiisu




Madda:BPSMQN


Sadarkaa magaalotaa fi gandaatti rakkoolee kenna tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa keessatti sakatta'iinsa gaggeeffameen sadarkaan itti quufiinsa maamila adda baasuu danda'ameen sadarkaa baadiyyaa fi magaalotaa irratti sakatta'iinsa gaggeefameen bara 2012tti %38.4 irra ture bara 2014tti giddu galeessaan %52.13 kan gahee ture yoommuu ta'u bara 2015tti immoo %55 irraan gahuuf karoorfamee %51.47 irra jira. Amantaan ykn itti quufiinsi maamila gadi deebi'aa akka jiru sakkata'insa karaa BPSQMNO geggeeffamee dhiyatee irra waan hubatameef ammas hojiin kun dhimma xiyyeeffannoo addaa barbadu akka ta'e namatti mul'isa.

Sirna hordoffii fi deeggarsa bu'aa fiduu danda'uu diriirsuun irratti hojjechuu, rakkoo guddaan karoorsuu irra waan madduuf, dursa karoora guutuu fi qulqulluu ta'ee KIB waggaa shanii keessa kan harca'ee hafe akka qophaa'u gochuu, haala karooraa qopha'een hogganamaa deemuu, kenniinsa tajaajila manneen hojii mootummaa fooyyessuuf xiyyeeffannaan hordofuu, hawaasni tajaajila qulqulluu, qaqqabamaa, loogii irraa bilisaa fi haqa-qabeessa ta'e akka argatu taasisuun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf hojjetamuu qaba.

KIB waggaa shanii keessatti carraa barnoota nama 3,950 kennuuf karoorfamee hanga bara 2014tti carraa barnootaa 1,361 keennuun dandaa'amee jira. Dabalataan bara 2015 carraa barnootaa 950 kennuuf karoorfamee carraan barnootaa 926 (%97) raawwachuun dandaa'amee jira. Gama biraatiin KIB waggaa shanii keessatti leenjii dandeettii fi beekumsa namaa fooyyeessuu nama 59,000 kennuuf karoorfamee hanga bara 2014tti leenjiin dandeettii fi beekumsa namaa cimsu nama 29,580(%50) kennamee jira. Dabalataan bara 2015 leenjii dandeettii raawwachisummaa cimsuu nama 18,000 kennuuf karoorfamee nama 16,416(%91) kennuun danda'amee jira.

Mirkaneessa ga'umsa ogummaa (MGO) pablik sarvaantii mirkaneessuuf bara 2013 nama 16,961 qormaata MGO kan fudhatan yommuu ta'u kanneen keessaa hojjettoonni 6,945(%58) milkaa'anni jiru bara 2014 hojjettootni 13,969 kan madaalaman yommuu ta'u hojjettootni 5,824(%40) milka'anii jiru.Bara 2015tti hammata gahuumsa hojiirra oolchuuf namoota 1,000 qormaatni kennamee hojjattootni 753 milkaa'anii jiru. Gama leenjii kennuu ilaalchiisee hanga 2012tti 156,559 irraa kan ture bara 2013 fi 2014tti 33,000 kennuuf karoorfamee 29,580 (%89) raawwachuuun danda'ameera.

Giraafii: 74.Mirkaneessa ga'umsa ogummaa




Madda:BPSMQN

Raawwii seeroota hoggansa qabeenya namaa fooyyessuu: KIB waggaa shanii keessatti deeggarsa fi hordoffii raawwii qajeelfama hoggansa qabeenya namaa irratti marsaa 20 gaggeessuuf kan karoorfame yommuu ta'u hanga bara 2014 marsaa 8 kan gaggeeffame yommuu ta'u dabalataan bara 2015 kanatti marsaa 4 gaggeessuun dandaa'amee jira. Al-seerummaa qajeelfamoota hoggansa qabeenya namaa irratti raawwatame ilaalchisees waggoota sadan darban keessatti waliigalatti qarshiin sababa qaxara seeraan alaa, guddina sadarkaa, ramaddii seeraan alaatiin raawwatame Qar. mil. 37.5 qisaasama irraa hanbisuun danda'amee jira.

KIB waggaa shanii keessatti iyyata/komii raawwii seerota HQN irratti dhiyaatan 1,429 qorachuun murtii kennuuf karoorfamee, hanga bara 2014 raawwiin 1,864 yommuu ta'u dabalataan bara 2015tti 706 raawwachuun danda'amee jira.

KIB waggaa shanii keessatti ragaa hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa 616,424 iskaan gochuun sirna qabiinsaa ragaa (DMS) irra olkaa'uuf (upload) karoorfame keessaa raawwiin 509,936 (%81) ammayyeessuun dandaa'amee jira. Ragaa qabeenya namaa sirna odeeffannoo qindaa'aa (ICSMIS)tiin qindaa'e ka'umsi bara 2012 %0 irra kan ture waggoota sadan darban kana keessaatti ragaa hojjattoota mootummaa %10 kan ta'uu siistama kanaan (ICMIS) galmeessuun dandaa'amee jira. Gama biraatiin bu'aa qabeessummaa ittifayyadama qabeenya namaa dabaluu KIB waggaa shanii keessatti %78n gahuuf karoorfamee, hanga bara 2014tti %71 kan gahe yommuu ta'uu dabalataan bara 2015 kanatti immoo %76 irraan gahuuf karoorfamee %74 milkeessuun dandaa'amee jira.

Qo’annoo fi qorannoo hojmaataa, gahumsaa fi bu`aa qabeessummaa paabiliik sarvisii gaggeessuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan, KIB waggaa shanii keessatti qo’annoo fi qorannoo 10 gaggeessuuf karoorfamee hanga bara 2014tti mata dureewwaan 4 ta`an irratti qo`annoo fi qorannoo gaggeessuuf karoorfamee mata duree 4 (%100) gaggeessuun danda’amee jira.Dabalataan bara 2015 kanatti qorannoo fi qo’aannoo 3 gaggeessuuf karoorfamee qo’annoo fi qorannoon 3(%100) gaggeeffamee kan jiru yommuu ta’u qorannoo fi qo’annoo gaggeeffame kana irratti hunda’uun bara 2015 kanatti caasaan magaalaa shaggar, Magaalaa Rijiyoo 3, Magaalaa Muummee 3, Magaalaa olaanaa 9, Godina Booranaa Bahaa, caasaa aanaa Oborsoo fi aanaa makkannisaa Oromoo bifa haaraan akka gurmaa’u ta’ee jira.

KIB waggaa shanii keessatti galmeewwan ol’iyyannoo falmii dhaddachaatiin qulqulleessuu fi murtii itti kennuun walfalmiitootni akka beekan taasisuuf 462 karoorfame keessaa raawwiin hanga bara 2014tti 262 yommuu ta’u, dabalataan bara 2015 kanatti 183 raawwachuun dandaa’amee jira. Gaaffii hojiitti deebi’uu hojjettoota irraa dhiyaatuu qorachuun murtii kennuu 212 karoorfame keessaa hanga bara 2014tti 115 raawwachuun kan danda’ame yommuu ta’u dabalataan bara 2015 kanatti kan hojjettoota 184 milkeessuun danda’amee jira. Diddaa ajaja dhorkaa Mana Murtii Bulchiinsaa Hojjettoota Mootummaatiin darbe hojiirra oolchuu dhabuu manneen hojii mootummaa irratti hojjetaan dhiyaatan irratti murtii kennuu 355 karoorfamee hanga bara 2014tti 157 raawwachuun kan danda’ame yommuu ta’u, bara 2015 kanatti immoo 86 raawwachuun dandaa’amee jira.

Dokumantii leenjii qulqullinaan qopheessuu ilaalchisee karoorri bara 2013 waan hin karoorfamneef raawwiin isaas hin jiru.Bara 2014 garuu, karoorri dookumantii leenjii qopheessuuf qabame 12 yoo ta’u raawwiin isaa immoo 15 dha. Bara 2015 karoora 18 raawwiin 19 yoo ta’u, wagga sadan darban keessa waliigala karoorri 30 yoo ta’u raawwiin isaa 34 dha.Sababni isaas sakatta’iinsa fedhii leenjii naannoo hanga aanaatti gaggeeffame irratti fedhiin leenjii waan dabaleefidha.

Namoota waliigala carraa leenjii argatan bara 2013 karoora kuma saddeetamii torbaa fi dhibba tokkoo fi sagaltamii lama (87,192) Raawwiin kuma jahaatamii torbaa fi dhibba afurii fi soddomii tokko (67,431) dha. YNO fi AHNO duraanii keessatti leenjiin hooggansa yeroo Sana sadarkaa naannoo hanga gandatti kennaa ture 62,431 yoo ta’u paabliik sarvaantii naannichaatiif kenname 5000n dha. Bara 2014 yoo ilaallu Karoora kuma soddomii lama (32,000); Raawwiin karoorichaa kuma soddomii tokkoo fi dhibba saddeetii fi afurtamii torba (31,847). Bara 2015 karoorri 14,340 keessaa raawwiin isaa 30,951 walitti makiinsa raawwiin isaa karooraa yoo ta’u, walumaa galatti waggoottan sadiin darban keessatti karoorrii 133,532

yoo ta'u raawwiin isaa 125,229.00 % 93.78 raawwatamee kan jiru yeroo ta'uu, KIB Waggaa shanii irraa immoo %53 raawwatamee kan jirudha.

Namoota leenjii ga'umsaa xumuranii beekkamtii argatan: Bara 2013 karooraan waan hin qabamneefi raawwiin isaas ragaan qindaa'e kan hin jire yoo ta'u, Bara 2014 garuu, karoorri kuma lamaa fi dhibba Shan (2,500) yoo ta'u, raawwiin karoorichaa immoo kuma lamaa fi dhibba afurii fi kudhan (2,410) %96dhaan raawwateera.Walumaa galatti waggootan sadan darban karoorrii 4,500 keessaa raawwiin 2,410 raawwiin karoora wagga sadii irraa yeroo ilaalamuu % 53.55 raawwatamee kan jiru ta'ee, KIB Waggaa sadii irraa immoo % 13.2 irra akka ta'ee ragaan mana hojichaa irra arganee waan agarsiisuuf asii irratti xiyyeeffataan hojjechuun barbachisaadha.

Hojiiwwan Qo'annoo fi Qorannoo rakkoo qabatamaa furuuf gaggeeffaman ilaalchisee Yunivarsiitichi qo'annoo fi qorannoo gaggeessu hunda rakkoo qabatamaa naannichaa hiikuu kan danda'u (action research) qofa yoo ta'u hojiilee gorsaa fi deeggarsaa kan kennu bu'uura argannoo qorannoowwan gaggeeffamaniitiinidha. Haaluma kanaan bara 2013 hanga 2015 tti Wal-duraa duubaan kan raawatamee 18, 20 fi bara 2015 tti 20 karoorfamee, 20 raawwatamera. walumaa galatti waggootan sadan darban karoorrii 73 keesssaa raawwiin 58 yoo ta'u, raawwii karoora wagga sadii irraa %79.45 akkasumas raawwiin karoora wagga shanii irraa immoo %55.24dhan raawwatameera.

Hojiirra oolmaa qorannoowwan rakkoo qabatamaa irratti hundaa'anii qorannoowwan gaggeeffaman bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan kan raawatamee 6 ,20 fi bara 2015 tti 20 karoorfamee, 20 raawwatamera. Walumaagalatti waggoottan sadan darban karoorrii 58 keesssaa raawwiin 46 (%79.31) raawwatamee kan jiru ta'ee, karoora waggaa shanii irraa %64.79 raawwatamee jira.

Bu'aa Qo'annoo fi Qorannoo "proceeding" fi "Journal" irratti maxxansuu ilalchisee qorannoowwan waggoottan sadaan darban gaggeeffaman hundinuu "proceeding" irratti maxxanfamanii fayyadamtootaaf kan raabsaman yoo ta'u "journal" irratti garuu hanga ammaatti hin maxxanfamiin jiru. Sababiin qorannoowwan gaggeeffaman "journal" irratti hin maxxanfamiin jiraniif Yunivarsiitichi "journal" kan mataa isaa reefuu misoomsaa kan jiru waan ta'eefidha.

Manneen hojii naannichaa irraa fedhiin dhiyaate waggoottan sadan darban kana keessaa karoorrii 645 yoo ta'u, raawwiin isaa 300 **(**%46.51) dha.Paablik Sarvaantota qormaata gahuumsa ogummaa kennuuf fedhiin dhiyaate hundumaaf qorumsi kenname waan jiruuf raawwiin isaa parsantii dhibba raawwatamee jira.Haa ta'uu malee tajaajilli mirkaneessa

gahuumsa ogummaa hanga ammatti kennamaa ture qormaata ogummaa gita hojii gaafatameen qoruun qabxii qormaataa beeksiisuun ala sababa hammata mirkaneessa gahuumsa ogummaa sirnawaa waan hin taaneefi hojiirra oolchuu hin dandeenne.

Jaarmiyaalee Kaayizanii irraatti gorsa argatanii hojiirra oolchan bara 2013 hanga 2015 tti Wal-duraa duubaan kan raawwatamee 3, 8 fi bara 2015 tti 100 karoorfamee, 100 raawwatameera. Walumaagalatti waggoottan sadan darbanitti karoorri isaa 120 yoo ta'u,raawwiin isaa 111 (%92.5) dha. Raawwiin Bara 2015 kan baroota 2013 hanga 2014 darbeen walbira qabamee yoo ilaallamu fooyya'aa ta'uu isaa agarsiisaa.

Jaarmiyaalee Meeshaalee rifoormii biroo irratti gorsii fi deeggarsi kennamee qoratamanii hojiirra oolan bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan kan raawatamee 1; 11 fi bara 2015tti karoorri fi raawwiinis kan hin jirre ta'uu xiinxala kanaan mirkaneefanneera. Walumaagalatti karoorri 22 yoo ta'u, raawwiin isaa 12 dha. Raawwiin karoora waggaa sadii irraa immoo %54.54 yoo ta'u raawwiin KIB waggaa shanii %23.52 raawwatamee jira. Raawwiin kun yeroo ilaalamu gadi aanaa waan ta'eef xiyyeeffannoo kan barbadudha.

Meeshaalee rifoormii hojiirra oolan keessaa bu'aa qabeessummaan isaanii sakatta'amee kan mirkanaa'e karoorri 2 yoo ta'u raawwiin isaa 1 dha. Raawwiin karoora waggaa sadii irraa yeroo ilaalamu %50. Raawwiin KIB waggaa shanii irraa yeroo ilaalamu %25qofa ta'a.

Akkuma beekamu Yunivarsiitiin Naannoo Oromiyaa sagantaalee barnoota idilee, sagantaa barnoota galgalaa, sagantaa barnoota torbee fi sagantaa barnoota fagoo kennaa jiraachuun isaa ni beekama. Haaluma kanaan bara 2013, hanga 2015tti wal-duraa duubaan sagantaa barnoota hundaan namoota 4000,4000 fi 7,150 raawwachuuf karoorfamee 3,490, 3,595 fi 7,558 raawwachuun danada'amee jira. Walumaagalatti karoorri waggoota sadan kana 15,150-yoo ta'u, raawwiin isaa 14,643dha.

Kenna tajaajilaa fooyya'e ilaalchisee Yunivarsiitiin Naannoo Oromiyaa tajaajiloota kennu hunda irratti (Tajaajilawwan deeggarsaa, Leenjii, Barnoota, Gorsa, Kaayizanii fi Qo'annoo fi Qorannoo) kenna tajaajilaa fooyyessuuf xiyyeeffannoo guddaa itti kennee waggoottan darban sadan kana keessatti hojjechaa kan ture yoo ta'es KIB qabame bira gahuuf ammas hojiin harca'ee hafe salphaa waan hin taneef bara karooraa hafe kana keessatti karoora utuu hin raawwatamiin hafe hunda isaa sakaatta'uun addaan baasanii raawwachuuf kan yeroo kamiyyuu caalaa dammaqinaa fi qindoominaan hojjechuun barbachisaa dha.

### 6.1.9. Sirna Hordoffii fi Deegarsaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa guddina, jijjirama dinagdee fi hawaasummaa mirkaneessuun jiruu fi jireenya hawaasaa foyyessuuf kallattii adda addaatiin sochii hedduu gochaa kan jiruu fi kana mirkaneessufis karoora yeroo dheeraa, gidduugaleessaa fi gabaabaa baafatee ittiin hogganamaa tureera.

Karoorri Imala Badhaadhinaa waggoottan sadan darban keessatti hojjetamaa ture gaagga'ama garaa garaa, rakkoolee nam-tolechee fi uumamaa keessatti hojjetamaa kan ture ta'us milkaa'inootni hunda galeessaa fi abdii guddaa egeree biyyaa fi naannoo keenyaa ceesisuuf nu dandeessisan raawwatamaa turaniiru. Haaluma kanaan hojiiwwan misoomaa, nageenyaa fi bulchiinsa gaarii naannicha keessatti akka mirkanaa'niif sirna hordoffii fi deeggarsaa cimaa hojiirra oolchuun, hanga eegame yoo ta'uudhaa baates rakkoolee bulchiinsa gaarii sadarkaa sadarkaan umaman furuun bu'aawwan gurguddoon galmaa'uu danda'aniiru.

Bu'uuruma kanaan, waggoottan sadan darban kanatti imaammattootaa fi tarsiimoowwan bahan akkaataa barbaadamuun ummata akka fayyaduuf qophii karoora manneen hojii irraa eegaluun xiinxalli karooraa manneen hojii qaama raawwachiiftuu waggaa waggaan gaggeeffamee mana maree naannoof dhiyaatee erga irratti waliigalameen booda yaa'ii caffeef dhiyaatee akka mirkanaa'u taasifameera. Haaluma kanaan, kallattii yaa'iin Caffee kaa'uu fi hanqinaalee waliigalaa ummata biraa karaa bakka bu'oota ummataatiin dhimmoota dhiyaatan gidduugala taasifachuun furmaatni garaa garaa kennamuuf yaalamaa tureera.

Dabalataanis gamaaggamni raawwii hojii sektaraalee mootummaa naannoo xiinxaluun ciminootaa fi hanqinoota akkasumas rakkoolee raawwii hojii keessatti qunnaman adda baasuudhaan hoggansi naannoo hanga aanaalee jiran bakka argamanitti waggoottan sadaan darban keessatti karaa idilaa'aa ta'een gamaaggamni hojii kurmaana kurmaanaan raawwatamaa turee jira. Kunis caasaan sadarkaan jiru ciminaalee, hanqinaalee fi rakkoolee jiran ykn mul'atan walqixa hubatee hoggansa waliinii (Collective Leadership) kennuun karaa danda'amuun sirni hordoffii fi deeggarsaa caasaalee sadarkaan jiran biratti hojiirra oolchuun kan danda'amee fi hojmaata fooyya'aa fi sadarkaa hundatti karaa fooyyee qabuun milkeessuuf yaalamee jira.

Gama birootiin hojmaata sirna hordoffii fi deeggarsaa keessatti kaayyoolee ijoo saffina hojii dabaluu, sektaraalee gidduutti miirri waldorgommii akka jiraatuu fi sirni ittigaafatamummaa akka mirkanaa'uuf ulaagaa madaallii fi sadarkeessuu hojiirra akka oolu taasisuudhaan sektaraaleen ergama ijoo isaaniif kenname (Key Performance Indicator) gidduugala

taasifatanii akka ergama isaanii bahan taasisuuf jalqabbiiwwan gaariin hojiirra ooluu kan eegalame yommuu ta'u kunis sektaraaleen waan baay'ee karoorfatanii baay'ee raawwachuu akka danda'aniif kallattii kan argisiisee fi fuuldurattis cimee itti fufuu qabu bu'uura kaa'uun danda'amee jira.

Waggootii sadan bara KIB darban keessatti caasaalee sadarkaa sadarkaan jiran biratti sadarkaa tokko qaamaan gadi-bu'uun hordoffii fi deeggarsi kan gaggeeffamaa ture yommuu ta'u, KIB kana keessatti hojii supparvizhinii kurmaana kurmaanaan gaggeeffamaa tureen qabatamaan lafa irratti hojii jiru hubachuudhaan fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf sochii taasifamaa tureera. Bu'aawwan argannoo adda bahan gidduugala taasifachuun kallattiiwwan itti aanan hoggansa olaanaa naannichaan akka kaa'aman taasisuun hanqinaaleen idoo iddootti mul'atan akka fooyya'aniif gumaacha tureera, raawwiin waliigalaa jiruus akka fooyya'aa deemu taasisuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun, waggoottaan sadaan darban keessatti hojiiwwan waliigalaan akka naannotti xiyyeeffannaa barbaadanii fi fayyadamummaa hawaasa naannichaaf iddoo ol'aanaa qaban adda baasuun guyyaa fi torbaniin hordoffii fi deeggrasa walitti fufinsaan taasifamaa tureen ragaaleen sadarkaa naannoo fi godinaatti wal-dhiitan akka fooyya'an taasisuuf kan yaalamaa dhufee fi xiinxala gabaasaa yeroo yeroon dhiyaatu kana irraa hoggansi ol'aanoon naannoo keenyaa hubannoo waliigalaa Oromiyaa irratti qabaatee duubdeebi'ii fi kallattii yeroo yeroon kennamuun hojiileen misoomaa, nageenyaa fi bulchiinsa gaarii itti dhiyeenyaan hogganamuun yeroo yeroon fooyya'insi akka mul'atuuf kaka'umsi fi miirri waldorgommii akka uumamu kan gumaachaa dhufee dha.

Qorannoowwan Hojiirra Oolmaa Imaamataa fi Tarsiimoowwanii Babal'isuuf bara 2013tti qorannoowwan bu'uuraa 5, bara 2014ttis qorannoowwan 6 fi bara 2015ttis 6 raawwachuun danda'ameera.Qorannoowwan gaggeeffaman kunneenis bu'uuraan rakkoolee raawwii keessatti mul'atan karaa fooyyessuu danda'uun galtee ta'anii sekteraaleen hojii isaanii akka fooyyessuu danda'aniif gumaacha olaanaa akka buusu taasisuun danda'ameera.

**Qorannoo Hojii irra oolmaa imaammataa**

Baroottan sadan darban kanatti imaammattootaa fi tarsiimoowwan bahan akkaataa barbaadamuun uummata akka fayyaduuf qophii karoora manneen hojii irraa eegaluun xiinxalli karooraa manneen hojii qaama raawwachiiftuutiin waggaa waggaan gaggeeffamee mana maree naannoof dhiyaatee erga irratti waliigalamee booda yaa’ii caffeef dhiyaatee akka mirkanaa’u taasifamee jira.

Gamaaggama raawwii hojii manneen mootummaa naannoo xiinxaluun ciminootaa fi hanqinoota akkasumas rakkoolee raawwii hojii keessatti qunnaman adda baasuudhaan hoggansi naannoo hanga aanaalee jiran bakka argamanitti waggoottan sadan kana keessatti karaa idila’aa ta’een gamaaggamni hojii kurmaana kurmaanaan raawwatamaa turee jira. Kunis bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan kan raawatame 4, 4 fi bara 2015tti 4 karoorfamee 4 raawwatameera.

Hojmaata sirna hordoffii fi deeggarsaa keessatti kaayyooleen ijoo saffina hojii dabaluu, sekteraalee gidduutti miirri waldorgommii akka jiraatuu fi sirni ittigaafatamummaa akka mirkanaa’uuf ulaagaa madaallii fi sadarkeessuu hojiirra akka oolu taasisuudhaan sektaraaleen ergama ijoo isaaniif kenname (Key Performance Indicator) gidduugala taasifatanii akka ergama isaanii bahan taasisuuf jalqabbiiwwan gaariin hojiirra ooluu kan eegalame yommuu ta’u, kunis sektaraaleen waan baay’ee karoorfatanii baay’ee raawwachuu akka danda’aniif kallattii kan argisiisee fi fuuldurattis akka cimee itti fufuu qabu bu’uura kaa’uun danda’amee jira.

Baroottan sadan bara 2013 hanga 2015 KIB kana keessatti caasaalee sadarkaa sadarkaan jiran biratti qaamaan gadi-bu'uun hordoffii fi deeggarsi kan gaggeeffamaa ture yommuu ta’u, hojii supparvizhinii kurmaana kurmaanaan gaggeeffamaa tureen qabatamaan lafa irratti hojii jiru hubachuudhaan fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf sochii taasifamaa tureetiin bu’aawwan argannoo adda bahan gidduugala taasifachuun kallattiiwwan itti aanan hoggansa olaanaa naannichaan akka kaa’aman taasisuun hanqinaaleen iddoo iddootti mul’atan akka fooyya’aniif gumaachaa turameera.Raawwiin waliigalaa waggoottan sadan kana keessatti godinaalee, magaalota, aanaalee, gandootaa fi WKTIT akka naannootti qabnu keessaa kanneen gabatee armaan gadii keessatti ibsaman bira gahuun danda’amee jira.

Gabatee: 49. WKTIT

| Bara | Godinalee Deddeebiidhaan | Aanaalee | Gandoota Baadiyyaa | Magaalota Deddeebiidhaan | Gandoota Magaalaa | WKTIT |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 2013 | 27 | 89 | 201 | 27 | 56 | 0 |
| 2014 | 52 | 100 | 217 | 62 | 98 | 38 |
| 2015 | 35 | 60 | 120 | 43 | 54 | 59 |

Madda: Waajjira Pireezidanti

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti hojiin suparviizhinii waliigala barootan sadan kana keessa gaggeeffamaa tureen hanqinaalee fi ciminaaleen adda bahan akkuma jirutti ta'ee ammallee hojii bal'aan kan hafu ta'u isaa hubachuun ni danda'ama.Qindoomina qooda fudhattootaa fi dhimmoota sektara hundaa fooyyessuun bakka xiyyeeffannaan addaa kennamee itti hojjetamaa turee dha. Haaluma kanaan; qindoominni sadarkaa garaa garaa akka mirkanaa'uuf hoggansi olaanaa naannichaa kallattiiwwan  jajjaboo kennuun keessattuu waggoottaan  sadaan bara KIB kanaatti qindoomina sektaralee garaa garaatiin sirni bulchiinsa pirojeektootaa akka itti saffisu, rakkooleen kenna tajaajilaa fooyya'anii hawasni tajaajila si'ataa fi haqa qabeessa akka argatu, hojmaata sirna hordoffii fi deeggarsaa sadarkaa adda addaatti karaa qindoomina qabuun akka gaggeeffamu, rakkooleen mudatan sektaraalee dhimmi ilaalu qindeessuun falli sadarkaa hundattuu hoggansa waliinii (Collective Leadership) akka hojii hojjetamu saffisiisuuf hojii bal'aan hojjetamaa ture. Haata'uutii, rakkoon qindoomina mirkaneessuu sadarkaa hundattuu walfakkaataa kan hin taanee fi xiyyeeffannaa fuulduraa ammaas kan gaafatu ta'uun immoo dagatamuu hin qabu.Dabalataanis, gurmaa'insii fi hojimaatni hojii hojjechiisuu danda'an akka mirkanaa'aniif qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uun bara 2013 , 2014  fi 2015 keessatti Labsiiwwan 14, Dambiiwwan 14 fi qajeelfamoonni 3 wixina'anii xiinxalamanii qaama dhimmi ilaaluun mirkana'anii hojii irra akka oolan taasifamee jira.

Kenna Tajaajilaa Fooyyessuun Bulchiinsa Gaarii Mirkaneessuuf dhamaatii fi baasii maamilli tajaajila argachuuf baasu xiqqeessuudhaan bu'a qabeessa taasisuun misooma keessattti gahee isaanii akka bahan taasisuu, qaamni ol'aanaan naannichaa hojii isaa karaa milkaa'ina qabuun bahuu akka danda'uuf tajaajila barbaachisu dhiyeessuu fi haala mijaa'aa uumuu kan of keessatti qabatee dha.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf hojii hojjetamaa jiruun caasaan isaa sadarkaan jiran iyyannoo fi komii uummataa simachuun fala a deemuu, rakkooleen bulchiinsa gaarii akka hiikkatan gochuu fi kenni tajaajilaa akka fooyya'uuf fala ka'uun bal'inaan hojjetamaa turee jira.

Haaluma kanaan simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa sadarkaa waajjira Pireezidantitti baroottan 2013 , 2014 fi 2015 walduraa duubaan 598 ; 457 fi 391 simatamanii; kanneen simataman keessaa walduraa duubaan lakkoofsaan 88(%15); 215(%47) fi 365(%93)dha furmaata kan argatan yommuu ta'u; 510 ; 242 fi 26 waggoottaan sadaan darban keessatti kan adeemsa irra turanii waggaa itti aanutti ce'anii fi kanneen gahee aangoo waajjirichaan ala ta'an gara qaama dhimmi ilalutti deemuun akka keessumma'an kallattiin kennameera.

Bifuma walfakkaatuun, simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa sadarkaa godinaaleetti ilaalamaniin walqabatee; barrottaan 2013, 2014 fi 2015 walduraa duubaan 4,898; 2,941 fi 2,112 simatamanii; kanneen simataman kunneen keessaa walduraa duubaan 3,404 (%69.5); 2,184(%73) fi 1,907(%90) furmaata kan argatan ta'ee; 1,494; 757 fi 205 adeemsa irra turanii waggaa itti aanutti kan ce'anii fi kanneen gahee aangoon ala ta'an gara qaama dhimmi ilaalutti deemuun akka keessumma'an kallattiin kennameera.

Akkasumas; simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa sadarkaa magaalotaatti baroottaan 2013, 2014 fi 2015 walduraa duubaan 4,171; 3,372 fi 2,120 simatamanii; kanneen keessaa walduraa duubaan 2, 840, (%68) ; 2,597(%77) fi 1,863 (%88) furmaata kan argatan ta'ee, 1,331; 775 fi 257 adeemsa irra turanii waggaa itti aanutti kan ce'anii fi kanneen gahee aangoo waajjirichaan ala ta'an gara qaama dhimmi ilaalutti deemuun akka keessumma'an kallattiin kennameera.

Adeemsa simannaa fi keessaummeessa iyyannoo fi komii gaggeeffamaa ture keessatti dhimmoota dhiyaatan simachuun kan daangaa aangoo keessatti jiran keessummeessaa kan aangoon ala ta'an gara qaama dhimmi ilaaluutti erguun akkuma jirutti ta'ee, iyyannoowwanii fi komiiwwan kallattiin itti kennamee fi aangoo mana hojiitiin ala dhiyaatan sirnaan adda baasanii ragaa qofaatti qabachuu irratti hanqinni kan mul'atee fi kallattii fuulduraa keessatti sirrachuu kan qabu ta'uunis gamaaggama gaggeeffameen akka hanqinaatti adda bahee jira.


Gama birootiin waggoottaan sadaan darban kana keessatti iyyannoo fi komiin gurguddoo baay'inaan deddeebi'anii dhiyaatan yommuu xiinxalamu: gaaffii hundeeffama aanaa fi gandaa, Gaaffii waliin gahiinsa bu'uuraalee misoomaa, Dhimma hojii dhabdummaa fi carraa hojii, Dhimma jijjiirraa, qacarrii fi sadarkaa guddinaa hojjettoota mootummaa, gaaffii lafaa waldaalee mana jireenyaa, Sababa rakkoo nageenyaatiin gaaffii deeggarsaa fi gargaarsaa, komii qonnaan bultoota tiraaktaraa fi kombaayinara fudhatan irraa qulqullinan walqabatee dhiyaachaa jiru, komii waliigalatee lafa invastimeentiin walqabatuu fi rakkoo beenyaan

dhimmootni walqabatan kanneen gurguddoo waggoottaan Sadan darban kana keessatti hubatamaa dhufanii dha.

Komiilee baroottan sadaan darban dhiyaachaa turaniin walqabatee, ragaa xiinxalamee dhiyaachaa ture irraa akka hubatamutti komiin hangi tokko sadarkaa naannoo, godinaalee fi magaalotaatti xiqqaachuu kan mul'isuu yoo ta'ees, sababni xiqqaachaa dhufuun komiiwwanii kunneen qorannoodhaan adda bahee yoo beekamuus baate gama tokkoon waggoottan sadaan kana keessatti kenna tajaajilaa manneen hojii mootummaa sadarkaa hundatti itti siqeenyaa fi xiyyeeffannan akka hogganaman hordoffiin walittifufinsaan taasifamuu, hoggansi sadarkaa sadarkaan jiru guyyaa komii abbaa dhimmaa itti ilaalu idileedhaan guyyoota murteessuun ilaalamaa dhufuu, hubannoo uumuun caasaalee bulchiinsaa komii fi iyyannoo keessummessaniif kennamuu fi kkf sababa akka ta'uu danda'an tilmaamameera.

Dhimmoota Bulchiinsa iyyannoo fi komii uummataa irratti qooda fudhattoota seekteralee sadarkaa naannoo irraa kaasee hanga hawaasaa gandaatti akka waligalatti bara 2015 keessaa iyyannoo fi komii 1,668,988 kan dhiyaate yoo ta'u raawwiin hanga yoonaa jiru 1,512,816 (%90.64) raawwatamee kan jiru ta'u.Kunis kan barootan darban waliin yeroo ilaalamuu garaa garummaa guddaa kan qabu ta'u.Simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa waajjira Pireezidantitti.

Giraafii:75. Simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa waajjira Pireezidantitti





Madda:Waajjira Pir.

Raawwii Simannaa fi keessummeessa iyyannoo fi komii uummataa waajjira Pireezidantitti (Sadarkaa Naannoo, Godina fi Bul/Magaaloota) bara 2013 hanga 2015

Walumaagalatti; sirni bulchiinsaa iyyannoo fi komii sadarkaa sadarkaan diriiree jiru hanga tokko furmaata kennuun akkuma jirutti ta'ee; dhimmi komii yeroowwan hafan keessattis xiyyeeffannaa fi dhiheenyaan sadarkaa hundatti ummataa dhageeffachuun furmaata kennaa deemuu kan gaafatuu waan ta'eef harcaattii jiru sirreessuun haala itti gaafatamuma mirkanneessu danda'uun hojjechuun iyyannoo fi komii ummataaf deebii furmataa qabatamaa ta'ee hatatamaa laachaa adeemuun dhimma yeroon itti latamuu qabu mitti.

Hawaasni diyaaspooraa biyya alaa fi biyya keessaa misooma keessatti hirmaachuuf dhufu simachuun tajaajila akka argatu hojii hojjetamaa tureen bara 2013, 2014 fi 2015 walduraa duubaan gaaffii misoomaa dayaaspooraa 355; 895 fi 905 ta'aniif deeggarsi gara garaa taasifameefii jira.

Giraafii: 76.Hawaasa Dayaaspooraa Biyyaa alaa fi Biyyaa keessaa misoomaa keessatti dabalee




Madda:Waajjira Pir.

Gama birootiin, waggoottan sadan darban kunneen keessatti dayaaspooraawwan biyya keessa jiran waliin haala qabatamaa yeroo biyya keenyaa irratti marii si'a lama gaggeessuun hubannoo walinii qabachuuf karoorfamee (%100) bu'aa qabeessa ta'een raawwatamee jira. Haaluma walfakkaatuun, miseensoota dayaaspoora ardii adda addaa keessa jiraatan waliin waltajjii marii idilee "Zoom meeting" bara 2015 gaggeeffamaa tureen daayaaspooraawwan biyya alaa jiraatan gara biyya isaaniitti deebi'anii misooma irratti akka hirmaatan taasisuun hojjetamaa turee jira.

Kun akkuma jirutti ta'ee hirmaannaa dayaaspooraan misooma naannichaa keessatti qabu ammallee haala karoora qabamuun deemaa kan hinjirre ta'uun, haalli odeeffannoon dayaaspooraaf itti kennamu karaa sirna qabeessa ta'een gaggeeffamuu irratti (guutuu ta'uu dhabuun), dayaaspooraan biyya keessa galeef deeggarsi adda addaa taasifameef qabatamaan hojii misoomaa keessa galuu isaa mirkaneessuu irratti hordoffii fi deeggarsi taasifamu laafaa ta'uun kanneen xiyyeeffanoo guddaa barbaadanii dha.

# KUTAA TORBA

## 7.1. Kilaastera Nagaa fi Haqaa


### 7.1.1. Olaantummaa Seeraa Mirkaneessuu

Naannoo keenya keessatti haqa dhugoomsuuf seera yakkaa fi imaammata sirna haqaa kabachiisuu,kabaja mirga dhala namaaf bilisummaa bu'uuraa lammiiwwanii kabajuu fi

kabachiisuun, dantaa mootummaa fi uummataa eegsisuun tajaajila si'aataa, qulqulluu, dhaqqabamaa fi haala haqummaa qabuun raawwachuudhaaf hojjetamaa turee jira. Haata'u malee, naannoo keenya keessatti olaantummaa seeraa mirkaneessuuf baroota sadan darban keessatti hojiilee hedduun hojjetamaa jiraatanus rakkoolee olaantummaa seeraa mirkaneessuu dadhabuu irraa kan ka'e uummanni tajaajila haqaa, si'aataa fi dhaqqabamaa argachaa akka hin ture, haqaasaa maallaqaan bitachaa akka turee fi jiru waltajjii adda addaa irratti ibsachuun mootummaarratti komii guddaa akka qabu kaasaa tureera.

Baroota sadan darban keessatti olaantummaa seeraa mirkaneessuuf hojiiwwan hojjetamaa turan keessaa isaan ijoon: gama dandeettii of harkaa qulqulleessuu galmee yakkaa gosa hundaa bara 2012tti %96 irra ture yommuu ta'u, bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan %95.2; %98.6 fi bara 2015tti %90 irraan gahuuf karoorfamee %98 akka raawwatame ragaan dhiyaate yoo agarsiisu, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %99 raawwatameera.


Giraafii:77. Dandeettii of harkaa qulqulleessuu galmee yakkaa gosa hundaa




Akkasumas dandeettii of harkaa qulqulleessuu dhimmoota gosa hundaatiin raawwiin hanga 2012tti %96 irra ture, yommuu ta'u, bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan %98.5; %99.7 fi bara 2015 tti %90n irraan gahuuf karoorfamee %99 irra gaheera, manii karoora waggaa shanii (2013-2017)waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %100 raawwatameera.Haaluma kanaan, yakkoonni kanneen akka yakka malaamaltummaa,

dubartootaa fi daa'immanii, akkasumas, yakkoota kanneen biroo irratti hojiilee hojjetamani dha.

Giraafii:78. Yakkoonni kanneen akka yakka malaamaltummaa, dubartootaa fi daa'immanii




Tajaajila seeraa bilisaa kan argatan bara ka'umsaa irraa kaanee yoo ilaallu namoota 250 irraa ka'ee waggootan sadan kana keessatti 45,613 irra gahee jira. Uwwisa uummataa/namoota hubannoo seeraa argatan bara 2012tti mil. 4.5 irra ture waggoota sadan kana keessatti hojii hojjatameen mil. 55 irra gahuun hojiin hojjatamaa ture baay'ee gaarii ta'uu fi manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %80.8 irra jira. Haata'u malee, haala qabatamaa lafa irra jiruun yeroo ilaalamu hojii baay'een hojjetamuu qabu akka jiru ni agarsiisa.


Dhaqqabamummaa fi si'oomni tajaajila abbaa alangummaa dabale ilaalchisee raawwiin jiru gaarii ta'us gama dandeettii of harkaa qulqulleessuu galmee yakkaa fi dhimmoota hundaatiin ammas dhimma irratti xiyyeefatamee hojjetamuu qabuudha.

Komii tajaajilamtoota hir'isuu keessatti hanga dhuma bara 2015tti %7 irraan gahuuf karoorfamee %1.34 raawwatameera, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin yoo ilaalamu %100 irra jira. Kana malees hir'achuu harcaatii galmee qulqulleessuu ykn eeruu irratti hanga bara 2012tti %28 irra gahee ture bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan %27, %17.5 fi bara 2015tti %16 irraan gahuuf karoorfamee %13 irra gaheera; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %100 raawwatameera.

Humna dandeettii adabsiisuu dhimmoota yakka gosa hundaa ykn dandeettii mo'achuu falmii hanga bara 2012tti %94 irra ture bara 2013 hanga 2015tti walduraa duubaan %91; %94.6 fi

bara 2015tti %95 irraan gahuuf karoorfamee %95 irra gaheera; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %99 raawwatameera.

Giraafii:79. Humna dandeettii adabsiisuu dhimmoota yakka gosa hundaa ykn dandeettii mo'achuu falmii




Komiin tajaajilamtootaa fi harcaatiin galmee qulqulleessuu ykn eeruu hir'achaa kan dhufe yoo ta'u humni dandeettii adabsiisuu dhimmoota yakkaa gosa hundaa haala wal fakkaatu irra deemaa akka jiru agarsiisa.

Gama dabaluu dandeettii deebisiisuu/dhorkisisuu qabeenya yakkaan argameetiin bara 2012tti %76 irra ture hanga bara 2013tti %78 gahee jira, bara 2014tti mln. 55 karoorfamee mln. 151 bara 2015tti immoo bil. tokko (1) deebisiisuuf karoorfamee mil.726 deebisiisuun danda'ameera.Manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %83 gahee jira.

Humna dandeettii deebisiisuu dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi uummataa irratti bara 2012tti %78 ture; bara 2013 fi 2014 karoorfamee % 82 fi mln 1.2 yeroo ta'u raawwii %88.5 fi mln 2.1 deebisiisuun danda'ameera; bara 2015tti immoo %89 deebisiisuuf karoorfamee %93 deebisiisuun danda'ameera.Manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin walbira qabamee yoo ilaalamu %100 gahee jira.

Gama biraatiin olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti leenjii dandeettii raawwachisummaa cimsuu hanga bara 2015tti 7,500 kennuuf karoorfamee 8,965(%119.5) kennuun danda'amee jira. Manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %59.8 qofa akka raawwatame ragaan dhiyate ni agarsiisa.

Gama dandeettii qulqulleessuu dhimma badii naamusa abbootii alangaa bara 2012tti %93 irra ture yommuu ta’u, hanga 2015tti %90 irraan gahuuf karoorfamee %71 raawwatameera. Manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %81.4 irra gaheera. Raawwiin jiru asirra yoo gahees ammallee feedhii hawaasa keenyaa hubachuun kenniinsa tajaajila qubsaa ta’e laachuu wajjin yeroo ilaalamu hanqina guddaa akka jiru namatti agarsiisa.

Uwwisa manneen hojii mootummaa hordoffii hojiirra oolmaa seeraa irratti taasifameen hanga bara 2015tti %72 irraan gahuuf karoorfamee %49 raawwachuun danda’ameera.Manii waggaa shanii (2013-2017) waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu %32.7 raawwatamee waan jiruuf ammas yeroo hafe keessatti dhimma xiyyeeffannoo barbadudha.

Qulqullina mirkaneessa ragaa fi kenna hayyamaa, to'annoo fi deeggarsa hojii abukaatoo, barreessitoota dhimma seeraa fi waldaalee bu’aa maleef taasifameetiin hanga bara 2012tti %95 irra gahee ture bara 2014 fi 2015tti marsaa 6 taasisuuf karoorfamee marsaa 9 raawwatameera, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %98 irra akka jiru ilaalameera.

Sirreeffamtootni seeraa manneen sirreessaa keessatti argaman bu’uura akeekawwan qabiinsa mirga namoomaa adunyaa biyyattiin mallatteessite kabajuu fi kabachiisuun waantotni guutamuufii qaban kan akka nyaata, iddoo ciisichaa, yaala bilisaa, matii fi firoottan isaaniitiin daawwatamuu akkasumas miidhaan qaamaa fi sammuu kamiyyuu akka irra hin geenye hojjetamaa kan jiru yammuu ta’u, kan akka amakkiroo, jijjiirraa fi ol iyyannoon yeroo isaa eeggatee akka raawwatamuuf taasifamaa tureera.

Haaluma kanaan, qabiinsa mirga namummaa sirreeffamtoota seeraa mirkaneessuuf hojiiwwan hojjetaman keessaa: nageenya sirreeffamtootaa seeraa mirkaneessuu, jijjiirraa amalaa sirr/seeraa irratti hojjechuu, barumsa hubannoo kennuu, tajaajila gorsaa garee fi dhuunfaa raawwachuu, barumsa bu’uuraa (ga’eessotaa) fi idilee, sirreeffamtoota seeraa leenjii ogummaa adda addaa irratti hirmachisuu, sirreeffamtoota seeraa hojii yerootiin gurmeessuu (carraa hojii uumuu) kkf hojjetamaa turee jira.

Fakkii: 6. Carraa hojii uumuuf gurmeessuu




s

#### 7.1.2. Mana Murtii Aadaa

Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gama mana murtii aadaan bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti beekamtii argateen hawaasni wal-dhabdee isaa karaa mana murtii idilee qofaan hiikkachuun baasii fi dhamaatii waan qabuuf gara duudhaa isaatti deebi'ee waldhibdee haala aadaa isaatiin hiikkachuu akka danda'uu fi murtii gama kanaan kennamu akka murtii mana murtii idileetiin kennamuutti beekamtii argatee hojii irra akka ooluu dhaabbilee waldhibdee hiikaa jiraniif beekamtii kennuu fi bakka hundaa'ee hin jirretti hundeessuun barbaachisaa ta'uu isaa qorannoon gama ILQSO gaggeeffame akeekee kan bu'uureffateedha. Akka waliigalaatti manneen murtii aadaa jalqabaa 5,791 fi mana murtii aadaa ol-dabarfannaa 302 walumaagala 6,093 beekkamtii argatanii hojii keessa galanii jiru. Manneen murtii aadaa erga hundeeffamee yeroo gabaabaa kana keessatti hojiiwwan hojjetan ilaalchisee manni murtii aadaa jalqabaa bara 2014 dhimmoota 48,223 simatanii dhimmoota 34,743 (%72.04) furmaatni kennamanii, dhimmootni 13,480 beellamaan darbanii jiru. Bara 2015 immoo kan bara darbe beellamaan darban dabalatee dhimmoota 260,382 simatanii dhimmoota 209,270 (%80.37) furmaatni yeroo kennamu, dhimmootni 51,112 beellamaan darbe jira.

Manni murtii aadaa ol-dabarfataa bara 2014 dhimmoota 4,916 simatanii dhimmoota 4,267 (%86.79) furmaata kennanii, dhimmootni 649 beellamaan darbee jira. Bara 2015 immoo beellamaan kan darbe dabalatee dhimmoota 12,051 simatanii dhimmoota 8,800 (%73.02) furmaatni yeroo kennamu dhimmoota 3,251 beellamaan kan darbee jirudha.

Giraafii:80. Mana murtii aadaa




Madda: Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

- Dhimmoonni isaan ilaalanii furmaata kennaa jiran dhimma maatii diigame deebisanii ijaaruu, dhimma mirga daa'immaniin walqabatan, mancaatii bosonaatiin walqabate, falmii lafa baadiyyaa fi magaalaatiin walqabate, waldhibdee gosa gidduutti uumamee lubbuun namaa darbaa ture araarsuu fi dhimmoota ragaan argamuu dhabee haqa dhokatee ture akka ba'u gochuun namoonni yeroo dheeraaf waldhabanii turan walitti araaramanii akka nagaan jiraatan taasisaa jiraachuu murtiiwwan kennamanii jiranii fi marii hawaasa waliin taasifameen mirkaneeffachuun danda'amee jira. Walumaagalatti hawaasa jidduutti nageenya buusuun akkuma jirutti ta'ee dhimmoonni hanga ammaatti karaa mana murtii aadaatiin furmaata argachuu isaatiin baasii abbootiin dhimmaa silaa baasan bara 2014tti tilmaama Qar. 78,020,000 bara 2015tti tilmaama Qar. 436,140,000 shallagamu akka hafu taasisee jira. Waggottan lamaan kana keessatti tilmaama Qar. 514,160,000 shallagamu akka hafu ta'ee jira. Walumaagalatti hundeeffamni mana murtii aadaa ummata keenyaafis ta'e sirna haqaa naannoo keenyaa sadarkaa olaanaatti ceesisuu keessaatti bakka ol'aanaa kan qabuu fi akka biyyaatti hojii fakkeenyummaa qabudha.
- Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf rakkoolee sirna haqaa naannicha keessatti mul'atan hiikuuf hojiiwwan qorannoo fi qo'annoon seeraa karaa qulqullina qabuun akka raawwatamuuf hojiilee hedduun hojjetamaa tureera. Qo`annoo fi qorannoo seeraa bara 2012tti mata dureewwan 62 gaggeeffame bara 2015tti mata duree 4 irratti gaggeessuuf karoorfamee 4 (%100) raawwateera. Dandeettii, gahuumsa, naamusaa fi miira tajaajiltummaa ogeessota qaamolee haqaa (seeraa) dabaluu fi olaantummaa

seeraa mirkaneessuu danda`u irratti hojjechuun barbaachisaadha. Qorannoowwan 24 hanga bara 2012 joornaalii seeraa Oromiyaa irratti maxxansiisuun rabsuun danda'amee bara 2015tti qorannoon 1 karoorfamee 1(%100) raawwatee jira.

- Xiinxala raawwii waggootan sadan darbanii gaggeeffameen olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti haala muuxannoowwan gaariin raawwataman keessaa: baay'ina namoota tajaajila seeraa bilisa argatanii, mana murtii aadaa hundeessuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaanii akka gummachan gochuu, dabaluu uwwisaa namoota hubannoo seeraa argatanii, qulqullina mirkaneessa ragaa fi kenna hayyamaa, humna dandeettii deebisiisuu dhimmoota hariiroo hawaasa dantaa mootummaa fi uummataa, dhimmoota akka fakkeenyaatti ilaalamaniidha.
- Dhimmoota olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti haala eegamaniin hin deemiin xiinxala raawwii taasifameen addaan bahan keessaa ijoon: akka sekteroota olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gahee olaanaa qabaniitti haalli xiyyeeffannaan karoorfamanii raawwatamaa turan kan wal-hin simnee fi kan wal hin dubbisnee ta'uunsaa, leenjii dandeettii raawwachiisummaa cimsuu, dandeettii qulqulleessuu dhimmi badii naamusa abbootii alangaa, uwwisa manneen hojii mootummaa hordoffii hojiirra olmaa seeraa, dandeettii of harkaa qulqulleessuu galmee yakkaa, wal-hubannoo fi qindoominni qaamolee haqaa gidduu jiru hanqina qabachuu, safartuulee agarsiistuuwwaniif kennamanii turan sirrii kan hin taanee fi bakka tokko tokkotti wal-makee argamuu, yakkoota ciccimoo dantaa mootummaa fi uummataa keessatti yeroo fi bakka adda addaatti seer-maleessummaan raawwatamaa jiran irratti hirmaannaa hawaasa cimsuun irratti hojjechuun olaantummaa seeraa dhugoomsuun itti quufiinsa uummanni mootummaa irratti qabu akka dabaluuf hojiin hojjetame qubsaa ta'uu dadhabuu, mirga namoomaa/human right/ eegsiisuu irratti hanqinni guddaan jiraachuu fi kkf akka ta'an ni mul'ata.
- Xumuura irratti olaantummaa seeraa mirkaneessuuf ergamaa, angoo fi gahee mana hojiif kenname bu'uura godhachuun galmoota bara 2017 bira gahuuf qabamaan milkeessuuf karoora imala badhaadhinaa waggaa sadii fooyya'ee qophaa'ee hojii keessa jiru irratti hunda'uun raawwii hojii waggoottan sadan darbanii akkataa gamaaggamneen hojiileen hedduun hojjetamaa tureera. Muuxannooleen turan akkuma jiranitti ta'e, akkaataa uummanni fedhii fi komii Olaantummaa seeraa ilaalchisee mootummaarratti kaasaa jiruun ammas tajaajilli guutuu fi quubsaa ta'e kennama akka hin jirre ni agarsiisa.

- Kanaafuu, haqa dhugoomsuuf/providing justice/ gahuumsa ogeessota seeraa cimsuu, tajaajila gorsaa fi qorannoon seeraa sadarkaa barbaadamee irra gahuuf haala uummatichaa giddugaleessaa godhateen raawwatamaa waan hin jirreef, yeroo itti aanu keessatti fedhii fi yaada ummata giddugaleessaa godhachuun caalmaan hojjechuu akka barbaachisuu gamaaggamaa taasifameerra hubachuun danda'ameera.
- Haaluma kanaan, olaantummaa seeraa mirkaneessuuf gara fuula duraatti caasaan sadarkaa sadarkaan jiran dhimmoota tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun irratti hojjechuu qaban:

- Itti quufiinsa uummanni mootummaa irratti qabu akka dabaluuf fedhii fi gaaffii uummataa yeroo yeroon qorachuun irratti hojjechuu,
- Yakkoota dantaa mootummaa fi ummataa yeroo fi bakka adda addaatti seer-maleessummaan raawwatamaa jiran hirmaannaa hawaasaa cimsuun irratti hojjechuu,
- Humna raawwachisummaa abbootii alangaa cimsaa adeemuu, humna dandeettii adabsisuu yakkoota adda addaa, harcaatii galmeewwanii xiqqeessuu
- Qaamoleen haqaa caasaa isaanii gara gadii jiru cimsuun olaantummaan seeraa akka mirkanaa'uuf gahee isaanii akka bahaan gochuu,
- Mirga namoomaa eegsisuuf qaama nageenyaa wajjin waloon hojjechuu, karoora waldubbisuu fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu danda'u qopheeffachuun ittiin hogganamuu,
- Agarsiftuuwwanii fi safartuu raawwii iftoomina hin qabne irra deebiin fooyyeessuun karoora waggoottan lamaan hafanii keessatti dafanii sirreeffachuu,
- Sirna wal hordoffii qaamolee haqaa fi nageenyaa gidduutti diriiree jiru cimsuun bu'aa barbaadame dhugoomsuun barbaachisaadha.

#### 7.1.3. Nageenya waaraa mirkaneessuu


Naannicha keessatti caasaalee nageenyaa qindeessuun, sirna odeeffannoo ammayyaawaa ta'e ijaaruu,walitti dhufeenya naannolee ollaa waliin jiruu fi aadaaf duudhaa waliin jireenya amantiilee cimsuudhaan ummata bal'aa hirmaachisuun yaaddoo nageenyaa kamiyyuu dursanii adda baasuun ittisuu fi nageenya amansiisaa itti fufiinsaan mirkaneessuu bu'uura godhachuun hojii keessa galamee jira.

Haaluma kanaan, mootummaan naannoo Oromiyaa nageenya naannichaa mirkaneessuudhaaf gama tokkoon diina hidhatee naannicha keessa socho'u irratti tarkaanfii fudhachaa, gama birootiin immoo misooma naannicha keessatti eegale akka hin gufanneef hojii olaanaa

hojjechaa turee jira.Dabalataanis,caasaan nageenyaa keenya qindoominaan yakka ittisuuf ergama kennameef bahuuf sirna odeeffannoo ammayyaawaa ta`e diriirsuu, ummata bal'aa hirmaachisuun yaaddoo nageenyaa dursanii adda baasuun yakka ittisuu fi qorachuun nageenya amansiisaa fi waaraawaa ta`e itti fufiinsaan mirkaneessuuf hojjechaa turee jira.

Haaluma kanaan bara 2012tti yaa`iinsa odeeffannoo/Intelligence/ haala nageenyaa 172,700 qindaa`ee kan dhiyaate yommuu ta'u, bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 423,360; 385,400 fi bara 2015tti 8,984,520 irraan gahuuf karoorfamee 8,984,520 (%100) raawwachuun danda'amee jira.

Giraafii:81. Yaa`iinsa odeeffannoo/Intelligence/ haala nageenyaa




Madda:BBNO

Duudhaa nagaan waliin jireenya dhaabbilee amantaa adda addaa hanga bara 2015tti 42,880 hordofuuf karoorfamee dhaabbilee amantaa 33,554(%78.2) keessatti raawwatameera; hawaasni hubannoo gahaa akka argatu hojii hojjetameen hanga bara 2012tti mln 13.8 irra kan ture, bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan mil 1.617, mil 3.883 fi bara 2015tti mln 6.8 hubannoo kennuuf karoorfamee hawaasa mln 4.23 (%62) bira gahuun danda'amee jira. Manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %100 irra akka gahee jiru ragaan BBNO irra dhiyatee ni agarsiisaa.

**Fakkii: 7.** Hubannoo Ittisa Yakkaa fi Konfiraansiin nageenyaa taasifame



Madda: Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaa, 2015

Aadaan nagaan waliin jireenyaa hawaasaa naannolee ollaa naannoo Sumaalee, Ummata Kibbaa, Amaaraa, Sidaamaa, B/Sh/Guumuz, Gaambeellaa fi Affaar waliin karoorfamee marii fi konfiraansii dhimma babal'ifannaa daangaa, sochii farreen nageenyaa, kontiroobaandii fi daddabrsa meeshaa waraanaa, baala sammuu namaa hadoochan, daddabarsa dhala namaa, daldala seeraan alaa karaa qindoomina qabuun hordoffii fi to'annoon gaggeeffamaa ture irratti hanga bara 2012tti namoota mln 3 ta'an waliin kan gaggeeffame yommuu ta'u bara 2014 hanga 2015tti wal-duraa duubaan  mil. 5.953 fi bara 2015tti mil 7 irra gahuuf karoorfamee namoota mln 8.22 raawwatameera.

Fakkii:8. Waltajjii marii aadaa waliin jireenya hawaasa naannoo daangaa





Suuraa Sagantaa Araaraa Naannoo Oromiyaa Godina Baalee Aanaa Gurraadhaamolee fi Naannoo

Bu'aawwan konfiraansii kana irraa argaman keessaa walitti bu'iinsi uumamu hirmaannaa hawaasaan xiqqaachuu fi walitti dhufeenya hawaasaa cimaa dhufuu, humnootiin gocha diinaa qabatanii socho'an sochiin isaanii akka fashalaa'u godhamuu danda'amee jira.

Gama misoomaanis mootummaan naannoo keenyaa pirojeektii mana barumsa Ifa Boruu naannoolee Sumaalee, Affaar, Ummattoota Kibbaa, Gambeellaa fi Beenishaangul Gumuz keessatti ijaarsisuun hariiroon naannoo ollaa gidduutti akka dabaluuf hojii guddaa hojjechaa turee jira. Waggoota sadan darban kana keessa walitti bu'iinsa dursanii akeekkachiisuu fi deebii atattamaa kennuuf namoota mln 8.29 ta'aniif hubannoo uumuuf karoorfamee namoota mln 8.32 (%100) raawwachuun danda'ameera.

Humna milishaa naannichaa sadarkaa godinaa, aanaa fi gandaatti leenjii loltummaa fi siyaasaa dandeettii raawwachiisummaa miliishaa cimsuu danda`uu waggoota sadan darban keessatti milishaa 1,032,275 ta`aniif kennuuf karoorfamee, milishaa irraa deeddebiin 1,100,877 (%100) ta`an leenjisuun danda'amee jira. Humna haaraa milishaa 329,665 ta`an

fo`annoo fi filannoo gaggeessuuf karoorfamee, milishaa 410,149 (%124.4) humna haaraa fo`uun milishaa duraaniitti dabaluun danda'amee jira.

Milishaa sadarkaaa addaa addaatti leenjii fudhatee ijaarsa gaggeeffameen saglii 91,742 tuuta 25,716 fi cibraa 865tiin raawwatamee bobbii sadarkaa gandaa, aanaa fi godinaa irratti gaggeessuun hojii nageenya mirkaneessuuf hojjetamaa turee jira.

Hojii oppireeshiniif milishaa iddoowwan eegumsaa (surveillance and enforcement) dhabbii 15,442 adda bahe irratti hanga bara 2012tti humna milishaa 11,632 irra ture waggoota sadan darban kana humna milishaa 65,734 ramaduuf karoorfamee, humna milishaa 259,717 ta`an ramadamee hojiin bobba`iinsaa fi eegumsaa hojjetamee turee jira; iddoowwan eegumsa sochii eegamaa jiru giddu galeessaan aanaan tokko iddoo eegumsaa 27 akka qabaatu hojjetameen iddoowwan eegumsa sochii 13,135 adda bahe irratti hanga bara 2012tti humni milishaa 6,824 irra ture waggoottan sadan kana keessa 694,850 ramadamanii bobbaasuuf karoorfamee, humna milishaa 598,328 (%84.8) ta`an bobbaasuun sochii farreen nageenyaa to`achuuf hojiin hojjetamaa ture jira.

Duraan ganda tokko keessatti baay'ina milishaa 20 irra kan ture, gara 75tti ol guddisuuf hojii nageenya mirkaneessuuf gahee isaanii akka gummaachan tasifameera. Haaluma walfakkatuun, iddoowwan sakatta`iinsaa 925 adda bahe irratti humna milisha 48,556 ta`an bobbaasuuf karoorfamee humna milishaa 105,211 hojiiwwan sakkatta`iinsaa irratti bobbaasuun danda`amee jira.

Walumaagalatti hojii bobba'iinsaa fi oppireeshinii nageenya mirkaneessuuf hojjetameen iddoowwan eegumsa dhaabbii fi sochii 28,577 addaan bahe irratti humna milishaa 313,494 bobbaasuuf karoorfamee milishoota 482,113 (%100) ta'an bobbaasuun nageenya akka tasgabbeessan taasifamee jira.Gama biraatiin nageenya mirkaneessuuf Gaachana Sirnaa karaa guutuu ta'een akka hojjetamuuf caasaan akka diriiru ta'ee hojii filannoo, hojii gahoomsuu fi gurmeessuu gaachana sirnaa hojjetamaa turee jira. Miseensa gaachana sirnaa namoota mln 2.22 ta`an filuuf karoorfamee namoota mln 2.092(%94) ta`an baroota darban filuun danda`ameera. Hanga bara 2015tti gaachana sirnaa 2,487,193 kanaan eegumsa dhaabbii, sochii fi sakatta'iinsa irratti bobbaasuun hojii keessa galchameera.

Gama humna poolisii cimsuutiin waggoottan sadan darban keessatti poolisii 52,000 filachuun karoorfmee namoota 44,451(%85.4) kan ta'an leenjii xumuranii hojiitti akka bobba'an godhameera. Haaluma walfakkaatuun, humna poolisii sadarka sadarkaan jiraan gahomsuun


ittisa yakkaa fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaanii akka bahaniif leenjii kan yeroo dheeraa fi gabaabaatiin namoota 74,414 kennuuf karoorfamee, hoggansaa fi miseensota 76,563(%102.8) ta'a yeroo adda addaa leenji'anii hojiitti akka bobba'an gochuun danda'ameera; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %55.14 irra jira.

Gama tajaajila poolisii hawaasaan hubannoo ittisa yakkaa irratti hanga bara 2012tti mil. 5.99 irra kan ture, konfiraansii fi mariidhaan hanga bara 2015tti namoota mln 20.39 gaggeessuuf karoorfamee, namoota mln 60.9 irratti raawwatameera. Istaandaardii poolisiin tokko nama 442 tajaajiluu qaba kan jedhu qaqqabuuf baroota sadan darbaan kana keessa hojiin hojjetame gaarii ta'us reeshiyoon yeroo ilaalamu raawwiin isaa hanga bara 2015 humni poolisii ture baay'inni isaa 65,405 yoo ta'u ummata 42,096,000tiif tajaajila kenna jedhameetu tilmaamama. Garuu immoo humni kun harki caalaan isaa poolisii humna addaa fi poolisii riphee lolaa waan ta'eef isaan immoo haaluma gurmii isaaniin diina hidhatee socho'u irratti xiyyeeffatanii hojjechaa waan jiraniif, hojii tajaajila poolisii hawaasaa irratti waan hin bobbaaneef ammas istaandaardii poolisii hawaasaaf tajaajila kennuu irratti hanqinni poolisii kan jiru ta'uu isaa hubachuun danda'ameera.

Yakka adda addaa akka Oromiyaatti bara 2012tti lakkoofsaan 105,175 ture bara 2015tti lakkoofsaan gara 78,072tti gadi buusuuf karoorfamee hojjetamaa turee raawwiin 68,714 akka ta'e ni tilmaamama. Haa ta'uu malee, yakka hir'isuun walqabatee raawwiin jiru gaarii yoo fakkaates hawaasni keenya sodaa fi yaaddoo nageenyaa keessaa bahee jira jechuu akka hin taane hubatamu qaba.

Balaan tiraafikaa qaqqabee bara 2012tti namoota 3,975 irra gahee yommuu ta'u bara 2013 hanga 2015tti wal-duraa duubaan 4,525; 4,421 fi bara 2015tti 4,333 irra gahuuf karoorfamee, namoota 3,754 irratti miidhaan raawwatameera. Balaa qabeenyaarra gaheen tilmaama qabeenya manca'ee bara 2012tti Qar. 275,086,470 irra ture, bara 2013tti Qar. 267,100,648 fi bara 2014tti Qar. 352,471,722 irra gahee jira. Bara 2015tti immoo Qar 382,140,743 qaqqabeera.

Giraafii:82. Balaa tiraafikaa agarsiisu




Nageenya waaraa mirkaneessuuf qo’annoo fi qorannoo rakkoolee hojmaata poolisii fi nageenyaa mata dureewwaan adda adda irratti gaggeessuun nagaa fi tasgabbii naannoo keenyaa mirkaneessuuf hojjetamaa tureera.Haaluma kanaan, qo`annoo fi qorannoo mata dureewwan 19 irratti gaggeessuuf karoorfamee 14(%73.6) raawwachuun danda’ameera. Qo`annoo fi qorannoowwan 13 qoratamee hojii irra oolee jira.Haa ta`u malee, rakkoo haala qabatamaa hojmaata poolisii fi nageenyaa bu`uura irra hiikuuf adeemsa bilchina qabuun sakatta’uu fi xiinxaluun furmaata waaraa kennuu irratti hanqinni waan jiruuf ammaas dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

Baroota sadan darban kana keessaa nageenyaa amansiisaa fi waaraa ta’e mirkaneessuuf haala muuxannoowwan gaarii ta’uun raawwatamaa turan keessa: marii fi konfiraansii qaamolee nageenyaa itti fufisaan gaggeessuu; hojiilee ijaarsa duudhaa nagaan waliin jireenya hawaasa adeemsifaman; hawaasa naannolee ollaa waliin jiraatan wajjin qindoominaan hojjechuu; gaachana sirnaa gurmeessuu; milishoota leenjisuun ergama adda addaaf qopheessuun hojii keessa galchuu; akkasumaas hojiiwwan oppireshinii, roondii, alseerummaa to`achuu, sakkatta`iinsaa fi eegumsa gaggeessuun isaan ijoodha. Dabalataanis, nageenya naannichaa mirkaneessuuf caasaan nageenyaa keessumaa humna poolisii addaa, poolisii idilee, poolisii farra riphee lolaa fi milishaa, caasaan siyaasaa fi bulchiinsa adda isaanii rasaasaaf kennuudhaan aarsaa lubbuu fi qaamaa kafaluun nageenyi naannichaa akka tasgabaa’uuf hojiin hojjetamaa ture gaariidha.

Haala qabatamaa sochii nageenya naannoo keenyaa yeroo ammaa jiruun harcaatii ykn hanqinaalee xiinxala raawwii taasfamee addaan bahan keessaa ijoon:

- Odeeffannoo waqtaawaa ta`e dursanii argachuu dhabuu, odeeffannoon diinaa argamus dafanii tarkaanfii fudhachuu dhabuu irraa kan ka`e miidhaa diinaaf saaxilamuu,
- Daangaalee naannoo ollaatti darbee darbee walitti bu`iinsa mul`atu hundeerraa furuu dadhabuu,
- Rakkoo qindoomina caasaa nageenyaa, qaama siyaasaa fi bulchiinsaa yeroo yeroon qorannoon furuu dadhabuu,
- Xiinxala diinaa gahaa ta`e qaaccessuun hadheeffatanii diina irratti tarkaanfii fudhachuu dadhabuu,
- Hoggaansii sadarkaa sadrkaan jiru yeroo yerootti caasaa sadarkaa sadarkaan jiru qulqulleessuudhaan ijaaruun ergamaaf qopheessuu irratti harcaatiin jiraachuu,
- Kallattii manni maree nageenyaa kaa`u haala walfakkaatuun iddoo hundatti hojiitti hiikuu dhabuu,
- Karoora rakkicha hiikuu danda`u gadi fageenyaan qorachuun irratti hojjechuu dhabuu, humni nageenyaa walqixa socho'uu dadhabuu fi ilaalcha diinaan mammakamuu, k.k.f dha.

Kanaafuu, nageenya amansiisaa fi waaraawaa ta`e uumuuf gara fuula duraatti hojiiwwan hojjetamuu qaban keessa: kutaa hawaasa adda addaa naannichaa bal`inaan nageenya mirkaneessuu irratti ijaaruun hirmaachisuu, sirna odeeffannoo ammayyaawaa ta`e diriirsuu, odeeffannoo dursanii argachuun irratti hojjechuu, qindoomina qaamolee nageenyaa, siyaasaa, bulchiinsaa cimsaa adeemuu, akkasumas, qindoominaa fi walitti dhufeenya naannolee ollaa wajjin jiru cimsuu, walitti bu`iinsa sabaa naannoo daangaatti uumame utuu miidhaan cimaa ta'e hin qaqqabiin daafaanii karaa nagaan hiikuu, rakkoo ilaalchaa fi infiltireeshinii qaamolee nageenyaa fi siyaasaa qulqulleessaa adeemuu, rakkoon nageenya yeroo amma walxaxaa dhufee hundeera maqsuuf caasaan nageenya bakkoota rakkoon kun itti baay'atutti tekinoolojii fayyadamuu, ka`umsa rakkoo nageenyaa gadi fageenyan qorachuu fi xiinxala sirrii gaggeessuun addaan baasuun furmaata waaraa kennaa adeemuu fi humna nageenyaa ijaraa deemuun toora xiyyeeffannoo ta'uu qaba.

#### 7.1.4.Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa Mirkanneessuu

Bu'uuraalee dagaagina naamusaa gurmeessuu fi barumsa naamusaa babal'isuun hawaasa naamusa gaarii gonfate uumuu, qo'annoo fi qorannoo gaggeessuun malaammaltummaan akka hin rawwatamne ittisuu akkasumas namoota qabeenyaa fi madda galii isaanii galmeessisuu

qaban akka galmeessisan taasisuun sirna iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu mirkanessuuf bu'uura godhachuun hojjetamaa turee jira.

Naannoo keenya keessatti hojii naamusaa fi farra malaammaltummaa lafa qabsiisuuf baroottan sadan kana keessa kan yeroo kamiyyuu caalaa hojiin leenjii, barumsa naamusaa fuullee, midiyaa maxxansaa, midiyaa elektirooniksii, gurmaa'insa bu'uuraalee dagaagina naaamusaa, mallaaqa mootummaa deebisiisuu, gumii naamusaa fi farra malaammaltummaa hundeessuu, gamtaa farra malaamaltummaa foyyeessuun hundeessuu, qo'annoo fi qorannoo hojmaataa gaggeessuu fi hojii beeksiisaa fi galmeessa qabeenyaa hojjetamaa turee jira.

Haaluma kanaan baroottan sadan darban kana keessa hojiiwwan naamusaa fi farra malaammaltummaa xiqqeessuuf hojjetamaa turaan keessaa isaan ijoon: barumsa naamusa fuullee gaggeessitoota, hojjettoota mootummaa, koree kaawunsilii, qoondaltoota naamusaa, qindeessittota gumiilee, qorattoota yakkaa, to'attoota tiraafkaa fi pooliisii, dhaabbilee misoomaa adda addaa fi manneen barnootaa naannoo keenyaa keessatti kennamaa tureera. Haaluma kanaa, hanga bara 2012tti 381,533 irra kan ture, hanga xumura bara 2015tti 3,568,369 ta`an leenjii fi hubannoo naamusaa fi farra malaammaltummaa kennuuf karoorfamee, lammiilee 3,553,094(%99) kennuun danda'ameera. Walumaagalatti barumsa fuullee kenname manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yommuu ilaalamu harki %74.8 kan raawwatame ta'uusaa agarsiisa.

Maxxansaalee gosa adda addaa hanga bara 2012tti 50,698 irra kan ture, hanga bara 2015tti 76,027 maxxansiisuun raabsuuf karoorfamee, koppiin 78,086 (%100) maxxansuun akka raabsamu ta'ee jira. Walumaagalatti maxxansaalee gosa adda ddaa manii karoora waggaa shanii (2013-2017) qabamee irraa harki %20.7 raawwatamee jira.

Hojiilee gurmaa'insa bu'uuraalee dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti diriirsuuf hanga bara 2015tti manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa 1,360 ta'an keessatti qoondala naamusaa idileen 3,212 ramaduuf karoorfamee 3,433 raawwachuun danda'amee jira. Walummagalatti hojiilee gurma'iinsa bu'uraalee dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa manii karoora waggaa shanii (2013-2017) qabame irraa yeroo ilaalamu %52.3 raawwatameera.

Qondaaltoota naamusaa idilee fi bakka bu'iinsaan ramadamanii hojii keessa galan keessaa baroota lamaan darban keessa qondaaltota naamusaa 10,208 ta'an deeggaruu fi

hordofuuf karoorfame keessaa qondaaltota naamusaa 9,588 (%93.9) yoo ta'u; bara 2015tti idileedhaan qondaaltota naamusaa 620 ramaduuf karoorfamee 661 (%100) ramadamaniif hordoffii fi deeggarsi taasifameera.

Hojmaata manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee ummataa keessatti qaawwa malaammaltummaa fi hojmaata badaaf banaa fi saaxilamoo ta'an irratti qo'annoo fi qorannoo geggassuun sirreessuu ykn akka sirraa'u gochuu ilaalchisee, bara karoora imala badhaadhina sadan kana keessatti hojmaata qaawwa qaban 222 irratti qo'annoo hojmaataa gaggeessuuf karoorfamee qorannoowwan hojmaataa fi ariifachiisaa ittisa yakka malaammaltummaa 214 (%96.4) gaggeessuun danda'ameera. Raawwiin kun karoora waggaa shanii keessaa yeroo ilaalamu (%89.2) ta'uu isaa agarsiisa. Dabalataan qorannoo fi qo'annoo ittisa yakka malaammaltummaa (corruption survey) bara karoora imala badhaadhina waggoota sadan kana keessatti 2 gaggeessuuf karoorfame 2(%100) kan raawwate yoo ta'u, kunis manii waggaa shanii (2013-2017) waliin yeroo wal-bira qabamee ilaalamu (%28.6) qofaa ta'uu isaa agarsiisa.

Qabeenya muudamtoota filatamtoota hojjettoota mootummaa fi namoota qabeenya galmeessisuun irraa eegamu bara 2012tti 17,179 irraa kan ture, bara 2013 fi 2014tti namoota 643,312 ta`an galmeessisuuf karoorfamee keessaa namoota 1,093,960 (%170), bara 2015tti immoo 60,500 karoorfamee 65,959 galmeessisuun raawwatee jira.

Baroota sadan walduraa duubaan 486,809; 65,832 fi 60,000 galmeessisamee kan jiru yeroo ta'u, namoota qabeenya isaanii fi madda galii isaanii galmeessisan bara lamaan darbe 834,459 ta'aniif waraqaa ragaa kennuuf karoorfamee hanga ammaatti waraqaan ragaan namoota 503,367 (%60) bara 2015tti immoo 60,500 karoorfamee 65,959 (%100) akka kennamu ta'eera. Qabeenya yakka malaammaltummaan argame bu'uura seeraatiin mootummaaf akka dhaalamuu fi galii taasisuuf hojiiwwan eeruu yakka malaammaltummaa qabeenya ummataa fi mootummaa irratti raawwataman simachuun qorannaa yakka malaammaltummaa gaggeessuun hojjetamaa turee jira.

Haaluma kanaan waggoottan sadan darban kana lafa baadiyyaa hek 1,028.95, lafa magaalaa tajaajila adda addaatiif oolu $m^2$ 158,665, lafa bosonaa hek 11, baankii lafaatti akka deebi'u yoo ta'u, meeshaalee dhaabbataa kanneen akka laptop 393, konkolaataa 7, dijitaal kaameeraa 58, kkf qabeenya mootummaa akka deebi'u kan ta'e yeroo ta'u, akkasumas maallaqa Qar. mln 462.122 argannoo oditiin, hojiirra akka oolu taasisuun akka deebi'u ta'ee jira.

Gumiilee naamusaa fi qabsoo farra malaammaltummaa manneen barnootaa mootummaa fi dhuunfaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa, kolleejjii barsiisotaa fi kolleejjii BLTO keessatti gumiilee 48,875 hundeessuuf karoorfamee hanga ammaatti gumiileen 49,934 akka hundaa'u ta'ee jira. Gama biraatiin, gamtaa farra malaammaltummaa sadarkaa naannootti bifa haaraan fooyyeessuun hundeessuuf dokumantii qopheessuun mootummaa naannichaaf dhiyaatee jira. Haaluma kanaan, bara 2012tti 43 kan ture hanga xumura bara 2015tti 40 hundeessuuf karoorfamee 20 raawwachuun danda'amee jira. Kunis, manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yommuu ilaalamu %3 kan raawwatamee ta'uusaa agarsiisa.

Ragaalee galmeessistootaa qabeenyaa fi madda galii isaanii galmeessan "Soft Copy" fi koddeessuun qabachuu baroota darban sadan keessatti namoota 806,643 ta`an karoorfamee kan namoota 459,201(%57) bara 2015 immoo 60,500 karoorfamee 65,959 koodessuun qabachuun danda`ameera.

Baroota sadan darban kana keessa naamusaa fi farra malaammaltummaa mirkanneessuu haala muuxannoowwan gaariin raawwatamaa turan keessaa: hojii naamusa gaarii dagaagsuuf hubannoo hawaasaa akka dabaluuf hojiin hojjetamee jajjabeessaa ta'uu, qabeenya muudamtoota, filatamtootaa, hojjettoota mootummaa fi namoota qabeenya galmeessisuun irraa eegamuu akka galmeessisan taasisuu.Gama biraatiin haala qabatamaa sochii naamusaa fi farra malaamaltummaa mirkanneessuuf naannoo keenyaa yeroo ammaa jiruun harcaatii ykn hanqinaalee xiinxala raawwii taasifameen addaan bahan keessaa ijoon: hojii naamusa gaarii dagaagsuu fi malaammaltummaa ittisuu keessatti xiyyeeffannoon gaggeessitoota sadarkaan jiraaniin kennamaa ture laafaa ta'uu, qondaaltota naamusaa dandeettii, gahumsa, naamusaa fi fedhii qaban MHM fi DhMM sadarkaa sadarkaan jiran keessatti ramadamuu dadhabuu, kanneen ramadamaniifis deeggarsi barbaachisaa ta'e taasifamuu dhabuu kkf fa'a.

Xumura irratti ittisaa fi miidhaa gocha malaammaltummaa irratti hubannoo uumuun, manneen barnootaa keessatti gumii qindoomina farra malaammaltummaa dabalataan gurmessuun, qabeenyaa fi madda galii hoggantoota mootummaa fi namoota qabeenya galmessisuu qaban hunda akka galmeessisan taasisuun gochaa fi ilaalchi malaammaltummaa raawwachuu akka dadhabaa deemu irratti hojjechuu, akkasumas, manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa malaammaltummaa fi hojmaata badaaf saaxilamoo ta'an irratti qo'annoowwan hojmaataa gaggeeffamaa jiru cimsuun yakka malaammaltummaa raawwatamee argamu irratti tarkaanfii seeraa fudhachuun qabeenyi qisaasame kaazinaa mootummaatti akka deebi'u gochuuf xiyyeeffannoon kan hojjatamuu qabudha.

Kanaaf, naamusaa fi farra malaamaltummaa mirkanneessuuf gara fuula duraatti hojiiwwan hojjetamuu qaban keessa: leenjiin hubannoo cimsuu kallattiidhaan karaa midiyaa mootummaa fi sab-qunnamtii hawaasaa akka dagaagu gochuu, hawaasaa fi qooda fudhattoota ijaaruun qabsoo farra malaammaltummaatiif sochoosuu, qabeenya beeksisuu fi galmeessisuu, midiyaalee elektirooniksii fi maxxansaatti fayyadamuun hubannoo cimsuu, qaamolee mootummaa, DhMM, jaarmiyaa uummataa, dhaabbilee amantaa, hawaasa siiviilii, Abbootii Gadaa hunda waliin waloon hojjechuun kallattii gara fuula duraa ta'a.

**7.1.5.Misooma fi Itti Fayyadama Saayinsii fi Teeknolojii guddisuu**

Naannicha keessatti hojiiwwan saayinsii fi teeknolojii olaantummaan hogganuu fi deeggaruun hawaasa beekumsaa fi itti fayyadama saayinsii fi teeknolojiin, tiraanisfoormeeshinii diijitaalawaa, misoomaa fi ce'umsa teeknoolojii cimsuun ykn guddisuun misooma fi tasgabbii naannichaa ariifachiisuuf ergama kenname bu'uura godhachuun hojii keessa galamee jira.

Haaluma kanaan, mootummaan naannoo Oromiyaa haala addunyaan yeroo ammaa teeknolojiin irra geesse ilaaluun misooma diinagdee fi nageenya naannichaa saayinsii fi teeknolojii diriirsuun misoomni naannichaa keessatti eegale akka ariifatuuf hojii olaanaa hojjechaa jira.

Dabalataanis, ogeeyyiin saayinsii fi teeknoolojii qindoominaan itti fayyadama saayinsii fi teeknoolojii naannicha keessatti babal'isuun ergama kennameef bahuuf sirna neetworkii ammayyaawaa ta`e diriirsuu, hawaasa (qaamolee) bal'aa hirmaachisuun itti fayyadama saayinsii fi teeknoolojiin misooma naannichaa ariifachiisuu fi itti fufiinsaan mirkaneessuuf hojii eegalee jira.

Leenjiin itti fayyadamtoota saayinsii fi teeknolojii hanga bara 2012tti kenname 2,629 ture baroota sadan (2013-2015) haala gaariin olka'iinsa ariifataa bifa qabuun kennamaa akka ture nutti agarsiisa. Leenjiin kun fedhii fi kaka'umsa hawaasaa naannoo keenyaa fiduu irratti bu'aa kan fidu taanaan abdii guddaan ni mul'ata.

Ce'umsa teeknolojii guddate bara 2012tti ka'umsa kan hin qabne yoo ta'u hanga bara 2015tti %14 irraan gahuuf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin %2 irra jira; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %16.7 qofa raawwatame. Nageenyummaa siistamootaa fi wiirtuu daataa eeguu (cime) hanga bara 2012tti %100 irra ture waggoottan sadan kanas hanga bara 2015tti %100 irra jira; manii karoora waggaa shanii

(2013– 2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu %100 irra jira jechuudha. Sekteroota sirni qabiinsa ragaa isaanii diijitaala'e hanga bara 2012tti 6 irra ture hanga bara 2015tti waggoota sadan kana keessatti 262 irraan gahuuf karoorfamee 42 (%16) irratti argama; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yemmuu ilaalamu %12 kan raawwatame ta'uu isaa agarsiisa.

Hojiin bu'uuraalee cimdaa babal'isuu, kalaqaa beekamtii kennuu fi qabeenyummaa sammuu mirga abbummaa eeguu jalqabbiin jiru gaarii ta'us hojiin hojjatamuu baay'ee akka hafu nutti agarsiisa. Bu'uuraalee cimdaa babal'ate hanga bara 2012tti 50 irra ture hanga bara 2015tti 946 irraan gahuuf karoorfamee 601 (%63.5) irraan gahuun danda'amee jira.


Gama biraatiin akka naannoo keenyaatti kalaqa beekkamtii argatan waggoota sadan kana keessa hanga bara 2015tti 130 kennuuf karoorfamee 109 (%83.8) kennuun danda'amee jira; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu (%242.2) kan kenname ta'uu isaa ragaan dhiyate ni agarsiisa.
Qabeenyummaa sammuu mirgi abbummaa eegame hanga bara 2012tti 49 irra ture hanga bara 2015tti 215 mirga abbummaa eegsisuuf karoorfamee 184 (%85.6) eegsisuun danda'amee jira; manii karoora waggaa shanii (2013-2017) waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu (%175.2) irra kan jiru ta'uu isaa agarsiisa.



Qorannoo gaggeeffamee hojii irra oole waggaa sadan kana keessatti bara 2013tti 9 bara 2014tti 6 bara 2015tti 13 raawwachuuf karoorfamee 5 (%69.2) raawwatamee jira; manii

karoora waggaa shanii (2013- 2017) waliin walbira qabnee yoo ilaalamu %90 irra kan jiru ta'uu agarsiisa.

Giraafii: 83.qo'annoo fi qorannoo agarsiisu




Baroota sadan darban kana keessaa itti fayyadama saayinsii fi teeknolojii mirkanneessuuf haala muuxannoowwan gaariin raawwatamaa turaan keessa: hojii nageenyummaa siistamootaa fi wiirtuu daataa eeguu hojjetame jajjabeessaa ta'uu, bu'uuraalee cimdaa babal'ate, kalaqa beekkamtii argatan, qabeenyummaa sammuu mirgi abbummaa eegame hojiin hojjatamaa ture fooyyee qaba. Hojiiwwan fooyyee qaban jedhaman haala karoorfame waliin walbira qabameeti malee itti fayyadamni saayinsii fi teeknolojii haala qabatamaa naannoo keenyaa fi biyyi keenyaa irra jirtuun hojii baay'ee hojjatamuu qabu akka hafu ni beekama.

**KUTAA SADEET**

8. Bu’aa/Barnoota/ Xiinxala Kilaastera walii gala irraa argame

## 8.2.Ciminaalee Ijoo

Xiinxala raawwii KIB kun galmoota gama kilaastara shananiinuu dhugoomsuuf hojiiwwan hojjataman giddu galeessa godhachuun raawwii woggotan sadna darbanii (2013-2015) gadi fageenyan laallameen raawii kana keessatti ciminoota , hanqinoota ijoo akkasumas barnoota argamee fi kallattii fuul duraas wal duraan duubaan kilaastaran adda bahanii jiru.

Sochii xiinxala raawwii KIB yeroo ilaalamu akka waliigalaatti carraaqqii fi tattaffiin manneen hojii bira jiru abdachiisaa fi kan nama jajjabeessuudha .Haaluma kanaan Oomishaa fi oomishitummaa fooyyessuuf Qorannoo fedhii qonnaan bulaa/horsiisee bulaaf/ fi qooda fudhattoota giddugaleessa godhatee ’agro-ecology’ garaa garaa keessatti gaggeessuun bu’aalee qorannoo karaa miidiyaalee hawaasaa fi elektrooniksii garaa fayyadamuun hojii Inistiitiyuutichaa beeksisuun hojjii jajjabeessaa dha. Gama biraan teknoolojii wwan/odeeffannoon gosa garaa garaa yeroo bahan fedhii fi hubannoo qonnaanan bulaa /horsiisee bulaa fi qooda fudhattoota uumuu dhaan tekinolojiwwan haaraan fayyadama bira yeroon akka gahu haala hirmmaachisa ta’een leenjiin deggarun hojjatamuun karaa wal fakkaatuun hojii itti fufiinsaan caalamaan cimaa deemuu qabuuf gaarii dha.

Galamoota misooma baadiyyaa keessaa midhaan nyaataan of danda’uu bira darbee sharafa biyya alaa maddisiisuuf qamadii alaa galu hambisuun omisha biyya keessan bakka buusuuf galma qabame milkeessuuf humna, beekumsaa fi qabeenya barbaachisu ramaduun hojii qorannoo cinaatti baay’isa sanyii qamadii jallisii gaggeessuun hojiin hojjatame calqabii gaariidha jechuun ni danda’ama.

- Inisheetivoota akka biyyaa fi naanootti qaban galmaan ga’uu keessatti sochii walhubachuun taasifamaa ture gaarii ta’uu.
- Fedhiin itti fayyadama teeknoloojii qonnaa uumuu (makaanaayzeeshinii, callaa guddistuu adda addaa) gaarura Ammayyaa, mudura addaa addaa) bulaa bira jiru dabalaa kan dhufe ta’uu.

- Qamadii bonaa haala karoorfameen raawwachuuf sochii muuxannoo ta;uu danda'u taasifameera

Qaala'iinsa gabaa hammaachaa dhufe tasgabbeessuuf sochiin karaa WHG gabaa banaa sanbataatiinii fi baazaariiwwan qopheessuunhojjetamaa ture jajjabeessaa ta'uu;

Waldaalee hojii gamtaa keessatti miirri abbummaa miseensotaa yeroo gara yerootti dabalaa dhufuu fi hirmaannaa fi fayyadamummaan dubartootaa fi dargaggootaa WHG keessatti fooyya'aa dhufee jiru gaarii dha.Aadaan qusannoo miseensota WHG keessatti foyya`aa biratti guddachaa jira.

Dhaabbiin ashaaraa magariisaa itti fufinsaan karaa qindoomina qabuun gaggeeffamaa jiru qabeenya bosonaa naannoo keenyaa dabaluu fi hir'isa gadi lakkisa gaazotaatiif gumaachuu isaa olaanaa ta'aa dhufuun jajjabeessaa dha. gama biraan Mancaatii qabeenya bosonaa irra gahaa ture hir'isuuf sosochii ummataa sadarkaa naannoo hanga gandatti taassisuudhaan, namoota bosona keessa qubatan bosonaa keessaa baasuufi kan seeratti dhihaachuu qaban seeratti dhihaatanii tarkaanfiin seeraa akka fudhatamuuf hojiin bal'aan hojjetamuu isaa

Ammayyummaa fi Lammii dorgomaa uumuun wal qabatee manneen barnoota BSTD babal'isuu,/ bu'uura boruu/,hirmaannaa barnootaaf hawaasni deegarsa godhu jajjabeessaa dha.Gama biraan daree dabalataaf mana jireenya barsiisotaa suphuuf ijaaruu jalqabiin jiru gaariif cimee bal'inaan hojjatamuu qaba.qulqullina barnootaaf harcaatii barattootaa hambisuuf sirna nyaataa barttootaa eegalme guutummaan dhugoomsuun akkuma eegametti ta'ee calqabiin jiru gaariidha.

Ishuraansii fayyaa fi babal'ina farmaasii modeela hawaasaa dhiyeenyan hawaasni tajaajila dhieenyaan kennuuf godhamaa jiu gaarii dha.

Gama horataallee fi bulchiinsaa fooyyessuuf hojii hojjatameen Sassaabbii galii waggoottan sadan darban kana keessa dachaa oliin dabaluu, hojiin kenna tajaajila lammummaa hojjetame Qar.bil.13.6 irraa gara Qar. bil. 72.2 guddisuun ummanni misooma naannoo isaa keessatti gumaachi inni qabu guddachaa dhufuu akka ta'e agarsiisuudha.

Humna waloo cimsuuf hojii Mobilaazeeshinii buusaa gonofaa irratti hojjetame keessumaa horannaa miseensa 14,277,017 raawwachuu, hojii deeggarsa adda addaa hanga qar. bil. 20,606,235,909 lubbuu lammiilee baraaruuf hojiin hojjetame boonsudha.Gama biraan nagaayaa fi haqa mirkaneessuuf olaantummaa seeraa mirkaneessuun qaamoleen hoggansaa xiyyeeffannaa kennuufiin sochiin jalqabame fooyyee ta'uu, mana murtii aadaa hundeessuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaanii akka bahan

gochuu waggoottan lamaan kana keessatti MMA jalqabaatti dhimmoota 308,605 dhiyaate keessaa dhimmootni 244,013 furmaata yoo argatanu MMA ol-dabarfataatti immoo dhimmootni 16,967 dhiyaatanii 13,067 murtii argatan kan nama jajjabeessuu dha.

Ragaa amansiisaa fi qulqullina qabu itti fayyadamtoota ragaatiif akka ta'u giddu galeessa tokkorraa akka argamu ”Regional database'' naannichaa misoomsuudhaaf hojjetamaa turee yeroo ammaa sadarkaa yaalii irra gahuu, sochii hojii KIB kan waggoota sadan darbanii xiinxaluun karoorri bara itti aanuu qopheessuu, sochii hojii hordoffii fi gamaaggama pirojeektootaa fi inisheetiivotaa gaggeessuun haala raawwii isaa madaaluun rakkoo jiru addaan baasuun duub-deebii laachuu, hojiiwwan galmeessa taateewwan hojjetamaa turee fi haala itti ragaan dhiyaatee ''scan''gochuun gara dijitaalaatti jijjiruuf hojiin hojjetamaa ture hojii fakeenyummaa qabuudha.

Hojiiwwan rifoormii kenna tajaajilaa karaa guutuu ta'een manneen hojii mootummaa keessatti akka hojiirra oolan taasisuuf sanadoota adda addaa qopheessuu fi leenjii irratti kennuu,

Hojiin qindoominaan qaamolee haqaa waliin kenna leenjii, qorannoo fi gorsa seeraa ilaalchiisee hojjetamuu fi hojiirra oolmaa qorannoo dabaluu fooyyee ta'uu, mirga namoomatiin walqabatee jijjiiramni mul'achaa jiru keessattuu mana sirreessaa keessatti jalqabbii gaarii ta'uu.

Nageenya mirkaneessuuf Ayyaanonni uummataa naannoo keenya keessatti kabajamu nagaan akka xumuramu hojiin hojjatame fooyyee qabachuu.Qabeenyi mootummaa fi ummataa seeraan ala qisaasame haala deebisiisuu danda'amu irratti sochiin naannoo keessatti jalqabe fooyyee ta'uu fi cimee hojjatamuu qaba.

## 8.3.Hanqinaalee ijoo

Oomishaaf oomishitummaa dabaluuf teekinoojii haaraa qorannoon bahan haala gaha ta'een baayyisanii fayyadamtoota biraan gahuu dhabuu Qabiinsa ragaa qorannoo ammayyeessuu (data base) dhabuu,

Jaarmiyaaleen sanyii baayisan, qopheessanii fi raabsan biratti harkifannaan hojii jiraachuu,

Dhiyeessii teeknolooji qonnaan/Horsiisaan bulaa haala fedhii isaaniin dhiyeessuu dhabuu,

Waliitti hidhamiissi gabaa lafaa ta'uu fi hojiileen sona dabaluu/Value addition/ hojjetamaa n haal barbaadamee kan deemaa hin jirre ta'uu.

Ilaalchii fi gochi kiraasassabdummaa ammas haala barbaadameen WHG keessaa qulqullaa'uu dhabuu qisaasama adda addaa jiraachuu dhimma sirriitti laallamuu yoo ta'u kunis WHG humna nama baratee qacarachuu dhabuu isaanitiin qabiinsi herreega isaanii ammayyaa'aa ta'uu dhabuu fi uwwisa tajaajila odiitiitiif hudhaa ta'uun akka agarsiiftuu tokkootti laaluun ni danda'ama.Dhiyeessiiwwan adda addaa ilaalchisee miseensonni waldaalee hojii gamtaa (fayyaadamtootni) barbaadanin karaa fedhii isani madaaluun dhiyaachuu dhabuun hanqinni bal'aan ni jira.

Seerota Eegumsa Naannoo irratti hubannoon abbootii qabeenyaa fi sekteroota tokko tokko bira jiru qaawwa qabaachuu

Hir'isa gadi lakkisa gaazotaa safaruuf ragaawwan damee tokko tokko irraa argamu gahaa ta'uu dhabuu fi hubannoon ogeessota sadarkaa adda addaa irra jiru wal qixa ta'uu dhabuu

Eegumsaafi kununsa bosonaa irratti hirmaannaan hawaasaa fi qooda fudhattootaa gahaa ta'uu dhabuu irraan kan ka'e mancaatii bosonaa, paarkiiwwanii fi dawoo bineensota bosonaa hir'isuun hanga barbaadamu ta'uu dhabuu

Hojimaatota Eegumsa naannootiif gumaachu jedhamanii bahan akkaataa barbaadamuun hojiitti hiikuu dadhabuu; fi dameewwan seerri hin qophoofneef jiraachuu

Hojii misooma Albuudaa keessatti miidhama Naannoo fi Hawaasaa qorannoon adda baasuun akkaataa ittiin misoomuu danda'uu irrattii hojjachuun walqabatee harkifanaan kan jiru ta'u

Gama misoma hawaasummaan keessa iyyuu barnootaan wal qabatee qulqullina barnootaa mirkaneessuun wal qabatee hanqinaalee ijoo mul'atan baayinaa fi dandeetiin barattoota qabxii seensa yunivarsiitii argatan yeroo dhaa yerootti baay'ee gadi bu'aa dhufuu, Maxxaansaa fi raabsaan kitaaba barataa sadarkaa BSTD fi sadarkaa 1ffaa baay'ee gad aanaa tahuu, Dandeettii dubbisuu fi barreessuu barattootaa gadaanaa ta'uu; Istaandaardiin Manneen barnootaa baay'ee gad-aanaa ta'uu; Barnoota Ga'eessootaa qulqullinaan raawwatamuu dhabuun dhimoota xiyeeffannoo barbaadniif hanqinoota ijoo dha.

Karaa wal fakkaatuun misooma fayyaan wal qabatee hanqina dhiyeessii qorichaa akkasumas kenna tajaajilaa qulqullina qabau sadrkaa hundatti kennuuf ammas hojii guddaa barbaada.

Kellaawwan Fayyaa dhaloota lammaaffaa istaandardii taa'een hojii eegalsiisuu malee istaandardii kaa'ame guutamuu dhabuun tajaajila hawaasaaf kennuu irratti komii ummataa kaasaa jiruuf taarsiimoo raawwiin qorachuun furmaata waaraa kennaa deemuun barbaachisaa ta'a.

Ijaarsa Buufataalee Fayyaa haala karooraatiin xumursiisuun uwwisa tajaajila fayyaa bu'uuraa fooyyessuun hawaasni tajaajila barbaadu akka argatuuf xiyyeeffannaa kennuu gaafata.

Maallaqa qajeelfama faaynaansiin ala manca'e oditiidhaan addaan bahe bara 2013 hanga 2015tti kan jiru Qar. bil. 3.156 keessaa kan deebi'e Qar. bil. 0.419 (%13) qofa waan ta'eef caasaan dhimmi ilaalu irratti xiyyeeffatee hojjechuu dadhabuun kan mul'atu ta'uu,

Dandeettii raawwachiisummaa manneen hojii foyyeessuuf leenjii fi deeggarsa dandeettii cimsu kennuun kan jiru ta'uus, leenjii fi deeggarsa gahumsa qabuu fi qinda'aa ta'e haala itti fufiinsa qabuun kennuu irrattii fi sakatta'iinsa bu'aa leenjii fi deeggarsa booda gaggeessuu leenjii itti aanuuf galtee taasiisuu dhabuu,

Hojiiwwan waggoottan sadan karoorfaman hundaa duguugamanii raawwatamuu dhabuu, kenna tajaajilaa foyyessuurratti istaandardii hojii qopha'een raawwachuu dadhabuu fi haala raawwii jiru yeroo yeroon madaaluu dhabuu. Kaayyolee tarsiima'aa tokko tokko ka'umsa sirrii ta'e adda baasuu dhabuu, safartuu raawwii kaayyolee tarsiima'aa sirrii ta'e kaa'uu dhabuu, komii ykn iyyannoo haala ulfinaa fi ariifachiisummaa isaaniitiin adda baasuun furmaata kennuu irratti bakka hundatti xiyyeeffannaa walfakkaatuun hojjetamuu dhabuu, komii fi kenna tajaajilaa manneen hojii mootummaa keessatti mul'atan yeroodhaan sakatta'anii sirreessaa adeemuu dadhabuu,

Hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu keessatti qindoominni qaamolee nageenyaa fi bifa wal-fakkaata ta'een ejjennoo qabatanii socho'uu dadhabuu,

Nageenya naannichaa mirkaneessuu irratti hoggansii fi miseensi haala walfakkaatuun walqixa hojjechuu dhabuu, haala naannoo fi uummata keessa jiru gadi fageenyaan beekuu dhabuu fi caasaan odeeffannoo odeeffannoo walitti qabuu fi xiinxaluu irratti laafaa ta'uu, raawwiin misoomaa fi ce'umsa teeknoloojii naannoo keenyaa haala barbaadamu irraa sadarkaa gadi aanaarratti argamuu fi kkf.

### 8.4.Rakkoolee qunnaman

- Rakkoolee keessa ta'uun hojii boonsaa hojjachuun akkuma jirutti ta'ee Hongee fi rakkoon dhiibaa nageenyi akka addunyaaf biyya keenyaa keessa jiru raawwii hojii bara kanaa irratti dhiibbaa guddaa geessisuu;
- Oomishaalee al-ergii akkaataa karoorfameen gabaa biyya alaatti erguuf 'hojimaanni 'vertical' integration' hudhaa guddaa ta'ee WHG dorgommiin ala taasisuu;
- Beelada gabaa biyya alaatti erguuf iddoon turtii addaa 'quarantine' qophaa'ee jiraachuu dhabuu;
- Qaala'iinsa gatii callaa guddistuutiin baayyinaaf yeroon hanga barbaadame dhiyaachuu dhabuu;

- Rakkoon Baajetaa fi loojistikii sadarkaa godinaa fi aanaaleetti bal'inaan jiraachuu isaatiin deeggarsaa fi hordoffii itti fufiinsa qabu taasisuu irratti dhiibbaa guddaa geessisuu;
- Rakkoo nageenyatiin waqabatee hojiin misooma albuudaa akkaataa karoorfamee hojjatamuu dhabuu.Rakkoon dhiyeessii qorichaa tajaajila fayyaa irratti hudhaa ta'uu,
- Raawwiin Misooma fayyaa sarveyiidhaan deeggeramee dhiyaachuu dhabuun xiinxalaman akka naanootti hojjachuu dhiibbaa qabaachuu.

**8.5.Yaada furmaataa fi /Kallattii fuul duraa/**

Rakkoolee fi hanqinoota hubannoo jiran leenjiin hordoffii fi deeggarsaan akkasumas duub deebii itti fufiinsaan cimsuun barbaachisaaa dha.Gama qonaa fi misooma baadiyyaan hojiiwwan insheetivii eegalaman cimsuun oomishaa fi oomishitummaa dabaluu bira darbee wabii nyaataa mirkaneessuun oomisha biyya alaa galu bakka buusuuf ciminaan hojjatamuu qaba.kanaafisii inshitivoot irratti rakkoolee ilaalchaa dandeettii fi dhieessii hiikuun hojjatamuu qaba.Lammiilee dorgomaaf ammayyummaa qabu horachuuf hoji qulqullina barnootaa fooyyessuuf hojjatamu ijaarsa bu'uura boru ,faasiliitii manneen barnootaa guutuu akkasumas sagntaa nyaata bartootaa hirmaannaa hawaasaan daraan cimsaa deemuun barbaachisaa dha.

Sochii hojiiwwan galii jajjabeessaa ta'us ammas madda galii sirriitti qorachuun addaa baasuun balbal'isaa adeemuu,sosochii hojii buusaa gonofaa kana caalaa ajandaa lammii biyya keessaa fi ala gochuu,hojiiwwan zoonii diinagdee addaa hudhaalee jiran hiikuun dhaabbanni kuni kaayyoo hundaa'eef milkeessuuf mira yeroo hin qabuun halkan fi guyyaa hojjechuun karoora qabamee jiru haaluma saganteefameen hojjechuu.

Maallaqa qajeelfama faaynaansiin ala manca'ee jiru odiitiidhaan addaan bahee hoggansii keenyaa sadarkaan jiru qindoominaa fi kutannoon deebisiisuu, akkasumaas argannoo odiitii kan dhaabbilee misooma deebisiisuuf xiiqiin hojjechuu, Dhaabbileen misooma Mootummaa kana caalaa bu'aa qabeessa taasisuuf halkan fi guyyaa carraaquu.hojiirra oolmaa imaammattootaa, tarsiimoowwanii, sagantaalee misoomaa, seerotaa fi murtiiwwanii haala barbaadamuun gaggeeffamuu irratti xiyyeeffannaan addaa kennamee dalaguu.

Qindoominni qaamolee nageenyaa sadarkaa sadarkaan jiranu akka uummamu xiyyeeffannaan hojjachuu, Nageenya waaraa mirkaneessuu irratti hoggansii fi miseensi haala walfakkaatuun wal-dubbisee akka hojjatu leenjii fi hubannoon dandeettii cimsuu, Sirna odeeffannoo walitti qabuu fi xiinxaluu naannoo keenyaa cimsuu

Naamusa qaamolee adda addaa leenjii fi qabsoo farra malamaltummaa irratti gaggeeffamuu sirreessaa deemuu

Misooma itti fayyadama saayinsii fi teeknolojii irratti hoggansi sadarkaa sadarkaan jiru xiyyeeffannaa kennuufiin hawaasa hirmaachisuun akka hojjatu kallattiin kaa'amuu qaba

Karooraa fi raawwii bu'uura karoora imala badhaadhinaa hordofuun agarsiiftuuwwan raawwii ijoo mootummaan filataman irratti xiyyeeffachuun akka hojjetamu taasisuu.

## 9. Gudunfaa

Dokumeentiin xiinxala raawwii hojiiwwan baroottan sadan darban kan manneen hojii mootummaa sadarkaa naannoo jiran irratti gaggeeffame keessatti fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf sochii bal'aa damee hundaan taasifamaa tureen bu'aawwan hedduun galmaa'aa akka ture ragaa jiru irra mirkaneeffachuun danda'ameera.

Keessumaa immoo gama misooma galii mootumma sassaabuu, kenna tajaajila lammummaa, hojii mobilaazeeshinii buusaa gonofaa, ''Regional database'' naannichaa uumuudhaaf hojjetamaa jiru, kenninsa tajaajila manneen hojii mootummaa, rakkoolee bulchiinsa gaarii hiikuuf, sirna hordoffii fi gamaaggamaa idileessuu, sekteroota manneen hojii mootummaa sadarka sadarkaan jiran madaaluun jajjabeessuu, hojiiwwan galmeessa taateewwan hojjetamaa ture sadarkaa fooyyee qabuun raawwachuu, sochii hojii pirojeektoota xumursiisuu fi insheetiivoota adda addaa hojiirra oolchuu gama olaantummaa seeraa mirkaneessuu, nageenya waaraa mirkaneessuu, gama dagaagina naamusaan fi misooma itti fayyadama saayinsii fi teeknolojiitiin hojiin hojjetame jajjabeessaa fi abdachiisaa akka ta'e gabaasa waggoota sadan manneen hojii dhiyate xiinxalame kana irraa hubachuun danda'ameera.

Ammas dhimmootni xiyyeeffannaa addaa barbaadan dhaabbilee dimmokraasii qindeessanii itti fayyadamuu irratti, olaantummaa seeraa sadarkaa barbaadamuun mirkaneessuu, nageenya waaraa mirkaneessuu fi naamusaa bakka hojii kan hoggansaa fi hojjetoota dagaagsuun hojii idilee hunduu bifa walfakkaatuun akka gaggeeffamu gochuu, rakkoo qulqullinaa dhabuu ragaa fi kkf ilaalchisee hojiiwwan harca'anii hafan salphaa waan hin taneef hoggansi sadarkaa sadarkaan jiru tarkaanfilee haaraa fi dhimmoota hudhaalee ta'an irratti xiyyeeffachuun hojjechuun murteessaa akka ta'e xiinxalli raawwii KIB waggoottan sadan darbanii gaggeeffame kun ni agarsiisa.

Icciitiin milkaa’inaa baroota sadan kanaa inni guddaan hojii karoorsuu, hordofuu fi gamaaggamuun, duubdeebii fi kallattii kennaa adeemuun milkaa’ina hojichaaf gumaacha olaanaa kan gumaachee fi bu’aa gaarii argamsiisaa ture dha.

Walumaagalatti, manneen hojii sadarkaa naannoo irraa hanga gadiitti jiran yeroodhaa gara yerootti dandeettiin humna raawwachisummaa caasaa dabalaa jiraachuun akkuma jirutti ta’ee, ciminoota, hanqinaalee fi rakkooleen raawwii hojii karoora waggoota sadan darban kana keessatti mul’atan gara fuula duraatti hiikamuu qabanii fi xiyyeeffannaa barbaadan hedduun kan jiran ta’uu xiinxala KIB kan baroota sadii gaggeeffame kana irraa hubatamee jira.